# DUUDHAA FI NAGEENYA: DUUDHAA GONDOROO WALDHABDEE DHAABUUFI NAGAA BUUSUU GUJIIFI GEDE’OO GIDDUUTTI RAAWWATAMU

**WARAQAA QORANNOO DOKTORAA**

**ASHABBIR TAADDASAA WAAQJIRAATIN**

**YUNIVARSIITII ADDIS ABABAA, KOLLEJJII NAMOOMAA, Qo’annoo AFAANii, GAAZEXEESSUMMAAFI QUNNAMTII, MUUMMEE AFAAN, OGBARRUUFI FOKLOORII OROMOO**

**WAXABAJJII 2016**

**FINFINNEE, ITIYOOPHIYAA**

WARAQAA QORANNOO DIGIRII DOKTORAA KOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, GAAZEXESSUMMAAFI QUNNAMTII YUNIVERSIITII ADDIS ABABAA ULAAGAA DIGIRII FALAASAMAA DOKTORAA FOKLOORII OROMOO GARTOKKEEN GUUTTACHUUF DHIYAATE

ASHABBIR TAADDASAA WAAQJIRAATIN

WAXABAJJII 2016

FINFINNEE, ITIYOOPHIYAA

**Yuniversiitii Addis Ababaa Kollejjii Namoomaa, Qo'annoo Afaanii, Gaazexeessummaafi Qunnamtii, Muummee Afaan, Ogbarruufi Fokloorii Oromoo**

Nuti Koreen Qormaataa Faccisa Banaa PhD Ashabbir Taaddasaa Waaqjiraatin Dhiyaate Mata Duuree **"**duudhaa fi nageenya: duudhaa gondoroo waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu gujiifi gede'oo gidduutti raawwatamu" dhiyaate dubbisnee Ulaagaa Digirii falaasamaa Doktoraa Fokloorii Oromoo Gartokkeen Guuttachuuf Dhiyaate Akka FudhatamuYaada Kenninee jirra.

Dr Filee Jaalataa ________________ 12/10/2016

Dura Ta'aa

Prof. Dajanee gammachuu __________________12/10/2016

Qoraa Alaa

Dr Mulugeetaa Nagaasaa __________________ 12/10/2016

Qoraa Keessaa

Dr Taaddasaa Jaalataa ___________________12/10/2016

Gorsaa

**Mirga Abbeentaa**

Hojiin qorannoo kanaan madaallii ulaagaa Digirii falaasamaa gartokkeen Guuttachuuf Dhiyaate kun kan koo ta’uu nan ibsa. Bu’aan qorannoo kanaa kanaan dura gara biraatti kan hindhiyaanneefi maddoota ragaa hunda kan galateeffadhe ta’uu ibsaatii unka Yuniversitii Addis Ababaa hordofee kan dhiyaate ta’uu nan ibsa.

© ashebirtadesse

## Yaadannoo

Waraqaa qorannoo Digirii falaasamaa kana keessatti hamilee naaf ta’ee kan na jajjabeessaa ture garuu bu’aa koo osoo hinargin addunyaa kana irraa kan boqate obboleessa koo komishinar Salamoon Taaddasaatiif yaadannoo haa ta’u. Dabalataanis waraqaan qorannoo kun odeefkennitoota koo ijoo kan ta’an hayyuu gosaa Abbaa Girjaafi Hayyeechaa Jaboo Kuraa beekumsaafi hubannoo aadaa Gujiifi Gede’oo irratti qaban naaf qoodanii kan na deeggaraa turan bu’aa ifaajee isaanii osoo hinargin addunyaa kana irraa waan boqataniif waraqaan qorannoo Digirii falaasamaa fookloorii Oromook un isaanifis yaadannoo haa ta’u.

## Axereeraa

*Qorannoon kun raawwii duudhaa Gondoroo araara nama dhuunfaaatiif raawwatamuufi akka gareetti Gujiifi Gede'oo gidduutti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf raawwatamu xiinxalee ibsuu irratti xiyyeeffata. Kaayyoo kana galmaan gahuuf mala qorannoo akkamtaa ibsaatti fayyadamuudhan hawaasni Gujiifi Gede'oo raawwii Gondorootiin akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa akka buusu, adeemsota raawwiin Gondoroo keessa darbuufi gochaalee duudhaa adeemsa raawwii keessatti raawwatamaniifi hiikkaa galumsaa qaban ibsameera. Akkasumas itti fufinsaafi jijjiirama raawwii Gondoroofi dhaabbilee duudhaa hawaasaa Gujiifi Gede'oos gadi fageenyaan xiinxalameera. Qorannicha keessatti malleen qorannoo afgaaffi marii gareefi kuusaa galmee aadaa kan hojiirra oolan hoo ta'u, tooftaa iddatteessuu kaayyootiin maddoota odeeffannoo hawaasa Gujiifi Gede'oo keessaa hayyuuwwan gosaa Gondoroo raawwachiisan Gujii irraa hayyuu 7 fi Gede'oo irraa hayyeechaawwan 4 tooftaa iddetteessuu kaayyootiin filatamanii odeeffannoon qorannoo irraa funaanameera. Waraabbii Raawwii Gondoroo 2010 ALI Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatames akka madda lammaffaatti itti fayyadamamee jira. Argannoon qorannoo kanaa akka mul'isutti Gujiifi Gede'oo gidduutti Gondoroon waldhabdee dhaabee nagaa buusuu kan danda'uuf kuusaa beekumsa hawaasni Gujiifi Gede'oo waliin qoodatan waan ta'eef ta'uu hubatameera. Beekumsa hawaasaa Gujiifi Gede'oo keessatti "obboleessa obboleessa hinajjeesu; hoo akka tasaa ajjeese Gondoroo qaba" yaanni jedhu hawaasa lamaan biratti bifa walfakkaatuun ilaalama. Raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu adeemsota Walgahuu Abbootii gadaa, falachuu, araara gochuufi sirna raawwii Gondorootiin mirkaneeffachuu qaba. Raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo keessatti qaamoleen duudhaa hirmaatan Abbaa Gadaa, Qaalluu, Hayyuu gosaa (hayyeechaa) fi wayyoo (Gede'uffaan damee afuuraa) fi Waataan faloo qaluuf hirmaata. Gujiifi Gede'ootti dhaabbileen duudhaafi qaamoleen duudhaa raawwachiisan itti fufaniiru; duudhaan Gondoroos raawwiifi barnoota aadaa umuriidhan gahee taphatamuun dhalootaa dhalootatti darbuu itti fufee jira. Muuxannoo Gujiifi Gede'oo kana akka fakkeenyaatti fudhachuudhan sabaafi saba gidduutti waldhabdee daangaafi eenyummaan uumaman furuuf duudhaa nagaa buusuu hawaasni waliin qabu hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Dhaabbileen barnootas duudhaa nagaa buusuu hawaasni waliin qabu qabiyyee barnootaa keessatti dhiyeessuun osoo barsiisanii walooma hawaasaa eeguuf baayyee fayyada.*

**Jechoota Ijoo: Duudhaa, Waldhabdee, Nagaa Buusuu, Gondoroo, Gujii, Gede'o**

## GALATA

Digiriin falaasamaa adeemsa barnootaa yeroo dheeraa fudhatuufi adeemsa tumsa qaamolee hedduu barbaaduudha. Qorannoo Digirii Falaasamaa Yunivarsiitii Addis Ababaatti taasisaa turee xummure kana fiixaan akkan bahuuf qaamolee gargaarsa guddaa naaf taasisaa turan galatoomaa jechuun barbaada. Waaqayyoon deemsa qorannoo yeroo dheeraa kana keessatti fayyaa koo eegee nagaan xummuraan kan na gahe haa ulfaatun jedha.

Gorsaan koo Dr Taaddasaa Jaalataa, koorsiiwwan digirii falaasamaa wayita na barsiisan hamilee koo qorannoof na kakaasuu irraa jalqabee wixinee qorannoo kanaa qopheessuu keessatti akkasumas Barruuleen qorannoo kana keessaa joornaalaa irratti duursanii akka maxxansaman gochuufi qorannoon kun sadarkaa xummuraa kana akka gahuuf beekumsaafi muuxannoo akkaadaamii gonfatan irraa qajeeltummaadhan naaf qooduudhan waraqaan kun sadarkaa ulaagaa digirii falaasamaa gartokkeen guutuuf akka gahu waan taasisaniif waaqayyoon isaan haa eebbisu; ulfaadhaa jechuun barbaada.

Yuniverstiin Diillaa baasii qorannoo kanaaf barbaachisu waan naaf guuteefi barruu qorannoo kanaa tokko bilisaan waan naaf maxxanseef baayyeen galateeffadha.

Dr Xilahuun Taliilaa, qindeessaan sagantaa eebba boodaafi barsiisaan koorsiiwwan digirii falaasamaa na barsiisaa turan beekumsaafi muuxannoo isaanii naaf qooduudhaan hamilee waan naaf ta’anii galatoomaa jechuunin barbaada. Keessattuu, qorannoon kun yeroo qabameef keessatti akka xummuramuuf sagantaa qopheessuudhan yeroo yeroodhan hordoffii taasisaniin qorannoo kana xummuruuf gumaacha guddaa waan godhaniif haa galatooman.

Dr Filee Jaalataa, wixinee qorannoo kanaa wayitan dhiyeessu qoraa koo kan turaniifi marrooga gabbisa qorannoo yeroon dhiyyeessu qoraa koo turan. Wayita lamaanuu yaadni isaan naaf kaasan galaa naaf ta’ee dogoggora koo wayita na qoran natti agarsiisuufi kallattii fooyya’insaa naaf kennaniin waraqaa qorannoo kana fooyyessuu akkan danda’u waan godhaniif galata qabdu jedhaan.

Barsiisonni muummee Afaan, Ogbarruu fi Fookloorii Oromoo Dr Addunyaa Barkeessaa, Dr Asaffaa Dibaabaa ciminni keessaniifi hamileen keessan naafis ciminaafi hamilee ta’ee

fakkeenyummaa keessaniin anis kaka'ee digirii falaasamaa Fookloorii Oromootiin akkan hojjedhu waan na taasiseef ulfaadhaa jedheera.

Hiri'oota sagantaa digirii falaasamaa fookloorii Oromootiin waliin barannu hundi wayita koorsii barataa waliin turre muummeen keenya digirii falaasamaa kennuun nuti kan jalqabaa waan taaneef jijjiirraa yaad-rimootaafi jechootaa waluma gargaarree barataa waan turreef gumaachi keessan waraqaa kana keessa waan jiruuf galatooma. Keessattuu hiri'oota koo obbo Diribaa Tarrafaa tumsa gama hundaa naaf taasiseef galatoomi jedha. Faanosee Mangistuu wayita koorsii waliin barannu irraa kaastee hanga dhuma waraqaa kanaatti beekumsaafi kitaabilee wabii qorannoo kanaaf barbaachisan naaf gumaachuudhan tumsa guddaa waan naaf gooteef ulfaadhu. Hiriyaa koo Dr Buzaayyoo Daggafaas himilee naaf taateef galanin koo si haa gahu.

Haati manaa koo Sister Masaay Katamaa imala dheeraa qorannoo kanaa keessatti yeroon isheef kennu xiqqaate jettee jaalalaafi deeggarsa ishee osoo narraa hinkutin obsaan na cinaa waan dhaabbatteef umurii naaf dheeradhu jechuun barbaada. Keessattuu xiyyeeffannoon koo qorannoo koo irratti gochuu akkan qabu jabeessitee waan na hordofteefi kunuunsa ijoolleef gochuun akkan ani yeroo koo guutuu qorannoo kiyyaaf oolchu waan taasisteef naaf jiraadhu jedheera. Ijoolleen koo Robsan Ashabbir, Ayyaansaa Ashabbir fi Simalee Ashabbir xiyyeeffannoo nuuf kennuu didde jedhanii osoo natti hinaarin sirumaayyuu hojii keetti jabaadhu jettanii waan nan jajjabeessitaniif waaqayyoon isin haa guddisu.

# Qabiyyee

**Axereeraa** ........ **ii**
**Qabiyyee** ........ **v**
**Ibsa fakkiiwwaniifi suuraa** ........ **ix**
**Ibsa Jechootaafi Yaad-rimoota Ogummaa** ........ **x**
**BOQONNAA TOKKO** ........ **1**
**SEENSA** ........ **1**
1.1 Seenduubee Qorannoo ........ 1
1.2 ka'umsa Qorannoo ........ 6
1.3 Kaayyoo Qorannoo ........ 9
1.4. Barbaachisummaa Qorannoo ........ 10
1.5 Ibsa Daangaa Qorannoo ........ 10
1.6 Hanqina Qorannoo ........ 12
**BOQONNAA LAMA** ........ **14**
**SAKATTA'A OGBARRUU** ........ **14**
**Seensa** ........ **14**
2.1. Yaad-rimee Fookloorii fi Qabiyyee Fookloorii ........ 14
2.1.1. Yaad-rimee Duudhaa ........ 18
2.1.2. Yaad-rimee Gochaalee Duudhaa Hawaasaa ........ 22
2.2. Yaad-rimee Waldhabdee (Concept of Conflict) ........ 23
2.3. Yaad-rimee Nagaa Buusuu Duudhaa ........ 25
2.4. Gahee Dudhaan Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa buusuu keessatti Qabu ........ 27
2.5. Dhaabbilee Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Afrikaa ........ 29
2.5.1. Ruwaandaatti Waldhabdee dhaabuufi Nagaa Buusuu 'GACACA' ........ 31
2.5.2 Duudhaa Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Ugaandaa 'MATO OPUT' ........ 32
2.5.3. Duudhaa Ubuntu ........ 34
2.5.4. Dhaabbilee Duudhaa Waldhabdee Dhaabaniifi Nagaa Buusuu Itiyoophiyaa ........ 34
2.5.4.1. Dhaabbilee Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Oromoo ........ 36
2.5.4.1.1. Gondooroo ........ 36
2.5.3.2. Gumaa ........ 39
2.5.3.3. Waadaa ........ 40

2.5. 3..4. Waldhabdee Hiikuu Sadarkaa Jaarsummaa ........ 40
2.6. Nagaa Ilaalcha Oromootin ........ 40
2.7. Raawwii Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu keessatti Fakkoomii (symbolism): ........ 41
2.8. Tokkummaa Hawaasaafi Duudhaa Nagaa Buusuu ........ 42
2.9. Yaad- Hiddamoota Qorannoon Kun Bu'ureeffate ........ 42
2.9.1. Duudhaa Nagaa Buusuufi Yaad-Hiddama Ijaarsa Hawaasaa (Constructionist Theory) fi Gondoroo ........ 43
2.9.2. Yaad-hiddama Kuusaa Beekumsa Hawaasaa (Social Capital Theory) Fi Duudhaa Nagaa Buusuu Gondoroo ........ 46
2.9. 3. Yaaxxina Haasgochaa (Speech Act Theory-SAT) fi Raawwii Gondoroo ........ 47
2.10. Cuunfaa Sakatta'a Barruu ........ 51
**BOQONNAA SADI ........ 54**
**MALA QORANNOO ........ 54**
3.1. Saxaxaa Qorannoo Akkamtaa Ibsaa ........ 54
3.2. Tooftaa Iddetteessuu (Sampling Technique) ........ 58
3.3. Maddoota Odeeffannoo........ 61
3.4. Malleen Qorannoo (Research Methods) ........ 61
3.4.1. Afgaaffii........ 62
3.4.2. Marii Garee (Focus Group Interviews) ........ 64
3.4.3. Qaaccessa Qabiyyee (Content Analysis) ........ 66
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 67
3.6. Ibsa Bakkeewwan Qorannoo ........ 68
3.7. Naamusa Qorannoo........ 70
**BOQONNAA AFUR ........ 71**
**SEENDUUBEE AADAAFI HAWAASUMMAA HAWAASA QORANNOO ........ 71**
4.1. SEENDUUBEE Aadaafi Hawaasummaa Gujii ........ 71
4.2. Fincaan Shanan Gadaa Gujii ........ 81
4.3. Seenduubee Hariiroo Gujii Fi Gede'oo........ 83
4.4. Seenduubee Aadaafi Hawaasummaa Saba Gede'oo ........ 83
4.5. Gedeo fi Sirna Gadaa Isaa........ 85
4.6. Haala Caaseeffama Caasaa Hawaasa Gede'oo ........ 92
4.7. Ragamtaa Eessaa Dhuftee Gede'oo ........ 94

4.8. Seenduubee Waldhabdee Oromoo Gujiifi saba Gede'oo ........ 97
4.9. Gujiifi Gede'oo Ilaalcha Waldhabdee Irratti Qaban: ........ 98
**BOQONNAA SHAN ........ 99**
**DHIYEESSA, QAACCESSAAFI HIIKKAA RAGAALEE ........ 99**
5.1. Gondoroo Akka Kuusaa Beekumsa Hawaasaa Gujiifi Gede'ootti ........ 100
5.1.1. Duudhaa Waloo Gujiifi Gede'oo Akka Carraa Nagaa Buusuutti ........ 104
5.2. Duudhaa Gondoroofi Ijaarsa Hawaasa Gujiifi Gede'oo ........ 113
5.3. Adeemsota Raawwiin Gondoroo ittiin Raawwatamu ........ 116
5.3.1. Adeemsa Raawwii Gondoroo Nama Dhuunfaa Ittiin Raawwatamu ........ 117
5.2. Adeemsa Raawwii Gondoroo Gujii fi Gede'oo Gidduutti Raawwatamu ........ 134
5.3. Cuunfaa Boqonnaa Shanii ........ 154
**BOQONNAA JAHA ........ 156**
**RAAWWII GONDOROO KEESSATTI FAAYIDAA WAALLEE (DISCOURSE) HAYYUU GOSAA, MALLATTUMMAA GOCHAALEE DUUDHAA HAWAASAA Fi Gondoroo Booda Sochii Hawaasaa ........ 156**
6.1. Maalummaa Waalleefi Waliin Dubbii Hayyuu Gosaa Akka Waalleetti: ........ 156
6.2. Adeemsa Raawwii Gondoroo Keessatti Hiikkaa Waallee Hayyuu Gosaa ........ 158
6.3. Qaaccessa Waallee Eebba Raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo ........ 167
6.4. Adeemsa Raawwii Gondoroo Keessatti Mallattummaa Gochaalee Duudhaa Hawaasaa ........ 170
6.5. Ilaalchaa fi Sochii Hawaasa Gujiifi Gedeoo Raawwii Gondoroo Booda: ........ 173
6.5.1. Raawwii Gondooroo Booda Sochii Hawaasaa ........ 173
6.5.2. Qajeeltoowwan Duudhaa Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Gondooroo ........ 175
6.6 Cuunfaa Boqonnaa Jahaa ........ 179
**BOQONNAA TORBA ........ 181**
**ITTI FUFINSAAFI JIJJIIRAMA RAAWWII DUUDHAA GONDOROO FI DHAABBILEE DUUDHAA HAALA QABATAMAA GUJIIFI GEDEOTIN ........ 181**
7.1. Amala Duudhaafi Haala Qabatamaa Raawwii Gondoroo ........ 181
7.2. Itti Fufinsaafi Jijjiirama Dhaabbilee Duudhaa Haala Qabatamaa Gujiifi Gede'ootiin ........ 186
7.2.1. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Gama Gahee Taphachuu Caasaa Hawaasaa ........ 186
7.2.3. Itti Fufinsaafi Jijjiirama Dhaabbilee Duudhaa Hawaasaa ........ 188
7.2.4. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Gahee Qaamolee Raawwachiistotaa Raawwii Gondoroo Keessatti 192
7.3. Cuunfaa Boqonnaa Torbaa ........ 195
**BOQONNAA SADDEET ........ 197**

**CUUNFAA, GOLOBAAFI YABOO** ........ **197**
8.1. Cuunfaa ........ 197
8.2. Goloba ........ 202
8.3. Yaboo ........ 204
**Wabiilee** ........ **206**
**Dabalee (Index)** ........ **213**

**Ibsa fakkiiwwaniifi suuraa**

Fakkii 1ffaa – Bakkeewwan qorannoo ……………….. Fuula 68

Fakkii 2ffaa – Bulchiinsa Godina Gedeo ………….. …..Fuula 95

Suura 1ffaa Songoo michillee ………………………… .Fuula 89

Suura 2ffaa holaa faloo qaluu………………………… Fuula 139

Suura 3ffaa Hayyuun Gedeo sa'a Gujiif qala …………. Fuula 145

Suuraa 4ffaa Hayyuun Gujii Sa'a Gedeof qala ………… Fuula 146

Suuraa 5ffaa Sirna raawwii gondoroo Gujiifi Gedeo …... Fuula 150

Suura 6ffaa Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo Bookaa fi Itittuu waliin unuu ……. Fuula 151

**Ibsa Jechootaafi Yaad-rimoota Ogummaa (**Hiikkaan jechootaafi yaad-rimoota barruu kana keessatti hojiirra oolan bu'uura fooklooriitiini).

| | |
|---|---|
| Abbaa Gadaa | Gaggeessaa Sirna Gadaati |
| Adeemsa | Tartiiba ittiin raawwatamu |
| Araara | Waliif dhiisuu, waliif ciisuu, waliif qabbanaa'uu, nagaa ta'uu |
| Dhaabbilee Duudhaa | Dhaabbilee Aadaadhan hojjetan |
| Dhaabuu | Hiikuu, Furuu, Xummura gochuu |
| Duudhaa | raawwii hawaasaa dhalootaa dhalootaatti raawwiin darbu |
| Duudhaa hawaasaa | kan hawaasni waliin raawwatu |
| Duudhaa Waldhabdee Dhaabuu | Aadaa araaraa |
| Gondooroo | duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gujiifi Gede'oo |
| Gondoroo | Jibbinsa dhaabuu, jibbiinsa dhiisuufi nagaa deebisuu |
| Duugda galchuu | harka duubatti hidhuu |
| Dhagaa tule | obboleessa ajjeese |
| Fincaan gadaa | marsaa gadaa, paartii gadaa kan aangoo walitti dabarsan |
| Falachuu | Dhibaayuu baasuu |
| Hayyuu Gosaa | Yaa'a Gadaa irratti gosa keessaa kan filatamu |
| Iddetteessuu | Jamaa keessaa nama ragaa kennu filachuu |
| Ingichaa | Gogaa sa'a araaraaf qalamee |
| Illenyaa | Ilaalcha waloo hawaasaa |
| Kuusaa Beekumsa Hawaasaa | aadaa hawaasni waliin qoodatuudha |
| Matadureessuu | mata duree mata dureen qoqqooduu |
| Muka dhiigaa | Nama mulqame muka ittiin dhiqan |
| Nagaa | aadaan jiraachuu, seeraafi safuun jiraachuudha |
| Nagaa Buusuu | aad-malee sirreessuun araara gochuu |
| Qaalluu | Abbaa Afuuraa |
| Qorannoo Akkamtaa | Ragaa qorannoo jechaan kan fudhatu ykn lakkoofsan kan hinfudhanne |
| Qaaccessa qabiyyee | Qabiyyee suur-sagalee yokin barreeffamaa ibsuu |
| Raawwii | Gochaa aadaa keessatti raawwatamu |
| Saxaxaa Qorannoo | Tooftaa Ragaan Qorannoo Ittiin Dhiyaatu |

| | |
|---|---|
| Songoo | dhaabbata haqni hawaasaa Gede’oo itti eegamu |
| Waallee | Waliin dubbii hayyuu gosaa |
| Waldhabdee | aadaa, seeraafi safuu cabsuu |
| Waldhabdee Dhaabuu | waljibbinsa dhiisuu, walwaraansa dhaabuu |
| Wayyoo | damee afuuraa (Gede’uffaa) |
| Waataa | Gosa Oromoo yookin Gede’oo kan hintaane, ijaarsa hawaasaa Gujii keessa kan hinjirre |
| Yaa’aa | walgahii marsaa gadaa |
| Yaad-hiddama | Yaada guduunfaa ittiin waa hubannu |
| Yaad-hiddama Ijaarsa Hawaasaa | Akkaataa hawaasni ittiin ijaaramu kan nuuf ibsu |
| Yaaxina | bu’uura yaadaa |
| Yaaxina waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu aadaa | karaa aadaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu |

# BOQONNAA TOKKO
# SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannoo

Itiyoophiyaan biyya sablammii hedduun baroota dheeraaf waliin keessa jiraataa jiraniidha. Itiyoophiyaatti waldhabdeen saba keessaa (intra) fi sabaafi sabaa (interethnic) sababa adda addaatiin muudatu karaa duudhaa hiikuufi nagaa buusuun aadaadha. Sabaafi sablammoonni Itiyoophiyaa aadaa, afaan, duudhaafi eenyummaa mataa isaanii kan qaban hoo ta'an, aadaa, afaaniifi duudhaa hawaasaa kan waliin qoodatanis jiru.

Yaaduma kana kan deeggaru Abebe Demoz fi hiriyoonni (2015) akka ibsanitti keessattuu sabaafi sablammoonni Kibba Baha Itiyoophiyaa daangaa waliin qoodatan duudhaa, afaaniifi eenyummaa waliin qoodatan waan qabaniif aad-heddeefi af-heddee ta'uun beekamu.

Eenyummaa, duudhaafi afaan waliin qoodatan fayyadamanii waldhabdee gidduusaanitti muudatu furatanii nagaa buusu. Asebe (2007); Asnake (2004) akka ibsanitti akkuma biyyoota Afrikaa biroo sabaafi sablammoonni Itiyoophiyaa dhaabbilee hawaasummaa sirna bulchiinsaafi duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ittiin buusan qabu. Fakkeenyaaf, Bahru (2002) dhaabbilee duudhaa hawaasaa ilaalchisee barreeffama dhaabbilee siyaasaafi haqaa ummata Guraageefi Kistanee kan ta'an duudhaa 'Yajoba'fi 'Gordanna' jedhamu hoo ibsu duudhaaleen kunneen tajaajila seeraafi murtii hawaasaa kennuuf kan oolan ta'uu ibsa. Ummanni 'Guraage'fi 'Kistanae' yeroo yeroodhan walgahii gochuun seera hawaasa isaanii ittiin hogganan kanneen fooyyessaa kan deeman ta'ee qaamota seeraafi murtee irratti waliigalame kanaan ala ta'an kan ittiin adaban dhaabbilee duudhaa akka qaban ibsa.

Haaluma walfakkaatuun durii kaasee hanga har'aatti dhaabbilee hawaasaa keessaa amala dimokiraasii dhugaa kan qabuufi haqummaadhan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun kan beekamu inni biroo sirna Gadaa Oromooti. Hamdesa (2000); Assefa (2005); Asebe (2007) Sirni Gadaa akaakuu waldhabdee kamuu dhaabuun nagaa amansiisaa buusuuf gahee guddaa akka qabu hayyoonni kunneen barreessaniiru. Haaluma walfakkaatuun Kelemework (2013) Naannoo Afaaritti duudhaa 'mablo' jedhamuun gosoota ollaa waliin waldhabdee uumame dhaabuufi nagaa buusuuf hojiirra oola. Adeemsa duudhaa 'amblo' tin bakka bu'oonni gosaa hundi erga

walgahanii mar’atanii booda haaluma duudhaa hawaasichaatin araarri akka raawwatu qorannoon kun ni ibsa.

Itiyoophiyaatti duudhaan, waldhabdee namoota dhuunfaa gidduuttis ta’ee garee saboota garagaraa gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee guddaa taphachaa akka tureefi har’as dhaabbileen duudhaa fi duudhaan nagaa buusuu kunneen hariiroo nagaa hawaasaa eegaa akka jiran hayyoonni ni ibsu. Fakkeenyaaf, Asebe (2007) akka ibsutti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kunneen sablammii adda addaa keessatti hidha gadi kan fageeffataniifi hariiroo sabaafi sablammii eeguuf gahee taphataa jiru. Asebe (2007); Asnake (2004) yaaduma kana yoo cimsan duudhaaleen kunneen safuu, aadaafi amantii hawaasaa of keessaa waan qabaniif hawaasni iddoo guddaa isaaniif kennaa. Haala galumsa aadaafi safuu hawaasaatiin waan raawwatamaniif waldhabdee saboota gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa taphachaa kan turan ta’uu ibsu.

Keessattuu ummanni Oromoo Gujii saba ollaafi obboleessa ta’e, Gede’oo waliin waldhabdeen hoo muudate duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondooroo jedhamu waliin qaban kanaan waldhabdee dhaabanii nagaa buusu. Duudhaa Goondooroo ilaalchisee qorattoonni Gumi (2016); Solomon (2009); Asnake (2004) akka kaa’anitti duudhaan Gondooroo ummata Oromoo Gujiifi saba Gede’oo biratti durii kaasee garee hawaasaa yookin garee sabaafi sabaa gidduutti waldhabdee uumamee lubbuu dabarsee fi walbuqqisuu hoo qaqqabsiise waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf duudhaa Gondooroo akka raawwatan ibsu.

Qorattoonni Girum (2001); Abbink (2006); Asnake (2004) akka ifa godhanitti Itiyoophiyaatti bara 1983 booda jijiiramni sirna mootummaa giddugaleessa tokkoon hogganamu irraa gara federaalaatti jijjiiramuun qoodinsi daangaa sab-xinqooqa (ethno-linguistic) irratti hundaa’e hojiirra erga oolee booda waldhabdeen saboota daangaa walii ta’an gidduutti dabalaa dhufe. Qorannoon hayyoota kanneenii akka mul’isutti Saboonni kunneen dorgommii olaantummaa aangoo, daangaa lafa qonnaafi qabeenya uumamaa bal’aa qabachuuf jecha waldhabdee adda addaa keessa seenaa akka jiran ibsu. Sabaafi sablammoonni daangaa walii ta’an tokkummaan waliin jiraachurra garaagarummaa isaanii giddugaleeffachuun waldhabdee hammaataa keessa seenanii lubbuu hedduu galaafachaa, buqqaatii hamaa geessisaa fi qabeenya walii mancaasaa akka jiran ibsu.

Qorannoo Asebe (2007); Asnake (2004); Endale (2013); Girum (2001) akka kaa'anitti mootummaan federaalaa waldhabdee saboota ollaa walii ta'an gidduutti uumamu furuufi nagaa buusuuf mala ni ta'u kan jedhe akka mirga ofiin ofbulchuu (self-rule), daangaa filachiisuu (referendum) fi humna tikaas (military enforce) fayyadamullee nageenya amansiisaa mirkaneessuuf rakkatee jira.

Qorattooni adda addaa Endale (2013); Asebe (2007); Solomon (2009) akka ibsanitti dur garuu Itiyoophiyaatti duudhaan hawaasaa waldhabdee dhaabuufi nageenya buusuuf gahee guuddda taphataa turuusaaniifi yeroo ammaa laafaa jiraachuu ibsu. Qorannoowwan kunneen akka ibsanitti Itiyoophiyaatti beekumtaa duudhaa hawaasaa (indigenous Knowledge) waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa kan qabaataniif duudhaa waan ta'aniif kabaja qabu, adabbiirra walitti dhufeenya dura ture ijaaruurratti xiyyeeffatu, hirmaannaa qaamota hawaasicha keessatti bakka guddaa qabaniin raawwatamu, qajeelfama haaloo bahuurraa dhiifama gochuutin raawwatu, sirnoota duudhaatin raawwatu, hawaasicha biratti fudhatama qabu jechuun kaa'aniiru. Kanarraa kan ka'e qaamonni waldhaban lamaan mana murtiitti illee yoo rakkoo isaanii xummuratan walitti dhufeenya gaarii dura qaban sanitti deebi'uuf jecha akka duudhaatti araaramuun nagaasaanii deebisaa akkka turan ibsu.

Gujiin saba Gede'oo waliin waldhabdeen hoo muudate duudhaa Gondoorootiin nagaa buusuun aadaa akka ture qorannoon adda addaa ni ibsu. Fakkeenyaaf, qorataa Solomon (2009) duudhaa Gondooroo haala kanaan ibseera:

> The most influential conflict resolution device which can be considered as an indigenous conflict resolution institution among the ethnic communities of Guji and Gedeo and their neighbors is possibly, the 'Gondoro' tradition (Solomon, 2009).

Girum (2013) duudhaan "Gondoroo" waldhabdee Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti bara 1995 fi bara 1998 muudate dhaabuufi nagaa buusuudhan walitti dhufeenya dura qabanitti akka deebi'an kan taasisu tooftaalee mootummaan fayyadamu caalaa bu'a qabeessa ta'uu qorannoon ni ibsa.

Qorannoon kun kan barbaachiseef duudhaan Gondoroo garee Oromoo kan ta'e Gujiifi saba Gede'oo gidduutti akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusa? Kan jedhu qaaccessuudhan raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu, hiikkaa raawwiiwwan duudhaatiif hawaasni Gujiifi Gede'oo kennu qaaccessuun ibsuu barbaachisa. Qorattoonni duraanii Gujiifi Gede'oo gidduutti waldhabdeen ennaa muudatu raawwii Gondorootiin araaramanii gara nagaatti kan deebi'an ta'uu kaasu malee duudhaa raawwii Gondoroo keessatti jiru hin ibsan. Kanaafuu, "Maaliif? Akkamiin? Gondoroon waldhabdee dhaabee nagaa buusa?" Kan jedhu qaaccessuun ibsuu barbaachisa. Qorannoon ammaa kun raawwii Gondoroo keessatti duudhaa jiru qaaccessee ibsuudhan qaawwa kana cufeera. Qorattoonni adda addaa Asebe (2007); Asnake (2004); Solomon (2009) yaboo qorannoo isaanii keessatti akka ibsanitti mootummaan walitti bu'insa sabaafi saba ollaa walii ta'an gidduutti sababoota adda addaatiin uumamu dhaabuufi nagaa buusuuf tooftaalee sirna fedaralisimii keessatti hojiirra oolan akka mirga ofiin ofbulchuu, filannoo daangaa jireenyaa, 'Referendum', fi humna tikaa (military enforce) fayyadamuu biratti duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu danda'an akka Duudhaa Gondoroo bal'inaan itti fayyadamuu akka qabu ibsaniiru. Walitti bu'insi Oromoo Gujiifi saba Gede'oo goloba kan argatu, diinummaan hafee obbolaawummaa fi waliin jireenya duraanitti kan deebi'an, duudhaan Gondoroo sirnaan raawwatameeti jechuun kaa'u.

Qorannoowwan hanga ammaatti jiran duudhaa Gondooroo ija nagaafi tasgabbiitiin (peace and security) kan qoratanii fi yaboo isaanii keessatti mootummaan tooftaalee nagaafi tasgabbii ittiin mirkaneessaa jiru maddiitti duudhaa nagaa buusuu Gondooroo jedhamee beekamus osoo fayyadamee gaarii ta'uu kaasu malee qorannoon isaanii duudhaa Gondooroo ibsuurratti kan xiyyeeffatee miti. Dabalataanis raawwiin duudhaa Gondooroo Oromo Gujii gidduutti, Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti adeemsifamu raawwiifi duudhaa isaa qaacessuudhan qorannoon hiikkaa kenne hinjiru. Hawaasni Gujiifi Gede'oo raawwii Gondoroo irratti ilaalcha qaban xiinxaluurratti hinhojjetamne.

Keessattuu qorattoonni akka Asebe (2007); Asnake (2004); Girum (2012) akka ibsanitti sirna bulchiinsa Federalisimii booda uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti waldhabdeen yeroo adda addaa muudateera. Waldhabdeewwan hanga ammaatti Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti muudatan immoo xummura kan argatan duudhaan Gondooroo raawwatamee akka ta'e qorannoowwan ni agarsiisu. Garuu raawwii Gondoroo keessatti duudhaa jiru, ilaalcha hawaasaa

jiruufi akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa akka buusuu danda’u hinkaasne. Qorannoon ammaa kun qaawwa kana guutuuf raawwii Gondoroo keessa duudhaa jiru, adeemsa raawwii Gondoroo, gahee qooda fudhattootaa, hiikkaa gochaaleefi waliin dubbii raawwii keessatti hojiirra oolan, jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa Gondoroo irratti mul’atu odeeffannoo qorannoo irratti hundaa’uun ibseera.

Qorannoon qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qabu waraqaa eebbaa digirii lammataaf qorataa Taayyee Tasfaayee (2008) duudhaa Gondoroo waldhabdee nama lama gosa Gujii ta’an gidduutti jiru qaaccessuurratti xiyyeeffatu hojjeteera  Xiyyeeffannoon qoratichaa raawwii duudhaa Gondooroo araara nama lama  gosaan Gujii ta’an waldhaban gidduutti ture qaaccessuurratti xiyyeeffata malee haala yeroo ammaa keessatti duudhaan Gondooro Oromoo Gujii fi saba Gede’oo gidduutti akkamiin waldhabdee hiikee  nagaa buusaa akka jiru qaaccesseerratti hin xiyyeeffatu waan ta’eef qorannoo ammaa kanaan adda ta’a.

Qorannoon ammaa kun garuu duudhaan Goondooroo Oromoo Gujiifi saba Gede’oo gidduutti waldhabdee uumame dhaabuu (end conflict) fi nagaa buusuu (restore or rebuild peace)f akkamiin danda’a, gahee yeroo ammaa taphataa jiruufi jijjiirama dhaabbilee duudhaafi duudhaa Gondooroorratti jiru qorachuurratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo kana duraarraa adda isa taasisa.

Kanaafuu, Qorannoon kun Oromoo Gujiifi saba Gede’oo gidduutti waldhabdee muudatu hiikuuf duudhaan Gondoroo akkamiin nagaa buusuu danda’a?  Raawwii isaarratti jijjiiramaafi itti fufinsa jiru, ilaalcha hawaasni Oromoo Gujiifi saba Gede’oo duudhaa Gondoorootiif qabu qorachuurratti xiyyeeffata.  Raawwii duudhaa Gondoroo keessatti afoollan jiran, fakkoomiiwwan jiran, dubbiilee jiran qaaccessuudhan hiikaa hawaasummaa kennuu irratti xiyyeeffata.

Akkasumas qaamolee ijoo dhaabbilee duudhaafi duudhaa Gondooroo keessatti gahee qaban afgaaffii fi marii garee taasisuun qorataan odeeffannoo raawwii duudhaa Gondoroo keessatti adeemsawwan jiran, raawwiiwwan aadaa jiran, afoollan jiran, fakkoomiiwwan jiran qaaccessuudhan hiikkaa galumsaa isaanii hawwasni garee lamaanii kennu hubachuudhan gabaasee jira.

Hiikkaa isaan gochaalee raawwii duudhaa Gondooroo keessatti raawwatamaniif kennan, akkaataa duudhaa dhaloota itti barsiisan maleenyaa yaaxina Ijaarsa hawaasaa (Constructionism Theory) irratti hundaa'uun hiikkaan kennameera. Akkasumas hawaasa garee lamaanii keessatti kuufama beekumsaa, naamusa, duudhaafi amantiin duudhaa dura hawaasicha keessa jiran waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahee taphatan yaaxina kuufama duudhaa hawaasaa (social Capital Theory) waliin walbira qabuun ibsamaniiru. Akkasumas sirna raawwii duudhaa Gondooroo keessatti waliin dubbiiwwan, qunnamtiiwwan jiran ergaa isaanii hubachuuf yaaxina haasgochaa irratti hundaa'uun ibsamaniiru.

### 1.2 ka'umsa Qorannoo

Duudhaan Gondoroo waldhabdee Oromoo Gujii fi saba Gedeo gidduutti uumamu hiikuufi waldhabeen hundee irraa akka hiikamu kan taasisu duudhaa nagaa buusuuti. Akkuma waliigalaattuu ummanni Oromoo duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kan qabu hoo ta'u, keessattuu Oromoo Gujii birattimmoo waldhabdee gosa keessaa yookiin gosa Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti muudatee lubbuun namaa badeefi walbuqqisuun muudate hiikee nagaa buusuuf duudhaa Gondooroo raawwatu.

Etefa (2002) akka ibsutti ummanni Oromoo waldhabdee sadarkaa adda addaatti uumamu dhaabuufi nagaa buusuuf dhiyaannaalee duudhaa adda addaa fayyadama. Ummanni Oromoo sirna bulchinsa impaayeera Itiyophiyaatti osoo hindabalamin dura sirna bulchiinsa duudhaa mataasaa akka qabu Etefa (2002) n (Holcomb, 1999) wabeessuun kaa'eera.

Haaluma waldeeggaruun Gumi (2016) akka ibsetti durii kaasee hanga yonaatti Oromoo Gujii biratti dhaabbilee duudhaa keessaa tokko kan ta'e duudhaan Gondooroo waldhabdee dhaabuu, nagaa buusuufi haqa eeguun beekama jechuun kaa'eera. Dabalataanis Dejene (2007) n qorannoosaa keessatti ummanni Oromoo keessattuu Gujiitti waldhabdee sadarkaa namaa, gareefi saba gidduutti umame dhaabuufi nagaa buusuuf duudhaa Gondoorootti bal'inaan akka fayyadaman ibseera.

Ummnanni Oromoo dhaabbilee duudhaafi duudhaa nagaa buusuu kanatti fayyadamee waldhabdee sadarkaa ollaatti yookin maatitti uumamu irraa jalqabee hanga gosaafi gosaa yookin garee sabaafi saba gidduutti uumamu kamuu hiikuuf duudhaa Gondooroo akka tooftaa nagaa buusuutti fayyadamaa jiraachuu qorannoon ni ibsu. Waldhabdeen uumame salphaafi sadarkaa

maatiitti yookin ollaatti hoo ta’e dhaabbilee duudhaa akka jaarsummaa fayyadamuun hiikuun aadaadha.

Qorattoonni Gumi (2016); Asebe (2007); Solomon (2009) akka ibsanitti duudhaan Gondooroo qajeelfama madaa fayyisuu, dhiifama gochuu, dhugaa kennuufi fudhachuufi nagaa buusuurratti waan hundaa’uuf sirna bulchinsa haqaa warra Awurophaa, kan balleessaa dalage adabuurratti hundaa’urraa adda jechuun kaa’u. Qorattootni kunneen akka kaa’anitti Gondooroon qaama duudhaa sirna Gadaa ta’ee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa busuu ummata Oromoo Gujiifi ummata Gede’oo, biratti beekkamuudha. Keessattuu saboonni ollaa ummata Oromoo Gujii jiran Gede’oo waliin waldhabdee keessa hoo seenaan duudhaa Gondooroo kanaan nagaa buusaa akka turan qorannoon ni agarsiisa.

Qorannoowwan hanga yonaa jiran duudhaan Gondooroo Oromoo Gujiifi Gede’oo, gidduutti waldhabdeen hoo muudate duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu akka ta’e ibsu. Saboota ollaa kanneen keessatti duudhaa Gondoorootin waldhabdee daabuufi nagaa buusuun aadaa ta’uu ibsu.

Haa ta’u malee qorannoowwan hanga ammaa gaggeeffaman duudhaan Gondooroo akkamiin waldhabdee sabaafi sabaa dhaabee nagaa buusuu akka danda’u hinibsan. Akka tooftaa nagaa buusuutti qofa ilaalu malee duudhaa ta’uu isaa, gochaaleen duudhaa adeemsa raawwii Gondooroo keessatti raawwataman hiikkaa duudhaa qaban, amantii duudhaa gochaalee raawwataman keessa jiran, Gondooroon kan raawwatamu maaliif akka ta’e hinibsan. Ilaalcha hawaasni Gujiifi Gede’oo duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondoroof qaban qorannoon agarsiisu hinjiru. Raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede’oo gidduutti raawwatamu adeemsa akkamiin akka raawwatamu qorannoon ibsu hinjiru. Garaagarummaa raawwii Gondoroo araara nama dhuunfaafi sabaafi sabaa gidduutti raawwatamuu qorannoon ibsu hinjiru.

Duudhaan Gondooroo Oromoo Gujiifi saba Gede’oo gidduutti akkamiin waldhabdee dhaabee (hiikee) nagaa akka buusuu danda’u qorannoon agarsiisu hinjiru. Raawwiin duudhaa Gondooroo Oromoo Gujiifi saba Gede’oo gidduutti adeemsa kamiin akka raawwatu qorannoon agarsiisu hinjiru. Akkasumas hawaasni Oromoo Gujiifi saba Gede’oo duudhaa Gondooroo akkamitti ilaalu kan jedhu qorannoon agarsiisu hinjiru.

Qorannoowwan hanga ammaatti jiran dhaabbileen duudhaafi duudhaan Gondoroo Oromoo Gujiifi saba Gede'oo keessatti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun beekamu kun akkamiin nagaa buusaa akka jiru, haala amma irra jiru, jijjiiramaafi itti fufinsa raawwii Gondoroo irratti jiru qorannoon agarsiisu hinjiru. Qorannoon ammaa kun qaawwa kanneen guutuuf qoratame jechuudha.

Dabalataan waldhabdee Oromoo Gujiifi saba Gede'oo bara 2009/10 muudateen walbuqqisuu guddaa fidee ture. Dhumarratti duudhaa Gondooroo kun raawwatamee booda namoonni buqqa'an hundinuu gara qe'eetti deebi'an. "Akkamiin duudhaan kun hawaasa miliyoonaan lakkaa'amu asiifi achi buqqa'e gadi teessisee mariisisee, mataa walitti qabee araarsee gara waliin jireenya duraanitti deebisuu danda'e?" kan jedhu qorataatti dinqisiifannaa uumee ture. Kanarraa kan ka'e qorataan kun duudhaan Gondooroo kun garee sabaafi sabaa gidduutti akkamiin waldhabdee hiikee ( dhaabee) nagaa akka buusu, ilaalcha hawaasni garee lamaanii duudhaa kanaaf qaban, jijjiiramaafi itti fufinsi duudhaa kanarratti jiru, adeemsi raawwii Gondooroo garee sabaafi sabaa akkamiin akka raawwatu, qaamolee hawaasaa garee lamaanii duudhaa Gondooroo keessatti gahee taphatan, maaliif garee sabaafi sabaa gidduutti waldhabdee hiikee nagaa buusuuf humna akka qabu, raawwii isaa keessatti afoolaafi fakkoomii jiru, haasgocha jiru gadi fageenyaan qaaccessuudhan ibsuuf qorannoo isaa gara raawwii duudhaa Gondooroo garee Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti raawwatamurratti xiyyeeffateera.

Qorannoon hanga ammaatti jiran dhimmoota qorannoon ammaa qaaccessuuf qabatee ka'e olitti ibsaman kanneen hinkaasne. Akkasumas jijjiirama dhaabbilee duudhaafi duudhaa Gondooroo irratti jiru qorannoon ibsu hinjiru. Raawwii Gondooroo keessatti qaaccessi qabiyyee afaaniifi fakkoomiis Kanaan dura hinqoratamne. Hasgochi raawwii duudhaa Gondooroo saboota lamaan Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu qaaccessu qorannoo kanaan duraa keessatti hinhojjetamne. Kanaafuu, qorannoon kun qaawwa kanneen guutuuf qoratame. Qorannoon kun adeemsa raawwii duudhaa Gondooroo sabaafi sabaa, akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusaa akka jiru, raawwii isaa keessatti afoola, fakkoomiifi hasgochaa itti fayyadamaman hiikaa isaanii waliin kan dhiyeessu, gahee qaamolee duudhaa hawaasa lamaanii raawwii Gondooroo keessatti qaban , jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa, ilaalcha hawaasni saba lamaanii duudhaa Gondoorootiif qabu qaaccessuurratti xiyyeeffate. Qorannoowwan hanga ammaatti gaggeeffaman immoo raawwii duudhaa Gondooroo garee Oromoo Gujiifi saba Gede'oo

gidduutti raawwatamu ija qorannoo fooklooriitiin duudhaa raawwii isaa keessatti jiru, adeemsa qabu, afoollan keessa isaatti jiru, gahee dhaabbilee duudhaa hawaasaa, jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa Gondooroo irratti qorannoon ibsu hinjiru. Qorannoon ammaa kun qaawwawwan kanneen guuteera.

Kanaafuu, qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa qorannoo armaan gadiitiif deebii kennee jira.

1. Duudhaan Goondooroo Gujiifi Gede'oo gidduutti akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusuu danda'a? Adeemsa Akkamiin Raawwatama?

2. Raawwii duudhaa Goondooroo keessatti waalleen hayyuu gosaa fi gochaaleen duudhaa hawaasaa nagaan akka bu'uuf faayidaa maal qabu?

3. Raawwii duudhaa Gondoorootiin nagaa buusuu keessatti gaheen dhaabbilee duudhaa, qaamolee raawwachiistotaafi Ilaalchi hawaasni dhaabbilee duudhaa nagaa buusuutiif qabu akkamiin ibsama?

4. Itti fufinsaafi jijjiirama duudhaa Gondooroofi dhaabbilee duudhaa Gujiifi Gede'oo maalfakkaata?

## 1.3 Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa duudhaan Gondooroo Ummata Oromoo Gujiifi Gede'oo gidduutti akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusaa akka jiru ibsuudha.

**Kaayyoolee Gooree Qorannoo**:

1. Duudhaan Gondoroo Kuusaa Beekumsa Hawaasaa Gujiifi Gede'oo ta'uu ibsuu
2. Adeemsa raawwii Gondoroo araara nama dhuunfaaf raawwatamuufi kan garee Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu ibsuu.
3. Haasgochaa (waallee) hayyuu gosaa fi hiikkaa mallattummaa gochaalee duudhaa hawaasaa nagaa buusuuf faayidaa qabu qaaccessuun hiikkaa itti kennuu.
4. Raawwii Gondoroo keessatti Gahee dhaabbilee duudhaa, raawwachiistotaafi ilaalcha hawaasni dhaabbilee duudhaatiif qabu qaaccessuudhan ibsuu.
5. Itti fufinsaafi jijjiirama duudhaa Gondoroo fi dhaabbilee duudhaa Gujiifi Gede'oo addeessuu.

## 1.4. Barbaachisummaa Qorannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa gahee duudhaan Gondooroo waldhabdee saboota gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuu keessatti qabu qoarachuurratti xiyyeeffata waan ta'eef qorannichi faayidaa armaan gadii niqabaata:

- Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu keessatti gahee guddaa kan qabaatuuf xiyyeeffannoon isaa rakkoo muudate dhugaa hawaasaatin ka'umsa irraa qorachuun hariiroo ummataa cabe fayyisuuf humna waan qabuuf qorannoon duudhaa Gondoroo irratti taasifamu kun hariiroo ummata Oromoo Gujiifi Gede'oo fooyyessuuf ni gargaara.
- Uummatni Oromoo Gujiifi Gede'oo baroota dheeraaf haala wal wajjin jiraataan keessatti duudhaa waldhabdee ittiin dhaabaniifi nagaa ittin buusan waliin qaban qorachuun dhaloonni haaraan duudhaa ofii beekee akka itti dhimma bahuuf ni gargaara.
- Mootummaan rakkoo nageenyaa saboota gidduutti uumamu hiikuuf akka filannoo duraatti duudhaatti akka fayyadamu yaboo nikenna. Akkasumas gahee duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf qabu mootummaafi mit-mootummaan qorannoo kanarraa hubatanii dhaabbata duudhaa Gondooroo fi qaamolee raawwii duudhaa kana keessatti qooda fudhataniif deeggarsa barbaachisu akka godhan ni gargaara.
- Raawwii duudhaa Gondooroo keessatti afaanummaa jiru, meeshaalee duudhaa jiran, haasgochaa jiru hiikkaa isaanii waliin barreeffamaan dhalootaaf kaa'uuf ni gargaara
- Qorannoon kun Qorattootni aad-hawaasaa qorannoo aadaa hawaasichaa irratti xiyyeeffatu kan biroo akka qorataniif akka madda ka'umsaatti nitajaajila.

## 1.5 Ibsa Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun kan uwwisu ummata Oromoo Gujiifi ummata Gede'ooti. Asmarom Leggese (1973) akka kaa'etti Gujiifi Boranaan madda Oromummaa, ka'umsa sirna Gadaafi lafa aadaan Oromoo osoo hinbadin itti ture jechuun kaa'a. Gujiin kan daanga'u Kibbaan ummata Oromoo Booraanaatin, ummata Burjii, Koyraafi Gaamoon karaa Kibba Lixaa, karaa Bahaa ummata

Oromoo Arsiin hoo ta'u, karaa Kaabaa immoo ummata Gede'oo, Sidaamaafi Waliyitaan daanga'a (Asebe, 2007).

Asebe (2007) qorannoo toorichatti gaggeesse keessatti bifuma qorannoo Asmarom (1973) n waldeeggaruun ummanni Oromoo Gujii jiruufi jireenyi isaa kan madde sirna Gadaarraa ta'uu ibsa. Akkuma ummata Oromoo gara biroo dhaabbileen duudhaa hawaasaa ummata Gujii haala gahee fi caasaa sirna Gadaatin kan gaggeeffamu ta'uu ibseera. Haala hawaasummaafi duudhaa ummata Oromoo Gujii hubachuuf waa'ee sirna Gadaafi sonaalee sirna Gadaa waliin walqabatan sirriitti hubachuu barbaachisa waan ta'eef dhimmi kun odeeffannoo qorannoo dirreerraa funaannameen boqonnaa afur jalatti danda'ee ibsamee jira.

Gede'oo –ummanni Gede'oo sirna federaalawa Itiyophiyaa bara 1983 booda hundaa'e keessatti ummatoota 56 naannoo sabaafi sablamoota Kibbaa jedhamee beekamu ijaaraan keessaa tokko ture. Bara 2016 ALI garuu naannoo Kibba Itiyoophiyaa jedhamee saboota 6 waliin qindaa'ee naannoo haaraa ijaarame keessa jira. Ummanni Gede'oo hanga bara 1895 bulchinsa Impaayera Itiyophiyaa jalatti kufutti sirna Gadaa Baallii jedhamuun of bulchaa ture. Bulchiinsa mootummoota Absiniyaa jalatti erga kufee as sirni Gadaafi duudhaan isaa akkuma saboota biroo dadhabaa dufe. Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu keessatti gahee guddaa qabu san dhabe. Abbootin Gadaas kabaja duraan qaban san dhaban. Waldhabdee saboota ollaa waliin uumamu dur duudhaa isaanitin furachaa turan duudhaan isaanii Moototа Absiyniyaatin waan kabaja dhabaatii dhufeef akka duraa araara buusuu dadhabaa dhufe (Asebe, 2007).

Akka odeeffannoo kennitoonni saba Gede'oo (hayyeechaa Hayiluu, Hayyeechaa Alamaayyoo) jedhanitti bara 1983 irraa kaasee duudhaafi aadaan isaaniitiin jiraachuun iddoo guddaa argataa dhufee jira. Sirna Baalleetiin aangoo waggaa saddeetiin walharkaa fuudhuun, sirni haqa hawaasummaa ittiin tiksamu Sangoon iddoo isaanitti deebi'anii hojjechaa jiru. Har'a Gede'oo keessa bakkeewwan haqa haawaasaa itti eeggamu, sangoo 75tu jiru. Abbaan Gadaafi miseensonni isaa hayyeechaawwan kabajaafi ulfina duudhaa ganamaa keessatti qabanitti deebi'aniiru. Uummanni Gede'oo roogawwan hundaanuu kabajaafi ulfina duudhaa isaa calaqqisiisaa jira. Akkaatuma abbootiin Gadaa murteessaniin hojiirra oolchaa jiru.

Walumaagalatti daangaan qorannoo kanaa ummata Oromoo Gujiifi ummata Gede'oo gidduutti waldhabdee uumame dhaabuufi nagaa buusuuf yeroo ammaa gahee duudhaan Gondooroo

taphataa jiruufi  raawwii duudhaa Goondooroo saboota olla walii ta'an Gujiifi Gede'oo keessatti raawwatu ibsuudha. Raawwii duudhaa Gondooroo keessatti jiru bu'uura yaaxina ijaarsaa hawaasaatin hiikkaa kennuufi yaaxina kuufama beekumsa hawaasaa (social capital) duuka ibsuudha.  Faayidaa afaanii raawwii duudhaa Gondooroo keessatti dubbiiwwan jiran immoo yaaxina haasgochaa fayyadamuudhan ibsamaniiru. Kanaafuu, raawwichi akka ummata toora qorannoon uwwisu bakka bu'utti qaamolee raawwii Gondooroo keessatti gahee taphatan irraa ragaa malleen akka afgaaffii, marii gareefi kuusaa galmee aadaa raawwii Gondooroo tanaan dura uummata Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwate waraabbii suur sagalee isaa fayyadamuudhan ragaan  funaanameera jechuudha. Qaamolee yookiin dhaabbilee duudhaa kana raawwachiisan irraa ragaa funaanuudhan qaacceeffame jechuudha.  Dabalataanis raawwii duudhaa Gondooroo ummata Gujiifi Gede'oo bakka bu'ee raawwatame kan kanaan dura raawwate fakkeenyaaf, bara 1995, 1998fi 2010 kan raawwates suur-sagaleesaa waajjira aadaafi turizimii saboota lamaan irraa ragaa fudhachuun kan qaacca'eera. Qaamota hawaasa ummata duudhaa Gondooroo raawwachiisuu keessatti gahee qaban abbootii Gadaa, Qaalluuwwan, Yubootaafi hayyoota afgaaffiifi marii garee waliin taasisuun duudhaa Gondooroo akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa akka buusaa jiru ragaan  funaaname qaaccessuun ibsameera.

### 1.6 Hanqina Qorannoo

Qorannoon kun akaakuu dhiyaannaa qorannoo akkamtaa hordofee adeemsifame. Gosa qorannoo akkamtaa keessaa qorannoo sanyaabsaa osoo ta'ee filannoo qorataa ture. Garuu sababa yeroo qorannoon kun gaggeeffamutti toorri Gujii rakkoo nageenyaa waan tureef qorataan hawaasicha keessa taa'ee aadaafi duudhaa hawaasichaa guutumaa guututti barachuu hindandeenye. Qorataan garuu aadaa hawaasa qorannoon keessatti gaggeeffamuu gad-fageenyaan waan hinbeekneef qorataan hawaasicha keessa yeroo dheeraa turuun aadaa kan baratu ta'a. Ta'us garuu guutumaan guutuutti akka qaama keessaa ta'ee waan hunda ija hawaasichaatin hiikkaa kennuu dhiisuu danda'a. Hanqina karaa kanaan jiru furuuf qorataan gargaartota afaaniifi aadaa irratti beekumsa qaban miseensota hawaasa iddoo qorannoo kan ta'an itti fayyadameera. Kana malees ani yuniversiitii Diillaatti barsiisaa waan tureef hawaasa Gujiifi Gede'oo waggoota 8 oliif waliin jiraachaa waan tureef akka qorataa fagoodhaa dhufeetti of hinilaalu. Kunis haala hawaasa garee lamaanii hubachuuf baayyee na gargaaree jira.

Karaa biraa qorannoon kun Godina Gujiifi Gede'oo keessatti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee duudhaa Gondooroo yeroo ammaa kana taphataa jiru qorachuurratti waan xiyyeeffatuuf qaamolee hawaasaa hedduu hirmaachisa. Kun immoo lojistikii guddaa gaafata. Kanaafuu, qaamolee hawaasaa raawwii duudhaa Gondooroo keessatti gahee taphatan hayyuu gosaa hawaasichaa irraa odeeffannoo funaanuudhaan qorannichi odeeffannoo gahaa akka qabaatu godheera.

# BOQONNAA LAMA
# SAKATTA'A OGBARRUU

**Seensa**

**B**oqonnaan sakatta'a barruu kun odeeffannoo mata duree qorannoofi gaaffilee qorannoo sirriitti hubachuuf garagaaran maxxansaalee adda addaarratti hayyootaan barreeffaman irraa wabeessuun kan qindaa'eedha. Dhuudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu irratti muuxannoo biyyoota Afrikaa adda addaa keessatti sirna kolonii duraafi sirna kolonii booda hanga ammaatti maal akka fakkaatan kaasuuf yaalameera. Biyya keenya Itiyophiyaattis duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu adda addaa saboota Itiyophiyaa adda addaa keessatti durii kaasee hanga yonaatti jiran irratti qorannoowwan adeemsifaman kan mata duree kanaan walitti dhiyeenya qaban ilaaluuf yaaleera. Qorannoowwan duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu irratti adeemsifaman irraa kan hubatame maalummaa duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu, kaayyoonsaa, deemsa, qajeelfama irratti hundaa'u, qaamolee qooda fudhattootaa fi raawwii isaarratti sirnoota kabajaa fi fayyadama afaaniifi fakkoomii jiran hunda ilaaluuf yaalameera.

## 2.1. Yaad-rimee Fookloorii fi Qabiyyee Fookloorii

Yaada fokloориin yoom dhalate jedhuuf, namoonni akkuma inni oolaa bulii dhala namaa waliin hariiroo qabu, gaafuma namni jireenya eegale dhalate jedhu. Fakkeenyaaf, Boswell fi Reaver (1962) akka ibsanitti, foklooriin addunyaa tanarratti mul'achuu kan jalqabe akkuma dhalli namaa addunyaarraa jiraachuu eegaleeni. Haata'u malee, foklooriin akka gosa barnoota tokkootti of danda'ee qoratamuu kan eegale jaarraa 19ffaa booda erga lammii biyya Ingiliiz kan Wiliam Thom's jedhamu bara 1846 A.L.A maqaa 'Folklore' jedhu jechoota 'Folk'- garee hawaasaa walfakkaataniifi 'Lore'- qabeenya garee hawaasaa ta'e walitti fiduun moggaase irraa akka ta'e ibsama. Dorson (1972) akka ibsutti jaarraa 20ffaa keessa qorannoon fokloorii hundee godhachuun yuunivarsiitota Ameerikaa tokko tokko keessatti sadarkaa digrii 1ffaa, 2ffaafi sadaffaatti barnoonni ittiin kennamuu eegale. Akka ibsa Dorson'tti, yeruma kana waldaan fokloorii Ameerikaa faan hundaa'uun foklooriin of danda'ee hayyoota (fokloorstoota) qorannoo fookloorii irratti qofa xiyyeeffataniin qoratamuun gosa barnoota biroorratti maxxanuurraa akka adda bahe.

Dundes (1965) kitaabasaa mata-duree ‘The Study of Folklore’ jedhu barreesse keessatti, jechoota Thoms moggaase ‘folk fi lore’ irratti hundaa’ee yoo fokloorii hiikuuf yaalu, foklooriin qabeenya garee hawaasaa tokkoo kan yoo xiqqaate waan tokkoon hidhata qabuuti jechuun kaa’e. Dundes akka jedhutti, ‘folk’ hawaasa kamuu kan waan waliin raawwatan yookiin qabeenya waliin qabanirraa ka’uun hariiroo waliin qaban kan ibsuudha. Qabeenyi isaan waliin qabaniifi waliin raawwatan kun akka isaan eenyummaa walfakkaataa qabaatan godha. Qabeenyichis waan isaan waliin irratti hirmaachuun raaw’atan qabeenya garee hawaasaa kan ‘lore’ jedhamuudha.

Cuddon (1998) akka ibsetti, fokloorii akka qabeenya namoota duriifi hinbaranneetti fudhatu; darbees foklooriin duudhaadhaan dhalootaa gara dhalootaa daddarba jechuun ibsu. Sims & Stephens (2005) akka kaa’anitti, namootni tokko tokko foklooriin (lore) yoo ibsan hiika akka waan durii, dulloomaa, duubatti hafaa, kan ammayyummaan itti hir’ate, kan dhugaan lafarra hinjirre, kan du’aa jiru, kan jireenya namdurii ibsudha jechuun kaa’u jedhu. Sims & Stephens ibsichi sirrii akkan hintaane ibsuun, foklooriin akka namoonni himan kan jireenya darbaafi waan durii ibsu osoo hintaane, qaama jireenya dhala namaati jechuun kaa’u. Dundes’s yaada foklooriin qabeenya warra duriiti jedhu kana cimsee morma. Yaada Dundes bifa deeggaruun Toelken 1996:21-22) hoo ibsu “Clearly, folklore is alive and well”. Waraabbiin kun foklooriin beekumsa lubbuun jiruufi haala gaariirratti kan argamu ta’uu ibsa. Fooklooriin hoomiyyuu kan jiraatu ta’uu eeruu isaati. Qabeenyi garee hawaasa walfakkaatuu (lore) beekumsa al-idilaawaa karaa al-idilaawaa ta’een daddarbuudha (Stephens & Smith, 2005). Beekumsa al-idilaawaa karaa alidilaawaan daddarbu jechuun foklooriin (lore) beekumsa hawaasni haala adda addaa keessatti karaa raawwii duudhaafi himamsa afaanitiin walitti dabarsuudha.

Yaadrimeen fokloorii beekumsa nuti osoo mana barumsaa hindeemin waa’ee keenyaafi addunyaa keenyaa karaa al idilee ta’een hawaasumarraa barannu ta’uu Stephens & Smith yoo ibsan: “The term folklore refers to the knowledge we have about our world and ourselves that we don’t learn in school or textbooks—we learn folklore from each other. It’s the informally learned, unofficial knowledge we share with our peers, families and other groups we belong to” (2005:3-4). Yaadni kun kan ibsu, foklooriin beekumsa nuti addunyaafi waa’ee keenyarratti karaa al idilee ta’een osoo itti hinkaroorsamne wal irraa barannu: hiriyaa, maatiifi garee keessa jiraannuraa barannuudha. Egaa akka Dundes jedhutti, ‘folk’ gareen waliin gurmaa’e sun kan bineensarraa

adda ta’e ta’uu qofa ibsa waan ta’eef, ibsa fokloorii kennuuf kan irratti xiyyeeffatamuu qabu jecha ‘lore’ jedhu kan qabeenya garee hawaasaa ta’e kanaadha. Qabeenyi hawaasaa waliinii kun bifaanis ta’ee haala raawwiitiin hawaasaa hawaasatti hanga tokko walfakkaachuu ykn adda ta’uu mala. Kanaafuu, fokloorii qabeenya garee hawaasa eenyummaan walfakkaatu ta’ee kana akka hawaasa addunyaa maraatti hiikuurra, akka inni hawaasa isa uumuun itti fayyadamu gituun ibsuu wayya jechuudha. Sababnisaa, foklooriin qabeenya hawaasa eenyummaa tokko qabuu ta’e kun hawaasichaaf hubannaafi ergaa inni dabarsuu barbaadu otoo homaa hindhoksin ifa baasuudha (Stephens & Smith, 2005). Kana jechuun, foklooriin daawwitii hawaasni tokko ittiin ilaalamu akka tahe agarsiisa. Qabeenya dhuunfaa hawaasa tokkoo (folk) waan ta’eefis, hawaasni kun hawaasa biraa biratti akka ittiin beekamu taasisa. Qaamni waa’ee hawaasa tokkoo beekuu barbaade, fakkeenyaaf: waa’ee diinagdee, hawaasummaa, siyaasaa, aadaa, amantaa, ijaarsa hawaasaafi kkf fokloorii isaa qorachuun baruu danda’a.

Stephens & Smith (2005) akka ibsanitti, qabiyyeen fokloorii (lore) waan hawaasni uume ykn bu’aa hawaasaa gaarii ykn badaa kan hawaasaan kunuunsamu, daddarbuufi hawaasnis deebisee keessatti of ilaaluudha. Qabeenyi garee hawaasaa (lore) uunkaafi qabiyyee duudhaa hawaasaa waraabamee hindhumneefi aadaa hawaasaa al-idilaawaa hammata; beekumsa, ilaalcha, miira, hubannaa, tilmaamaafi amantii karaa jecha afaanii ykn gochaan ykn raawwii duudhaatin daddarbu qabata. Akkasumas, waliigalteefi walhubannaa garee hawaasaa aartiin guutame, kan aartii hawaasaan raaw’atamu. Namoota (folk) naannoo tokko jiraatan, afaan, aadaa, eenyummaa, haala jireenyaafi muuxannoo walfakkaataa qabaniin kan tolfameefi qaroominaa irraa kan ijaarameedha (Dundes, 1965).

Beekumsi fokloorii (lore) keessa jiru bu’aa muuxannoo ta’ee, namni dhuunfaa ykn gareen hawaasaa ykn hawaasni marti leenjii tokko malee akka waliigalatti muuxachuun waliin kan jiraataniidha. yaaduma kanaa kan Toelken (1996) cimsu: “It constitutes a basic and important educative and expressive setting in which individuals learn how to see, act, respond, and express themselves by the empirical observation of close human interactions and expressions in their immediate society (Toelken,1996, 21-22). Akka yaada kanaatti foklooriin galumsa murteessaafi barbaachisaa, kan haala nama barsiisuufi himamsa qabu, kan namni tokko namootaafi wantoota naannoosaa jiran irraa muuxachuun haala fudhatama qabuun akka socho’u, hubatu, deebisuufi of

ibsu taasisu hammata. Foklooriin nama tokkoof galumsa haala hawaasaa sirrii barachuun keessatti ofqaree maqdasuu danda'u dhiyeessaaf jechuudha.

Dorson (1972) fokloorii gooroowwan gurguddoo afur kanneen meeshaalee aadaa, afoola, duudhaa hawaasaafi aartii sochii qaamaa hawaasaa jedhamanitti qooduun ibsa. Gooroo fookloorii meeshaa aadaa jedhamu ogummaa haawaasaatiin meeshaalee hojjetamaniidha. Gooroowwan fokloorii Dorson ibse keessaa inni lammataa afoola. Afoolli kanneen afaaniin dubbataman, seeneffamanfi sirbaman (kan walaloofi yeedalloo qaban) hammata. Sadaffaan Duudhaa hawaasaa kan dandeettiifi ogummaa nama dhuunfaa caalaa hariiroo hawaasaarratti xiyyeeffatuudha. Sirnoota hawaasni gama Waaqeffannaas ta'ee Waaqeffannaan ala hawaasni yeroofi waqtiilee adda addaa eegee raawwatu, kabajalee ayyaanota adda addaa, ce'umsa sadarkaa: dhaloota, duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu faan as keessatti ilaalama. Inni afraffaan aartii sochii qaamaa hawaasaa kan hawaasni yeroo sirnoota addaarratti hirmaachuun sochii qaamolee harka, miilaan, gateettiin, mormaa kan kana fakkaatuun agarsiisuudha,

Dorson (1972) gooroowwan fokloorii iddoolee adda addaatti qoqqoodanii kaa'uun hubannaaf akka ta'uuf malee, gooroon tokko warra kaawwanirraa adda bahee dhaabbata jechuu miti jedha. Toelken (1996) fokloorii gooroowwaniifi kutaalee adda addaatti qoqqoodanii dhiyeessuun kan hindanda'mne ta'uu yoo ibsu, kutaa qaama namaa kan nama tokko nama taasisanii dhaabaniin fakkeessa. Toelken akkuma kutaan qaama nama tokkoo qaama kaawwanirraa adda bahee dhaabbachuu hindandeenye, gooroowwan foklooriis waliin ta'anii foklooriin akka jiraatu taasisan malee adda addaa bahanii bakki itti dhiyaatan hinjiru jedha.

Qorannoo fokloorii keessatti dhimmi xiyyeeffannoo argachuu qabu tokko haala galumsaati (context). Malinowski (2018) unki fokloorii barbaachisaadha, garuu haalli galumsaa caalmaatti barbaachisaadha. Galumsa malee qorannoon fokloorii lubbuu hinqabu. Kanaafuu, qorannoon fokloorii kan xiyyeeffatu unka irratti osoo hinta'in galumsarratti ta'uu qaba jechuun kaaseera. Kanaafuu, raawwii tokko hoo waraabnu sagalee qofa osoo hinta'in haala miraa, qaamaa, haala guutuu ta'e waraabuu akka qabnu nu hubachiisa. Walumaagalatti fooklooriin sadarkaa guddinaa adda addaa keessa darbee har'a damee qorannoo bal'aa ta'uu danda'eera. Damee qorannoo bal'aa kana qorachuun waa'ee hawaasa tokkoo gadi fageenyaan hubachuuf kan dandeessisuudha. Garaagarummaa yaad-rimee fooklooriirratti ture fooyya'aa gara yaada walfakkaataatti dhufuu isaanii nu hubachiisa. Akka qorannoo kanaatti garee hawaasaa Gujiifi Gede'oon duudhaa waliin

qaban, Gondoroodhan nagaa buusuun immoo akka unka fookloorii (lore)tti ilaaluudhan qorachuun baayyee barbaachisa.

### 2.1.1. Yaad-rimee Duudhaa

Yaad-rimee duudhaa jedhu hubachuuf duudhaan hojiirra yeroo oolu yookiin ennaa raawwatamu, ennaa sirreeffamu fi haaraan ennaa dhalatu argina. Gaaffilee hawaasummaafi diinagdee haaraa uumamu waliin masakamuuf duudhaaleefi gochaaleen ni uumamu. Kanaafuu duudhaa jechuun kan darbes hoo ta'e garuu kan ammaarraa kan fagaate miti; qabiyyeewwan, unkiwwaniifi gochaaleen duudhaa filatamanii kan hawaasa darberraa dhaalaman, kan guddataniifi ijaarsa jireenya hawaasummaa haaraadhan kan walsimaniidha (Xiaohong Chen, 2015). Akka ibsa kanaatti duudhaan adeemsa jechuudha. Adeemsa kana keessatti kan fooyya'aa dhalootaa dhalootatti darbaa as gahan jechuudha. Kan dur turee cite hafu osoo hinta'in duudhaan haala jiruufi jireenya hawaasaa bara baraan jiru waliin walfudhachaa, fooyya'aa, sirreessamaafi hammayyaa'aa raawwii hawaasaatiin kan dhalootni walitti dabarsaa deemuudha jechuudha. Akka ibsa Xiaonhong (2015) kanatti yaad-rimeen "duudhaa" jedhu beekumsa addunyaa qabnu keessatti aadaan hawaasaa kan uumamuufi kan itti fufu ta'uu kan amannu hanga ta'etti duudhaan hawaasaa amma kan ibsamuufi bor irra deebiin kan ibsamuu akkasumas amma kan hiikkamuufi bor irra deebiin kan hiikkamu ta'ee itti fufa,

Jijjiirama Seenaa jireenya hawaasaa hoo ilaallu dur, amma, hammayyaa jedhamee ilaalamuu danda'a. duudhaan hawaasaa bara durii ture kan dur irraa waan fudhatuufi har'a irraa waan itti dabalu qaba malee ilaalchi "duudhaan waan duriiti" jedhu qofti duudhaa hinibsu.

Bauman (1992) akka kaa'utti n haala yeroo kanaan, duudhaan kan darbee fi kan ammaa karaa dabarsuu fi irra deddeebi'uudhaan walqabsiisa. Akka ibsa kanaatti unka fookloorii tokko adeemsaan dhalootatti dabarsuu, kan ammaa itti dabaluufi jireenya hawaasa ammaa waliin walsimsiisuuti. Unka fokloorii tokko akka aadaatti ilaaluu, itti fufiinsa yeroo kan qabu, kan darbe irraa hundee kan qabu, garuu hanga har'aatti kan itti fufe ta'uudhan walqabsiisa. Duudhaanqaama fokloorii hawaasaa itti fufinsa qabu garuu haala hawaasa durii, ammaafi borii keessatti hiikni, gochifi qaamni raawwatu jijjiirraa agarsiisuu kan danda'uudha. Walumaagalatti duudhaan dhalootaa dhalootatti himamaafi raawwatamaa kan amma gahe gara fuula duraattis haaluma dhalootaatiin kan itti fufu itti fufuu hawaasa tokkoo kan agarsiisuudha.

Haaluma yaada kana deeggaruun qorannoo dhaabbata OCCORD 2018 maxxansame duudhaa hoo ibsu duudhaa jechuun gocha dhalootaan darbaa dhufee fi namoonni hawaasa tokkoo irra caalaan isaanii kan walitti dabarsaa turaniidha (ACCORD  Conflict & Resilience Monitor 2018/4).  Kanaafuu Duudhaan amantaa yookin shaakala dhalootaan darbaa ture ta'uusaati. Duudhaan amantaa yookin amala garee yookin hawaasa tokko keessatti hiika fakkeenyaa yookin hiika addaa kan qabuu fi ka'umsi isaa yeroo darbee kan qabuu dha. Fakkeenyonni beekamoo ta'an ayyaana, uffata qabatamaa hin taane garuu hawaasummaan hiika qabu kan dabalatu yoo ta'u, yaadni kun garuu seera hawaasummaa fakkeenyaaf akka nagaa gaafachuu irrattis hojiirra ni oola. Duudhaan aadaa dhaloonni tokko dhaloota dhufuuf dabarsee dhaloota wal duraa duubaan darbaniidha. Aadaan amantii yookin hawaasummaa dhalootaan darbaa ture duudhaa ta'a. Aadaan suuta suutaan bifa duudhaa fudhachuudhan dhalootatti darbaa deema jechuudha.

Haaluma yaada qorannoo (ACCORD) deeggaruun hiikkaan duudhaa galmee Webster irratti duudhaan amantaa yookin amala gareen tokko hiikkaa yookin mallattummaa wantootaaf kennaniin walirraa baraafi waliif darbarsaa as gaheedha jechuun kaa'a. Dabalataanis duudhaan karaa meeshaalee aadaa fi amala hawaasaatin baroota dheeraaf waliif dabarsaa kan itti fufu jechuudha. Duudhaan afaan Ingiliziitin "tradition" kan jedhu hoo ta'u maddi isaa afaan Laatinii ta'ee "trader or traderer" kan jedhurraa kan madde ta'ee hiikkaa kallattii 'dabarsuu'; 'kennuu' jedhu qaba. Kunis duudhaa karaalee gooroowwan fookloориitin dhalootaa gara dhalootaatti darbaa kan itti fufu jechuudha.  Duudhaan karaa odeeffannoo afaaniitin, gochaalee hawaasaatin, kabaja ayyaanaatin yookin amantiin ilaalcha dhalootaarraa gara dhalootatti barreeffama malee afaaniifi raawwiin darbu jechuudha.  Haala kanaan duudhaan waan hawaasummaa garee fi waloo hunda agarsiisa jechuudha. Pande, (1999) akka ibsutti dhaloonni amma jiru kun hawaasa darbe tuffachuu hindanda'u, sababni isaas dhabbileefi barnoonni amma jiru kun goonkuma haaraa kan jalqabee miti. Kanaafuu, dhaloonni ammaa kan jiru bu'aafi tarkaanfii filannoo hawaasa darbeetiin marfamee jira jechuudha. Dhaabbileen barnootaafi dhaabbilen hawaasaa muuxannoofi firii hawaasa darbee kan tursiisaniidha. Kanaafuu, dhaloonni amma jiru kun aadaafi qaroomina hawaasa darbee haala ammaatiin hiikkaa kenneefi fooyyessee kan itti fayyadamuudha. Haala Kanaan duudhaan yaadannoo sammuu waliinii garee hawaasaati Akka ibsa kanaatti duudhaan akkuma yaadannoo nama dhuunfaa yaadannoo gareeti. Gareen hawaasaa tokko karaa duudhaa

eenyummaa aadaa argata (Pande, 1999). Duudhaan adeemsa eenyummaa aadaa garee hawaasaa uumuu keessatti gahee guddaa qabuudha. Duudhaan akka yaadannoo waloo hawaasaatti dhalootaa gara dhalootaatti filannoodhan darbaa kan itti fufuudha. Filannoon kun immoo eenyummaa aadaa hawaasaafi qaroomina hawaasni tokko ittiin beekamu uuma. Kanaafuu, duudhaan akkaataa hawaasni yookin gareen hawaasaa tokko itti of ilaalu kan jireenya guuyyuu keessatti ittiin jiraatu uumaaf jechuudha.

Duudhaan hojiidhan yookin gahee taphachuudhan jiraata. Duudhaan labsii isaatiin jiraata. Kana jechuun duudhaan dhaloota walduraa duuba dhufuun ijaarama jechuudha. Duudhaa dhaloota tokko irraa gara itti aanuutti dabarsuun kabajaa duudhaaf hawaasni qabuufi dhaloota itti aanu dhaalchisuufiidha. Caacculeen duudhaa dhaloota biratti kabajaa hinarganne dabarsuuf dhaloonni bakka hinkennuuf waan ta’eef sadarkaa yaadannoo sammuu hawaasaa irraa gadi bu’ee hayyoonni qofti barreessanii kan kaa’an ta’a (Banerjee, 1994).

Aadaafi qaroominni bu’aa kalaqa ilma namaati. Bu’aan kalaqaa ilma namaa immoo uumamaan kan darbu osoo hinta’in karaa hawaasummaatiin dhalootaa gara dhalootatti darba. Duudhaan immoo karaa qaroominniifi aadaan hawaasaa dhalootatti ittiin darbuudha. Yaaduma kana kan cimsu “Tradition is considered to be the medium of this social transmission through which cultural and civilizational creations and attainments are transferred down to the generations” (Kumar, 2014). Ilmi namaa sona kan uumufi sona kanaan jiruufi jireenya isaa kan gaggeeffatu ta’uu isaati.

Pande (1999) falaastonni muraasni duudhaa ilaalchisee caacculee duudhaa jijjiiramaafi fuulduraa irratti kan xiyyeeffatan hoo ta’an muraasni immoo caacculee duudhaa itti fufan irratti xiyyeeffatu. Keessattuu falaastonni konservativii (duudhawaa) ta’an duudhaan waan uumaafi itti fufinsa hawaasaafi hawaasummaatiif bu’uura ta’eedha jedhu. Hawaasni tokko tasgabbaa’ee akka itti fufuuf duudhaan gahee guddaa qaba jechuudha. Qaroominaafi aadaa keessatti duudhaan caacculee jijjiiramuufi itti fufu qaba (Pande, 1999). Duudhaan kan dhaabbatee hafu osoo hinta’in haala jijjiirama hawaasaa waliin fooyya’aa, jijjiirama fooyya’aa hawaasaatiif bu’uura ta’aa kan itti fufuudha. Duudhaan adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti kan jijjiiramaa deemuudha. Adeemsa jireenya hawaasaa keessatti duudhaaleen akka sona hawaasaa, yaadaa fi amanitin hawaasaa jijjiiramaa deemuu danda’u. Adeemsa jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti duudhaa jiru madaalaa haala amma jiru waliin walsimsiisaa deemuufi duudhaaf irra deebiin

hiikkaa kennuun hawaasa keessatti jira. Kanaafuu, duudhaanis haala yeroofi guddina hawaasaa amma jiru waliin akka walgitutti fooyya'aa kan itti fufuudha malee dhaabbatee kan hafu osoo hinta'in haala yeroo waliin of fooyyessaa kan deemu ta'uu hubachuu barbaachisa.

Kumar, (2014) akka ibsutti duudhaan yaadannoo sammuu waliinii hawaasa tokkooti. Hawaasichi yaadannoo sammuu waliinii keessaa duudhaa haala yerootiin itti fufu filatee haala ammaafi borii waliin walitti fidee itti fayyadama. Muuxannoofi milkaa'inoota dhaloota duraanii dabarsuuf duudhaan akka ceesistuutti ilaalama jechuudha. Yaaduma kana karaa deeggaruun Banerjee, (1994) duudhaafi jijjiiramni aadaa keessatti yaada wal mormuu miti; jijjiiramni amala duudhaa keessaa isa ijoodha. kanaafuu, duudhaan kan jijjiiramuufi kan guddatuudha. Amalli jijjiiramuufi fooyya'uu duudhaa kun duudhaan akka guddatuufi akka itti fufuuf gumaacha guddaa qaba. Jijjiiramaafi duudhaa gidduutti walitti bu'insi kan uumamu duudhaa tokko duudhaa birootiin bakka buusuuf yaaliin hoo taasifamu malee duudhaa keessatti sonni gaariin tokko hoo jiraate fooyyessanii fudhachuun qaama duudhaa ofii taasifachuun amaluma duudhaati (Banerjee, 2014). Walumatti qabaatti duudhaan dhalootaa dhalootaatti darbu haaluma dhaloonni itti hubateefi haala qabatamaa dhalootaatiin kalaqaa itti dabalaa walitti dabarsaa kan itti fufuudha. Jijjiiramaatuma dhaloota itti aanuuf dabarsama jechuudha. kanaafuu, akkuma aadaafi qaroominaa duudhaan bu'aa kalaqaa ilma namaati jechuudha. Adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti duudhaan jijjiiramaa fi fedhiin hawaasa ammaas itti dabalamaa akkasumas kalaqaa hawaasa ammaas ofitti dabalaa kan itti fufuudha.

Hayyoonni akka Durkheim immoo jijjiiramaafi itti fufiinsa unka fookloorii fakkeenyaaf duudhaa itti fufinsaafi jijjiirama caasaa hawaasaa waliin walqabsiisu. Caasaan hawaasaa aadaafi duudhaa hawaasichaan qajeelu hanga jirutti unki fookloorii faayidaa walitti hidhuufi tokkummaa sonaafi naamusaa akka qabaatu taasisee itti fufa. Durkheim (2003, fuula 52), akka jedhutti. "Hawaasni gama faayidaatiin xiinxalamee ibsamuu qaba; hawaasni sirna kutaalee walitti hidhaman kan kutaan tokko isa kaan malee hojjechuu hin dandeenyedha. Kutaaleen kun hawaasa guutuu uumu. Kutaan tokko yoo jijjiirame hawaasa waliigalaa irratti dhiibbaa qaba."

Durkheim (2003) yaaxina faayidaa (functionalism) jedhu keessatti fooklooriin gama faayidaatiin hoo ilaallamu hiikkaa gareen hawaasaa unka fooklooriitiif kennu ta'ee gareen hawaasaa kun fookloorii akka qunnamtiitti itti fayyadama jechuun kaa'a. Kanaafuu hawaasni tokko kan waliigaluu danda'u qunnamtii isaa keessatti hiikkaa unkawwan fooklooriif kennu walfakkaataa

hoo qabaateedha. Faayidaan unki fookloorii hawaasa keessatti qabu itti fufinsaafi waliigaltee hawaasichaa ni mirkaneessa. Yaaxinni faayidaa kan xiyyeeffatu naamusaafi sonawwan hawaasni waliin qoodatuufi hawaasa keessatti unkawwan fookloorii faayidaa irra oolaa jiraniidha. Hawaasa keessatti duudhaawwan hawaasaa, amanitin hawaasafi gochaaleen hawaasni waliin qoodatu kunneen jiraachuun faayidaa tokkummaa hawaasaafi naamusa waloo hawaasichaaf bu’uura ta’ee tajaajila. Kanaafuu, caasaan hawaasaa itti fufinsaan faayidaarra yookiin hojiirra jiraannaan unki fooklooriis faayidaa kennaatuma jiraata jechuudha. Caasaan hawaasaa unka fookloorii hojiirra oolchu jijjiiramnaan garuu hiikkaa unka fooklooriitiif kennamus duukaa jijjiirama jechuudha.  Kanaafuu, itti fufinsi caasaa hawaasaa itti fufinsa faayidaa unki fookloorii hawaasa keessatti qabuuf bu’uura ta’a jechuudha. Caasaa hawaasaarratti jijjiiramni adda addaa hoo muudatu duudhaafi sonni hawaasichaas duukaa jijjiirama.

### 2.1.2. Yaad-rimee Gochaalee Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa kan hawaasni wantoota adda addaa raawwachuun dhimmootaafi sirnoota adda addaatti kabaju, itti raawwatuufi kan kana fakkaatudha. Akka Dorson (1972) ibsetti, duudhaan hawaasaa ogummaafi raawwii dhuunfaa caalaa waan hawaasni gareen ta’uun waliin raawwaturratti hundaa’a. Duudhaan hawaasaa waan hawaasni bakka walfakkaataa jiraatu, afaan walfakkaataa dubbatu, aadaafi eenyummaa walfakkaataa qabu waliin raawwatuufi taasisuudha. Duudhaan hawaasaa gocha baratamaafi qindaawaa miseensonni hawaasaa miiraa kiyyummaatiin irra deddeebiin raawwatani (Sims & Stephens, 2005).

Duudhaan hawaasaa ilaalchaafi hubannaa hawaasaa karaa saayinsaawaafi idileetiin hinbaratamne kan hawaasni karaa al-idilee waliin hirmaachuun, daawwachuun hubatuudha. Isaanis, kanneen akka amantaalee hawaasaa: kan hawaasni karaa sodaatamaa ta’een iddoolee adda addaatti bahee haala ulfoo ta’een kabaju, aarsaalee adda addaa Waaqaaf itti dhibaafataniifi Waaqni itti galateeffamuudha (Dorso, 1972). Akkasumas, qorichoota aadaa: rakkoolee hawaasa muudataniif kan hawaasni namoota waa beekan bira deemun qoricha itti argatu, kabajaalee hawaasaa: guyyaa dhalootaa, cidhaa, du’aa, feestivaalota adda addaa kan nyaataafi dhugaatii qaban, sochiileen qaamaa irratti mul’atan; sirnoota/tumaalee hawaasaa, sochiilee qaamaa adda addaafi taphoota adda addaa fa’a (Toelken, 1996; Sims & Stephens, 2005; McNeill, 2013).

Volker (2007) yaadrimee duudhaa jedhu akka ibsetti raawwii duudhaa hawaasaa haala caasaa hawaasaatiin bakka murtaa’aafi yeroo murtaa’aa keessatti kan raawwatamuufi barootaaf kan

raawwatamaa as gaheedha. Yaad-rimee kana irraa kan hubannu duudhaan waldhabdee hiikuufi nagaa buusuu hawaasni bakka jiraatuutti giddu seentummaa caasaa mootummaa malee yookiin mana murtii idilee malee karaa duudhaatiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu jechuudha.

Dorson (1972) akka ibsutti, duudhaan hawaasaa gooroofi gooree kan jedhamu ta’ee, sochii/hirmaannaa qaamaa kan qabu, fakkeenyaaf, nyaata hojjechuun dhiheessuu, ilaalcha amantaa waliin hirmaatamu: waan haa 23 ta’uuf yaadamu/eegamu, meeshaaleen aadaa barbaachisan kan hojiirra oolaniidha. Kun immoo kan ibsu gooroon duudhaan hawaasaa tokko yoo raawwatamu, goorooleen fokloorii biraallee kan waliin hojjooman ta’uudha. Fakkeenyaaf, Sims & Stephens (2005) akka jedhanitti, sirni tokko yoo kabajamu gooroowwan fokloorii sirna kana galmaan gahuuf oolan gooroowwan fokloorii hundarraa: meeshaadhaan, afoolliifi sochiin qaama ni hirmaatu. Gooroowwan fokloorii walirra oolu yookin tokko yeroo inni tokko hurruubamu; keessayyuu, duudhaan hawaasaa tokko yoo kabajamu gooroowwan biroo faana dhihaachuun isa hurruubamu san akka inni fedhaafi sona garee hawaasaa isa hurruubuu san guutuu taasisu (Sims & Stephens, 2005; Toelken, 1996).

“Social folk custom: This is an area of traditional life which lies in between oral literature and material culture. Social folk customs are often closely bound up with deeply held folk beliefs, and they cover the fields of festivals and ceremonies, folk religion and folk medicine” (Dorson, 1972).  Akka ibsa Dorson (1972) kanatti duudhaan hawaasaa jireenya aadaa ogafaaniifi meeshaalee aadaa gidduutti argamuudha. Amantiiwwan aadaa, festivaalota (ayyaanotaa) fi qoricha aadaa hunda dabalata jechuusaati.

## 2.2. Yaad-rimee Waldhabdee (Concept of Conflict)

Waldhabdeen kan maddu namoonni yookin gareen lama dhimma tokkorratti fedhii wal hinginne hoo qabaataniidha. Garee lamaan keessaa tokko waan irratti wal morman san dhuunfachuuf yoo yaalu waldhabdeen uumama. Haaluma walfakkaatuun qabeenyi uumamaa daanga’aa waanta’eef fedhii qaamota hundaa guutuu hindanda’u. Waldorgommii qabeenya uumamaa walsaamuuf jecha waldhabdee keessa seenu jechuudha. Keessattuu waldorgommiin qabeenya uumamaa walsaamuuf yookin qabachuuf taasifamu kun bal’achaa deemee booda bifa garee ummata lama waldhabdee keessa galchuu danda’a (Abebe Demewoz, Samson Seid, & Tessema Gebre, 2015).

Waldhabdeen walumaagalatti miidhama hawaasaa kan fiduudha. Sababa waldhabdeetiin lubbuu hedduutu haala akka feeteedhan bada; qabeenya misoomaaf oolu hedduutu manca'a. Hunda caalaa immoo hariiroo hawaasaa ni miidha. Yaada kana (Alexander, 2005), hoo ibsu:

> In any society, conflict is one of the major factors negatively affecting development. It diverts resources that could have otherwise been used productively (Ibid: 30). Furthermore, this same author once again adds that: Conflict is regarded as undesirable in many societies. In its violent form, it claims the lives of many people, destroy property, and diverts human as well as financial resources away from development (Ibid:44).

Hawaasa kamuu keessatti waldhabdeen gufuu misooma hawaasaa miidhuudha. Omishaafi omishtummaa hawaasa tokkoo gar malee miidha. Dhiiga qulqulluu dhangalaasa, qabeenyatu manca'a, hariiroo hawaasaatu miidhama, qabeenya hawaasummaafi diinagdee miidha. walumaagalatti gaaga'ama hawaasaa fida jechuudha.

Akka ilaalcha hawaasa Afrikaatti, waldhabdeen akka dhimma dhuunfaatti hinilaalamu. Fakkeenyaaf, Kaphagawani (2006), akka kaa'utti hawaasni duudhaa Afrikaa " waan nama dhuunfaatti dhufu kan hawaasaati, akkasumas waan hawaasatti dhufus kan nama dhuunfatti dhufuudha" ilaalcha jedhu qoodatu. Ennaa badiin qaqqabu miidhamaa waliin ta'uun miidhaarraa damdamachiisuun, waldhabdeen namoota dhuunfaa gidduutti uumame ol guddatee rakkoo hawaasaa akka hintaane sadarkaa qe'eetti karaa duudhaa hawaasaatiin furuun nagaa isaanii eeggatu. Akka ilaalcha hawaasa duudhaa Afrikaatti miidhaan waldhabdeedhan miseensa garee hawaasaa tokko irra gahu miidhama garee hawaasaa hunda ta'ee ilaalama. Akkasumas miidhaa miseensi garee tokkoo geessisuuf gareen hawaasaa hundi itti gaafatamaa ta'u. Waan kana ta'eef waldhabdeen nama dhuunfaa gara waldhabdee garee hawaasaatti osoo hincehin sadarkaa qe'eetti duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu fayyadamuun hiikaa waliin jireenya isaanii itti fufsiisu jechuudha. Maatiin yookiin gareen hawaasaa miseensi isaa waldhabdeedhan miidhame irra loluufi gumaa baasuuf dirqama qaba (Kuruk, 2002). Waldhabdeen sadarkaa kana gahee balaa nageenyaa akka hintaaneef haala duudhaatiin nagaa buusu jechuudha.

Walumaagalatti waldhabdeen kan uumamu bakka qabeenyi uumamaa gahaan garee hundaaf walqixa hingeenyetti, biyya ummanni sabaan walqooddiin jirutti, bakka walmorkiin aangoo saboota gidduutti jiruttiifi bakka waldorgommiin olaantummaa jirutti mul'ata (Haas, 1990; Leff,

2009). Kanaafuu, gaaga'ama sababa waldhabdeetiin dhufu hiikuuf uummanni duudhaa nagaa buusuu tolfatee ittiin jiraataa jira jechuudha.

## 2.3. Yaad-rimee Nagaa Buusuu Duudhaa

Yaad-rimeen nagaa buusuu jedhu kun '***Johan Galtung'*** n bara 1975 akka moggaafame maddoonni toora interneetii *http: www.peacebuildingintiative.org.* ni ibsu. Johan (1969) barruu maxxanse keessatti dhiyaannaalee nagaa sadi: nagaa eeguu, nagaa uumuufi nagaa ijaaruu jechuun kaa'eera. Barruusaa keessatti nagaa ijaaruu irratti xiyyeeffatee kan barreesse hoo ta'u nagaa ijaaruu dhamaatii nagaa amansiisaa buusuu keessatti adeemsa jiru hundeerraa ka'umsa rakkoo yookin ka'umsa waldhabdee ifa gochuu, karaa duudhaatin waldhabdee dhaabuufi nagaa amansiisaa buusuutin walqabsiisa.

Haaluma walfakkaatuun ***John Paul Lederach (n.d) yaad-rimee nagaa buusuu*** hoo ibsu naagaa buusuun adeemsa, dhiyaannaafi gulantaa ittiin waldhabdee gara nagaa amansiisaatti jijjiiran akka qabu ibsa. Akka ibsa kanaatti nagaa buusuun gochaalee hawaasaa adda addaa nagaa ijaaruu duraafi booda kan of keessaa qabu; haala ijaarsa hawaasaatiin (social construct) kan raawwatuudha. Nagaa ijaaruun hirmaachisaafi dhiyaannaa hedduu (multi-faceted approach) keessa darbee hariiroo jibiinsaa ture gara michoomaatti jijjiiruudha. Yaad-rimeen Nagaa buusuu duudhaa kan ofkeessatti hammatu adeemsa keessa darbamu, qaamota hawaasaa hirmaachisuufi hariiroo hawaasaa cimsuurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, yaad-rimeen nagaa ijaaruu 'peace building' hawaasa tokko yookin namoota yaaddoo waldhabdeerraa bilisa gochuuf yookin yaaddoo haaloo irraa bilisa taasisuuf adeemsa hariiroo jibbinsaa ture gara hariiroo nagaan waliin jiraachuutti jijjiiruuti jechuu ni danda'ama. Kunis Hariiroo hawaasaa fayyisuudha.

Yaad-rimeen duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu qaama ijaarsa hawaasaa ta'ee safuu, sonaafi duudhaa hariiroon miseensota hawaasa tokkoo ittin cimuufi waliin jireenyi hawaasichaa ittiin mirkanaa'udha (Fred-Mensah, 2005). Akka yaada kanaatti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu waan hawaasummaa keessaa argamu ta'uu hubanna. Maloonni duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu qaamota adda addaa hirmaachisuun sadarkaa adda addaatti hojiirra kan oolaa turan, har'as kan hojiirra jiran ta'ee deemsa waldhabdee uumame dhaabuu, madaa fayyisuu, miira nagaa deebisuu, kan miidhameef akkaataa gumaan ittiin kennamuuf mijeessuufi walumatti qabaatti hariiroo waliin jireenya hawaasaa deebisanii fayyisuu yookiin

ijaaruudha. Kanaafuu, araarri bu'uu mirkaneessuuf sirni raawwii duudhaa gochaalee hawaasaa adda addaa kan fakkoomii adda adda qaban ni raawatu. Fakkeenyaaf, qaamonni waldhabdee keessa seenaan sirnoota akka kennaa waliif kennuu, dhibaayuu qaluu, dhugaatii aadaa waliin qoodachuufi kana fakkaatan raawwachuun mallattummaan araaraa mirkanaa'a. (Fed-Menasha, 2005).

Karaa biroo immoo duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu afuura hariiroo namaafi waaqaa gidduutti cabe yookin hariiroo namaafi ekeraa, hariirroo maatiifi hangafoota gidduutti cabe ijaaruudha (Kealotswe, n.d.; Mbiti, 1991). Kunis duudhaan namoota amma jiran namoota darban yookin kan itti aananii dhufan waliin walqunnamsiisa jechuudha.

Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu hojiirra kan oolu haala hawaasummaa jiru hubachuun sonaafi amantii hawaasichaa, fedhiifi sodaa hawaasaa, gochaafi ilaalcha hawaasaa akkasumas hariiroo hawaasaa haala mul'isuun raawwata.  Kanaafuu, ka'umsa waldhabdee sirriitti qorachuufi hubachuudhan rakkoo uumame furuun hariiroo dura turetti deebisuuf yaalu. Sababnisaas kaayyoon duudhaa waldhabdee dhaabuufi ngaa buusuu hariiroo cabe bakkatti deebisuu, badii ofii amanuu, dhiifama gaafachuufi dhiifama gochuu, haqa baasuu, safuufi sona hawaasaa keessaa kan bahan gara hawaasaatti deebisuu, diinummaa dhaabuufi nagaa amansiisaa ijaaruudha (Brock-Unte, 2001). Hawaasni duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti to'annoo keessaafi alaatin hawaasa to'ata (social control) (Okrah, 2003).

Akka yaada kanaatti to'annoo hawaasa keessaatiin miseensi hawaasaa duudhaa cabse hawaasa keessatti fudhatama kan hinqabne ta'uufi waaqarraa adda kan bahu ta'uu barsiisa. To'annoo hawaasaa karaa alaatin immoo gochaalee adabbii hawaasichi irratti fudhachuu danda'utu jiru. Kanaafuu, duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu to'annoo hawaasaa keessaafi alaa kanaan hojjeta jechuudha.

Barfield (2004) duudhaan waldhabdee hiikuufi nagaa buusuu kan irratti hundaa'u hawaasa aadaafi sona walfakkaataa qaban yookiin hawaasa duudhaa waliin qoodatan keessatti akka ta'e kaa'eera.  Hawaasni duudhaa isaa irratti hundaa'ee gochaalee hawaasa keessatti raawwataman aadaa ta'uu yookiin aad-malee ta'uu madaala jechuudha. Hawaasni gochaalee aad-malee ta'an hoo raawwataman qaama raawwate san irratti qoqqobbii hawaasummaa dabarsa.  Qoqqobbii hawaasummaa kana ofirraa kaasuufi gara hawaasaatti deebi'uuf qaamni gochaa aad-malee

raawwate gara gaggeessitoota hawaasaa aadaatti baqata yookiin deemee himata. Qaamoleen duudhaa raawwachiisan immoo waldhabdeen dhaabbatee nagaan akka bu’uufi hawaasni yookiin gareen waldhabdee keessa seenan akka duudhaatti akka araaramaniif gahee aadaa keessatti qaban taphatu.

Tooftaaleen duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu kan irratti xiyyeeffatan wlahubachuu, qooddachuufi rakkoo waliinii furuurratti xiyyeeffata (Murithi, 2006). Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu kan maddu aadaa hawaasaa keessaa waan ta’eef adeemsa waloo, hirmaachisaafi galma waliiniitiif kan hojjetuudha. Akka ibsa kanaatti hariiroon yookkin waliin ta’uun hawaasaa hunda ofkeessatti hammata; kan waldhaban lamaanuu qaama hawaasaati. Waldhabdeen qaama hawaasaa kan ta’an kanneentu dhimma ta’erratti waldhaba. Waldhabdichimmoo balaa xiqqaa hanga guddaa fiduu danda’a.

Walumaagalatti waldhabdeen sadarkaa namaafi namaatti, gareefi garee saba tokkoo keessatti yookin sadarkaa gartuu saba tokkoofi saba biroo gidduutti uumamuu danda’a. Waldhabdee sadarkaa adda addaatti uumamuu danda’u kana furuuf duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu fayyadamuun qaamonni waldhabdee keessa seenaan badii uuman akka amanan, jaarsummaaf qophii akka ta’an, dhiifama akka waliif godhan, dhugaa akka walii kennan, hariiroo waaqaafi namaatti akka deebi’an, dogoggorri akka sirreeffamuufi waliin akka moo’an (win-win) taasisa. Kanas kan raawwachiisan yookiin kan adeemsisan qaamolee hawaasa keessatti fudhatama qaban yookiinn kan duudhaa kana raawwachuuf hawaasa keessatti itti gaafatamummaa qabaniin ta’a; fakkeenyaaf, jaarsolii biyyaa, abbaa Gadaa, Qaalluu, Hayyuu gosaa.

## 2.4. Gahee Dudhaan Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa buusuu keessatti Qabu

Afrikaanonni akka warra Awurophaa hawaasa saayinsii hinqabne ta’ee fakkeeffamus hawaasni Afrikaa dhaabbilee hawaasummaa gaarii qabaachuun beekama. Dhaabbilee hawaasummaa Afrikaanonni jiruufi jireenya isaanii keessatti itti fayyadaman keessaa tokko dhaabbileen waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu isa tokkodha. Francis (2006) akka ibsutti waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruun hawaasa Afrikaatiif haaraa miti; ta’us waa’een dhaabbilee hawaasummaa Afrikaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruuf gargaaran kanneen kan qoratamuu jalqabe dhiyoodha.

Afrikaanonni duudhaan isaanii waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti bakka guddaa kan qabu ta'ullee koloneeffattoonni Awurophaa maqaa qaroomina Afrikaatti finna jedhuun duudhaa dhaabbilee hawaasummaa Afrikaa kanneen balleessuuf yaalaniiru (Bahru, 2002). Haaluma walfakkaatuun Wilson (2000) cimina dhaabbilee duudhaa Afrikaa waldhabdee dhaabuufi nagaa amansiisaa mirkaneessuu keessatti qaban hoo ibsu, Awurophaanonni duudhaalee Afrikaan sirna koloneeffataa dura qaban beekatuma balleessan. Fakkeenyaaf, biyyoonni Afrikaa Lixaa Awurophaanota jalatti osoo hinkufin dura duudhaan ittiin waldhabdee dhaabaniifi nagaa ijaaraan kan yeroo dheeraaf tajaajilu qabu ture. Keessattuu waldhabdee qabeenya uumamaarratti hundaa'ee ka'uuf sirna ittiin hiikan qabu ture. Booda garuu duudhaan sun sirna bulchiinsa Awurophanotaatin bakka bu'amee bade jechuun kaa'a. Asirraa kan hubannu Afrikaanonni dhaabbilee hawaasummaa adda addaa jalatti gurmaa'anii jiruufi jireenya isaanii qajeelfataa kan turaniifi sirna koloneeffattoota Awurophaaatin dhaabbileen isaanii jalaa dadhabaa waan deemeef Afrikaan ardii waldhabdeen itti hammaatu taate.

Dhaabbileen duudhaa Afrikaanotaa dhiibbaan koloneeffattootaan irra gahaa turus erga bilisa bahanii booda muraasni isaanii caasaa bulchiinsa hammayyaa waliin walsimsiifamanii dhimmoota waldhabdee tasa ka'u dhaabuurratti gahee taphachaa jiru (Zartman, 2000). Fakkeenyaaf, Ruwandatti duudhaan 'Gacaca' jedhamu waldhabdee hawaasa keessatti uumamu dhaabuufi nagaa buusuurratti gahee guddaa taphataa jira.

> Gacaca refers to a traditional Rwandan method of conflict resolution at a village level. In cases of conflict in a community, such as dispute over land, property damage, material issues, or inheritance rights, meetings were convened between aggrieved parties, and presided over by community leaders. The meetings not only were meant to sanction the violators of the village norms, but also ensure that those accused, and found guilty, were again fully accepted as members of the community. Reconciliation between violators and their communities was at the core of the traditional Gacaca system (Zartman, 2000).

Duudhaan 'Gacaca' waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuudha malee qaama balleesse adabuu akka hintaane, akkasumas kaayyoon isaa dhugaa baasuufi akka itti hindeebine gochuu akka ta'e nu hubachiisa. Duudhaa kana kan raawwachiisan dura bu'oota hawaasaa akka ta'anis nu

hubachiisa. Dhimmi guddaan duudhaa kanaa balleessitootni qaama hawaasaa waan ta'aniif balleessaa isaanii amananii dhiifamaan hawaasa waliin walitti akka araaraman gochuudha.

Bello, P.O.; Olutola (2016) akka ibsanitti waldhabdee karaa duudhaa hiikuun Afrikaatti umurii dheeraa kan qabu ta'ee adeemsiifi raawwiin isaa duudhaa hawaasichaatin kan raawwatuufi kaayyoon isaas araarsuufi hariiroo gaarii duraan ture deebisuurratti xiyyeeffata. Haaloo bahu irra madaa sababa waldhabdeetiin uumame furuurratti xiyyeeffata. Awuroophaanonni duudhaa akkanaa kana waan hinqabneef haqa karaa mana murtiin raawwatutti waan amananiif rakkoolee Afrikaa keessatti uumame haala hawaasummaatin ala hiikuuf yaalu. Kanaaf, nagaa amansiisaa ijaaruu hindanda'an jechuun hayyoonni kunneen ibsaniiru. Waa'ee dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Afrikaa bal'inaan mata duree itti aanu jalatti ibsameera.

## 2.5. Dhaabbilee Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Afrikaa

Afrikaatti dhaabbileen duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu umurii dheeraa kan lakkoofsisan hoo ta'an xiyyeeffannoon isaanii araaraafi hariiroo nagaa buusuuti**.** Dhaabbileen duudhaa kunneen deemsiifi safuun isaanii kan maddu duudhaafi aadaa biyyoota Afrikaa keessatti jiruurraa maddu. Kaayyoon duudhaalee waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kunneenii ka'umsa waldhabdee hubachuu, waldhabdee dhaabuu, qaamota waldhabdee keessa seenaan hariiroosaanii fooyyessuufi sababa waldhabdeetin nagaa boora'e ijaaruudha (Bello, P. ; Olutola, A. 2016).

Yaaduma kana karaa deeggaruun Tutu (1999); Murithi ( 2007); Fred-Mensah (2008) dhaabbileen duudhaa Afrikaa akkaataan ittiin haqa mirkaneessan kan warra Awurophaatiin adda ta'uu haala armaan gadii kanaan kaasaniiru :

> Indigenous African approaches placed a very different emphasis on conflict resolution. Unlike the European idea of justice, which was (and is) fought on an adversarial contestation of evidence with a view to determine right from wrong and penalise the party in the wrong, the African outlook implored the accused to confess in order to start a healing process of reconciliation (Tutu 1999; Murithi 2007; Fred-Mensah 2008).

Yaada qorattoota oliirraa kan hubannu tooftaaleen waldhabdee dhaabuu dhaabbilee duudhaa Afrikaafi Awurophaa gidduu garagarummaa guddaan akka jiru ibsu. Dhaabbileen waldhabdee

dhaabuufi nagaa buusuu Awurophaanotaa kan maddu ilaalcha bu’uuraa dhugaa ragaa qabatamaarratti hundaa’erratti hundaa’uun qaama miidhaa geesiseefi kan miidhame adda baasuun qaama miidhaa geesise san adabuurratti xiyyeeffata. Qaamni miidhaa geesise kan beekamu walfalmii qaama seeraa yookiin qaama murtii kennurratti dhiyaachuun raawwatama. Qaama ragaa qabatamaa dhiyeessetu moo’atee abbaa dhugaa ta’a jechuudha. Dhiyaannaan dhaabbilee duudhaa Afrikaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu garuu kan irratti hundaa’an qaamni miidhaa geesise akka dhugaa baasuufi balleessaa isaa amanee araaraaf akka qophaa’u gochuu akka ta’e qorattoonni olii kunneen ni ibsu.

Dhiyaannaan dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kunneen hojiirra kan oolan hawaasa aadaafi hawaasummaa walfakkaatu yookiin waliin qoodatan keessatti ta’ee sonaalee hawaasaa, duudhaafi amantii hawaasaa, ilaalcha hawaasaafi sodaa hawaasni sodaatu ofkeessaatti kan hammatu ta’uu kaasaniiru **(**Osei-Hwedie, K. fi Rankopo, M.J 2000).

Karaa biraa karaa duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun durii kaasee duudhaa hawaasa Afrikaa keessatti kan jiru, adeemsi isaa caaseffama hawaasaa kan qabu, hariiroo hawaasaa ijaaruufi madaala nagaa tiksuurratti kan hundaa’e ta’uu haala armaan gadiitiin kaa’ameera:

> Traditional conflict resolution processes are part of a well-structured, time-proven social system geared towards reconciliation, maintenance and improvement of social relationships. The methods, processes and regulations are deeply rooted in the customs and traditions of peoples of Africa. The importance and utility of the processes lie in the fact that they strive “to restore a balance, to settle conflict and eliminate disputes” (Choudree, 1999:1).

Haaluma walfakkaatuun (Brock-Utne 2001) hoo ibsitu galmi Dhaabilee duudhaa Afrikaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu kunneen kan irratti xiyyeeffatan hariiroo cabe fayyisuu, dogoggora uumame sirreessufi dhugaa ijaaruudha. Kaayyoon dhaabbilee duudhaa kan balleesse adabuu osoo hinta’in dhugaa baasuu, waldhabdee dhaabuufi nagaa deebisanii ijaaruu akka ta’e ibsaniiru.

### 2.5.1. Ruwaandaatti Waldhabdee dhaabuufi Nagaa Buusuu ‘GACACA’

Ruwaandaan duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu “GACACA” jedhamu hojiirra oolchuun balaa walfixiinsa lammiilee ishee gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuu dandeesserti (Bello, P; Olutola, A. 2016). Ruwaandaatti Duudhaan ‘GACACA’ jaarra 17ffaarraa jalqabee hojiirra oolaa akka ture ibsama. Ragamtaa Ruwaandaa keessatti mootin **Mwami** uumaafi uumama kan walqunnamsiisu jedhamee amanama ture. Mwami’n lafa amma Ruwaandaa jedhamtu tana bulchaa ture. Kanaafuu, qaama aangoo olaanaa qabu hoo ta’u ‘**abiru’** immoo duudhaarratti hundaa’ee eegaa dhugaa yookiin bulchaa haqaati. ‘**Inzu’n** immoo bulchaa mandaraa ta’ee aangoo mandaricha to’achuu, deemsa gaa’elaa hordofuu, lafa mandarichaa to’achuufi moggaasuu qaba. Seenaa Ruwaandaa durii keessatti Inzu’n caasaa hawaasummaa Ruwaandaa keessatti qaama sadarkaa gad’aanaa qabu ta’ee rakkoo hawaasummaa sadarkaa gara gadii hiikuuf aangoo kan qabuudha. Caasaa hawaasa Ruwaandaa keessatti qamni gad-jalaa kun rakkoo hawaasummaa sadarkaa jalqabaa hiikuun beekama. Gochi rakkoolee hawaasummaa sadarkaa Inzu ‘ti hiikuu kanatu ‘GACACA’ jedhama. Jaarsummaa yookiin ‘GACACA’ jechuu dandeenya jechuudha.

Duudhaan **‘GACACA’** jechuun dhugaa lafarra jiru “justice on the grass” ta’ee afaan Ruwaandaatiin jecha ‘umugaca’ hiikkaansaa baala lallaafaa yeroo jaarsummaa ‘GACACA’ irra taa’an irraa moggaafame (Reynljens, 1990). Kaayyoon walgahii yookiin jaarsummaa “Gacaca” walitti dhufeenya dura ture deebisuu, waa’ee rakkoo uumame dhugaa baruufi gumaaf haala mijeessuudha (Werchick, 2003).

Koloneeffattoonni Awurophaa duudhaalee Afrikaa hedduu balleessanis duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu “GACACA” jedhamu kun ammas sadarkaa hawaasaa gara gadiitti yookiin mandara mandara keessatti hojiirra oolaa jira (Reynljens**,** 1990). Fakkeenyaaf**,** waldhabdee lammiilee Ruwaandaa gidduutti uumameen lubbuun namoota miliyoona tokkoo ol ta’u galafate booda gamtaan mootummoota gamtoomanii Ruwaandaatti rakkoo waldhabdee lammiilee gidduutti uumame qorachuufi qaamota badii geesisan mana murtii adunyaalessummaatti dhiyeessuuf koree hordoffii dhaabee ture. Garuu bu’aa barbaadamu hinfinne.

Sababni isaammoo koreen addunyaalessa haqa barbaaduuf Ruwaandaatti ijaarame kun haqa barbaaduu ilaalcha Awurophaanotaatiin waan hojjetuuf qulqullummaa isaarratti hawaasni Ruwaandaa itti hinamanan, saffisa hinqabu, aadaa hawaasaatiin ala raawwata waan ta'eef hinmilkoofne ture jechuun ibsa (Reynljens**,** 1990).

Kanarraa kan ka'e mootummaan Ruwaandaa duudhaan 'GACACA' mandara hundatti wal fixiinsa lammiilee gidduutti uumame dhaabuufi nagaa buusuuf hojiirra akka oolu taasise. GACACA'n kan taa'amu sadarkaa mandaraatti waan ta'eef rakkoolee muudate waliin mar'achuufi seera hawaasaatin hiikuurratti hundaa'a. Gacaca'n kan hundaa'ee adeemsifamu seera, safuufi duudhaa hawaasaa iirratti ta'ee walfixinsa lammiilee Ruwaandaa muudate booda duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti bal'inaan itti fayyadamameedha (Mutisi, 2009). Murtiin duudhaa Gacaca'tin kennamu kan gidduu galeeffatu sona hawaasaa hoo ta'u qaamonni jaarsummaa yookiin walgahii kana taa'aan 'Inyangamugayo' kan jedhaman hoo ta'an hawaasa keessatti fakkeenyummaa gaarii kan qaban, dhugaaf kan dhaabbatan warra ta'anidha (Mutisi , 2009).

Duudhaan 'Gacaca' taa'ame kan raawwatu qaamonni waldhabdee keessa seenaan duudhaa nyaataafi dhugaatii aadaa waliin unachuutin araaramuusaanii labsu. Dhaabbileen duudhaa Afrikaa kutaalee Afrikaa garagaaraatti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee taphataa jiran kan sirna 'Gacaca'tiin walfakkaatan hedduun jiru. Fakkeenyaaf, Itiyoophiyaatti sirna Gadaa Oromoo, fi kaaba Ugaandaatti duudhaan **'**matoOput' jedhamu akka Gacacan walfakkaatan ibsaniiru (Bello, P.; Olutola, A. 2016).

### 2.5.2 Duudhaa Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Ugaandaa 'MATO OPUT'

Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu **'MATO OPUT'** jedhamu biyya Ugaandaa saba 'Acholi' jedhamu biratti kan beekkamuudha. Bu'urri 'Mato Oput' kan irratti hundaa'e waldhabdeen balaa diigumsaa fiduu kan danda'u ta'uu hubachiisuurratti akka xiyyeeffatu ibseera **(Wasonga, 2009).** Hawaasni Acholi dantaa dhuunfaa yookiin garee ofii caalaa dantaa hawaasa isaanii duursuun beekamu. Jireenyi isaanii kan gaggeeffamu afuura ekeraa hangafoota isaanii 'jok' jedhamuuni. 'jok' safuufi sona hangafoota isaanii kan eegu waan ta'eef waldhabdee uumame haala safuufi sona hawaasaatin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu hoo dhiisan afuura lubbuu nama darbee 'Cen' jedhamu itti erguun rakkisu.

Kanaafuu, hawaasichi duudhaa MatoOput jedhamu raawwata. Duudhicha raawwachuu keessatti jaarsoliin iddoo guddaa qabu. Mato jechuun dhugaatii aadaa baala hadhaa'aa 'Oput' jedhamurraa qophaa'u ta'ee araaramuu mirkaneessuuf qaamoleen waldhabdee keessa seenaan waliin qoodatanii dhugu. Kunis waan darbe adhaa'uus irraaffachuun akka fakkeessamu ibsaniiru (Paul O. Bellofi Adewale. A. Olutola, 2016).

Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu 'MatoOput' jedhamu kun kan raawwatamuuf qaamota seera hawaasaa cabsan gara hawaasaatti deebisuuf, yakka raawwatan amananii akka itti gaafatamummaa fudhataniifi dhiifama gaafachuuf akka qophaa'an haala mijeessuudha. Duudhaan MatoOput nagaan waliin jiraachuufi hariiroo hawaasaa cabe deebisanii ijaaruurratti xiyyeeffata. Innis kan xummuramu qaamni miidhaa geesise amanee ekeraan qaama miidhamee san dhiifama akka gaafatu gochuuufi maatii miidhamtootaaf gumaa kanfaluun ta'a. Sirna duudhaa MatoOput irratti qaamonni waldhabdee keessa seenaan gochaalee hawaasaa adda addaa akka raawwatan erga ta'ee booda qaamni miidhaa geesise sun dubara qaama miidhameef kennuun hariiroon jara lamaanii akka itti fufu godhu **(Wasonga, 2009)** ibseera**.**

Bello, P. O fi Olutola (2016) duudhaalee waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Afrikaarratti barruu qorannoo maxxansan keessatti akka ibsanitti hawaasni Afrikaa sirna kolonii dura duudhaalee waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kanneen bal'inaan itti fayyadamaa akka turan ibsu. Qajeelfamni duudhaalee kanneenii waliin moo'uu (win-win solution) irratti waan hundaa'aniif waldhabdee uumame dhaabuufi nagaa dura ture deebisanii dhaabuuf meeshaa guddaa turan.

Akka qorattoonni Bello.P. fi Olutola (20160; **Wasonga (2009);** Reynljens **(**1990) duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Afrikaa irratti barreessanitti Awurophaanonni dhaabbilee hawaasaa Afrikaa kanneen akka duubatti hafaatti ilaaluun sirna waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu 'Zero sum game' jedhamu murteen dhumaa qaama tokko argachiisee kan biroo dhabsiisu 'win-loose' hojiirra olchuu barsiisan. Hawaasni Afrikaa dura duudhaalee isaanitiin waldhabdee dhaabaafi nagaa ijaaraa turan san akka irraanfatan, akka duubatti hafummaatti akka ilaalan ta'an. Sirna kolonii boodaas walitti bu'insa Afrikaanota gidduutti uumamu furuuf gargaarsa maallaqaafi humna tikaa waan gumaachaniif akkaataa duudhaa Afrikaatiin osoo hinta'in akkaataa Awurophaatin har'as waldhabdee Afrikaa keessatti uumamu dhaabuufi nagaa ijaaruu

yaalu. Barreessitoonni kunneen akka ibsanitti waldhabdeen Afrikaa keessatti uumaman tooftaa waldhabdee dhaabuu Awurophaanotaan hiikuuf yaaliin godhamus Afrikaan ardii walitti bu'insi keessatti babal'achaa jiru ta'uun kan agarsiisu tooftaaleen waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu Awurophaanotaa haala hawaasa Afrikaa kan hinhubanne waan ta'eef bu'aa fiduu dadhabe jechuun kaa'aniiru. Dabalataanis dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruun beekaman Ruwaandaatti 'GACACA', Ugandaatti 'MatoOput'fi Itiyophiyaatti sirna Gadaa Oromoo akka fakkeenyaatti fudhachuun biyyoonni Afrikaa dhaabbilee duudhaa kanneen fayyadamuun rakkoosaanii hiikkachuu akka qaban eeraniiru.

### 2.5.3. Duudhaa Ubuntu

Duudhaan 'Ubuntu' kan beekamu hawaasa Afaan 'Bantu' dubbatan Baha, Giddugaleessaafi Kibba Afrikaatti. Yaad-rimeen 'ubuntu' jedhu nama ta'uu irratti xiyyeeffata (Murithi, 2006). Namni 'Ubuntu" ta'e nama fayyaaleessa, nama biroof kan yaadu,nama biroo kan ofitti qabuufi kan jaalatu akka ta'e ibsa. Ilaalchi "ubuntu" duuba jiru namni kan nama ta'u namaani; nuti kan jiraannu deeggarsa waliinitiini" yaada jedhu ibsa (Tutu,1999, Murithi, 2006) keessatti ibamee jira.

Ajanaw Alemine (2018) (Hailey,2008) wabessuun akka kaa'eetti "Ubuntu" hojiirra kan oolu hariiroo hawaasaatiif iddoo kennuudhani. Karaa biraa 'Ubuntu'n hawaasa ijaara. " Ubuntu'n waliin hojjechuufi yaadaan waliif galuu cimsa. Dhumarrattis 'Ubuntu'n hawaasa keessatti araara buusuu gahee guddaa akka qabu kaasee jira. Yaad-rimeen 'Ubuntu' hawaasa keessatti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa kan taphatu hirmaachisaafi sona hawaasni waliin qoodatu waan qabuuf akka ta'e Ajanaw Alemie (2018) ibsee jira.

### 2.5.4. Dhaabbilee Duudhaa Waldhabdee Dhaabaniifi Nagaa Buusuu Itiyoophiyaa

Itiyoophiyaan biyya saboonni adda addaa keessa waliin jiraataniidha. Sabaafi sablammoonni kunneen waliin jireenya isaanirraa kan ka'e af-heddeefi aad-heddee (multi lingual and multicultural) ta'anii jiraatu. Akkuma waan waliin qoodatan qaban tokkoon tokkoon isaanii afaan, aadaafi eenyummaa mataasaanii qabu. Akkuma biyyoota Afrikaa biroo sabaafi sablammoonni Itiyoophiyaa dhaabbilee hawaasummaa sirna bulchiinsaafi duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ittiin buusaan qabu.

Bahru Zewde (2002) dhaabbilee duudhaa hawaasaa ilaalchisee barreeffama dhaabbilee siyaasaafi haqaa ummata Guraageefi Kistanae kan ta'an duudhaa 'Yajoba'fi 'Gordanna' jedhamu hoo ibsu duudhaaleen kunneen tajaajila seeraafi murtii hawaasaa kennuuf hojiirra kan oolan ta'uu ibsa. Ummanni 'Guraage'fi 'Kistanae' yeroo yeroodhan walgahii taa'anii seera hawaasa isaanii ittiin ogganan kannen fooyyessaa kan deeman ta'ee qaamota seeraafi murtee irratti waliigalame kanaan ala ta'e kan ittiin adaban akka qaban ibseera.

Hamdesa (2000) fi Assefa (2005) n akka ibsanitti dhaabbilee hawaasaa keessaa amala dimokiraasii dhugaa kan qabuufi haqummaadhan waldhabdee dhaabuufi nagaa amansiisaa ijaaruun kan beekamu inni biroo sirna Gadaa Oromooti. Sirni Gadaa akaakuu waldhabdee kamuu dhaabuun nagaa amansiisaa ijaaruu keessatti gahee guddaa akka qabu hayyoonni adda addaa barreessaniiru (Hamdesa, 2000; Assefa, 2005; Asebe, 2007).

Naannoo Afaaritti duudhaa 'mablo' jedhamuun gosoota ollaa waliin waldhabdee uumame dhaabuufi nagaa buusuuf hojiirra oola. Adeemsa duudhaa 'amblo' tin bakka bu'oonni gosaa hundi erga walgahanii mar'atanii booda haaluma duudhaa hawaasichaatin araarri akka raawwatu (Kelemework Tafere, 2013) ibseera. Karaa biraammoo Afaaritti walitti bu'insi kan uumame saboota ollaa fakkeenyaaf, saba Tigree waliin hoo walitti bu'an duudhaa 'Gereb' jedhamuun araarri bu'a. Duudhaan Gereb aadaa ummanni lamaan waliin qoodatanirratti hundaa'ee raawwatama. Deemsi raawwii duudhaa Gereb dura bu'aa bakka bu'oota ummata lamaaniitiin filameen gaggeeffama (Kelemework Tafere,2013). Afaaritti duudhaan 'mablo's ta'ee 'Gereb' deemsi raawwii isaanii haaluma duudhaa ta'een jalqabee duudhaan xummura. Gochaalee duudhaa raawwatamuun qaamoleen waldhabdee keessa seenan akka haloo walhinbaaneefi akka walitti hindeebine ta'a jechuudha.

Endalew Lijalem (n.d) akka ibsetti Itiyoophiyaatti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu durii kaasee yakka ittisuufi nagaa ijaaruu keessatti gahee guddaa taphataa as gahaniiru. Duudhaaleen kunneen kan gaggeeffaman jaarsoliidhan hoo ta'an qaamota waldhabaniifi maatii isaanii araarsuuf sirna adda addaa qopheessuun raawwatu. Xiyyeeffannoon duudhaalee kanneenii qaamota waldhabdeen miidhaman kaasuufi jireenya waliinitti deebisuudha. Kanaafuu kaayyoon dhaabbilee duudhaa kanneenii hawaasa keessatti nagaa buusuun gara hariiroo hawaasummaa dura turetti akka deebi'an gochuu akka ta'e ibseera. Qorataa Endalewu Lijalem, akka ibsutti

hawaasni Itiyophiyaa duudhaa adeemsa haqa deebisuu yookiin fayyisuu (restorative justice) qabaatullee mana murtii idileettin beekamtiin kennameefii murteen karaa duudhaa kennamu akka fudhatama argatu ta'aa hinjiru jechuun kaa'eera. Qorataan qorannoo isaatin akka mirkaneessetti dhuudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu seera siviilii waliin hojiirra osoo oolee kenninsa tajaajila seeraa cimsa malee akka rakkoo hinqabne eereera.

Desalegn Chemeda; Seleshi Bekele (n.d.) Sirni Gadaa Oromoo haala siyaasaa, hawaasummaa, dinagdeefi amantii Oromoo gaggeessuu biratti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee guddaa akka taphatu ibsaniiru. Sirna haqaa idileefi dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee guddaa taphatan kanneen waliin fayyadamuun murteen karaa mana murtii kennamu hojiirra akka ooluufi haqa qabeessas akka ta'u garagaara jechuun kaa'aniiru. Mootummaan yeroo ammaa kana gahee dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gahee taphatan kanneen sirna haqaa idilee cinaatti hawaasa keessatti iddoo akka qabaatan taasiseera. Kanaanis ummanni Oromoo keessattuu karaa mana murtii aadaa haala duudhaatiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun fudhatama argatee ittiin hojjetamaa jira. Kanaafuu, sirna haqaa dhiyaannaa gubbaa- gara gadii 'top down' qofaan waldhabdee sababa adda addaatin hawaasa gidduutti uumamu dhaabuufi nagaa buusuun akka hindanda'amne hubatamaa dhufeera.

### 2.5.4.1. Dhaabbilee Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Oromoo

#### 2.5.4.1.1. Gondooroo

Yaad-rimeen Gondooroo jedhu Oromiyaa bakka adda addaatti kan beekamu 'Gumaa' waliin hariiroo qabu hoo ilaalle Gumaa baasuun, gatii lubbuu kaffaluu hoo ta'u, hiikkaan Gumaa immoo kaasuudha jechuudha (Gumi ,2016). Ummata Oromoo Gujii biratti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondooroon qulqullaa'uudhan (purification) walqabata. Kunis lubbuu namaa waldhabdee umameen erga darbee booda kan ajjeesees ta'ee garee isaa waliinuu sodaa keessa seenuufi hawaasummaan ala waan ta'aniif gara hariiroo duraatti deebisuuf duudhaa qulqulleessudha jechuudha. Duudhaan Gondooroo gara nagaa dura tureetti deebisa jechuudha. Qorataa Gumi Boru (2016) akka ibsetti Oromoon nagaa waan hunda caalchifata. Nagaa nama dhuunfaa caalaa nagaa hawaasaa caalchifata. Sababa waldhabdeetin nagaan hoo boora'e

hawaasatu miidhma. Kanaaf, duudhaa Gondoroo kanaan warri waldhabdee keessa seenana qulqulla’anii nagaan isaanii deebi’a. Kunis nagaan hawaasa isaanii akka ijaaramu taasisa.

Girum (2011) akka ibsutti ummanni Oromoo Gujiifi Gede’oo hanga bara dhiyoo asitti seenaa waldhabdee hinqaban ture. Garuu hojiirra olmaa sirna feederalizimii booda bara 1995 yeroo jalqabaaf waldhabdeen daangaan walqabate uumame. Deebi’ee bara 1998fi bara 2009 waldhabdeen ummata lamaan gidduutti uumame. Qorataan kun akka ibsutti mootummaan waldhabdee uumame sirna waldhabdee hiikuu federalizimii kan ta’an akka **daangaa daangessuu**, **ofiin ofbulchuufi filannoo taasisuu** (referendum)fi **humna tikaa** fayyadamus nagaa fulla’aa mirkaneessuufi hariiroo ummanni lamaan dura qaban deebisuu hindandeenye. Kanaafuu, duudhaa ummanni Oromoo Gujiifi Gede’oo waliin qaban keessaa tokko duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu durii kaasee itti fayyadamaa as gahan tooftaalee yookin sirnoota federalizimii waliin akka walsimanitti itti fayyadamuu akka qabu eera.

Girum (2011) akka ibsutti keessattuu duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu ummanni Oromoo Gujiifi Gede’oo durii kaasee hanga har’aa itti fayyadamaa turan keessaa tokko Gondooroodha. Ummata lamaan biratti Gondooroon akka meeshaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuutti akka ilaallamu qorataan kun barreesseera. Akka qorataan kun ibsutti ummanni Oromoo Gujiifi Gede’oo gidduutti waldhabdeen hoo uumame duudhaa Gondooroon waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuudhan uummatni lamaanuu hariiroo dura qabanitti akka deebi’an, kan yakka raawwate dhiifamni godhameefii akka qulqullaawu, kan miidhaan irra gahe akka kaafamu, diinummaan akka dhaabbatu taasisuuf itti fayyadamaa jiraachuusaanii ibseera.

Qorataan kun ummanni Oromoo Gujii fi Gede’oo jiruufi jireenya isaanii keessatti waldhabdeen akka nama dhuunfaattis ta’ee akka garee sabaatti gidduusaanitti hoo uumamu dhuudhaa Gondoorootin furachaa akka turan ibsee bara 1991 booda garuu sirni bulchinsaafi tooftaan waldhabdee dhaabuu jijjiiramaa akka dhufe kaaseera.

Gumi Boru (2016) qorannoo duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondooroo gama qorannoo qaaccessa Xinsammuu-Hawaasaa (psycho-social analysis) tin jiru adeemsiseera. Akka qorataan kun ibsutti Ummanni Oromoo Gujii akkuma ummatoota Afrikaa biroo duudhaa sirna bulchiinsaafi nagaa isaa ittiin eeggatu qabaachuusaa ibsee duudhaan Gondooroo keessattuu

waldhabdeedhan lubbuu balleessuun akka dhaabbatuufi nagaan akka bu'u gochuun beekama jechuun ibseera. Akka qorataan kun kaa'utti Gujii keessatti sababa waldhabdeetin lubbuun hoo darbe akka aadaatti haloo bahuun waan jiruuf gareen yookin maatiin ajjeese nibaqatu yookin ni dhokatu. Maatiin yookin gareen namni jalaa miidhame sun immoo gumaa baafachuuf jecha namicha ajjeese yookiin maatiisaa yookiinn garee isaa barbaaduun ajjeesu. Kana hambisuuf ummanni Oromoo Gujii durii kaasee duudhaa Gondoorootin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun as gahe jechuun kaa'a. Qorannoon qorataa kanaa kan irratti xiyyeeffatu duudhaan Gondooroo waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu akkamitti akka dandeessisu qaaccessa gama xinsammuu-hawaasaan jiru ibseera.  Haa ta'u malee Gondoroon akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusa? Keessattuu Gujiifi Gede'oo gidduutti waldhabdee uumamu akkamiin hiika? Adeemsa akkamiin raawwatama? Gahee taphattoonni eenyu? Kanneen jedhan qorannoon Gumii hinkaasne waan ta'eef qorannoon ammaa kun qaawwa kana cufeera.

Akka Gumi Boru (2016) ibsutti hanga Gondooroon raawwatamutti namni nama ajjeese, maatiifi gareen yookiin firoottan isaa 'warra Dhiigaa' waan jedhamaniif gosa, firootaafi maatii warra nama du'ee ni baqatu; waliinis hinyaatan. Gondooroo booda garuu haloof walbarbaaduun ni dhaabbata, hariiroon duraanii ni deebi'a, mancaatii qabeenyaa qaqqabee waliin deebisu, maatiin adda bahe walitti deebi'a, jireenyi hawaasummaa dura ture ni deebi'a.  Walumaagalatti nagaan maatiifi hawaasichaa niijaarama jechuun ibsa.

Akka barreessaan kun ibsutti duudhaan waldhabdee dhaabuu fi nagaa buusuu Gondooroo xinsammuu-hawaasaa keessatti iddoo guddaa akka qabu ibsa. Hayyoonni duudhaa Gondooroo raawwachiisan maatii qaama ajjeesee maatii namni jalaa du'e waliin araarsu. Kunimmoo kan ajjeeses, maatinsaas, gareefi gosti isaas soda haloo bahuun dhufurraa bilisa isaan godha jechuudha. Kanaafuu, "duudhaan kun saboota ollaa ta'an Gujiifi Gede'oo gidduutti waldhabdee uumamu dhaabuufi nagaa buusuuf akkamiin raawwata?, gaheefi eenyummaa raawwachiistotaa, gochaalee duudhaa hawaasaa raawwii Gondoroo keessatti raawwatamaniifi hiikkaa hawaasummaa qaban qorachuudhan ibsuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati jechuudha. Gondoroon Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu adeemsa inni qabu, qooda fudhattoota, raawwiiwwan duudhaafi hiikkaa galumsa isaanii gadifageenyaan qorannoo ammaa kanaan xiinxalameera.

### 2.5.3.2. Gumaa

Gumaan dhaabbilee duudhaa Oromoo waldhabdee dhaabuufi nagaa buusu keessa isa tokkoodha. Dejene Gemechu (2002; 2007) akka ibsutti gumaan sirnaafi raawwii qulqulleessuu qaba. Gumaan haala adda addaatiin kan ibsamu hoo ta'u hiikkaa adda addaas ni kenna. Gumaa baasuu , Gumaa nyaachuuufi Gumaa , warra Gumaa yaad-rimeewwan jedhan hiikaa adda addaa qabaachuu (Tamene Keneni, 2013) kaa'ee jira. Akka qorataan kun wabii adda addaa irraa sakatta'etti yaad-rimeen Gumaa jedhu sirna araaraafi qulqullaa'uuf taasifamuudha. Gumaa nyaachuun immoo akka aadaatti gatii lubbuu dabartee warra jalaa namni du'eef kanfaluudha. Gumaa baasuun immoo haaloo bahuu hiikkaa jedhu akka qabu kaasee jira. Dhumarrattis qorataa Tamene Kenene (2013) maddoota akka (Dibaba, 2012, Dejene Gemechu,2007, 2002) waabeffachuudhan akka cuunfeetti Gumaan sirna araaraa keessatti hojiirra oolu nama lubbuu balleesseef dhiifama gochuufi qulqulleessuu of keessaa qabu kana akka ta'e ibsee jira. Akkaa aadaafi duudhaa Oromootti guyyaa Gumaan raawwatamu sirna nama lubbuu baase ittiin qulqulleessaniifi araara dhumaa ittiin raawwataniidha.

Mulugeta Negasa (2011) Gumaan gatii lubbuu dabarteef kaffalamu ta'uu qorannoo Oromoo Tulamaa irratti taasiseen ibsee jira. Akka ibsa kanaatti namni lubbuu baase gatii lubbuu hoo kaffale malee hawaasni walitti dhufee abaara; namtichi lubbuu baase dhugaa hoo hime malee abaarsa kanaan ni bada, dhalaafi sanyii dhaba jedhamee hawaasicha keessatti amanama. Kanaafuu, gatii lubbuu kaffaluudhan gumaadhan araaramee hawaasatti deebi'a jechuudha.

Asefa Dibaba (2012) yaad-rimee "Gumaa" hoo ibsu duudhaa nama lubbuu baase warra yookiin garee namni jalaa du'e waliin araarsuudhan akka lamuu haloof walhinbarbaanne gochuufi lubbuu darbeefis kaffaltii (beenyaa) kennuudha. Gabaabumatti duudhaa warra Gumaa walitti araarsuudha. Warri Gumaa gumaan bahu malee waliin hinyaatan, waliin hinjiraatan, wal hinargan. Kanarraa ka'uudhan qorataa Tamene Keneni (2013) duudhaan Gumaa baasuu xiinsammuu warra Gumaa fayyisa jechuun ibsa. Gumaa booda warri walbaqachaa ture, warri haloof walbarbaacha ture hundi gara afuura nagaatti deebi'u; gara waliin jireenya duraatti deebi'u jechuun ibsa. Dabalataanis Gumaan hawaasa yookiin maatii adda faca'e walitti deebisa. Fakkeenyaaf namni nama ajjeese hanga gumaan bahutti toora jireenyaa duraan ture dhiisee baqata. Kunis hanga sirni duudhaa Gumaa raawwatutti haloon akka irratti hinraawwatamne,

akkasumas kabaja warra namni jalaa miidhame saniif kennuuf baqata. Gumaan hoo bahe garuu nagaan bu’ee waliin jireenyaafi hariiroo hawaasummaa duraatti deebi’u jechuudha.

#### 2.5.3.3. Waadaa

**W**aadaan duudhaa Oromoo waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahe taphatan keessaa tokko ta’uufi hiikkaan isaa qorataa Asefa Dibaba (2012) keessatti ibsee jira. Waadaan kan hojiirra oolu namni tokko daguu nama hoo miidhe, waan namaa oskaadhan hoo fudhate qaamni yookiin gareen miidhame sun gara warra Waadaa eeganii dhaquudhan rakkoo isarra gahe himata. Warri abbaa Waadaa immoo qaamota gocha yakkaa godhan jedhamanii shakkaman, yookiin hawaasa naannawa sanii bakka ulfoo waadaa itti jedhan itti baasee “warri gocha kana raawwattan dhugaa baasaa” jedhee uummata gaafata. Hawaasni lafa ulfoo Waadaa itti jedhan kana irratti dhiyaatan waan raawwatan ni himu, dhugaa baasu. Dhugaa baasuu yoo didan immoo Waadaa jedhu. Waadaan kakuudha. Akka aadaa uummata Oromoo toora Salaaleetti namuu sobaan Waadaa hinjedhu. Sobaan Waadaa hoo jedhan nama balleessa jedhamee amanama jechuudha.

#### 2.5. 3..4. Waldhabdee Hiikuu Sadarkaa Jaarsummaa

Jaarsummaan waldhabdee sadarkaa maatiifi ollaatti keessattuu waldhabdeewwan salphaa ta’an dhaabuufi nagaa buusuuf duudhaa hojiirra oolu ta’uu Edosa fi hiryoonni isaa (2005) ibsanii jiru. Jaarsummaan adeemsa jaarsoliin waldhabdee nama gidduutti yookiin gareefi garee gidduutti uumame furanii araara buusuuti.

## 2.6. Nagaa Ilaalcha Oromootin

Yaad-rimeen nagaa jedhu jiruufi jireenya Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba. Akka Asefa Dibaba (2012) ibutti Oromoon nagaafi dhiifamaaf iddoo guddaa kenna. Kunis sirna Oromoo fi raawwii sirna duudhaa kamirrattuu nagaa lallabuufi dhiifama gochuun ni mul’ata. Nagaafi dhiifamni duudhaa Oromoo keessatti kanneen waliin hidhata qabaniifi waliin hojiirra oolaniidha. Akka ragaa waldaa qorannoo Oromoo (OSA, 2008:2) irratti ibsutti nagaan seera uumamaa kabachiisuufi badhaadhina hawaasaa eeguuf yaad-rimee furtuu ta’uu ibsee jira. Oromoodhaf nagaan waan hunda jechuun ni danda’ama. Duudhaa hawaasa Oromoo keessatti nagaan iddoo

guddaa qabaachuu qorannoowwan adda addaa (Asebe, 2007; Asefa, 2012; Tamene, 20013) ni ibsu. Qorataanis akka miseensa hawaasa Oromootti jireenya keessatti Oromoon eebbaafi sirna kadhannaa isaa keessatti waa'ee nagaa hoo kaasu dhimma nagaa lafaa, biyyaa, daa'immanii, labataa, manguddootaa, beeladootaa, lubbuqabeeyyii biroo fi kan kana fakkaatan hundaaf nagaan akka ta'u waaqa kadhata. Oromoo biratti dhimmi nagaa dhimma nagaa dhabuu nama lama gidduutti yookiin garee lama gidduutti uumamuu ol ta'uu hubachuu barbaachisa.

## 2.7. Raawwii Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu keessatti Fakkoomii (symbolism):

Waldhabdeen akka dhaabbatuufi nageenyi akka bu'uuf araara duudhaa hawaasa tokkoo keessatti gochaaleen raawwataman fakkoomii qabu. Fakkoomiin aadaa hawaasaa keessatti waan bakka bu'anifi hawaasichis maaliif akka raawwataman hiikkaa isaanii aadaa keessatti kan walirraa baraa as gaheedha. Fakkeenyaaf, Ugaandaatti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf sirna Mato OPut jedhamutu qophaa'aa. MatoOput jechuun dhugaatii aadaa baala hadhaa'aa 'Oput' jedhamurraa qophaa'u ta'ee araaramuu mirkaneessuuf qaamoleen waldhabdee keessa seenaan waliin qoodatanii dhugu . Kunis waan darbe adhaa'uus irraaffachuun akka fakkeessamu ibsaniiru (Paul O. Bello fi Adewale, A. Olutola, 2016).

Itiyoophiyaa keessatti raawwii duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gochaaleen raawwataman hawaasicha biratti hiikkaa qaban hedduutu jiru. Fakkeenyaaf, Afaaritti waldhabdeen uumame lubbuu baaseera hoo ta'e deemsi raawwii araara duudhaa gaala yookin sa'a qaluun dhibaafachuun jalqaba (kelemework, 2013). Dhumarratti immoo qaamonni waldhabdee keessa turan dhiifama waliif godhuu isaanii mirkaneessuufi lammata haloo kan walhinbarbaanne ta'uu ibsuuf nyaata afaan walkaa'uun goolobama.

Asebe (2007) ummata Oromoo Gujiifi Gede'o keessatti duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu raawwii Gondooroo keessatti fakkoomiin adda addaa akka jiru ibseera. Fakkeenyaaf, dhiigaafi booka qaama waldhabdee keessa turan lamaan mataa isanii irratti naquu. Kunis cubbamaafi maatii isaa bilisa baasuu akka ta'e ibsa. Akkasumas sirna lafee cabsuus kan qabu hoo ta'u, lafee sa'a dhibaayuuf qalamee cabsuun haloo warra waldhabdee keessa turanii cabsuun fakkeeffama. Aannan qodaa tokko keessa akka dhugan gochuun araaramuu qaama lamaanii mirkaneeffatu jechuudha.

Walumaagalatti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nageenya buusuu humna kan qabaatuuf raawwiin isaa kan gaggeeffamu namoota hawaasa keessatti fudhatama guddaa qabaniin ta'uusaa, kaayyoon isaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu waan ta'eef qaama kamiifuu bu'aa qaba. Adeemsi raawwii isaas haaluma duudhaa hawaasaatin waan ta'uuf hawaasicha biratti fudhatama qaba. Hundumarra immoo waldhabdeen dhaabbatee, nageenyi akka bu'uuf gumaacha kan godhan gochaaleen duudhaa (traditiona practices) raawwii keessatti jiran fakkoomii(symbolism) isaan aadaa uummatichaa keessatti qabanirraa kan maddan waan ta'eef araaricha amasiisaa taasisu. Aadaa hawaasa tokkoo keessatti duudhaan jiran kabaja qabu. Duudhaan kan hawaasni xiinsammuu waliinii keessatti qabu waan ta'eef ni sodatama. Namni kamuu dudhaa hawaasa isaatiin bula. Duudhaan ala hoo ta'e hawaasicha waliin jiraachuu hindanda'u. kanaaf gochaaleen duudhaa (traditional practices) araara keessatti raawwataman kunneen ni kabajamu jechuudha.

## 2.8. Tokkummaa Hawaasaafi Duudhaa Nagaa Buusuu

Adeemsa nagaa amansiisaa mirkaneessuu keessatti dhimmi jajjabeeffamuu qabu tokkummaa hawaasaati. Nagaan kan jiraatu bakka tokkummaan hawaasaa jirutti. Tokkummaan hawaasaa mirkanaa'e jechuun miseensonni hawaasaa akka namaatti kan wal hubataniifi gammachuufi jaalala waliif akka qabaatan taasisa. Tokkummaan hawaasaa kan mirkanaa'u nagaa, gammachuufi fedhii kan biroo eeguun nagaa, gammachuufi fedhii ofii eeggachuudha (Murithi, 2006).

Naannoo tokkummaan hawaasummaa cimaan jirutti walquba qabaannaan hawaasaa cimaan waan jiraatuuf rakkoo nageenyaa muudachuuf malu duursanii waldubbisanii hambisuun akka danda'amu (Ajanaw Alemie, 2018) kaa'ee jira. Qorataa Ajanew (2018) akka ibsutti tokkummaan hawaasaa kun sababa waldhabdeetiin hoo laafe deebi'ee kan fayyu duudhaa nagaa buusuu hawaasaatiini. Tooftaa nagaa buusuu duudhaa tokkummaa hawaasaa dura ture deebisuufi hariiroo waliin jireenyaa dura ture fayyisuu kan danda'u ta'uu qorataan kun kaa'ee jira.

## *2.9. Yaad- Hiddamoota Qorannoon Kun Bu'ureeffate*

**Seensa**

Qarannoon tokko hoo gaggeeffamu akkaataa dhimma qoratamu san itti ilaalu qaba. Mata duree qoratamu san irratti ragaan dhiyaatu adeemsa saayinsaawaa ta'een akka qaacceffamee goloba qabatamaarra gahuuf yaad-hiddamoota bu'uura godhatanii mata duree qorannoo gadi fageenyaan

ibsuuf gargaaran fayyadamuun barbaachisaadha. Haaluma Kanaan qorannoo kana keessatti ragaawwan funaanaman qaaccessuuf akkaataa yaad-hiddamoota sadan armaan gaditti dhiyaataniitiin ilaaluuf yaalameera. Akka yaad- hiddama Ijaarsa hawaasaatti duudhaan Gondooroo akka qaama sirna ijaarsa hawaasaatti fudhatamuu danda'a. Hawaasni Gujiifi Gede'oo caaseeffama sirna gadaatiin kan gurmaa'eedha. Gurmaa'insi kunneen aadaa keessatti gaheen taphatan akkuma umurii isaanitti adda bahee beekama. Keessattuu sadarkaa kuusaa irraa jalqabanii raawwiiwwan duudhaa irratti argamuun akka baratan taasifama. Dhalootaa dhalootaatti raawwiiwwan hawaasaa itti hirmaachuun baratamaa deema jechuudha. Haala kana yaad-hiddama Ijaarsa hawaasaatiin akka walsimutti waraqaa qorannoo kana keessatti ibsamee jira.

Haaluma walfakkaatuun hawaasni Gujiifi Gede'oo rakkoon nageenyaa hoo isaan muudatu tooftaa karaa duudhaatiin haala hamaa gara haala gaariitti jijjiiran tolfatanii qabu. Isa kana yaad-hiddama kuusama beekumsa hawaasaa (social capital theory) duuka ibsamee jira. Akkasumas raawwii duudhaa Gondooroo keessatti qabiyyeewwan afaan ta'an ergaa isaanii bira gahuuf, dhiibbaa afaan uumu hubachuuf yaad-hiddama Haasgochaa bu'uura godhachuun ibsamaniiru.

### 2.9.1. Duudhaa Nagaa Buusuufi Yaad-Hiddama Ijaarsa Hawaasaa (Constructionist Theory) fi Gondoroo

Yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa yaaxina Xinhawaasaa fi Qunnamtii ta'ee haala addunyaa ittiin hubannu kan ijaaruudha (Alexandra, 2014). Akka amantii yaaxina Ijaarsa Hawaasaatti jireenyi ilma namaa kan ijaaramu haala hawaasummaa fi qunnamtii walwalitiin/interpersonal / akka ta'e ibsa (Gergen, 1985). Yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa dhiibbaa karaa dhaalaatin dhufu mormuu baatus kan irratti xiyyeeffatu jireenya nama tokkoo keessatti dhiibbaa hawasaafi qunnamtii namichi namoota waliin taasisu xiinxaluurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa kan irratti hundaa'u aadaa, hawaasa, fi kan hawaasni waliin qoodatu xiinsammuudha. Akka yaaxina Ijaarsa hawaasaatti namni bu'aa hawaasa keessa jiraatuti.

Yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa kan amanu namoonni waliin ennaa hojjetan aartii yookin kalaqa ittiin beekaman tokko ijaaru. Haala kanaan aartiin bu'aa garee hawaasa tokkooti jechuudha. Haaluma walfakkaatuun namoonni garee kana keessatti hirmaatanis waan tokko walirraa barataniiru jedhuudha. Akka yaaxina Ijaarsa Hawaasaatti daa'imni tokko kan waa hojjetu, kan yaaduu fi

hiikkaa kan kennu haaluma naannoo itti guddatee fi haaluma hawaasummaa keessatti guddateetin akka ta'u kaa'u.

Akka Yaaxina Ijaarsa Hawaasaati namni dhuunfaa fi gareeti qoodamus namni amala mataasaa osoo hinta'in amala garee kan qabu ta'uu eera. Jechi " ana" jedhu qaamaan hoo ilaalle of danda'aa haa ta'umalee yaannifi miirri inni qabu kan argamu namoota waliin jiraaturraa argama. Kanaafuu namni, amala, aadaa, kaayyoo, safuu, muuxannoo waliin qoodatu qaba. Namni kamuu amala garee kanarraa eenyumaa qoodata. Dubbiin tokko kan hiikkatu haaluma ijaarsa hawaasa tokkoo keessatti aadaa irratti walii galameen jechuudha. Hiikkaan laatamu aadaa hawaasichaarraa madda jechuudha.

Hawaasa keessatti namoonni fi gareen adda addaa qunnamtii taasisu. Haalli kun yeroo dheeraa hoo raawwatu duudhaa ta'a. Duudhaa kana keessatti namoonni haraan dabalamaa deemu. Haala kanaan hoo itti fufe dhaabbata/ institution ta'aa deema jechuudha. Fkn Sirna Gada. Haala kanaan hiikkaan gocha ykn ta'insa tokkoof kennamu kan hawaasaa ta'a jechuudha. Haaluma walfakkaatun beekumsiifi duudhaan namootaa dhugaa hawaasaa kana irraa madda jechuun ibsu hayyoonni yaaxina Ijaarsa hawaasaa (Berger and Luckman, 1996).
Yaaxinni Ijaarsa hawaasaa qaama sochii 'postmodernism' ta'ee ilaalcha qabatamummaa/ objective/ dhugaa jedhu jijjiruun akkataa nuti addunyaa dhugaa karaa biraatin hubanu ibsuurratti xiyyeefata. Dhugaan nuti beeknu kan argamu aadaa fi hawaasa keenya keessatti akka argamu ibsuurratti xiyyeeffata (Hoffman, 1991). Akka ilaalcha yaaxina Ijaarsa hawaasaatti afaan namoota walqunnamsiisuu olitti faayidaa qaba. Namnuu kan jiru afaan keessa. /People 'exist' in language. Haaluma walfakkaatuun Berger fi Luckman (1991) namoonni waliin ta'anii hiikkaafi duudhaa waliin qaban kanaan dhugaa ijaaranii afaaniin ibsatu. Kanaafuu waa'ee addunyaa kan beeknu hawaasarraa arganne jechuudha.

Haaluma walfakkaatun Ian Rory Owen (1995) akka ibsetti yaaxinni Ijaarsa hawaasaa namni dhaalaan kan maatirraa argatuu ala amalli qabu hundi walitti dhuffenya waliinii irraa akka ijaaru ibsa. Namni hundinuu qaama aadaa keessa jiraatuti jechuun kaa'a. Dabalataanis Ian Rory Owen, (1995) Yaaxina Ijaarsa Hawaasaa hoo ibsu , yaaxinni ijaarsa hawaasaa dhiibbaa dhaalli / genetic/ nama tokko irraan gahu akka jiru hin waakkatu, garuu hawaasummaan jireenya hawasaas ta'ee

kan nama dhuunfaa irratti dhiibbaa guddaa akka qabu kaa'eera. Yaaxinni ijaarsa hawaasaa aadaa, hawaasaafi xiinsammuu hawaasaa qorachuun beekama. Akka yaaxina Ijaarsa Hawaasaatti namni kamuu qaama jijjiirama aadaa, siyaasaa fi hawaasummaati.
Namni sanyii maatirraa dhaalu cinaatti kan fakkaatu haala hawaasa keessatti jiraatuti jechuudha. Namni dhaala maatirraa dhaalu qofaan nama ta'uu hindanda'u. Namni kan nama ta'u aadaa, duudhaa fi hawaasummaa keessatti jiraaturraa nama ta'a jechuun kaa'a.

Berger (1996) Dhugaa fi Beekumsa (Reality and Knowledge) hoo ibsu, dhugaanfi beekumsi haala hawaasaatin murtaa'u. Dhugaa hawaasaa hubachuuf beekumsa xinhawaasaa barbaada. Beekumsi xinhawaasaa kan barbaachisuuf dhugaa hawaasa keessa jiru baruuf qofa osoo hinta'in adeemsa hawaasaani dhugaa itti ijaaru hubachuuf gargaara (social construction of reality).

Guddinni ilma namaa dhaloota booda kan itti fufu hoo ta'u guddinni kun garuu qaama qofa osoo hinta'in guddina hawaasummaati. Namni guutuu kan ta'u sochii hawaasummaa keessatti taasisuuni. Akka yaaxina ijaarsa hawaasaatti wantoonni hawaasa keessatti jiran baayyeen isaanii uumamaa miti; hawaasatu sochiisaatin ijaare malee. Hawaasni waan ijaare kana kan tursiisu walirraa baruuni. Fakkeenyaaf hawaasni keessoo isaa afwalaloodhan ibsata. Afwalaloon kun qabatamummaa/objectivity/ agarsiisa. Dhaloonni haaraan hawaasa keessatti dhalaturraa afwalaloo kana barata. Haala kanaan itti fufa. Kun immoo qaameffachuu/internalize gochuu jedhama. Adeemsa kanaan hawaasa keessatti wanti baayyeen dhaloota gara dhalootaatti darbaa hoo deemu dhaabbatumaa /institution/ ta'a. Wanti dhabbatummaa qabu tokko immoo dhugaa hawaasaa ta'a jechuudha jechuun Berger (1996) keesssatti akkataa itti dhugaan hawaasaa ijaaramu ibseera. Wanti dhugaa hawaasaa ta'e tokko bifa duudhaatin dhalootaa dhalootatti darba jechuudha. Akka yaaxina ijaarsaa hawaasaatti namni bu'aa duudhaa kanaati jechuudha.

Yaad-rimee oliirraa kan hubannu duudhaan maaliif waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu akka danda'u hubachuuf nu gargaara. Araarri karaa duudhaa raawwatu kaayyoonsaa haqa barbaaduudha. Haqni immoo kan hawaasni irratti walii galeedha. Waan hawaasni irratti waliigale kana qaamni cabse duudhaa hawaasaa cabse jechuudha. Kanaafuu, hawaasichi dhugaa bade erga argatee booda qaamni balleesses qaamni miidhames haala bilisa itti bahaniifi haala itti haaroman kaa'a. Kun waan hunda haaromsuufi walitti dhufeenya dura ture deebisuuf gargaara. Gochaaleen raawwii duudhaa tokko keessa jiran qaama duudhaa hawaasaati waan ta'aniif

fudhatamummaan isaanii ol’aanaadha. Kanaafuu, duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf wanti gahee taphatuuf qaama ijaarsa hawaasaa waan ta’eef jechuudha. Duudhaa Gondooroo keessatti gochaaleen raawwataman, maaliif akka raawwataman, eenyuun akka raawwataman, eessattiifi yoom akka raawwataman, araarri maaliif akka barbaachisu hundi hiikkaan isaanii ijaarsa hawaasaa keessa jira. Kanaafuu qorataan gochaalee duudhaa Gondoorootin walqabatanii jiran bu’uura yaaxina ijaarsa hawaasaatin ibsa kennaaf jechuudha.

### 2.9.2. Yaad-hiddama Kuusaa Beekumsa Hawaasaa (Social Capital Theory) Fi Duudhaa Nagaa Buusuu Gondoroo

Fred-Mensah (2005); Osei-hwedie & Rankopo (2012) keessatti duudhaa waldhabdee dhaabuu fi nagaa buusuu qaama kuusaa beekumsa hawaasaati jechuun kaa’ee jira. Phillips and Pittman (2009) immoo kuusaa beekumsa hawaasaa hoo ibsan kuusaan beekumsa hawaasaa qabeenyaalee hawaasummaa hariiroo hawaasaa keessatti duudhaawwan hidda gadi fageeffatan akka walamanuu, waljaalachuu, gahee hawaasa keessatti taphachuu, naamusaafi safuu eeguu, dirqamaafi mirga hawaasa keessatti miseensi hawaasaa qabu bahachuu, walitti dhufeenya qabaachuu , miira obbolummaa qabaachuu kkf gochaalee hawaasni waliin raawwatuufi waliin irraa fayyadamoo ittiin ta’an cimsu jechuun kaa’anii jiru. Akka yaada barreessitoota yaad-hiddama kanaatti kuufamni beekumsa hawaasaa hariiroo walitti dhufeenya hawaasaa kan cimsu, badhaadhina waloo kan mirkaneessu, naamusa waloo kan itti fufsiisu, waliin jiraachuu miseensota hawaasichaatiif wabii kan ta’u duudhaalee hawaasa tokkooti.

> Fred-Mensah (2005; cited in Osei-hwedie & Rankopo, 2012) describes traditional conflict resolution mechanism as social capital. Phillips and Pittman (2009) define social capital as a set of resources intrinsic to social relations and includes trust, norms, community responsibility, reciprocal obligations, civic sense and networks that can improve the efficiency of society by facilitating collective action for achieving mutually beneficial ends. It is often correlated with confidence in social institutions, civic engagement, and overall community well-being and happiness. According to Field (2008), the central thesis of the theory of social capital can be summed up in that relationship matters. People connect through a series of networks and they tend to share common values with other members of these networks. The members in a group provide safety and status credit for each other.

> It is these social ties that guaranteed the existence and effective functioning of societies (Fred-Mensah, 2005)

Walumatti qabaatti yaad-hiddamni kuufama beekumsa hawaasaa hawaasni tokko jiruufi jireenya keessatti waliin jiraachuuf, miseensota hawaasaa gahee taphachiisuuf, nagaa isaa eeguuf, hariiroo hawaasaa eeguuf, gochaalee waloo faayidaa waloo fidan raawwachuuf, duudhaa hawaasichi waliin qoodatu, naamusaafi safuu itti fufinsa hawaasichaa eegan hunda kan hammatuudha. Dhimmi waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kan nama dhuunfaa osoo hinta'in kan garee yookiin kan hawaasaa waan ta'eef hariiroo hawaasaa, tokkummaafi walooma hawaasaa eeguuf hawaasni duudhaa ittiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusu qabaachuun yaad-hiddama kuufama beekumsa hawaasaa waliin walitti dhufeenya guddaa qaba. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti raawwii duudhaa nagaa buusuu Gondooroo keessatti raawwataman ija yaad-hiddama kuufama beekumsa hawaasaa kanaan qaaccessamanii ibsamaniiru.

### 2.9. 3. Yaaxxina Haasgochaa (Speech Act Theory-SAT) fi Raawwii Gondoroo

Akka yaaxxina haasgochaatti jechoonni kan waa himan qofa osoon taane, kan waan tokko dalaganisi. Dubbiin meeshaa addunyaa ittiin ibsinu osoon taane, uunkaa gochaati; namoonni dubbiirratti hundaa'anii yoo waliigaltee taasisisan callisaniituma odeeffannoo qofa wal-jijjiru osoon taane, taatee raawwatan qabu (Bublitz, W. & Norrick, R.N., 2001).

Akka yaaxxina haasgochaatti, waliigalteen tokko haalaafi galumsa keessatti raawwateen alatti guutuu yookin sirrii hinta'u. Yaaxxinni kun faayidaa afaanii kana ilaalu, galumsa dubbii, ilaalcha dubattaafi bu'aa dubbichi dhaggeeffatarratti qabuuni. Qabxiileen kunneen xiyyeeffatamuun ergaaniifi hiikni dubbichaa akka baramuuf warreen furtuu ta'aniidha. Namoonni galumsaafi haala adda addaarratti yoo dubbattan, wanti isaan dabarsan ergaa qofa osoo hin taane, eenyummaafi ilaalcha isaanis dubbii isaanii keessa ibsatu. Yaaxxinni haasgochaa immoo dubbiin namoonni bifa garagaraatiin dubbatan kun ergaa akkamii akka qabu xiinxaluuf oola.

Yaaxxinni haasgochaa waliigaltee afaaniin ta'u tokko caasaa afaanii garagaraatti qoqqoodnee akka hubannus nu taasisa. Darbees, ergaan dubbii tokkoo, qindaa'ina xiinqooqaa dubbichi ittiin ijaaramee olitti (falaasama afaanii) akka hubatamu ta'a (Bublitz, W. & Norrick, R.N., 2001). Namoonni haasgochaalee fayyadamuun waan tokko gaafachuu, waadaa galuu, akeekkachiisuu,

murteessuufi kan kana fakkaatu gochuu danda'u. Yaaxxinni haasgochaa immoo haasgochaalee kanneen tajaajila isaaniirratti fuulleffachuun xiinxala. Yaaxxinni haasgochaas kan jedhu, gochaaleen garagraa jechaan raaw'atamu (Baker, P. and Ellece, S. 2011). yaaxxina haasgochaa Austin hoo ibsu "theorized that when people talk they are performing actions with their words" (Austin, 1962). Kanaafuu, qo'annoon jechaa 'akka jechaan waa hojjennuufi qo'annoon dubbii akka dubbiin waa raawwannuutti' kan qoratu yaaxxina haasgochaati jechuudha. Haasgochi falaasama sammuu namaa keessa jiru osoo hin taane, itti fayyadama afaanii lafarra jiru, kan yaada namoonni sammuu keessaa qaban bu'ura gochuun uumamuudha (Mey, L. J, 2001); (Bublitz, W. & Norrick, R.N., 2001). Haasgochi dubbiileedha; dubbiilee hawaasa keessatti tajaajiloota akka waa gaafachuu, nagaa gaafachuu, gorsuu, komachuufi kan kana fakkaataniidha.

Namoonni yoo waliin jiraatan afaan fayyadamanii waliigaltee uumu. Kana keessatti waliigaluufis ta'ee, waliigaluu dadhabuuf; jechuun waljaalachuu-waljibbuu, walitti gammadduu-walitti gadduufi kan kana fakkaatan raawwachuuf bu'urri waan isaan dubbataniidha. Yaadni yaada kana deeggaru *Laurence R. Horn fi Gregory Ward* (2006:53) irratti akka ibsametti, "When we speak, we can do all sorts of things, from aspirating a consonant, to constructing a relative clause, to insulting a guest, to starting a war. These are all, pre-theoretically, speech acts – acts done in the process of speaking". Kana jechuun, walii-toluufis tahee walloluuf, bu'urri dubbiidha; dubbiin akka dhimmi tokko ta'u taasisa: haasgocha jechuudha. Akka haasgochaatti, afaan akka wanti tokko raawwatu godha.

Hojiin tokko bu'aa waan dubbatameeti; namni afaan fayyadamee fagoottis haa ta'uu dhihootti raawwiin tokko akka raawwatamu, bu'aan tokko akka bu'u, jijjiiramni tokko akka dhufu gochuu danda'a (Mey, L. J, 2001). Fakkeenyaaf, gochaalee duudhaa hawaasni itti amanee raawwatu yoo fudhanne (kan akka sirna Cuuphaa, Hammachiisaafi kan kana fakkaatu) hawaasni afaaniin dubbachaa gochicha raawwachuun wanti tokko akka jijjiirametti fudhatu. Afaan keessatti kan waa dubbannu waan tokko hojjechuuf, akkasumas, dhimma tokko raawwachuuf malee, cal'isnee miti (**http://shodhganga.inflibnet.ac.in/bitstream/10603/25019/9/09_chapter_2.pdf).**

Namoonni yaada dabarfachuu barbaadan tokko karaa duudhaa, aadaa, hariiroo dubbataafi haala dubbii gidduu jiru gitu filachuudhaan dabarfatu (Ambroise, B. 2010). Dubbiin tokko bakkaafi haala keessatti dubbatamurrati hundaa'ee dhaamsa garagaraa waan qabaatuuf, hiikasaa

hubachuuf, bakkaafi galumsa keessatti dubbannu ykn dubbannu ilaalcha keessa galchuu qabna. Qo'annoon haasgochaa, waliigaltee keessatti dhimmoota akka xiinsammuu, hawaasummaa, aadaa, seenaafi kanneen biroo akka hubannu carraa nuuf kenna. Waliigaltee keessatti dhimmoonni kunneen akkanumaan kan ka'an osoon taane, ergaa dubbii darbaa jiruu san kanneen murteessaniidha.

Dubbiin waan hedduu hammata: sagalee baasuu, gaalee uumuu, arrabsuu, waraana labsuu fi kkf kun hundi gochaalee adeemsa dubbii keessatti raawwataniidha. Yaaxxinni haasgochaa garee seerlugaa gooree kanneen akka, xiinsagaa, dhamsagaa, dhamjechaa, xiinhimaafi xiinhiika akkasumas gareewwan biroo jalatti kan ramadamu miti. Qaamoleen seerluga hinqabnellee haasgochaan ibsamuu danda'u. Fakkeenyaaf, namni tokko '**ihii'** yoo jedhe seerluga keessatti kana jennee dubbachuun rakkisaadha. Garuu, haasgocha keessatti 'naa gale', 'si dhaggeeffachaan jiraa haasa'i', 'sihubadhe' yookin 'ajaa'iba' jechuu ta'uu mala. Qaama kana garuu garee seerlugaa keessatti eessattuu ramaduu dhiisuu malla. Hiika kanneen keessaa kana fudhadhu kan jedhu hin jiru. Hiikni dubbataan dabarsuuf yaadeefi hiikni dhaggeeffataan itti kennu gargar ta'uu danda'a. Hundumaafuu hiikni qaamoleen lamaanuu irratti waliigaluu danda'an haala haasaan keessatti raawwaterratti hundaa'a.

Hiikni, faayidaan yookin kaayyoon dubbataa haasaa duuba jiru erga-akkahaasgocha jedhama. Erga-akkahaasgochi kaayyoo (intention) dubbattoonni dabarsuuf barbaadan kanneen akka himuu, gaafii gaafachuu, waadaa seenuu, kadhachuu, ajajuu, akeekkachiisuu, muuduu, himachuu, qeequu, beeksisuu, murteessuufi kkfniin kan walqabatuudha. Dubbattoonni dhimmoota kanneen dubbatanillee kanaaf dubbanne jedhanii dhaggeeffataatti wanti himan hinjiru. Waan dubbataniif sammumatti qabachuun haasaa keessaan dhaggeeffataa biraan gahuuf yaalu. Ergaa-akkahaasgocha keessatti ergaan aadaa hawaasaafi humna erga-akkahaasgocha duuba jiruun murtaa'a.

Haaluma walfakkaatuun, fakkeenyaaf, namni tokko '**bunni kee baay'ee mi'aya**' yoo jedhe hiiknisaa hawaasarratti hundaa'uudhaan 'gaafachuu- naa dabali', 'jajuu-ogeettidha', 'galateeffachuu- galatoomi' fi kkf ta'uu danda'a. Hundumaafuu hiikni qaama kanaaf kennamu galumsa hawaasaa qaamolee waliin haasa'anii, haala keessatti haasa'ame, sadarkaa hubannoo

namoota haasaa adeemsisaa jiranii fi kkf irratti hundaa’a. Garuu seerri gaaleen---dubbiin kun kanaaf jedhame jedhu hinjiru.

**Qoqqooddii Dubbiilee**

Hayyoonni akka Austin (1955) dubbiilee yoo qo’atu, haala adda addaatiin iddoo garagaraatti qoqqoodee kaa’a. Qooqqooddii dubbiilee hayyoota kanneen akka itti aanuun kan ilaallu ta’a. Austin erga yaada ‘haasgocha’ jedhu kana kaasuun yaaxxinas irratti bu’ureessee booda, akkaataa dubbiin itti qo’atamu, dubbiilee gooroowwan lama kan hima ibsaa (constatives) and hima raawwataa (performatives) jedhamanitti qoode (Austin, 1955).

**Hima Ibsaa (Constatives)**

Gosti dubbii kun, gosa dubbii waan tokkoo ibsuuf oolu. Haqarratti hundaa’a; waan dhugaa ykn soba ta’e tokko ibsuuf oola. Dubbiileen gosa kanaa ergaa tokko dabarsuuf oolu; isaanirratti, xiyyeeffannoonis kan taasisafamu dubbiileen kunneen wantoota addunyaarra jiran waliin ilaalamanii dhugaa ykn soba ta’uusaanii adda baasuudha. Bublitz fi Norrick (2001) akka Austin eeruun kaa’anitti, gosoonni dubbii kunneen waan tokko raawwachuuf osoo hintaane, waan tokko ibsuuf oolu. Dubbiillee addunyaa jijjiiran osoo hintaane, dubbiilee addunyaa ibsaniidha. Kana jechuun, dubbiilee waa ibsan malee, kan waa raawwatan miti. Akka yaaxxina haasgochaatti gosti dubbiilee akkanaa hinjirani; dubbiileen hundi akka gocha wayii raawwachuu (performative) danda’aniitti ilaalamu (Allott, 2010).

**Hima Raawwataa (Performatives)**

Dubbiileen gosa kanaa akka ‘constative’ dubbiilee waan tokko ibsuuf oolan osoo hintaane, faallaa isaatti; dubbiilee waan tokko raawwachuuf oolaniidha. Yaada ‘dubbiin dubbatamu tokko waan ibsurra waan raawwatu qaba jedhu kaasa; jechi ergaa dabarsuurra dalagaa wayii dalaga. Allott, N. (2010:137) kanuma kaasa; “The idea is that some utterances change the world rather than describing it”.  Dubbii addunyaa jijjiiruudha; namoonni dubbii gosa kanaa fayyadamanii waa dubbatu qofa osoon taane, waa dalagu.

## 2.10. Cuunfaa Sakatta'a Barruu

Hawaasni Afrikaa sirna koloneeffattoota dura duudhaa bulchiinsaa, duudhaa bulchinsa haqaafi waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu mataasaa akka qabu qorannoowwan adda addaa akka mulisan sakatta'a barruu kana keessatti ibsameera. Sirna koloneeffattoota Awurophaa booda garuu dhaabbileen duudhaa Afrikaanotaa akka duubatti hafummaatti ilaallamanii tajaajila dura qaban kennuu dadhabaa akka dhufan qorattoonni ibsaniiru. Awurophaanonni sirna bulchinsa haqaafi nagaa ijaaruu ragaarratti hundaa'e Afrikaatti fidanis nagaa ijaaruu hindandeenye. Waldhabdeen gareefi garee yookin biyyoota ollaa walii gidduutti babal'atee itti dhufe. Har'as Awurophaanonni waldhabdee booda naannoo waldhabdeen keessatti uumametti sababa gargaarsaatin gara Afrikaa dhufuun ilaalcha waldhabdee dhaabuu ragaa qabatamaarratti hundaa'ee qaama miidhaa geesiserratti adabbii dabarsu waan hordofaniif qaama miidhaa geesise adabanis nagaa ijaaruu hindanda'an.

Dhaabbileen duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu Afrikaa garuu ilaalchi irratti hundaa'an ka'umsa waldhabdee adda baasuu, qaamni badii hojjete badiisaa amanee itti gaafatamummaa akka fudhatu gochuu, dhiifama gaafachuuf akka of qopheessu gochuu, qaamni miidhames dhugaa isaa akka argatu gochuu, dhiifama akka godhu taasisuu gochuudhan araaraaf haala mijeessu. Bu'aan dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu waldhabdee dhaabuu, nagaa ijaaruu, waliin mo'uudha jechuudha. Kana mirkaneessuufis sirna araarri ittin labsamu kan fakkoomii yookin mallattummaa adda addaatin fakkeeffamutu raawwata .

Itiyophiyaanis akkuma biyyoota Afrikaa biroo duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaru adda addaa qabdi. Qorattoonni adda addaa sakatta'a kana keessatti akkuma ibsan keessattuu sirna ijaarsa Itiyophiyaa hammayyaa dura sabaafi sablammoonni Itiyophiyaa dhaabbilee duudhaa hawaasaa ittin bulan mataasaanii qabu ture. Garuu mootummoonni Itiyophiyaa sirna bulchinsa Awurophaa akka fakkeenyaatti fudhatanii hojiirra olchaa waan turaniif dhaabbileen duudhaa saboota Itiyophiyaas dadhabaa dhufuusaanii ibsameera. Keessattuu bara 1930 keessa

hundeeffama mana murtiin walqabatee dhaabbileen duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu fudhatamummaan isaanii gaaffii keessa galeera.

Qorattoonni akka ibsanitti Itiyophiyaa keessatti iddoowwan duudhaan sirna bulchinsa haqaafi nagaa ijaaruu itti fufe ummata Oromoo biratti keessattuu ummata Oromoo Gujiifi Booranatti ta’uu eraniiru. Boranaafi Gujiin toora aadaafi duudhaan ummata Oromoo ganamaa jijjiiramni jiraatus osoo hinbadin hanga har’aatti hojiirra oolaa jiruudha. Duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu Gondooroo jedhamee beekamu qaama duudhaa sirna Gadaa ta’ee nama dhuunfaa gidduutti, garee lama gidduutti yookin saboota daangaa gidduutti waldhabdeen hoo uumame waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf hojiirra oolaa jiruudha. Deemsi duudhaa kanaa ka’umsa waldhabdee adda baasuu, qaama itti gaafatamummaa fudhatu adda baasuu, dhiifama gaafachuuf qopheessuufi araaraaf haala mijeessuudha. Kaayyoon duudhaa Gondooroo araara waaraa fiduu, qaamota waldhabdeen wal-lagatan walitti makuu, madaa fayyisuun hariiroo dura ture deebisuu, dhiifama gochuu, waliin moo’udha.

Qorannoowwan hanga ammaatti adeemsifaman baayyeen isaanii duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondoroo kun seera siviilii waliin hojiirra akka oolu yaboo kennaniiru. Mannni murtii sadarkaan jiru duudhaa kana waliin osoo hojjetee nagaa waaraa ijaaruun akka danda’amu kaa’u.

Haa ta’u malee qorannoowwan hanga ammaatti hojjetaman toora duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa ijaaruu Gondooroon keessaatti argamutti bara dhiyoo as rakkoon nageenyaa deddeebi’ee mul’achaa jira. Keessattuu sirna federalizimii booda Itiyophiyaa keessatti waldhabdeen saboota gidduutti hammaataa dhufeera. Ummata Oromoo Gujiifi gede’oo gidduutti jalqaba waldhabdeen kan umami bara 1995 ta’uu qorannoowwan adda addaa ni ibsu. Bara 1998fi bara 2009 keessas ummata lamaan gidduutti waldhabdeen umameen lubbuu hedduu galafateera. Qabeenyaafi hariiroo isaanis garmalee miidheera. Garuummoo ummanni lamaanuu duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kanaan rakkoosaanii furachaa durii kaasee waliin jiraachaa akka turan ibsama. Waldhabdee booda duudhaa Gondoroo rawwatanii gara nagaatti kan deebi’an ta’uu qorattoonni adda addaa barreessaniiru. Garuu duudhaan kun akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusuu danda’a? Hawaasni Gujiifi Gede’oo maaliif duudhaakanaaf abboomama?

Adeemsa akkamiitiin duudhaan Gondoroo kun raawwatama? fi gaaffilee biroo deebisuu barbaachisa. Qorannoon ammaa kunis gaaffileewwan kanneeniif deebii kennee jira.

Kanaafuu, qorannoo kanaan duudhaan Gondoroo kun ummata lamaan biratti sadarkaa irra jiru, ilaalcha ummata lamaan raawwii Gondorootiif qaban, raawwii duudhaa Gondooroo haala duriifi ammaa gidduu jijjirama jiru, adeemsa raawwii Gondoroofi hiikkaawwa gochaaleefi waliindubbii raawwii Gondoroo keessatti jiran  qaaccessuudhan ibseera.

# BOQONNAA SADI

# MALA QORANNOO

## Seensa

Kaayyoon qorannoo kanaa akkaataa itti duudhaan Gondoroo hawaasa Gujiifi Gede’oo gidduutti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusu ibsuudha. Duudhaan Gondoroo akkamiin hawaasa Gujiifi Gede’oo waldhabdee keessaa gara nagaatti deebisuu akka danda’u gama dudhaa, aadaa, dhaabbilee duudhaa hawaasaafi hariiroo hawaasni garee lamaanii waliin qabu qorachuudhan ibsuurratti xiyyeeffata jechuudha. Kanaafuu, qorannoo gosa kanaatiif malli qorannoo akkamtaa ibsaa filatamaadha jechuudha. Qorataan odeeffannoo qaamota duudhaa Gondoroo keessatti gahee qabaniifi raawwii Gondoroo Gujiifi Gede’oo keessatti kanaan dura raawwatame suur-sagalee fayyadamuudhan odeeffannoo funaane hubannaa isaatiin waan gabaasuuf mala qorannoo akkamtaa ibsaa hordofuudhan qorannoon kun gaggeeffame jechuudha. Boqonnaa kana keessatti saxaxaan qorannoo, malleen qorannoo, tooftaan iddetteessuu, maddoonni odeeffannoo fi tooftaan qaaccessaa bal’inaan wabiidhaan dabaalamanii dhiyaataniiru.

## 3.1. Saxaxaa Qorannoo Akkamtaa Ibsaa

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa irratti hundaa’ee kan gaggeeffameedha. Qorannoon akkamtaa dhimmoota hawaasa keessatti raawwataman ibsuuf qorataaf mijachuurratti hundaa’a (Yin, 1994). Qorannoo barruu Kanaa milkeessuuf qorataan mala qorannoo akkamtaatti fayyadameera. Sababni isaas haala hawaasummaa raawwii duudhaa tokko raawwachiistota raawwicha keessatti gahee qaban irraa odeeffennoo funaanuudhan haala raawwii duudhaa garee hawaasaa tokko ibsuuf mijataa waan ta’eefi. Yin (1994); Stake (1995) qorannoo akkamtaa ilaalchisee akka ibsanitti kaayyoon qorannoo akkamtaa dhimma hawaasa keessatti raawwatamu tokko gadi fageenyaan ibsuuf, hubachuufi himuuf gargaara. Bu’aan qorannoo akkamtaas akka qorannoo hagamtaa hawaasa mara kan bakka bu’u osoo hinta’in haaluma hawaasaa ragaan keessaa funaaname san kan ibsu ta’a jechuudha.

Qorannoon akkamtaa uumamaan dhiphaa (inductive) yoo ta'u, kan qorataan akka waliigalaatti hiikaa fi hubannoo haala kenname tokko keessatti qorata (Strauss fi Corbin, 2008; Levitt, 2017). Innis tooftaalee odeeffannoo walitti qabuu fi xiinxaluu adda addaa kan itti fayyadaman agarsiisa.

Tooftaa Iddattoo kaayyoo qabuu fi af-gaaffii walakkaa banaa fi banaa ta'etti fayyadamuun tooftaa funaansa ragaa qorannoo akkamtaa keessatti bal'inaan hojiirra ooluudha (Dudwick et al., 2006; Gopaldas, 2016).

Moodeela bu'a qabeessa ta'ee fi haala uumamaa keessatti uumamu fi qorataan muuxannoowwan qabatamaa keessatti hirmaannaa olaanaa akka qabaatu taasisuudhan ragaa funaana (Creswell, 2009). Qorannoon akkamtaa tuuta gochaalee qabatamoo hiikkaan galumsaa akka mul'atu taasisan of keessaa qaba. Mata duree qorannoo ibsuurratti kan xiyyeeffateefi tooftaa odeeffannoo funaanuu hedduu haala uumamaa keessatti hojiirra oolchuu danda'a. Qorannoon akkamtaa gosa qorannoo saayinsii hawaasaa kan ragaa lakkoofsaan ala ta'e walitti qabuu fi ittiin hojjetu yoo ta'u ragaa jireenya hawaasummaa qorannichaan hubachuuf nu gargaaran uummata irraa yookiin iddoowwan xiyyeeffannoo argatan irraa walitti qabee kan irraa hiikkaa hiikuu dha (Punch, 2013). Kana jechuun mala qorannoo Akkamtaatiin ragaaleen funaanaman ilaalchaa fi hiikkaa namoonni taateewwan adda addaa irratti qaban, akkasumas ilaalcha ummanni haala uumamaa keessatti raawwii hawaasummaa qabu hubachuufi ibsuuf hojiirra oola jechuudha.

Qorannoon akkamtaa ibsa bal'aa waa'ee miira, yaada fi muuxannoo hirmaattotaa calaqqisiisu; akkasumas hiikkaa gocha isaanii ibsuurratti xiyyeeffata (Denzin, 1989). Kun immoo faayidaan qorannoo akkamtaa sadarkaa gadi fagootti ragaa walitti qabuu fi xiinxaluun akka danda'amu taasisa.

Qorannoon akkamtaa beekumsa naannoo fi muuxannoo namootaa, hiikkaa fi hariiroo gochaalee, akkasumas adeemsa hawaasummaa fi dhimmoota haala dubbii (contextual factors) garee hawaasaa tokkoo gadi fageenyaan ibsuuf hojiirra oola jechuudha. Malli qorannoo akkamtaa qorataan yoomessa qorannoo uumamaa keessatti haalawwan sochii garee hawaasaa tokko jiruufi jireenya isaanii addunyaa dhugaa keessatti hubachuufi yaadota haaraa bocuufi ijaaruu dandeessisu qorataaf uuma (Leedy & Ormrod, 2001).

Kan jechuun immoo qorannoon akkamtaa gocha hawaasummaa keessatti raawwatamu akkaataa namoonni itti hiikanii fi dhugaa hawaasummaa hubachuufi hiikkaa galumsaa miseensonni

hawaasichaa kennan baruudhan yaadama haaraa bocuuf gaggeeffama jechuudha. Yoomessa qabatamaa keessatti wantoonni garee hawaasaatiin raawwataman maaliif akka raawwataman, akkamitti akka raawwataman, eenyuun akka raawwatamaniifi tartiiba ittiin raawwataman xinxaluuf qooda fudhattoota garee hawaasaa irraa odeeffannoo tooftaa odeeffannoo funaanuu akka afgaaffii banaafi daanga'aa, marii gareefi viidiyoo raawwii unkaalee fokloorii waraabaman fayyadamuudhan walitti qabuufi hiikkaa hawaasummaa kennuuf malli qorataan hojiirra oolchu mala qorannoo akkamtaati jechuudha.

Qorannoon akkamtaa damee hawaasummaa keessatti bakka guddaa horateera. Akka Tong (2012) kaa'utti qorannoon akkamtaa miira, ilaalchaafi muuxannoo garee hawaasaa irratti hubannoo bal'aa kennuuf kan akeekedha. Haaluma yaada kana deeggaruun  dhimmi ijoo qorannoo akkamtaa keessatti deemsa qorannoo eeyentawaa (positivist), ibsaafi qaaccessa lixaa gaggeessuudhaan dhugaa hawaasummaa ibsuudha (Punch, 2013).

Galmi qorannoo akkamtaa aadaa hawaasaa gadi fageenyaan hubachuudha (Domholdt, 1993). Kana jechuun qorannoon akkamtaa kan gaggeeffamuuf aadaa garee hawaasaa tokko gadi fageenyaan hubachuufi ibsuuf jechuudha. Hiikkaafi ibsi raawwii aadaa keessatti miseensota garee hawaasaatiin raawwatamuu kan kennamu haala galumsaatiin ta'a jechuudha. Gaheen qorataa ilaalchota miseensonni garee hawaasaa raawwiif kennan, hiikaa kennaniifi ibsa gochaaleef kennan hubachuudhan ibsuudha. Hubannoo argaterraa yaad-rimee haaraafi yaad-hiddama ijaaruudha.  Dabalataanis gaaffiiwwan qorannoo akkamtaa mata dureewwan adda addaa kan hammatan yoo ta'u, irra caalaan isaanii garuu kan irratti xiyyeeffatn hubannoo hirmaattonni hiikaafi jireenya hawaasummaa haala addaa keessatti qaban ibsuudha.

Qorannoon akkamtaa fedhii qorataan taatee hawaasummaa beekuuf qabu irratti hundaa'uun qorachuuf haalawwan filatamootti fayyadamuu kan dandeessisudha (Yin, 1994). Qorannoon akkamtaa  qorannoo hamamtaa (quantitative research) irraa adda kan ta'u, argannoon qorannoo haalaa ummata waliigalaa kan ibsuu miti. Kanaafuu, gaaffiin  bakka bu'ummaa Iddattoo hin ka'u jechuudha (Stake, 1995; Yin, 1994). Haala kanaan, qorannoon haalaa tokko fudhatama qaba jedhamee fudhatamuuf baay'inni hirmaattoota qorannoo tokkoo dhimma hin qabu, qorannichi kaayyoo isaa taatee qoratamaa jiru ibsuu yoo guute gahaadha (Tellis, 1997).

Walumaagalatti qorannoo akkamtaa ibsaatiin qorataan dhimma qoratamu kan ta'e duudhaa hawaasaa raawwii Gondoroo irratti odeeffannoo funaanuudhan Gondoroon yoom, eenyuun,

akkamittiifi maaliif akka raawwatamu gadi fageenyaan ibsuun danda’ameera. Boqonnaan kun yaadama waldhabdee hiikuufi nagaa buusuu duudhaa, gahee abbootii gadaafi hayyuulee gosaafi gahee Qaalluu gadi fageenyaan ibseera. Ragaalee qorannoo maddoota tokkoffaa qooda fudhattoota raawwachiistota duudhaa Gondoroo ta’anirraa kan funaaname hoo ta’u akka madda ragaa lammaffaatti immoo waraabbii suursagalee raawwii Gondoroo yoomessa dhugaa keessatti raawwate itti fayyadamuun ragaawwan argaman haala galumsaa isaanitiin hiikni kennameefii ibsamaniiru.

Qorannoo kana keessatti qorataan deemsa mala qorannoo akkamtaa hordofee maloota qorannoo akka afgaaffii, marii garee fi kuusaa galmee aadaa irraa funaanee qaacceessuudhan haala galumsaa isaanitiin ibseera. Qorataan ta’insota duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondoroodhan walqabatu baruuf, ragaa funaanuuf raawwachiistota duudhaa Gondoroo kanneen ta’an abbootii Gadaa, hayyoota aadaafi Hayyeechaawwan bira qaamaan argamuun yeroo dheeraa fudhatee kan isaanirraa barate, yaadannoo bal’aa kan qabate ta’ee hiikkaa raawwii duudhaa Gondoroo hiikaa hawaasichi laatu hubachuudhan gabaaseera. Creswell (2012) kitaaba isaa keessatti akaakuu qorannoo akkamtaa hoo ibsu qorannoon akkamtaa ibsaa ( qualitative descriptive) kan gaggeeffamu qorataan hawaasa qorannoo bira deemuudhan haala uumamaa (realist) ta’een ragaa qorannoo funaanee kan qaaccessuudha. Sababni isaas ta’insota hawaasaa qabatamaan raawwatu daawwachuufi afgaaffii hirmaattotaa fayyadamuun ija nama sadaffaatin gabaasa. Haaluma kanaan qorataan ilaalcha isaan ta’insota raawwii duudhaa keessatti jiruuf kennan bu’uureeffachuun ragaaleen qorannoo kanaa qaaccessamanii ibsamuun gabaafamaniiru.

Qorannoon akkamtaa dhimma qoratamu haala uumamaan argamuun qorachuu akka ta’e maddoonni ni ibsu. Fakkeenyaaf Denizen fi Lincoln (1989) akka ibsanitti qorannoon akkamtaa dhiyaannaa addunyaa haala uumamaa keessatti ibsuufi qorattoonni qorannoo akkamtaas dhimmoota qorataman haala uumamaa keessatti kan qoratan, dhimmicha hiikkaa hawaasni qorannoo kennuun ibsuudhan kan mul’isaniidha.

Holmes fi kanneen biroo (2005) dabalataan akka ibsanitti qorannoon akkamtaa kan hojiirra oolu qorataan waa’ee taatee yookiin dhimma qoratuu san irratti hubannaa bal’aa hoo hinqabaannedha, Akka yaada kanaattii qorataan hawaasa qorannoo keessaa qaamolee dhimmicha sirriitti beekan adda baafachuudhan waa’ee dhimma qoratamuu san barata, hubata jechuudha. Kanaafuu, qorataan dhimma qoratu san irratti hubannoo gadi fagoo argachuuf malleen qorannoo gaaffilee

afgaaffii banaafi caaseffamaa akkasumas marii garee fayyadamuudhan dhimmicha qaamolee hubannoo qaban irraa barachuutu irraa eegama jechuudha. Qorannoo kana keessatti qorataan kallattumaan qaamolee raawwii duudhaa Gondoroo Gujiifi Gede’oo gidduutti raawwatame irratti gahee taphataa turan waliin walarguudhan malleen qorannoo afgaaffii, afgaaffii garee yookiin marii garee fayyadamuudhan waa’ee duudhaa Gondoroo irratti hubannoo argateera. Ragaalee raawwii duudhaa Gondorootiin walqabatanii afgaaffii, afgaaffii garee fi marii garee hayyuu gosaa Gujiifi Gede’oo irraa argame karaa duudhaa Gondoroo ibsuu danda’uun ibseera.

Walumaagalatti Mala qorannoo akkamtaa ibsaa ( qualitative descriptive) ta’een qorataan hawaasa raawwii sirna araara duudhaa Gondoroo raawwatu keessa turuun ilaalcha hawwasichi sirna araara duudhaa Gondoroof qabu, illaanyaa ’ideology’ isaan waliif qaban, sirna raawwii araara duudhaa Gondoroorratti raawwatu fakkeenyaaf, duudhaa jiru, afoola jiru, meeshaalee aadaafi raawwii jiruufi hiikaa isaan kennan haala yeroo ammaa Gondooroon keessa jirurratti ilaalcha isaan qaban qorachuudhan ibsee jira. Aadaa isaanii ija isaan ittiin hiikaa kennaniin ibseera. Jireenya isaanii keessatti ilaalcha isaan nagaaf qaban ibsee jira. Ija isaan ittiin hiikaa raawwiif kennana, akkataa isaan dhugaa ittiin ijaaraan addeessee jira. kun qorataan akka qaama keessaa ‘insider’ ta’ee kan qorateedha.

Qorataan akka qaama alaatti ‘etic’ of ilaaluun garee hawaasa lamaanii keessatti qaamolee sirna araara duudhaa Gondoroorratti gahee taphatan Qaalluu, abbootii Gadaa, Yuubotafi hayyoota aadaa godinalee lamaanii afgaaffiifi marii garee waliin taasisuun odeeffannoo akka keessaa ‘emic’ ta’ee argate san gabbisee gabaasa qorannoo keessatti ifa godheera.

### 3.2. Tooftaa Iddetteessuu (Sampling Technique)

Filee Jaalataa (2021) Iddetteessuu hoo ibsu, Iddetteessuun jamaa jiran keessaa namoota ragaa quubsaa kennuu danda’an filachuu akka ta’e kaa’a. Qorannoo fookloorii yookiin beekumtaa hawaasaa keessatti iddattoo filachuuf miseensota hawaasichaa keessaa dhimma qoratamu san irratti beekumsa bal’aa kanneen qaban kan filataman ta’uu barreessaan kun kaa’ee jira. Tooftaalee iddatteessuu keessa qorannoon kun kan dhimma itti bahe tooftaa iddatteessuu miti-carraati. Sababni isaas, qorannoon kun gosa qorannoo ibsaa waan ta’eef, namni ragaa qorataaf kennuu danda’u nama dhimmicha sirriitti beeku malee nama hunda miti. Qaamota dhimmicha waliin hidhata qaban kan duudhaa san ibsuu danda’antu filatame jechuudha. Haaluma kanaan

qorannichi gosoota iddatteessuu miti-carraawaa keessaa tooftaa iddatteessuu kaayyeffataa gargaaramuun gaggeeffame. Tooftaan iddatteessuu kaayyeffataan, qaamolee iddattoof filatan sana dhimma barbaadamu irratti hundaa'uudhaan hawaasicha keessatti qaamolee beekumsa olaanaa qaban carraa malee filachuudha (Filee, 2021)

Dabalataanis Iddetteessuun qorannoo akkamtaa ibsaa (qualitative descriptive) keessatti ragaa qorannoo funaanuuf tooftaa Iddetteessuu kaayyoo fayyadamuutu filatamaa akka ta'e maddoonni adda addaa ni ibsu. Sababni isaas odeefkennitoonni qaamota hawaasaa dhimma qoratamu sirriitti beekan filachuuf gargaara waan ta'eefidha. Akka qorannoo akkamtaa keessatti bakka bu'ummaan Iddettoo hawaasa qoranno bakka bu'u mirkaneessuu osoo hinta'in qaamolee hawaasaa dhimma hawaasni raawwatu irratti hubannoo gahaa qaban tooftaa Iddetteessuu kaayyootiin filachuudhan odeeffannoo gadi fagoo dhimma qoratamu irratti argachuuf gargaara.

Haaluma kanaan qorannoo kana keessatti qorataan qaamolee hawaasaa raawwii duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondoroo keessatti gahee taphatan filachuudhan odeeffannoo gadi fagoo funaanuu danda'eera. Raawwii Gondoroo keessatti qaamolee hawaasa bakka bu'anii raawwachiisan Abbootii Gadaa, Hayyoota abbaa Gadaa (hayyuu gosaa) fi hayyeechaawwan (Geduffaan) filatamaniiru. Kaayyoo guddaan qaamolee hawaasa keessatti odeeffannoo gahaa qaban jedhamanii kan yaadaman qorataan filatee odeeffannoo irraa funaanuudha. Haaluma kanaan qorataan kaayyoo qorannoo isaatiif ragaa gahaa kennu jedhee kanneen amane hayyuu Abbaa gadaa yookin hayyuu gosaa jedhamanii hawaasa keessatti beekaman Gujii irraa hayyuu torba hoo filatu, Gede'oorraa immoo hayyeechaa 4 tooftaa kaayyootiin filachuudhan ragaa qorannoo funaanee jira. Saxaxaa qorannoo akkamtaa ibsaa keessatti Iddetteessuun walqabatee tooftaan iddetteessuu kaayyootti dhimma bahuudhan garee hawaasaa keessaa qaamolee odeeffannoo gadi fagoo kennuu danda'an jedhee qorataan yaade filachuuf dandeessisa. Haaluma kanaan Qorannoo kana keessatti qorataan qaamolee hawaasaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu gahaa qaban jedhu irraa ragaa gahaa funaanuu danda'ra jechuudha.

Garee hawaasaa keessaa qaamolee beekumsa aadaa olaanaa qabaniifi raawwii Gondoroo keessatti gahee qaban tooftaa Iddetteessuu "iyyaafannoo" (snowball) fayyadamuudhan adda erga bahanii booda odeeffannoon qorannoo kanaaf gahaa ta'e funaanameera. Odeeffannoo qorannoo kanaa funaanuuf hawaasa Gujii Lixaa fi Gede'oo keessatti dhimmi kun eenyu ilaallata? Eenyutu

raawwachiisa? Eenyutu odeeffannoo guutuu qaba? Gaaffilee jedhan odeefkennaan tokko kanneen biroo eeruudhan kan filatamaniidha.  Walumaagalatti Abbootin Gadaafi miseensonni Gumii Gadaa, Miseensonni Songoo kan filataman tooftaa iddetteessuu kaayyootin dhimicha sirriitti waan ibsaniifi isaantu raawwata waan ta'eefi.

Saxaxaa Qorannoo akkamtaa keessatti kaayyoon qorannoo bakka bu'ummaa mirkaneessuu osoo hinta'in dhimma qoratamu san gad-fageenyaan hubachuufi ibsuudha. kanaaf immoo qorataan tooftaa iddetteessuu kaayyootti fayyadamuun dirree qorannoofi qaamota dhimmicharratti hubannoo gahaa qaban itti yaadee kan filatu ta'a (Miles & Huberman, 1994; Patton, 1990).

Haala kan sirriitti hubachuuf Patton, (1900) n Creswell, J. (2012) keessatti "In purposeful sampling, researchers intentionally select individuals and sites to learn or understand the central phenomenon. The standard used in choosing participants and sites is whether they are "information rich" (Patton, 1990, p. 169) jechuun kaa'eera.  Kana jechuun qorataan tooftaa kaayyootiin qaamota dhimmi raawwii duudhaa Gondooroo isaan ilaallatu waliin turtii qaamaa gochuudhan ragaa  irraa funaanee jira. Namoonnii fi bakki qorannoo filatamanis dhimma raawwii duudhaa Gondooroo waliin hidhata kan qaban filachuudhan ragaa funaaneera.

Haaluma Kanaan Gujii keessaa aanaa Duugda Dawaa, Magaalaa Fincaa, aanaa Bulee Horaa, Magaalaa Bulee Horaa filatamanii ragaan keessaa funaanamee jira. Aanaan Duugda Dawaa kan filatameef gorsitoonni abbaa Gadaa, kan abbaa gadaa ammaatti baallii dabarsan bal'inaan argamu. Isaan argachuudhan ragaan irraa funaanameera. Aaanaan Bulee Horaafi Magaalli Bulee Horaa kan filatamaniif teessuma Abbaan Gadaa  yeroo odeeffannoon qorannoo kanaa funaanamu walitti qabaa abbootii gadaa Gujii kan ta'an,  Jiloo Maandhoofi hayyoonni abbaa Gadaa yeroo kanaa bal'inaan keessatti argamu.  Aanaa Bulee Horaafi magaalaa Bulee Horaa keessaa hayyoota aadaa yaa'a Harmuufaa, bara gadaa abbaa Gadaa Jiloo Maandhoo yaa'arratti moggaafaman argachuun ragaan duudhaa Gondooroo sabaafi sabaa irraa funaanameera.

Godina Gede'oo keessatti aanaaleen filataman kaayyoodhaani. Haaluma kanaan aanaan teessuma Abbaa Gadaa ta'e filatameera. Akkasumas  aanaan Sangoon keessatti taa'amuufi bakkeewwan ulfoo duudhaan Gondooroo irratti raawwatamu tooftaa iddattoo kaayyootin filatamaniiru. Haaluma kanaan aanaan Diillaa Zuriyaa bakkeewwan Songoo itti taa'amuu fi miseensonni Songoo Magaalaa Diillaatti dhiyeenya qabaniin qorataaf haala mijataa waan uumeef filatameera. Aanaan Gadab immoo waldhabdeen ummata Oromoo Gujiifi Gede'oo gidduutti uumamu

araarsuuf duudhaan Gondooroo daangaarratti raawwatama waan ta’eef aanaa Gadab keessatti bakki ‘Eedheeraa’ jedhamu aanaa Gadab waan jiruuf filatameera. Qaalluun Gujiifi Gede’oo aanaa Gadab magaalaa Gadab keessatti waan argamuuf odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu funaanuuf tooftaa iddatteessuu kaayyootiin filatamee jira.

### 3.3. Maddoota Odeeffannoo

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa ibsaa (qualitative descriptive) waan hordofuuf maddoota odeeffannoo tokkoffaa baayyinaan kan itti fayyadame hoo ta’u, maddoota lammaffaas kuusaalee galmee aadaa godinaleefi aanaalee irraa odeeffannoo dabalataa funaaneera. Keessattuu walitti bu’insa ummata Oromoo Gujiifi Gede’o bara 2009/ 10 ALIti uumame dhaabuufi nagaa buusuuf duudhaa Goondooroo raawwatamee ture galmee aadaa ummata lamaanii irraa akka madda ragaa lammaffaatti itti fayyadamameera. Keessattuu waldhabdee ummata lamaanii bara 2010 umameen namoonni gara miliyona tokkootti dhiyaatu ummata lamaan keessaa buqqa’anii turan kan nagaan bu’ee gara qa’ee isaanitti deebi’an raawwii duudhaa Gondooroo booda ture. Raawwiin sirna kanaa kuusaa galmee aadaa saboota lamaanii keessaa fudhachuun qaacca’ee ibsamee jira. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti akka madda ragaa tokkoffaatti afgaaffiifi marii garee qaamota hawaasaa raawwii duudhaa Gondoroo keessatti gahee qaban irraa qorataan qaaman argamuun funaanameera. Dabalataanis raawwii duudhaa Gondooroo ummata Oromoo Gujiifi Gede’oo gidduutti raawwate suur-sagalee waraabamee akka kuusaa aadaatti taa’e akka ragaa lammaffaatti fudhachuudhan qaacca’ee afgaaffii garee hayyoota aadaatiin funaaname duukaa roogessamee ibsamee jira.

Qaamota duudhaa Gondoroo raawwachiisuu keessatti gahee taphatan abbootii Gadaa, Qaalluu, yuuboota fi namoota duudhaa Gondooroo keessatti hirmaatan filachuudhan odeeffannoon qorannoo afgaaffii banaa fayyadamuufi marii gareetin funaaname qaacca’ee hiikkaan kennameefii gabaafameera.

### 3.4. Malleen Qorannoo (Research Methods)

Qorannoo akkamtaa ibsaa keessatti odeeffannoon funaanamu dhimma qoratamu san haala qabatamaa hawaasaatiin gadi fageenyaan hubachuuf kan dandeessisuudha. Qorannoo kana keessatti qorataan afgaaffii banaafi daanga’aa, marii gareefi kuusaa galmee aadaa fayyadamuun odeeffannoo funaanee jira. Qorataan hawaasa qorannoo bira qaamaan deemuudhan qaamota

raawwii Gondoroo keessatti gahee taphatan irraa odeeffannoo qorannoo funaaneera. kunis Schwandt (2007) odeeffannoon keessaa (emic) kan funaanamu hirmaattotni yookin qaamoleen raawwachiisan raawwii keessatti kan jedhan, kan raawwatan, kan ibsan irraa waan ta'eef akka madda tokkoffaatti fudhatama.

Haaluma kanaan hayyuun gosaafi hayyeechaawwan Gede'oo duudhaa Gondoroo kan raawwataniifi kan raawwachiisan waan ta'aniif odeeffannoon isaanirraa funaanamu akka madda tokkoffaatti fudhatamee jira.

### 3.4.1. Afgaaffii

Af-gaafii Qorannoo akkamtaa gaggeessuu keessatti, meeshaalee funaansa ragaalee keessaa afgaafiin bakka guddaa qaba. Sababnisaas, mata-duree qoratamaa jiru irratti namoota beekumsa aadaafi duudhaa hawaasaa bal'aa qaban waliin yeroo quubsaa fudhachuun ragaa barbaachisaa walitti qabachuuf haala mijataa uuma.

Haaluma kanaan Af-gaafiichaaf gaafileen bu'uura ta'an gaafiileen qorannoo akka deebii argataniif kanneen gargaaran garagaraa qorataadhan qophaa'amanii raga-kennitoota qorannichaatiif dhihaachuun ragaalee kaayyoo qorannichaa galmaan gahan walitti qabamaniiru. Malli qorannichaa akkamtaa ta'uusaatiin yaada bal'aafi gadifagoo kan barbaadu waan ta'eef, af-gaafiin yoo taasifamu gaafii dhihaateen ala yaada raga-kennitootni kennan irratti hundaa'uun ragaan dabalataa walitti qabameera. Kana jechuun, af-gaafiin taasifame gartokkeen caasawaafi alcaasawaadha. Adeemsi akkanaa kun qorannoo adeemsifamaa jirurratti akka qorattoonni raga-kennitootarraa gaafii gaafatatameen alatti yaada bal'aa kaasuudhan dhimma qorachaa jiranirratti odeeffaannoo bal'aafi gadifagoo gaafilee qorannichaa deebisan argachuu danda'an taasisuun hojii qorannichaa gargaara.

Qorannoo akkamtaa keessatti qorataan dhimma qoratamu gadi fageenyaa hubachuufi ibsuuf kan dandeessisan afgaaffii banaafi caaseffamaa ta'e qopheessuudhan qaamolee dhimmicha irratti hubannoo qaban jedhamanii adda bahan kan gaafatuudha. Flick (1998) gaaffileen afgaaffii banaafi caaseffamaa qorannoo akkamtaafi hamamtaa irratti bal'inaan qorattoota hawwatu. Sababni isaas dhimma qoratamu san bal'inaan ibsuuf afgaaffii banaa fayyadamuutu dhimmicha bifa guutuu ta'een hubachuuf dandeessisa yaada jedhuun akka ta'e ibsa. Qorataan afgaaffii abanaa gaafachuudhan odeefkennitoonni raawwii duudhaa Gondoroo irratti muuxannoo qaban

akka qoodan taasiseera. Boodarra garuu afgaafficha caasessuudhan gaaffilee qorannootiif deebii argamsiisuu akka danda'utti odeeffannoo funaaneera.

Dabalataanis afgaaffii daangessaa deemuudhan deebiin odeefkennitootaa gara mata duree yookiin gaaffilee qorannoo irratti akka luucca'an gochuuf mala qorataan fayyadamuudha (Merton fi Kendall, (1946). Qorataan afgaaffii caaseffamaa fayyadamuudhan toora odeefkennitoonni irra deebiin akka ibsan, gadi fageenyaan akka ibsan, waan ifa hintaane akka ibsan  mala ittiin taasisuudha jechuudha. Qorannoo kana keessatti qorataan jalqabarratti odeefkennitoonni raawwii duudhaa Gondoroo keessatti eenyuun, eessatti, akkamitti, maaliif, kan jedhu akkuma barbaadan akka ibsan taasiseera. Boodarra garuu akkaatuma gaaffilee qorannootiin odeeffannoon funaanamu kan gaaffilee qorannootiif deebii kennan akka ta'u afgaaffilee daangeess/ caasessuutti seene jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun Patton (1990) hawaasa qorannoo gaaffilee gaafatame barreeffamaan deebisuu hindandeenye keessatti bal'inaan afgaaffii fayyadamuun qorataa bu'a qabeessa taasisa. Afgaaffiin sammuu gaafatamtoota keessa yaada jiru baruuf gargaara. Akka yaada kanaatti afgaaffiin wantoota daawwachuu hindandeenye baruuf nu gargaara. Qorannoo kana keessatti raawwiin Gondoroo kan yeroo hunda argamu waan hintaaneef harka caalaa ragaan qorannoo kan funaaname qaamolee raawwii Gondoroo keessatti gahee taphatan irraa odeeffannoo afgaaffiidhaan funaanuudhan ture. keessattuu raawwiin Gondoroo Gujii fi Gede'oo gidduutti raawwatamu walitti bu'insa garee saboota lamaanii booda waan ta'eef yoomessa dhugaadhaan argachuun rakkisaadha. Kanaafuu, wayitii akkasii afgaaffii fayyadamuudhan odeeffannoo qorannoo funaanuun filatamaadha jechuudha. Dhimma qoratamu sani irratti miira gaafatamtootaa itti dhiyeenyaan hubachuufi barreessuuf qorataan carraa argata.

Mala Afgaaffiitiin qorataan odeeffannoo haala galumsaa irratti hundaa'e fuulaa fuulaatti qaamolee odeefkennitoota waliin walarguudhan yoomessa uumamaa keessatti  funaanuu danda'eera. Kanaanis hariiroo hawaasummaa odeefkennitoota gidduu jiru fakkeenyaaf Abbootii Gadaa Gujiifi Gede'oo, hayyuu abbaa Gadaa Yuubaafi Baattuu gidduu jiru, ilaalcha Qaalluu (abbaa afuuraa Gujiifi Gede'oo)f qaban hubachuuf qorataan afgaaffiitti bal'inaan fayyadameera. Haaluma walfakkaatuun afgaaffiidhaan deebii hirmaattotaa waraabuufi yaadannoo irratti

katabachuufis qorataaf ni mijata. Yaada giddugaleessa qorannoorraa ennaa maqanis karaatti deebisuuf qorataaf baayyee mijataadha.

Qorataan jireenyaan Godina Gede’oo magaalaa Dillaa kan jiraatu waan ta’eef qorannoo kanaaf jecha ta’e jedhee qaamota odeeffannoo kennan akka abbootii Gadaafi gargaartota isaanii bira demuudhan odeeffannoo funaanee jira. Waan hawaasni raawwatu, ilaalcha Gondooroof qaban qabatamaatti hubatee jira. Keessattuu dhaabbileen duudhaa akka Sangoo keessatti qaamota gahee qaban waliin haasa’uudhan waa’ee Songoo barateera. Hayyeechaawan Songoo qajeelchan raawwachiistota Gondoroo keessati gahee taphatan waan ta’aniif isaan adda baafachuudhan ragaa qorannoo irraa funaanee qaaccessee ibseera.

Godina Gujii immoo Abbaan Gadaafi gargaartonni isaanii magaalaa Bulee Horaa waan jiraataniif isaanis guyyaa itti hojiilee sirna Gadaa hojjetan bira dhaquun hirmaannaa malee daawwataa ta’uun duudhaafi aadaasaanii barachaa odeeffannoo qorannoo kanaa funaanee jira.

Walumatti qabaatti qorataan yeroo dheeraa hawaasa toora qorannoo itti deddeebi’uufi keessa turuun akka qaama keessaatti (insider) duudhaa Gondooroo irratti hawaasichi ilaalcha qabu, safuu fi sona achi keessa jiru, hiikkaa hawaasni duudhaa Gondoorootiif kennu, duudhaa Gondooroo yeroo duriifi ammaa keessatti garaagarummaa jirurratti ilaalcha qaban afgaaffii banaafi caaseffamaa gaafachuun deebii isaanii yaadannoo qabatee booda qaaccesseera.
Afgaaffii banaafi caaseffamaadhan hawaasa qorannoo keessatti qaamota ijoo ta’an adda baafachuun gaaffilee qorannoo bu’uraa irratti hundaa’u gaafachuudhan ragaa qorannoo isaa qindeesseera. Qorataan yaada hirmaattotaa suur-sagalee waraabuun booda qaaccessaaf akka mijatutti kompitaraan barreessee kuufachuun achirraa fudhataa qaaccesseera. Haaluma kanaan qorataan hawaasicha keessatti qaamota abbummaan duudhaa Gondooroo raawwachiisan Abbootii Gadaa, Qaalluu, Yuubota, Hayyoota ummata keessatti argaman mana isaanii deemuun afgaaffii banaa dhiiyyeessee deebisaanii suur-sagalee waraabuudhan qaaccessuuf akka tolutti kompitaraan barreessee baayyee isaanii ibsuudhan gabaasa irraa kan dhiyeesse hoo ta’u kanneen hafan immoo barreessee dabalee jalatti dhiyeessee jira.

### 3.4.2. Marii Garee (Focus Group Interviews)

Mariin garee mata duree tokkorratti hubannoo hirmaattonni waliin qoodatan (shared understanding) funaanuuf gargaara. Creswell (2012) kitaaba deemsa qorannoo akkamtaafi hamamtaa jedhu keessatti marii garee ilaalchisee akka barreesseetti mariin garee afgaaffii garee namoota afurii-jahaa waliin kan raawwaatamu ta'uu ibsa. Marii gareetin qorataan gaaffii dimshaasha gaafachuun deebii miseensonni marii garee deebisan kan irratti waliigalan keessaa qabatee barreeffata yookin waraabbata. Mariin garee kan barbaachisuuf hirmaattonni afgaaffii keessatti akka dhuunfaatti waan gaafatamaniif waan hunda himuurraa ofqusachuu danda'u.

Mariin garee dhimma murtaa'aa tokkorratti marii odeefkennitoota ijooti. Mariin garee qaamolee hawaasaa dhimma qorannoo irratti hubannoo gahaa qaban jedhamanii adda bahan walitti fiduudhan wal yaadachiisaafi walgargaaraatii yaada tokko keessaa hambise kan biroo itti guutaa deebii kennaniidha. Akka qorannoo kanaatti miseensonni marii garee hayyuuwwan gosaa Gujii fi Gede'oo hoo ta'an hayyuuleen kunneen raawwii Gondoroo Gujii fi Gede'oo gidduutti raawwatame keessatti gahee kan taphataniifi wal kan beekaniidha. Caasaa sirna Gadaa keessatti sadarkaa baattuu hanga yuubaa (Gujii), hayyeechaa (Gede'oo)tti kanneen jiraniidha. Jarri kunneen dhimma raawwii Gondoroo nama dhuunfaafi akka garee sabaafi sabaa gidduutti raawwatamu irratti odeeffannoo gahaa kanneen qabaniifi marii keessatti illee gahee sirna Gadaa keessatti qaban Kanaan dabaree wal eeggatanii dubbatu. Fakkeenyaaf, odeefkennitoonni marii garee Gujii Bulee Horaafi naannawa sanii dhufan keessatti Abbaan Girjaa (maqaa yaa'aati) Yuuba hoo ta'an kanneen hafan afur immoo Baattuudha. Marii keessatti ennaa Yuubni dubbatu warri kaan gaheen isaanii dhaggeeffachuudha. Fooyyessuu hoo barbaadan Yuuba eeyyama gaafatanii dhimmicha irratti ibsa godhu. Baattuuwwan ennaa yaada kennan hayyuu Yuubni karaatti isaan qajeelcha. Kan qorataan isin gaafate malee itti hindabalinaa jedhaan. Bakka dogoggoran immoo dhaabsisee sirreessa. Marii garee ture keessatti walfalmiin hoo muudate illee kan hayyuu Yuubni jedheen xummurama. Sababni isaas hayyuu Yuubni beekumsa aadaa bal'aa qaba jedhamee amanama. Hayyuu Baattuun hayyuu Yuubaa qeequu hindanda'an; dhumarratti kan hayyuun Yuubaa jedhetu fudhatama jechuudha.

Marii gareetin garuu hirmaattonni gaaffii gaafataman walgargaaraafi yaada walii itti guutaa, walyaadachiisaa waan deebisaniif odeeffannoo sirrii kennuu danda'u. Haaluma kanaan marii garee keessatti kan hirmaatan Abbaa Gadaafi Gargaartota nama 7 Gujiirraa, Miseensota Sangoo 5 Gede'oorraa filatamanii marii gareerratti hirmaataniiru. Garuu kan Gede'oofi kan Gujii qofa

qofaa mariin garee gaggeeffame. Kunis bilisaan yaada isaanii akka kaasaniifi yaanni marii garee gosa lamaanii hagam walfakkaata kan jedhu hubachuuf na gargaaree jira.

### 3.4.3. Qaaccessa Qabiyyee (Content Analysis)

Qaaccessi qabiyyee kuusaa galmee aadaa gosa qorannoo akkamtaa yoo ta'u, kuusaaleen galmeeffaman qorataan ibsi itti kennamee toora mata duree qoratamu saniif hiikkaa kan kennuudha (Bowen, 2009). Kuusaalee tanaan dura suur-sagaleewaraabaman qabiyyeen isaanii haaluma mariin gareefi afgaaffiin ittiin qaaccessaman hordofee qaacca'ee ibsama (Bowen,2009). Akkaataa Kanaan waraabbii suur-sagalee raawwii Gondoroo bara 2010 Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatame mata duree adda addaa jalatti qooduudhan gaaffilee qorannootiif deebii akka kennutti dhiyaatee, qaacca'eefi hiikkaan galumsaa kennameefii jira.

Qorannoo kana keessatti akka mala ragaa funaanutti kan itti fayyadamame kuusaadha. Kuusaan galmeewwan hawaasa qorannoo dhimma adda addaatif waraabamanii kuufamani. Akka qorannoo kanaatti waldhabdee ummata Oromoo Gujiifi Gede'oo gidduutti baroota adda addaa uumame booda duudhaa Gondoorootin araarri yeroo adda addaa taa'ameera. As keessatti deemsa Gondooroon ittiin raawwatuufi qaamota raawwatan, duudhaa ture, kan mul'isan waraabbiiwwan suur-sagalee adda addaa waajjira aadaafi turizimii ummata lamaanii keessatti kuufamanii argaman akka madda ragaa lammaffaatti itti fayyadamamee jira. Duudhaan Gondooroo haala yoomessa umamaatin ummata lamaan gidduutti hoo raawwatamu argamuu dhiisuu danda'a. kanaafuu, ulaa kana guutuuf waraabbii duudhaa Gondooroo kanaan dura raawwatamanirratti ragaalee barreeffamaan, vidiyoodhanafi suuraan kuufaman ilaaluun adeeffannoo irraa funaane qaacca'ee ibsi galumsaa kennameefii jira.

## 3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Filee (2021) akka ibsutti qorannoo fookloorii keessatti miiraafi hiikkaa hawaasni qorannoo aadaa, duudhaafi afoola jiruufi jireenya keessatti itti fayyadamu mata duree mata dureedhan qoqqoodanii hiikkaa itti kennuun barbaachisaadha. Kana immoo galmaan gahuuf qorannoo tokkoof erga ragaaleen walitti qabamanii baooda tarkaanfiin ittaanu, ragaalee waraabbii sagaleefi suursagaleetiin jiran gara barreeffamaatti jijjiiruudha. Qorannoo kana keessattis ragaaleen maddeen garagaraarraa karaa afgaafiifi marii garee xiyyeeffaannoon walitti qabaman haala hawaasni ibseen erga wanti sagaleefi suursagaleen jiru gara barreeffamaatti jijjiiramee booda, ragaaleen mata-duree qorannichaa waliin hidhata qabaniin adda baafamuun qindaa'aniiru.

Qaaccessi odeeffannoo qorannoo akkamtaa akka qorannoo hammataa yaada dhahame (hypothesis) mirkaneessuuf kan deemu osoo hinta'in odeeffannoo funaaname irraa yaada ijaaruti. Kanaafuu, qaaccessiifi odeeffannoo funaanuun walduuka raawwata jechuudha. Odeeffannoo argameen gara yaada dhahuutti deema jechuudha. Kallattumaan ibsuufi yaada waliigalaa qorannoorra gahuuf odeeffannoo mata duree mata dureedhan qoqqooduudhaan ibsama jechuudha. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon qorannoo raawwii Gondoroo tartiiba raawwiitiin, gahee qaamolee hawaasaafi raawwii duudhaatiin qoqqoodamanii ibsamaniiru.

Ragaalee afgaaffii banaafi marii garee hayyoota aadaa irraa funaanaman haaluma gaaffilee qorannoof deebii kennuu danda'aniin qindeessuu, mata duree adda addaa jalatti qoqqooduun adeemsa ragaalee ibsuu, qaaccessuufi hiikkaa kennuu hordofee raawwateera. Ibsuun waan afgaaffiifi marii gareetiin funaaname qorataan kan ibsuudha. Qaaccessuun immoo walitti dhufeenya raawwii keessatti jiru, haala raawwichi itti hojiirra oole mul'isuudha. Hiikkaa kennuun immoo ergaa raawwiin qabu haala hawaasummaa raawwii tokkootiif hiikkaa kennuudha. Haaluma Kanaan qorataan ragaalee afgaaffii , marii gareefi kuusaa galmee aadaa irraa argame walbira qabuudhan erga mata duree adda addaatti qoodee dhiyeessee booda hiika galumsa aadaa hawaasaa keessatti qabaniin ibsuudhan gabaasee jira.

Kanaafuu, qorataan yaadannoo bifa adda addaatin dirreerraa yaadannoo qabate, suursagalee vidiyoo kaameraadhan waraabame, afgaaffii hirmaattota ijoorraa funaane qindeessee, mata duree adda addaa jalatti qoqqooduun, hiikkaa kennuun gabaasa qorannoo keessatti addeessee jira. Hiikkaan ragaalee dhiyaannaa yaaxina ijaarsa hawaasaa, yaaxina kuusaa beekumsa hawaasaafi yaaxina haasgochaa irratti hundaa'uun ibsi kennameera. Raawwiiwwan duudhaa Gondooroo duuba isaanii dhugaa hawaasaatuu jira. Maaliif waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu danda'an? Kan jedhu deebisuuf akka yaaxina ijaarsaatti dhugaa hawaasni raawwiwwan duudhaa kanaaf kenne jira jechuudha. Fakkeenyaaf, araara booda haloo bahuun hoo jiraate duudhaatu caba. Duudhaan hoo cabu qaama duudhaa cabse sanirra balaan gahu akka jiru hawaasichi ni amana. Balaan gahu kun dhaloota nama duudhaa cabsee mara balleessa jedhanii amanu. Kanaafuu, duudhaan kan hojiirra oolu haaluma dhugaa hawaasichaatini jechuudha.

Hawaasni saboota lamaanii Gujiifi Gede'oo rakkoo nageenyaa sadarkaa nama dhuunfaa irraa hanga waldhabdee sabaafi sabaatti kan ittiin furatan duudhaa kuufame qabu. Sona duudhaafi aadaa qabu. Kanaaf qorannoo kana keessatti yaaxina kuufama beekumsa hawaasaa akka yaaxinaatti fudhachuudhan ragaalee qorannoo ibsuuf itti fayyadamameera. Dabalataanis hawaasni saboota lamaanituu adeemsa duudhaa Gondooroo keessatti akkaataa itti dubbatan, akkaataa dubbiin hayyoota aadaa ittiin hiikamuufi waliin dubbii isaanii keessatti ergaawwan jiran hubachuuf karaa yaaxina hasgochaatiin ibsuun gaarii waan ta'eef yaaxina haasgochaatti fayyadamameera. Walumaagalatti qorannoo kana keessatti ragaaleen funaanaman hiikkaan kan kennameef bu'uura yaaxinoota ijaarsa hawaasaa, haasgochaafi kuufama beekumsa hawaasaatti fayyadamamee ibsameera.

## 3.6. Ibsa Bakkeewwan Qorannoo

Qorataan Godina Gede'oo aanaa Dillaa Zuriyaa keessaa tooftaa iddattoo kaayyootin hayyeechaawwan Abbaa Gadaa Yeroo ammaafi miseensota Songoo kan ta'an filateera. Yeroo ragaan kun funaanamu gorsaa abbaa gadaa Gede'oo hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa fi Hayyeechaa Alamaayyoon Magaalaa Diillaafi aanaa Dillaa Zuuriyaa keessa waan jiraniif ragaa irraa funaanuuf toorri Dillaa Zuriyaa filatameera. Aanaa Gadab, lafa Gondooroon Gujiifi Gede'oo itti raawwatamu, qaalluun Gujiifi Wayyoon Gede'oo (damee afuuraa) aanaa keessatti argamu waan ta'eef filatameera.

Gujii keessaa kan Gede’oon waldaangessu godina Gujii Lixaa filatameera. Godinni Gujii Lixaa bulchiinsa Gadaa Harmuufaa yeroo odeeffannoon qorannoo kanaa funaanamu aangorra jiruudha. Abbaan Gadaa Gujii Harmuufaa Jilo Mandhoo fi hayyuun gosaa yookiin hayyuun abbaa Gadaa yeroo odeeffannoon qorannoo kanaa funaanamu aangoo irra jiru kan argaman godina Gujii Lixaatti. Gujii Lixaa keessaa aanaan Dugdadawaa keessatti magaalaa Fincaa’aa, aanaa Bulee Horaafi Magaalaa Bulee Horaa hayyuun gosaa bal’inaan waan keessatti argamaniifi mijaa’ina geejjibaa qabuun odeeffannoo funaanuuf mijataa waan ta’aniif filatamaniiru.

Walumaagalatti qorannoo kanaaf odeeffannoo funaanuuf, maddoota odeeffannoo gahaa argachuufi raawwii Gondorootiin akkaataa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuun itti itti danda’amu qorachuuf bakkeewwan filataman bakkeewwan teessuma Qaalluu ( abbaa afuuraa Gujiifi Gede’oo), bakka Gondooroon saba lamaanii itti raawwatu (aanaa Gadab Eddeeraa), teessuma Songoowwanii, lafa hayyoonni abbaa Gadaa itti bal’inaan argaman filatamanii qorannoon kun gaggeeffameera.




*Fakkii 1 Bakka qorannoo Gujii Lixaa (Waajjira aadaadi turizimii godina Gujii Lixaa irraa kan fudhatame)*

### 3.7. Naamusa Qorannoo

Duudhaan Gondoroo qabatamaan hawaasa Gujiifi Gede’oo keessatti qaamolee duudhaa hawaasaa raawwachiisaniin raawwatam. Adeemsa duudhaa keessa darbee raawwatama. Adeemsa keessa darbamu hundi kan raawwachiisaniifi kan raawwatan qaamolee duudhaa raawwachiisan akka abbootii gadaa, hayyoota abbaa gadaa, Qaalluu, hayyeechaawwan (Geduffaan). Qaamoleen raawwii Gondoroo keessatti gahee taphatan kunneen hawaasicha keessatti kabajaa guddaa kan qabaniidha. Akka hawaasa Gujii fi Gede’ootti abbootiin Gadaa, hayyuun gosaafi Qaalluun kabajaa guddaa qabu. Qorataanis akkaataa qaamolee kanneen waliin itti dubbatamu, safuufi seera isaanii duursee qayyabateera. Naamusa qorannoo ilaalchisee hirmaattonni odeeffannoon kennan dhiibbaa qabuufi bu’aa qabu duursanii eyyamamoo ta’uu qabu (Kelman, 1972; Belmont, 1979).

Gama Kanaan qorataan waa’ee kaayyoo qorannichaa gadi fageenyaan hirmaattonni akka hubatan taasisee jira. Kaayyoo fi barbaachisummaa qorannichaa akka hubatan ta’eera. Hirmaattonni odeefkennitoota qorannichaa gaheen isaanii qorannichaaf hagam barbaachisaa akka ta’eefi qorannicha keessatti qoonni isaanii guddaa akka ta’e hubatanii gara afgaaffii fi marii gareetiin odeeffannoo kennuutti cehaniiru. Dabalataanis odeefkennitoonni dhimma dubbachuu hinfeene hoo isaan muudate dhiisuu, marii keessaa bahuufi afgaaffii keessatti yaada isaanii yaadannoodhan qabachuu malee waraabbii suursagalee diduu akka danda’an waliigalamee afgaaffii fi marii gareetti seenameera. Qorannoon kun adda kan isa taasisu guutumaa guutuutti raawwii duudhaa hawaasaa waan ta’eef qaamoleen odeeffannoo qorannoo kennan kanneen raawwii Gondoroo keessatti gahee taphachuudhaan hawaasa keessatti beekaman waan ta’eef maqaan yaa’iin Gadaa moggaaseef qorannoo kana keessatti itti fayyadamameera. Sababni isaas sirna Gadaa keessatti gahee isaanii kan taphatan maqaa yaa’ii Gadaa irratti moggaafameeni.

Qorannichi dhugaa kan ta’u odeefkennitoonni qaamolee dhimmicha beekaniifi hawaasni illee kan isaan beeku Abbootii Gadaa, Hayyoota Gosaafi Qaalluun qorannicha keessatti hirmaannaa qabaataniidha. Kanaafuu, qorataan maqaa yaa’iin isaaniif moggaasee fi sirna Gadaa keessatti maqaa gahee ittiin taphataa jiran fayyadamuun odeeffannoon qorannichaa fudhatama akka qabaatu taasiseera jechuudha.

# BOQONNAA AFUR
# SEENDUUBEE AADAAFI HAWAASUMMAA HAWAASA QORANNOO

**Seensa**

Hawaasni qorannoo kanaa Gujiifi Gede'oodha. Duudhaan Gondoroo hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti akkamiin waldhabdee akka nama dhuunfaattis ta'ee akka garee sabaafi sabaatti Gujiifi Gede'oo gidduutti muudatu dhaabee nagaa buusaa akka jiru ibsuun xiyyeeffannoo qorannoo kanaati. Kanaafuu, duudhaan Gondoroo kun hawaasa lamaan biratti akkamitti ilaallama kan jedhu deebisuuf hariiroo hawaasni Gujiifi Gede'oo gama obbolummaa ragamtaan dhugeeffataniin, sirna bulchiinsa aadaa kan ta'e sirna gadaa irratti hariiroo qabaniin, caasaa hawaasaafi gahee umuriidhan taphatamu qabaniin, dhaabbilee duudhaa hawaasaa waliin qoodataniifi kan birootiin ilaaluu barbaachisa. Kanaafuu, boqonnaa kana keessatti Gujiifi Gede'oon seenduubeen waliin qaban, sirni gadaa waliin qaban, caaseffama hawaasaa qaban, haalli amantiifi kan biroo bal'inaan ibsameera jechuudha.

## 4.1. SEENDUUBEE Aadaafi Hawaasummaa Gujii

Oromoon damee Kuush isa guddaa yoo ta'u, naannoo kaaba Itiyoophiyaa irraa kaasee hanga kaaba Keeniyaatti babal'atu keessa kan jiraatuudha. Akkasumas lafa Sudaan fi Somaalee gidduutti gara waggoota kumaatamaan lakkaa'aman kan jiraataa jiru, ilaalcha addunyaa walxaxaa, falaasamaa fi afaanii, dhaha, siyaasaa, amantii, ijaarsaa fi aadaa mataa isaa kan qabuudha (Dereje fi kan biroo, (2021). Uummanni Oromoo afaan isaa Afaan Oromoo hoo ta'u, Afaan Oromoo damee Kuush Bahaa; maatii afaanota Afro-Eshiyaa ta'ee kan gaanfa Afrikaatti bal'inaan dubbatamuudha (Dereje fi Mengesha, 2021). Itiyoophiyaatti yeroo ammaa Afaan Oromoo Afaan hojiifi barnootaa naannoo Oromiyaa hoo ta'u, Bulchiinsota Magaalaa Finfinneefi Diredawaattis afaan barnootaa ta'ee ittiib baratamaa jira. Naannoolee olla akka naannoo Sidaamaa, Benshaangul, Harari, Gambeellaafi Somaaleettis akka gosa barnoota afaanitti baratamaa jira. Afaan Oromoo sadarkaa federaalaatti afaan hojii mootummaa federaalaa akka ta'uuf bara 2015 mana maree ministeerotaatiin murtaa'ee jira. Yeroo ammaa yuniversiitiiwwan

biyya keenyaa hedduu keessatti sadarkaa digirii jalqabaatii hanga digirii falaasamaatti Afaan Oromoo ittiin baratamaa jira.

Jaarraa 18ffaa keessa Oromoon Gujii haala baayyina uummataafi gargarummaa haala qilleensaa (ecology)n jiruun konfedereshinii of danda'an adda addaa abbaa gadaa of danda'een gaggeeffamutti qoodame (Dereje fi Mengesha, 2021). Yaaduma kana bifa cimsuun Gujiin bulchiinsota konfedereshinii adda addaa haa qabaatu malee Gujiin yeroo rakkoofi waraanaa kan walgargaaraniidha (Asebe, 2007). Qorannoo kanaaf ragaa funaanuuf wayita Gujii ture qorataan kan odeefkennitoota irraa hubate Gujiin walgargaaranii aadaafi daangaa lafa isaanii kan kabachiifataniifi abbaa gadaa mata mataa isaanii qabaatanis gumii abbootii gadaa hundeessuudhan giddugaleessaan abbaa gadaa tokko kan qabaniidha. Kunis konfedereshinii Gujii ilaalchisee yaaduma qorattoonni duraanii kaasaniin kan waldeeggaru ta'uu isaati.

Bulchiinsa gaarii diriirsuufi tajaajila mootummaa dhiyeenyaan argachuuf yeroo ammaa kana Gujii godinota lamaan caaseffameera. Godina Guji Lixaa aanaa sagaliifi bulchinsa magaalaa lama kan qabu hoo ta'u maagaalli Bulee Horaa magaalaa guddittii goddinichaati. Qorannoon kun aanaalee qorataan ragaa gahaa keessaa funaanuuf qaamolee hawaasaa ragaa kennuu danda'an keessatti argamaniifi geejjibaaf mijachuusaanii bu'uura godhachuun aanaalee sadi akka aanaa Abbayaa, Duugdawaafi Bulee Horaa tooftaa iddetteessuu kaayyootin filatamaniiru. Aanaan Abbayaa kan filatameef dhiyeenya qorataaf qabuun filatameera.

Aanaan Dugdaawaa Magaalaa Bulee Horaatti kan dhiyaatu hoo ta'u maanguddoonni raawwii duudhaa Gondooroo raawwachiisan aanicha keessa ganda Mokkonisa Magadaa jedhamu keessatti argamu. Jireenyi haawaasa aanichaa kan hundaa'e bal'inaan horsiisee bultoota hoo ta'an muraasni qonnaan jiraatu. Aaanaan sadaffaa filatame aanaa Bulee Horaa hoo ta'u abbaan Gadaa Gujii yeroo ammaa kan argamu magaaluma Bulee Horaa keessatti waan ta'eef ragaa dansaa funaanuuf mijataadha. Aanaan Bulee Horaa jireenyi isaanii irra caalaan horsiisee bulaadha.

Uummanni Oromoo Gujii gosoota Oromoo keessaa tokko ta'ee gara Kibba Itiyoophiyaa; keessattuu bu'uuraan godina Gujii Lixaafi Bahaa jedhamee waamamu keessa jiraata. Asebe Regasa (2007) Asmerom (1973) waabeffachuun akka ibsetti Gujiifi Booranni ragamtaafi afoola Oromoo keessatti lafa hangafaafi madda aadaa Oromooti. Asebe (2007) n akka ibsutti Gujiin Gosa Oromoo biraa irraa haala adda ta'een gosoota afur of danda'oo garuu immoo adda kan

hinbaane, yeroo lolaa kan walgargaaran  irraa hundaa’a.  Isaanis Uraagaa, Maatii, Hokuufi Allabduudha (Asebe, 2007).

Asebe (2007) n haala qubsuma gosoota Gujii hoo ibsu gosni Allaabduu gara gammoojii Gujii kan qubate hoo ta’u baayyinaan horsiisee bulaadha. Uraagaafi Maatiin, Hokkuu dabalatee gara walakkeessa lafa Gujii kan qabataniidha. Gareen kunneenis baayyinaan hojii horsiisa loonii irratti kan bobba’e hoo ta’u harki muraasni qonna irrattis kan bobba’an jiru. Maatiifi Hokkuun gara Kaabaatiin lafa qilleensa gubbaa ta’erra kan jiraatan hoo ta’an saba Gede’oo waliin haala qilleensa walfakkaatu qoodatu.  Lafa qilleensa gubbaa qabu irra waan jiraataniif bal’inaan qonna gosa midhaanii Garbuufi qamadii qotuun beekamu.

**Gujiifi Sirna Gadaa**

Sirni Gadaa, sirna dimokiraasii hawaas-siyaasaa ummata Oromoo beekumtaa ta’ee kan tasgabbii siyaasaa, guddina dinagdee, sochii hawaasummaa, dirqama aadaa, itti gaafatamummaa naamusaa, falaasama sirna amantii hawaasaa to’atuudha. ” Kanaaf, beekkumtaan Oromoo turuu kan danda’eefi dhalootaatti darbuu kan danda’e ef Oromoon sirna Gadaa waan qabuufiidha. Sirni Gadaa Oromoo siyaas-diinagdee, amantii, duudhaa, seeraafi safuu, hariiroo namaafi uumamaa, lakkoofsa dhahaa, kkf hunda waan to’atuuf yookiin dhimmoota kana irratti hawaasni umuriidhan qoodamee gahee akka taphatu waan taasisuuf beekumtaan Oromoo dhalootaa gara dhalootaatti akka darbu dhaabbata taasiseedha. Bulchiinsi sirna Gadaa  hawaasa Gujii dhaabbilee hawaasummaa adda addaatti qooduudhan dhimma hawaasummaa, siyaasaa, diinagdee fi amantaa akka guddisan haala mijataa ta’e uumeefii jira. Fakkeenyaaf, gurmaa’insi sadarkaa umrii hawaasaa, keessumaa warri dhiiraa umrii itti aanuuf waggaa 8 saddeetiin dhaabbata hawaasummaa adda addaa keessatti hammatamuudhan gahee taphataa akka cehan taasiseera. Haaluma umurii isaanitiin itti gaafatamummaa dinagdee, siyaasaa, waraanaa fi hawaasummaa irratti dandeettii yaaduu yookiin hojii isaanii akka guddifatan isaan gargaareera (Dereje fi Mengesha, 2021).

Sirna Gadaa keessatti gahee fi seerri sirna sadarkaa umurii wajjin walqabatee jiru baayyee barbaachisaa dha.  Namni Oromoo ta’e hundi hojii murtaa'e tokko raawwachuutu irraa eegama. Wayita qorannoof raga funaanuuf qorataan Gujii Lixaa dhaqetti dubbii hirmaattota afgaaffi fi marii garee keessatti “akka sirna keenyaatti namuu gahee qaba” jechuun kaasu. Hawaasni keenya aadaa, siyaas- diinagdee, hawaasummaa keenya itti fufsiisuuf dhaloota umuriidhan gahee

taphachiisa. Akka hirmaattonni afgaaffii himanitti Gujiitti namuu gahee qaba. Sadarkaa maatiitti maatiirraa waan aadaa baratu, sadarkaa ollaatti waan aadaa baratu, sadrkaa gosaattis nama ijoollee barsiisutu jira. Gosa hunda keessa abbaa seeraa kan jedhantu jira. Abbaan seeraa waan aadaa, duudhaa, seeraafi safuu Gujii ta'e ni barsiisa (Odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa). Sadarkaa Kuusaa gaafa gahan immoo lafa jilaa fudhatanii deemuudhan barsiisu. Gaafa Kuusa gahe bakka jilaa deemu. Ardaa jilaatti seera tumamu, safuu labsamu, gochaalee hawaasummaa raawwataman hunda hirmaachuudhan akka baratan ibsu hirmaattonni afgaaffiifi marii garee Gujii Lixaa irraa walitti dhufan kunneen waa'ee akkamiin sirni gadaa dhaloota akka ijaaru irratti marii taasisan keessatti.

"Sirni Gadaa dhaabbata daangaa guddinaa caasaa hawaasummaa hayyoota antropolojiitiin gulantaa umurii (age-sets) jedhamuun bakka bu'uudha" (Legesse 1973:50). Itti dabaluudhaanis, "Sirni Gadaa sirna gulantaa Gadaa (Luba) waggaa saddeet saddeetiin Oromoo biratti itti gaafatamummaa siyaasaa, waraanaa, abbaa seerummaa, seera baasuu fi sirna duudhaa dhalootaaf kenuudha.  Waa'een sirna Gadaa ennaa ka'u dhimmoonni akka hawaasa gulantaa umuriin qooduufi gulantaa tokkoon tokkooniif immoo gahee gama siyaasaa, diinagdee, duudhaa, sirna amantii fi waraanaa keessatti taphachuu qaban kaa'uudha.

Uummanni Oromoo Gujii akkuma Oromoo gara biraa sirna Gadaa jalatti ijaaramee jiraata (Asmarom, 1973). Akka ibsa barreessaa kanaatti waa'ee aadaafi duudhaa uummata Oromoo akka waliigalaatti uummata Oromoo Gujii addatti hubachuuf sirna gadaa fi duudhaa sirna gadaa keessa jiru hubachuu barbaachisa.  Akka John T. Hinnant (1977) addunyaan afuuraafi haalli jireenya guuyyuu uummata Oromoo Gujii sirna Gadaa irraa kan madduudha.  Hawaasni Gujii hundi (dhiiroonni) sadarkaa Gadaan jiru keessa darbu. Yeroo ammaa kanas dhalattoonni dhiiraa Gujii hundihaaluma duudhaatiin sadarkaa Gadaa keessa darbu. Sadarkaa hundarratti gahee haawaasa fayyadu kan taphatan hoo ta'u keessattuu Kuusa—Raaba—Doorii –Gadaa hoo ta'u gahee guddaa taphata.  Fincaan hunda keessaa abbaa to'atee aadaadhan ijoollee lafaa dhuftu qarutu jira.  Akka hayyoonni aadaa Gujii ibsanitti uummanni Oromoo Gujii har'as akkuma dur caaseeffama hawaasaa kan gaheefi umurii ibsu qaba.

Akka odeefkennaa (Abbaa Girjaa) ibsanitti Boranaafi Gujii keessatti sirni Gadaafi duudhaawwan Gadaarraa maddan har'as raawwatamaa jiru. Gujii keessatti namuu gahee qaba. Namni duubaa dhufu akkaataa ittiin hubatutu jira. Abbootiirraa gochaan baratu.

Daballee →qarree →finniina → kuusaa (hayyoome jedhama) → Raabaa Doorii → Gadaa (baallii fudhata) →Hayyuu ta'a.

Akka uummata Oromoo Gujiitti dhaloonni hundinuu gahee umuriidhan qoodame taphataa darbu. Gahee umuriin qoodame kana kan taphachiisu Abbaa lubaatu jira. Abbaa lubaa Fincaan shanan keessa jira.  Bara gadaa shanii keessa abbaa lubaa dhaloota duudhaa barsiisu, safuufi seera barsiisutu jira. Akkuma dhalootaatti deema. Gadaa hunda keessatti abbaa Luubaatiin waan aadaa, waan duudhaa, waan seeraafi safuu baratu. Abbaa Luubaa kanatu qeexalchiisa.  Abbaan Luubaa kun fincaan shanan Gadaa Muudana, Halchiisa, Dhallana, Harmuufaa, Roobalee keessa ganna saddeet saddeetiin irra osoo hindeebi'in baallii aangoo walirraa fudhatu. Bara gadaa tokkoon tokkoon keessatti seera labsamu, waan aadaafi aad-malee, safuufi seera hunda kan barsiisu abbaa lubaa kan jedhamutu jira. Abbaan lubaa kun bara gadaa isaa dhaloota hawaasa Gujii umuriifi gaheen adda baasee gaafa jilaa ni qeexalchiisa. Bakka jilaatti waan aadaa, waan duudhaa, safuufi seeraa ni barsiisa. Umurii isaanitti gahee taphatan ni barsiisa.  Uummanni Oromoo Gujii aadaafi duudhaa isaa itti fufsiisaa jiraachuu qorannoowwan ni agarsiisu. Fakkeenyaaf Asmerom Legese (1973; 2000), Van De Loo (1991) akka ibsanitti Gujiifi Boranni garee yookiin gosa Oromoo kamuu caalaa toora aadaafi duudhaan Oromoo ganamaa itti tureedha.

Uummanni Oromoo Gujii haalli hawaasummaa fi amantii isaanii sirna Gadaatiin gaggeeffama. Hawaasni Oromoo Gujii haala caaseeffama sirna Gadaatiin umuriifi gaheedhan qoodama. Akka odeefkennitoonni (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Jaarraa Waaree, kan biroos) ibsanitti bara keenya kanas akkuma dur hawaasni Oromoo Gujii haala caaseeffama sirna Gadaatiin gaheefi umuriidhan gurmaa'ee jiraata. Dabballee-→ qarree →Finiina—kuusa →Raabaa Doorii → Abbaa Gadaa → Baattuu→ **Hayyuu (Yuuba) → Gadaamoojii (Jaarsa)** Gaafa Gadoome baallii fudhata.

### Caasaa Hawaasaa

Hawaasni Gujii akkaataa caasaa sirna Gadaatiin caaseffamaadha. Dhalataan Gujii dhaloota irraa jalqabee umurii wagga saddeet saddeetin booda sadarkaa caasaa Gadaa tokko irraa kan biraatti ceha. Sadarkaa umurii isaatti namuu gahee aadaafi duudhaa sirna Gadaa keessatti taphatu qaba (odeefkennitoota ijoo, Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Duugda Dawaa, Guraandhala, 2014) afgaaffii deebisan keessatti kan ibsan. Ibsa hayyuuwwan gosaa kanaan kan walfakkaatu

qorattoonni Derege fi Mengesha (2021) waa’ee sadarkaa caasaa Gadaafi gahee umuriidhan taphatan irratti haala armaan gadiitti dhiyaateen kaa’aniiru.

> if one want to be Gada, he has to pass through levels such as Dabale that takes (0-8 years), Game titika (9-16), Game gurguda (17-24), kusa (25-32), Raba Dori (Kondala) (33-40), Gada (41-48), Yuba I (49-56), Yuba II (57-64), Yuba III (65-72) and Gadamoji (73- 80). In this hierarchy Gada is the highest level and the ruling one. After eight years on position of ruling the society, he come back to Yuba I which is an advisor for Gada that of his descendent one. When one shifts from Raba Dori (Kondala) to Gada he has to do a lot (like on his speaking skill, military skill, and leadership skill and way of conflict resolution) in order to be Gada. This indicates that there is a clear cultural education that Gada has to pass through (Derege, 2021)

Gaafa Kuusamu abbaan aadaa ni hima. Hayyoomeera jechuudha. Gahee duudhaa keessatti taphata. Dabballeerraa kaasee ni barata. Abbaa Lubaatu jira. Fincaan shan keessa jira. Fincaan hunda keessa abbaan dhaloota aadaa barsiisutu jira. Gujii keessatti dhaloonni marti umuriidhan caaseffamanii gahee taphatu. Fincaan hunda keessa abbaa qeexalchiisutu jira. Fakkeenyaaf gadaan kan Harmuufaa hoo ta’e Harmuufa keessaa abbaa luubaatuu jira. Abbaan luubaa kun dhaloota akkuma umurii isaanitti qeexalchiisa, lafa jilaa qabatee godaana. Achitti waan aadaa, safuufi seera barsiisa. Haaluma Kanaan duudhaan Gondooroo kan raawwatamuuf obboleessa obboleessa ajjeeseef akka ta’e, obboleessi obboleessa kan hinajjeesne ta’uu yookiin obboleessi obboleessa ajjeesuun akka duudhaa Gujiitti aadmalee ta’uufi hoo ajjeese immoo danuu jedhamee gondooroon raawwatamu malee dhiiga ciratee dhaloota akka balleessu ni barsiisu. Keessattuu sadarkaa kuusaa irraatti abbaan lubaa sun amma hayyoomuu miseensichaa waan himuuf Kuusama booda hirmaataa raawwiiwwan duudhaa ta’a jechuudha.

**Nagaa Hawaasaa Eeguu**

Akka Asebe (2007) n ibsutti Gujii keessatti nagaan hawaasaa kan eeggamu, waldhabdeen kan furamu qaama seeraa hammayyaa caalaa haala duudhaa hawaasaatiin akka ta’e ibsa. Sadarkaa qe’eetti (local level) gosa hunda keessa jaarsa biyyaa (hayyuutu) jira. Gujiin gosa torba qaba.

Gosti torbanuu hayyuu abbaa gadaa qaba. Hayyoonni kunneen gadooma booda kan jiran warra baallii dabarseedha. Hayyuuleen kunneen seeraafi safuu hawaasaa kabachiisuuf hawaasa keessatti gahee nagaa buusuu taphatu. Gadooma booda hayyuuleen aadaa waldhabdee hawaasaa garee fi garee yookiin sabaafi saba gidduutti uumamu furuu qofa osoo hinta'in miseensonni hawaasa Gujii hundi caaseeffama hawaasaa keessatti akka umurii isaanitiin qoodamanii gahee akka taphatan, waan safuufi seeraa akka baratan waan ta'uuf nagaa waliin walqabatee waa'ee duudhaa Gondooroo ni barsiisu. Gondooroon maaliif akka raawwatamu, raawwatamuu hoo baate maaltu akka ta'u hawaasni Gujii hundi bifa walfakkaatuun hubachiisu. Akka hayyoonni gosaa marii gareefi afgaaffii keessatti hirmaatan ibsanitti Sirni gadaa sirna jiruufi jireenya hawaasa Gujii qajeelchu waan ta'eef jireenya hawaasummaa hawaasa Gujii keessatti dhimma murteessaadha. Sirni Gadaa hawaasni Gujii keessatti wal simannaa hawaasichaafi aadaa uumeera. Sirni Gadaa hawaasni Gujii miira tokkummaafi sona nagaa akka hubatuuf gahee guddaa akka taphataa jiru kaasaniiru.

Akka hayyoonni gosaa marii gareefi afgaaffii keessatti hirmaatan ibsanitti Sirni Gadaa jireenya hawaasummaa hawaasa Gujii keessatti dhimma murteessaadha. Sirni Gadaa hawaasni Gujii wal simannaa hawaasichaafi aadaa uumeera. Sirni Gadaa hawaasni Gujii miira tokkummaafi sona nagaa akka hubatuuf gargaaree jira.

Yaaduma kana bifa deeggaruun Asebe (2007) sirni gadaa nagaa hawaasaa eeguu keessatti gahee taphatu hoo ibsu waldhabdeen namoota dhuunfaa yookiin waldhabdeen gosaa yoo uumame, dhimmoonni dursa maanguddoota gosaa (jarsa biyya) kanneen sadarkaa Gadaa gara dhumaa keessaa ta'aniin akka ilaalamu ta'a. sababni isaas maanguddoonni kunneen gahumsa waldhabdee furuu fi dandeettii araarsuu kan qaban akkasumas kanneen of kabajaniifi nama biraas kabajuudhan hawaasa keessatti beekkamaniidha. Akka qorataan wayita odeeffannoo funaanuuf dirree ture kan hubate garuu yaada Asebe (2007) olitti ibsame kanaan xiqqoo garagarummaa qaba. Sirna gadaa keessatti gaheen nagaa buusuu sadarkaa gadiitti hayyuu gosaatiif kennama. Sadarkaa hayyuu gosaatii olitti abbaa Gadaatiin dubbiin qabama. Keessattuu walitti bu'insi gosaafi gosaa hoo uumame abbaa gadaatu hayyuu walitti baasee akka qorataniifi fala akka dhahan taasisa. Akka hawaasa Gujiitti nagaa hawaasaa bu'uura tumaa seeraa sirna Gadaatiin eegama. Ilaalchi hawaasni nagaaf qabuufi waldhabdeen hoo muudate eenyuun akka hiikamu yaa'a gadaa irratti lallabama. Fakkeenyaaf, waldhabdeen uumame sadarkaa nama dhuunfaatti

hoo ta’e hayyuu gosaa, kan yaa’i gadaa filatee mirkaneesseen ilaalamee furama. Waldhabdeen uumame sadarkaa gosaafi gosaa yookiin sadarkaa Gujiifi Gede’oo gidduutti hoo ta’e Abbaa gadaatuu dubbicha qabatee akka furamu taasisa. Sababni isaas akka duudhaa Gujiitti sirna Gadaa keessatti Abbaan Gadaa gaggeessaa hawaasaa beekumsa gabbataa qabu jedhamee amanama. Abbaan gadaa hanga sadarkaa gadaa gahutti umurii adda addaatti gahee taphataa muuxannoo aadaa, duudhaa, safuufi seeraa, qophaa’ummaa qaamaafi xiinsamuu kan horate waan ta’eef ummaticha gaggeessuuf gahumsa qabaachuu isaa itti amanamee Qaalluudhan muudama. Kanaafuu, Abbaan Gadaa dhugumaan bakka bu’aa hawaasichaa kan ta’e, sirni hawaasichaa akka itti fufu kan hojjetuudha. Hawaasicha keessatti guddinni hawaas-siyaasaa, nagaafi diinagdee akka mirkanaa’uuf kan hawaasa gaggeessu qama aangoo olaanaa qabuudha.

Uummanni Oromoo Gujii hayyuulee aadaa kanneeniif kabajaafi ulfina guddaa kenna. Waan isaan jedhaniin bula. Akka odeefkennitoonni (Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaafi kan biroo) jedhanitti waan hayyuun jedhe hindidan, murtii hayyuun dabarse dura hindhaabbatan seeraa miti. Fakkeenyaaf, Gondooroon raawwatamee booda waljaalachuu malee, walhammachuufi waliin jiraachuu malee haloon hinjiru; haloon aadaa Gujii keessatti hinjiru. “ haloo qabatanii waliin hinoolan” jedhama. Lafa jilaallee haloo qabatanii hindhaqan. Araara sabaafi sabaa Gondooroodhan erga golobanii booda namni kamuu saba yookiin gosa bakka bu’ee walhinxuqu; aadaa miti. Araara booda namni nagaa booressu hoo mul’ate hawaasichi of keessaa baasee seeraan akka adabamu godha malee hindeeggaru; yakkamaadha jedhee amana.( Odeefkennaa Abbaa Girjaa).

Seeraafi qajeeltoowwan nagaa sirna gadaa keessatti tumaman nama yookiin gareen dide waaqni balaa akka irratti uumu amanu (Hinnant, 1977). Yaada kana bifuma cimsuun hirmaattonni afgaaffii fi marii garee irratti hirmaatan akka ibsanitti waan hayyuun jedhe kan didu hinjiru; hoo waan hayyuun abbaa gadaa jedhe dide hintolu. Namuu abbaa gadaa yookiin hayyuu abbaa gadaa didee nagaa hinargatu; ni bada jedhamee amanama. Akka aadaa Gujiitti namuu waan abbaan gadaa jedhe, yookiin waan hayyuun gosaa jedhe hindidu. Hayyuun abaarraan guyyaa takko nama hin oolchu jedhamee amanama. Hawaasnis nama yookiin garee waaan hayyuun gosaa jedhe dide ofirraa adda baasa (odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa). Kanaafuu, sirna gadaa keessatti nagaa hawaasaa eeguuf caasaa sirna gadaa keessatti hayyuun gosaa, abbaan gadaafi Qaalluun gahee sirna gadaatiin kennameef qabu. Fakkeenyaaf,

waldhabdee gosaafi gosaa yookiin Gujiifi Gede’oo gidduutti uumame furuuf Abbaan Gadaa Gujiifi Qaalluun irratti argamu.

Argamuun isaanii araarri akka bu’uufi nagaa fulla’aan akka mirkanaa’u taasisa. Sababni isaas garee kamuu Abbaan Gadaafi Qaalluu ni kabaju; ni sodaatus. Waan isaan itti amanan namuu hojiirra oolcha jechuudha.

## Gujii fi Amantii Isaa

Hawaasni Gujii akkuma gosoota Oromoo biroo Waaqa uumaa amana. Kanas kan hubannu sirna gaggeessu hunda keessatti maqaa Waaqaa waama. Eebba keessatti Waaqa waama. Qorataan wayita odeeffannoo qorannoo funaanuuf Gujii keessa turetti hayyuun gosaa hawaasicha keessatti kabajaa guddaa akka qabu hubate. Kabajaan kun kan kennamuuf caaseffama sirna Gadaa keessa umuriidhan gahee taphatanii sadarkaa hayyummaa gahan. . Akka ilaalcha Gujiitti hayyuun gosaa qaamolee yaa’a gadaarratti hayyummaan kennameefiidha. Hayyuun gosaa kan hojjetu seera fi safuu yaa’a gadaarratti tumamu hojii irra akka ooluufiidha. Hawaasa Gujii keessatti hayyuun gosaa kan jedhe namuu hindidu. Sababiin isaas hayyuun nama hoo abaare nama balleessa jedhamee amanama. Waaqnillee kan hayyuun jedhe dhagaha jedhamee amanama. Sirna Gadaa keessatti Waaqni uumaadha. Sirni Gadaa hariiroo namaafi uumaa, namaafi umama biroo yaa’arratti lallaba. Waan yaa’arratti lallabame immoo seeraafi safuu ta’ee hojiirra oola. Maddi seeraafi safuu uumaadha. Sirni Gadaa waan uumaan yookiin Waaqayyo jaalatu hojiirra oolcha. Gochaalee Waaqni hinjaalanne hawaasichi akka hinraawwanne seeraafi safuun qajeelchu.

Negessa (2021) akka ibsetti amantaan Gujiin aadaa Waaqeffataa turan/jiru, akkuma gareewwan Oromoo biroo Waaqaa (Waaqayyootti) kan amanan. Kutaalee zoonii adda addaa keessatti hojiiwwan sirnaa hedduun ni raawwatamu. Sirni yookin waaqeffannaan inni guddaan bifa qaamaa kan akka mukaa osoo hin taane Waaqni uumaadha.  Kanaan wal qabatee Gujiin wantoota qaamaan mul’atan osoo hin taane hafuura Waaqaa isaan keessa jiraata jedhamee amanamu akka waaqeffatan ibsa. Qaalluun, abbaa amantii Gujiiti. Amantiin aadaa Gujii, Waaqeffannaa dha. kunis Waaqa tokkicha waan hundumaa uume fi humna isaatinis hunda caalaa kan ta’e amana.

Haaluma yaada Negessa (2021) deeggaruun qorataan odeeffennoo funaanuuf dirree qorannoo Gujii keessatti taasisaa ture keessatti waa’ee dhaabbata Qaalluu (Qaalluu institution)

hirmaattonni afgaaffii fi marii garee akka kaasanitti Qaalluun abbaa afuuraa Gujiiti. Abbaa afuura jechuun lafarratti hawaasni qajeelfama Waaqaa akka hincabsine kan to'atuudha.

Fakkeenyaaf, raawwii Gondoroo akka Garee Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu irratti Qaalluun ni argama. Argamuun Qaalluu Gondoroon sirnaan raawwatamuu hawaasichi akka amanee fudhatuufi haloof akka wal hinbarbaanne taasisa (Odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Galchaafi kan biroo).

Uummanni Oromoo Gujii uumaatti amana. Uumaa kanaan "Waaqa "jedha. Waaqni waan hunda arga. Duudhaa Gujii keessatti gochaalee Waaqni jaalatuufi hinjaalanne jedhamee adda bahee hawaasni sadarkaa caasaa hawaasaa adda addaa keessatti barata. Maatiinillee dhalatti himaa guddisa. Namni safuu cabse, seera darbe hayyuun aadaa karaatti kan deebisuuf Waaqni nama kanaafi dhaloota isa booda jiru akka hinballeesineefi. Namni seera cabse, namni nama ajjeese, yakka hawaasichi lagatu dhoksee hoo raawwate Waaqni waan arguuf ni bada, dhaloota isa boodallee balleessa. Kanaafuu, akka aadaatti raawwii duudhaatiin qulqulleessuudhan gara hawaasaatti deebisu. (odeefkennaa Jaarraa Waaree Ona'oo).

Waaqayyoon lafarraa fagaatee samiirra waan jiruuf uummata Gadaadhaan buluuf Qaalluu erge jedhanii amanu (Asebe Regesa, 2007). Gadaan immoo seera nagaafi safuu jireenyaa qaba. Namni seeraafi safuu kana hoo cabse namni sun yookiin gareen isaa akka badu, akka manca'utti amanu (Hinnant: 1977). Waldhabdeen sadarkaa namaafi namaa akkasumas kan garee uwwisa xiqqoo qabu sadarkuma hayyuu gosaatti hiikkata. Gosa adda addaa lama yookiin sabaafi sabaa hoo ta'e garuu sadarkaa Gumii abbootii Gadaatti ilaallamee furama. Gaafa san Qaalluun irratti argama. Qaalluun sadarkaa caasaa hawaasa Gujii keessaa isa aangoo olaanaa qabuufi sodaattamuudha. Waan gumiin abbootii gadaa murteessan san namni kamuu fudhatee ittiin jiraata. Sababni isaas araaricharratti Qaalluun waan jiruuf sodaatama. Qaalluun lafarratti bakka bu'aa Waaqaati waan ta'eef baayyee kan sodaatamuufi kan kabajamuudha. Qaalluun qaama namaafi waaqa walqunnamsiisu akka ta'etti amanama. Akka odeefkennittoonni (Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Jaarraa Waaree) jedhanitti gaafa Gondooroo sabaafi sabaa raawwatamu Qaalluun araara keessa jira. Abbootii gadaa duuka deema. Raawwii ilaala. Qaalluun kan irratti argamuuf araara booda namuu akka waldhabdeetti hindeebine taasisa. Nmani yookiin gareen araara booda halootti deebi'e, waldhabdeetti deebi'e Qaalluun ni abaara jedhamee waan amanamuuf namuu araara bakka Qaalluun jirutti raawwatame booda waldhabdeetti hindeebi'amu. Qaalluun abaare

jennaan guyyaa tokkollee hinoolchu; hawaasichuu ni bada jedhamee sodaatama. Kanaafuu, akka amantiitti uummanni Oromoo Gujii Waaqatti kan amanan hoo ta'u Qaalluu immoo akka abba amantii isaanitti fudhatu; lafarratti akka bakka bu'aa Waaqaa ta'etti ilaalu. Kanarraa kan ka'e waan Qaalluun jedhu malee hinraawwatan. Fakkeenyaaf, abbaan gadaa kamuu Qaalluun fudhatee hoo muude malee abbaa Gadaa ta'uu hindanda'u. Eeyyantaa Qaalluu malee abbaa Gadaa ta'uun hindanda'amu jechuudha.


Akka amantii Oromoo Gujiitti waldhabdeen dhaabbatee nagaan kan bu'u hayyoonni aadaa safuufi seera gadaa cabe qoratanii qaamni safuufi seera hawaasaa bu'uuraan Gadaarraa madde cabse beekamee hayyuun qabamee, qaamni miidhamellee hayyuuf qabamee akka duudhaatti gochoonni raawwatan tartiibaan raawwatamanii Gondooroodhan golobamu. Guyyaa Gondooroo kana waldhabdeen ture kan sabaafi sabaa keessattuu Gujiifi Gede'oo hoo ta'e Abbootiin Gadaa saboota lamaanii yaa'icha eebbaan afaan kan saaqaan hoo ta'u "araara" jedhu. Raawwii araara Gondooroo kana irratti Qaalluun wanti argamuuf araarichi namaafi Waaqa gidduutti kan raawwate waan ta'eef lamuu akka walitti hindeebineefidha. Akka amantii hawaasichaatti Qaalluun bakka jirutti araaramanii haloo walqabachuun hinjiru. Waaqatu jira jechuudha. Bakka Qaalluun jirutti waan dhuma argate cufame jechuudha. San booda diinummaan hinjirtu. Tarii namni yookiin gareen haloo qabate hoo jiraate hinofkolu, ni bada jedhamee amanama. Qaalluun abaarraan hintolu, ni balleessa jedhu.

Uummata Oromoo Gujii biratti har'as Qaalluun abbaa afuuraa Waaqaafi nama walqunnamsiisu, abbaa gadaa kan muudu, seeraafi safuun hawaasichaa sadarkaa olaanaadhaan akka kabajamuuf qaama sodaatamuufi gahee guddaa qabuudha. Dhaloonni haaraanis akkuma duriitti waan hayyuun murteesse, waan Qaalluun keessa jiru ni kabaja, ni sodaatas ( odeefkennitoota , Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa).

## 4.2. Fincaan Shanan Gadaa Gujii

Akka odeefkennitoonni (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaafi kan biroo) himanitti Gujiin fincaan shan qaba. Fincaan shanan kanatu dabaree dabareedhan wagga saddeet saddeetiin aangoo gadaa walirraa fuudha. Aangoon gadaa fincaanuma shanan kana keessa waggaa sadeet saddeetiin marmaarti. Fincaan shanan jechuun afaan bara keenyaatiin paartii jechuudha.

Haaluma Kanaan fincaan shanan Gujii:




Fincaan tokkoon tokkoon aangoo erga qabatee booda yaa'a qaba. Yaa'a kanarratti hayyuu gosaa filata. Hayyuun gosaa kunneen warra baallii kenne keessaa filatamu. Hayyuun filataman kunneen yaa'aan maqaan moggaafamaaf. Fakkeenyaaf odeefkennitoota keessaa hayyuun yaa'a Halchiisaa ture, maqaan abbaan baaseef Tokonee Baallii jedhamu maqaan yaa'aatiin abbaa Girjaa jedhamu.  Akka hayyuu abbaa gadaatti tajaajila sirna gadaa kan raawwatu maqaa yaa'aa Kanaan waamamu. Dhimma waldhabdee hawaasa keessatti muudatu akka dhuunfaattis ta'ee akka garee sabaatti waldhabdee uumaman qoruudhan nagaan akka bu'u gahee taphatu. Akka hayyuu abbaa gadaatti maqaa yaa'aa qabu jechuudha.

**Balbala/ Gosa**

Gujiin balbala yookiin gosa torba qaba. Gosti torbanuu fincaan shanan keessattuu hayyuu abbaa gadaa mataa isaanii qabu. Hayyuun kunneen Daarimuufi Kootomaa qaba. Daarimuun sadi hoo ta'u Kootomaan afuri.

| **Daarimuu**: | **Kontoma**: |
| --- | --- |
| Galaalchaa Meettaa | Waajituu Baddaa, |
| Angaatuu Muxxii | Sabbartuu Gallee |
| Daraartuu Baabbaa | Gola Adaltuu |
| | Haloo Angeetuu. |

Adeemsa Duudhaa Gondooroo keessatti gosa torban keessaa hayyoonni abbaa gadaa daarimuufi Kootomaan walitti dhufanii dubbii qoru. Gondooroon raawwatamu kan sabaafi sabaas hoo ta’e Abbootiin gadaa saba lamaanii hayyuusaanii kanneeniin dabaalamanii walgahanii dubbii qoru. Hayyuun yaa’aa irratti filataman kunneen sirnaafi duudhaa sirriitti kan beekaan waan ta’eef waan rakkoo ta’e hunda haala duudhaatiin kan furaniidha. Sirni araaraa kan nama dhuunfaas ta’ee kan garee sabaafi sabaa keessatti hirmaannaan hayyuu abbaa gadaa haala Daarimuufi Kootama eeggateen ta’uu qaba. Raawwii duudhaa nagaa buusuu tokkorratti lamaanuu ni argamu malee tokko callaadhan hinraawwatamu.

## 4.3. Seenduubee Hariiroo Gujii Fi Gede’oo

Ummanni Gujii fi Gedeo hawaasa ollaa kutaa kibba Itoophiyaa keessa jiraatanidha. Akka Asebe (2007) ibsetti Gujiifi Gede’oon seenaa wal tumsuu, wal-irratti hirkatanii kan jiraatanii fi hariiroo gaarii barootaaf ture qabu. Hariiroon isaanii haala teessuma lafaan daangaa dheeraa kan qooddatan, daldala dinagdee, gochaalee aadaa tokko tokkoo kan waliin qaban fi wal fuudhuu irraa kaasee hanga ragamtaa ‘hidda dhalootaa akaakayyuu tokko waliin qabu’ jedhutti kan argamudha. Qorataan wayita odeeffannoo qorannoo kanaa funaanuuf dirree Gujiifi Gede’oo turetti hariiroon Gujiifi Gede’oo Afaan Oromoofi Gedu’uffaa walkeessa kan dubbatan, hoo barbaadan Afaan Oromoo dubbatu, ennaa fedhan immoo Gedu’uffaan dubbatu. Fakkeenyaaf, hirmaattonni afgaaffiifi marii garee miseensota hayyeechaa Gede’oo ta’an hayyeechaa Jaboo kuraa, Hayiluu Beyyene, Belay Birree, Hayyechaa Alamaayyoo fi kan biro afaan Oromootiin ragaa qorannoo kennan. Haaluma walfakkaatuun hirmaattonni Gujiis Afaan Gede’uffaa ni dubbatu. Kana malees qorataan yuniversiitii itti barsiisu, Yuniversiitii Diillaa keessa hojjettoonni sabaan Gede’oo ta’aniifi Gujii ta’an bifuma walfakkaatuun afaan lamaanuu kan dubbatan ta’uu hubateera.

## 4.4. Seenduubee Aadaafi Hawaasummaa Saba Gede’oo

Dirreen qorannoo kanaa inni biroo Godina Gede’ooti. Godinni Gede’oo mootummaa naannaaoo kibba Itiyoophiyaa keessatti argama. Magaalli guddittii godina Gede’oo Diillaadha. Ummanni Gede’oo qonna qindaa’aa ‘integrated agriculture’ irratti kan hundaa’an ta’ee Bunaafi Qooccoo bali’inaan omishu. Bunni addunyaarratti jaalatamuun beekamu Bunni Yirgaacaffee godinichatti omishama.

Akka odeefkennaan (hayyeechaa Hayluu Bayyanaa) ibsanitti Gede’oon damee kuush lafa baddaati. Seeneessa eessaa dhuftee Gede’oo ilaalchisee odeefkennitoonni marii gareefi afgaaffiin odeeffannoon kennan Gede’oon dhaloota kuush lafa baddaa ta’ee ilmaan Jiillee Jiddaa keessaa tokkoodha. Jiillee Jiddaa ijoollee sadi Darasoo, Uraagoofi Booruu jedhaman qaba ture. Ilmaan kanneentu wal horee horteen isaanii hawaasa of danda’e ta’anii bahan. Darasoon abbaa Gede’ooti. Uraagoon Gujii hoo ta’u, Booruun Boorana ta’e jedhanii amanu.

Akka odeefkennitoonni (Hayyeechaa Alamaayyoo, Hayyeechaa Hayluufi hayyeechaa Jaboo Kuraa) himanitti Darasoon ijoollee torba haadha manaa lamarraa horate qaba. Tsegahe (2019) akka ibsetti hadha manaa jalqabaarraa ijoollee afur maqaan isaanii Darashaa, Daba’oo, Gorgorshaafi Hanumaa jedhaman horate. Isaan kunneen Shoolee Baaxee jedhamu. Afaan Gede’ootiin Shooleen afur hoo ta’u Baaxeen ilma (ijoolleedha). Ilmaan afran Ged’oo warra hangafaati. Haadha manaa lammataa irraa immoo ijoollee sadi maqaan isaanii Hembaa, Logodaafi Baaroo jedhaman dhalche. Isaan kunneen Seesaa Baaxee jechuun sadan ilmaan Gede’oo jechuudha. Ijoollee turban kunneen amma lafa amma Godina Gede’oo jedhamee beekamu kana irratti gosa torbatti qoodamanii jiraataa jiru. Akka odeefkennaan (Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Gorsaa Abbaa Gadaa Gede’oo Yeroo ammaa) ibsanitti Gede’oo keessatti gosti ijoollee afran duraatiin moggaafaman hangafummaa qabu. Isaan lammataa immoo ilmaan quxusuu jedhamu. Har’as jireenya hawaasummaa keessatti hangafummaa Kanaan iddoo waliif kennu, kabajaa waliif kennu, duursa waliif kennuudhan ittiin jiraataa jiran.

Akka odeefkennitoonni (Hayyeechaa Hayiluu, Balaay Birree, Hayyeechaa Alamaayyoo) jedhanitti Abbaan Darasoo, Uraagaafi Booruu ijoollee isaa ofitti waamee ebbise. Darasoo hoo eebbisu “harki kee jiidhaa haa ta’u, bakka deemteetti coqorsa dhaabi, oddoon kee hingogin, hangafummaan margaa sirraa hindhabamin “jedhee eebbise. Kanaaf, ijoolleen Darasoo yookiin Gede’oon hangafummaa gonfate jedhu.

Hangafummaa Gede’oo irratti hayyoonni Gujii yookiin Uraagoos hin haalan. Gede’oon hangafa ilma Oromooti jedhu. Obboleessa hangafa keenya jedhu. Akka duudhaa Oromoo ganamaatti obboleessi obboleessa hinajjeesu, aad-maleedha. Hoo danuu ta’e Gondooroo qaba. Gujiifi Gede’oo gidduutti waldhabdeen hoo muudateefi lubbuun hoo darbe Gondooroo qaba. Sababni

isaas obboleeyyii waan ta’aniifi (odeef Abbaa Galchaa, Abbaa Aanolee, Aanaa Duugda Daawaa, Ganda Magadaa).

Akka odeefkennitoonni kunneen jedhanitti Gede’oon sirna bulchiinsaa sadi keessa darbee as gahe. Sirna bulchiinsa Akkoo Manooyyee, sirna bulchiinsa Gosaalloofi sirna bulchiinsa Baalleeti. Sirna bulchiinsa akkoo manooyyee fooyyessuudhan sirni dhufe sirna bulchiinsa Gosaallooti. Gosaalloo jechuun sirna bulchiinsa hidda latii dhalootaatiin darbu jechuudha. Sirna bulchiinsa hidda dhalootaatiin darbu fooyyessuudhan sirna Bulchiinsa Baallee jalqabe. Yeroo ammaa kana sabni Gede’oo bulchiinsa mootummaa hammaayyaa cinaatti sirna bulchiinsa Baalleetiin bulaa jira. Sirni Baallee akkuma sirna Gadaa Oromoo duudhaan, safuufi seerri hawaasichi ittiin jiraatu kan irraa maddeedha.

Akka hayyoonni aadaa Gede’oo olitti maqaan isaanii ibsame kunneen jedhanitti sirni Baallee gulantaa sadi qaba. Gulantaan olaanaan Hayyuudha. Hayyuun saba Gede’oo keessatti beektota aadaati; dubbii kan qajeelchaniidha. Raawwii Gondooroo keessatti gahee kanneen taphataniidha. Gulantaa lammataarratti kan argaman Wayyuu jedhamu. Isaan kunneen damee afuuraati. Wayyuun gosoota Gede’oo torban keessaa bakka bu’a. Gulantaa sadaffaarra (grass root level) kan jiran Faanchoo jedhamu. Hawaasni bal’inaan gulantaa kana keessatti argama.

Akka odeefkennitoonni hayyeechaawwan Gede’oo ibsanitti Hayyuu kan jedhaman kanneen sirna gadaa keessatti barumsa argachaa gahee tokko sirnaan xummuranii gahee biraatti cehaa sadarkaa hayyoomaa gahaniidha. Seeraafi safuu yaa’aan tumame kan sirriitti beekan, dubbii beektota. Beekumsa aadaa gonfataniin hawaasni kabaja guddaa isaaniif kenna.

## 4.5. Gedeo fi Sirna Gadaa Isaa

Hawaasni Gede’oo sirnoota bulchiinsa aadaa sadi keessa darbbera. Isaanis Sirna bulchiinsa Akkoomanooyyee, Sirna bulchiinsa Gosalloofi Sirna bulchiinsa Gadaa Baalleeti (Hayyechaa Hayiluu Bayyanaa). Haaluma walfakkaatuun Tadesse (2008) akka ibsutti bulchinsi Akkoomanooyyee sirna bulchiinsi hawaasaa dubartootaan gaggeeffamuudha. Sirni Akkoomanooyyee hawaasa keessatti akka sirna cunqursaa dubartoonni dhiirotarraan gahanitti afseenaa keessatti kan ka’u ta’uu ibsama. Afseenaa hawaasa Gede’oo keessatti sirni Akkoomanooyyee sirna bulchiinsa dubartootaa gara jabummaafi ajaja humnaa olii yookiin ajaja

raawwachuuf rakkisaa ta'an dubartoonni dhiirota kan ajajaa turan ta'uun beekama ( Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa Afgaaffii guyyaa 24/ 5/ 2014, Dillaa).

Tadesse (2008) akka ibsetti sirni Akkoomanooyyee dhiironni lafa qotanii akka oomishan taasisuudhan hawaasa Gede'oo diinagdee adamoo irraa gara qonnaatti kan jijjiireedha. Bara san keessa dhiironni lafa qotanii omisha midhaan, kuduraafi muduraa akka omishan tasiseera jedhamee amanama. Kun immoo dhiironni bakka tokkotti qubatanii hojii qonnaatti akka bobba'aniif karaa kan saaqe ta'us boodarra garuu dhiironni humna argatanii sirna Akkoomanooyyee ofirraa kaasuufi sirna dhiiraan dhuunfatame Gosalloo jedhamu hundeessuuf carraa argataniiru (Taddesse et al, 2008). Hirmaattonni afgaaffii Hayyeechaa Jaboo Kuraafi Hayiluu Bayyanaa akka ibsanitti sirni Gosalloo, sirna dhiiroonni hidda dhiigaa lakkaawwatanii aangoo walitti dabarsaa turaniidha. Sirni Gosaalloo hirmaachisummaafi hundagaleessummaa hinqabu ture. seera kan ta'u kan hawaasni mari'atee irratti waliigale osoo hinta'in kan gaggeessaan Gosalloo jedhutu seera ta'ee hawaasni bal'aan ittiin bula. Gaafa aangoo dabarsu hidda dhaloota gaggeessaa duraanitu irraa dhaala malee gosoonni Gede'oo kan biroo aangoo hawaasa isaanii hogganuu hinargatan ture. Yaaduma kana Tadesse (2008) irratti hoo ibsu, sirni Gosalloo sirna bulchiinsa mootiitiin kan walfakkaatu hoo ta'u kan mootiin jedhutu seera hawaasaa ta'a malee kan hawaasni jedhuu miti. Kanaafuu, sirni Gosalloo sirna cunqursaa Akkoomanooyyee jijjiiruu danda'us sirna fedhiifi dantaa hawaasa Gede'oo quubse waan hintaaneef fudhatama dhabee gara sirna aadaa hunda galeessaafi hunda hammataa ta'e sirna Gadaa Baalleetti jijjiiramuuf dirqameera.

Sirni bulchiinsa dhiirotaa kan dhiironni sanyiin aangoo walitti dabarsaa turan yookiin sirni hidda dhalootaatiin aangoo bulchiinsaa walirraa dhaalchisu sirni Gosalloo gara bulchiinsa aadaa gosa torban Gede'oo hammatuufi gahee taphachiisu sirna Baalleetti jijjiirame jechuudha.

Akka hirmaattonni afgaaffii qorannoo kanaa keessatti ibsanitti sirni Baallee akkuma sirna Gadaa Gujii wagga saddeet saddeetiin osoo irra hindeebisin aangoo bulchiinsa siyaasaa, hawaasummaafi amantii walitti dabarsaniidha. Sirni Baallee Gede'oo hawaasa Gede'oo gulantaa umuriitiin bakka sagalitti kan qoodu hoo ta'u, isaanis akka armaan gadii ta'u.

**Qadaadoo→Siidaa→ Lumsaa →Raaba →Luba→ Yuuba →Guduroo→ Qulqulloo →Chawaajee.**

Akka odeefkennitoonni Gede’oo keessaa afgaaffii keessatti kaasanitti caasaa tokkoon tokkoon gidduu waggoota saddeet saddeetu jira. Sadarkaa luubaa gaafa gahu Abbaa Gadaa ta’uuf dorgommiif dhiyaata jechuudha. Haala kanaan sirni Baallee hawaasa Gede’oo bakka sagalitti qooduudhan gahee siyaasaa, hawaasummaafi amantii keessatti taphatan kan qooduufiidha. Sirna Baallee keessatti haaluma sirna Gadaa Gujiitiin walfakkaatuun aangoo olaanaa kan qabu Yaa’a Baalleeti. Yaa’iin Baallee aangoofi itti gaafatamummaa qaamota sirna Baallee keessatti gahee taphatan ni labsa, hayyeechaawwan gosaa ni moggaasa, seeraafi safuu hawaasichi waggoota saddeettan dhufu kabjuu qabu ni labsa.

Sirni baallee Gede’oo teessuma 8 kan qabu hoo ta’u teessuma 9ffaa duwwaa ta’a. Akka odefkennitoonni marii gareefi af-gaaffii yeroo deebisan ibsanitti sirni baallee Gede’oo hojii raawwachiistuu 8 kan gosoota Gede’oo hunda irraa filataman kan qabuufi teessuma 9ffaan immoo jiraatus kan “Maganoo”ti jedhamee waan amanamuuf duwwaa ta’a; irra hintaa’an ( odefkennitoota Hayeechaa Hayiluu Bayyanaa, Alamaayyoo, Jaboo Kuraa). Hojii raawwachiistonni kunneen Roogaa jedhamu. Subbotii Roogaa, Dhibata Roogaafi Riqataa Roogaa irraa walitti kan dhufan hojii raawwachiistuu saddeetiin sirni baallee gaggeeffama jechuudha. Teessumni Saglaffaan kan Maganooti (Waaqaati) jedhanii kan amanan hoo ta’u akka ilaalcha Gede’ootti Maganoon lafaafi samii kan uume uumaa dhiyoo jiruudha (odef. Hayiluu Bayyanaafi Jaboo Kuraa).

**Wayyuu** kanneen jedhaman immoo kan Maganoo (Waaqa) kadhataniidha ( hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Jaboo Kuraafi Balaay Birree ) bifa walfakkaatuun ibsaniiru.

**Faanchoo** sadarkaan caasaa hawaasaa Faanchoo jedhamu hawaasa gara gad jalaatti. Hawaasni gara gad jallaa kunneen raawwii aadaa keessatti gahee kanneen hin qabne jiraattota. Kanneen waan aadaa itti hinhimamnedha ( hayyeechaa Hailu bayene).

**Songoo**

Soongoon ijaarama sirna Baallee booda sirna Baalleetiif raawwiiwwan haqaa, seerotaafi hawaasummaa itti raawwachuuf itti yaadamee bakka qophaa’eedha. Bakkeewwan Songoo dhimma haqa hawaasaa, dhimma seeraafi hariiroo hawaasaa eeguuf gosoota Gede’oo hundi kan qopheeffatuudha. Akka odeefkennaan (Hayyeechaa, Hayiluu Bayyanaa) ibsanitti Songoon saba Gede’oof waan hunda.

Bakka Sangootti haqa argata, Bakka Sangootti mari'ata, Bakka sabni Gede'oo odeeffannoo itti waljijjiiruudha.  Seerriifi safuun sirna Baallee keessatti tumamu yookiin labsamu kan hojiirra bakka Sangootti.

Akka odeefkennitoonni yeroo afgaaffii fi marii garee keessatti ibsanitti akka saba Gede'ootti Songoo guddaan , Songoo Odaa Yaa'aati. Songoon kun hawaasni Gede'oo gahee hojiifi aangoo kan itti waliif qoode yaa'a Songoo Odaa Yaa'aa kanarratti akka ture ibsu ( Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaafi Kan biroo).  Gosoonni Gede'oo torban Wayoo jedhaman : Wolliidaa, Oramee, Goregorshaa, Argooraa, Waataa, Banqaanoofi Dallaccaank an itti filatamaniifi eebbifaman akka ta'e himama.

Sangoo hawaasa Gede'oo guddaan inni lammataa Sangoo Kaarraa kan jedhamu hoo ta'u,  yeroo waraanaa, yeroo dhibeen akka biyyaatti dhufe, roobni dhibee hongeen hoo cime,  biyyi rakkoof hoo saaxilame bakka itti mari'atanii kallattii kennan, bakka itti waadaa galaniidha (hayyeechaa Alamaayyoofi Jaboo kuraa).

Akka odeefkennitoonni ijoon marii gareefi afgaaffii keessatti ibsanitti, Songoon bakka seerri itti lallabamuudha. Songoon jiruufi jireenyi hawaasa Gede'oo kan hammateedha. Songoon jalqabaa Odaa yaa'aa Songoo hoo ta'u innis aanaa Buleetti argama. Songoowwan san boda hundaa'an Songoo Odaa yaa'aa kana irraa Qorciisaa yookin saardoo buqqifatanii dhaabbachuudhan Songoo hundeessu. Akka aadaa Gede'ootti Qorciisaan eebba abbaa isaanii Daraso irraa argataniidha. Qorciisaa dhaabanii, mana Songoo ijaaranii Songoo hundeessu. Bakki Songoo hayyeechaafi wayyuu mataa ofii qaba. Bakki Songoo bakka ulfoodha. Hayyeechaan nama ajjeese Songoo irratti abbaa murtii hinta'u. Songoo irra hintaa'u. Duritti waraanni hoo dhufu bakka Songootti hawaasichi mari'ata, sirni haqaa itti gaggeeffama, Bakki Songoo bal'inaan bakka kadhaa waaqaati (maganooti). Dhimmoonni hawaasummaas bal'inaan irratti ilaalamu.

Walumaagalatti Songoon sirna bulchiinsa aadaa bakka itti hojiirra oolu, murteen haqaa bakka itti kennamu, haqni hawaasummaa bakka itti kabajamu, rakataan yookiin kara deemaan bakka itti goree bulu, kan yakka raawwate illee mana Songootti hoo baqate hanga waan duudhaa raawwatamutti namuu kan hintuqne akka ta'e odeefkennitoonni ibsaniiru. Bakki Songoo torban keessatti gaafa Kibxataa, Kamisaafi Dilbataa tajaajila hawaasummaa saba Gede'oof kennaa akka

jiru odeefknnitoonni (Balaay Birree, Hayyeechaa Alamaayyoo, hayyeechaa Hayluu Bayyanaa) himaniiru.

Akka yaada hirmaattota marii gareefi afgaaffii irraa hubatametti Songoon bulchiinsa sirna Gede'oo Baallee keessatti dhaabbata hawaasummaa kaayyoo hedduu qabuu fi hojiiwwan adda addaa itti raawwatamanidha: bakka seeroonni itti tumamuu fi hojiirra itti oolan; dargaggoonni hawaasummaa bakka itti shaakalan; ga'eessonni bakka Maganoo (Waaqa) itti kadhataniidha. Walumaagalatti Songoon dhaabbata siyaasaa, afuuraa fi aadaa ti (Kippie et al. 2008: 42-47). Bulchiinsi lafa Gede'oo Roogaan kan qoodamu hoo ta'u, Songoon garuu bu'uura gosaa irratti gurmaa'a. Haaluma kanaan gosoota torba Gede'oo keessaa tokkoon tokkoon isaanii keessatti dhaabbilee Songoo 75 wal qixa raabsamanii jiru. Walumaagalatti Gede'oo keessatti dhaabbileen Songoo 525 hundeeffamanii sirni Baalleen akka sirnaatti ittiin hojiirra oolu jiru jechuudha ( odeefkennaa ijoo Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa). Akka odeefkennitoonni hayyeechaawwan Gede'oo Hayyeechaa Hayiluufi Jaboo Kuraa ibsanitti Gede'oof Songoon waan hunda; bakka marii dhimma gosaafi Gede'oo, bakka seeraafi safuun hawaasaa itti baratamu, bakka gosaaf Waaqni itti kadhatamu, bakka murtii haqaa hawaasaa itti deebi'u jechuun kaasu.

Bakki Songoo daanga'ee dallaan kan itti tolfamu ta'ee "Qorciisaa" (Irreessa) irra dhaabu. Akka ilaalcha Gede'ootti qorciisaan yookiin Irreechi eebba abbaa Darasoof kennameedha. Daraso ilma Jiillee hangafaadha. Ilmaan Jiillee Daraso, Booruufi Gujoodha. Isaan kanneentu har'a Gede'oo, Booranaafi Gujii akka ta'an ragamtaa eessaa dhuftee Gede'oo irratti yaada afgaaffiif kennan keessatti kaasaniiru odeefkennitoonni Gede'oo irraa hirmaatan Hayyeechaa Alamaayyoo, Hayiluufi Jaboo Kuraa. Kanaafuu, gosa torban Gede'oo keessatti Songoowwan jiran eebba abbaa kana irratti hundaa'uun Songoo isaanirratti qorciisaa (Irreecha) dhaabuun aadaadha. Kana malees lafa Songoo daangeffame san irratti mana ijaaru. Manni kun balballi isaa hincufamu. Manicha keessatti muka, ibidda, midhaan dheedhii yookiin daakuu kan kana fakkaatu keessatti kaa'u ( odeefkennitoota marii gareefi afgaaffii). Akka yaada odeefkennitoota kanneenitti balballi mana Songoo irratti argamuu kan cufuu dhiisanii namuu hoo dadhabe goree akka itti aara galfatuufi keessas buluu akka danda'uufidha. Fakkeenyaaf, keessa hoo bulu ibidda qabsiifatee midhaan nyaatamu mana keessa kaa'ame bilcheeffachuu akka danda'uuf jechuun ibsan. Karaa biraa namni nama ajjeese yookiin namni baqatee hayyeechaa gosaa jalatti dheessu mana kana keessa galee taa'a. Akka seeraafi safuu hawaasa Gede'ootti nama baqatee mana Songoo keessa seene

namuu hintuqu. Hayyuun gosaa qabatee akka seeraa ta'a malee hinreebamu yookiin haloo irratti hinbahamu.



*Suura 1 Songoo Michillee*

Songoon Har'as Hojiirra Jira. (Songoo Michillee, Toora Diillaa) (Madda : Tsegahee Ebabay, 2019)

Waldhabdee namoota lama gidduu jiru hayyuu gosaatti dhiyaatanii bakka Songootti ilaalamaa jira. Yaaduma hirmaattonni marii gareefi afgaaffii kaasan haala deeggaruun Tsegahe (2019) Songoon suura oliirratti mul'atu kun Songoo Michillee, magaalaa Gede'oo guddittii, Diillaa cinaatti argamu hoo ta'u har'as bakka haqni hawaasaa itti ilaalamu, bakka kadhannaan Maganoo ( waaqaa) itti gaggeeffamuu fi dhaloonni hayyeechaa gosaa irraa seera itti baratan ta'uu ibseera.

**Gaafee**

Songoo irratti sirna Gaafeetiin dhugaan barbaadama. Akka hayyoonni aadaa Gede'oo himanitti ( hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa) Gaafeen tooftaa dhugaa barbaaduuti. Dhimmoota haqaa, haqa hawaasummaafi seeraa Songoorratti hayyootaan qoratama. Hayyoonni Gaafee fayyadamanii dhugaa baasisu. Bakka Songoo kanatti dhaloonni gosa keessa jiran umurii isaaniitti waan hojjechuu qaban gahee isaanii baratu akkasumas aadaa abbaa gadaatti hiiquudhan haala dubbiin

ittiin dubbatamu, haala dhugaan ittiin barbaadamuufi haala himannaan ittiin dhiyaatu baratu. Bakka Songoo kanatti dhugaan hawaasaa ni mul'ata jedhamee amanama. Hayyoonni gosaa Songoo irratti qaama miidhame jedhee himateefi qaama himatame walitti fiduudhan lamaanirrattuu Gaafee taasisu. Haala dubbii isaanirraa eenyu akka seera cabse adda baasanii amansiisanii murtii haqaa kennu. Kanaafuu, Songoo bakka sirni haqaa hawaasummaa irratti qoratamus jedhamuu ni danda'a jechuudha.

**Gede'oo fi Amantii Isaa**

Hawaasni Gede'oo Waaqa tokkicha maganootti amanu. Odeefkennaan (Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa) akka ibsutti amanitin Gede'oo inni duraa Maganoodha (Waaqa). Amantiin Gede'oo jalqabaa Maganoodha. Namoonni muraasni amantii hammayyaa hordofan haa jiraataniiyyu malee akka waliigalaatti Gede'oof amanitin isaa Maganoodha. Akka amantii hawaasa Gede'ootti namni hundinuu seera bulmaata hawaasichaa "Seeraa" jedhamuun jiraata. Seeraan waan eeyyamuufi hineyyemne qaba (do and don't). Akka hawaasa Gede'ootti namni kamuu gochaan raawwatu ija Seeraa kanaan ilaallama. Har'as hawaasni Gede'oo raawwii sirna aadaa keessatti Maganoo waamee kadhata ; eebbifata. Tsegaye (2019) akka ibsutti hawaasni Gede'oo nama hunda kan uume Waaqa jedhee amana. Kunis hawaasni Gede'oo Waaqa ( Maganoo) tokko kan amanu ta'uu agarsiisa. Eebba keessatti hayyeechaawwan Gede'oo hoo eebbisan Waaqa Odaya'a, Waaqa Heban, Waaqa balayyaa jedhanii eebbisu. Bakkeewwan kunneen hawaasa gede'oo biratti ulfoodha. Akka odeefkennaan Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa ibsanitti fakkeenyaaf, Odaya'aa yeroo jalqabaatiif hawaasni Gede'oo bakka itti walgahee seera tumate, mari'ate, bakka amantii itti waaqessu waan ta'eef ulfoodha.

Haaluma walfakkaatuun hirmaattonni afgaaffii deebisuuf Gede'oo irraa hirmaatan kunneen akka ibsanitti akka ilaalcha Gede'ootti Maganoon bakka hunda jira. Kanaafuu, cubbuun hoo hojjetame karaa adda addaa mul'achuudhan jiraachuu isaa mul'isa jedhanii amanu. Fakkeenyaaf, maganoon jiraachuu isaa waan aad-malee hoo raawwatame hoggeedhan, waraanaan, beelaan, dhibeedhan mul'achuu danda'a jedhanii amanu.

Tsegaye (2019) akka ibsetti bara ammaa hawaasni gede'oo amantii hammayyaa akka pirotestaantii, Islaamaafi Ortodoksiitti akka amanu kaaseera. Dhibbentaa xiqqaan qofti akka maganoo hordofu kaaseera. Haa ta'u malee hayeechaawwan Gede'oo marii garee irratti

hirmaatan akka himanitti namuu amantii adda addaa haa dhaqu malee kan Maganoo hinsodaanneefi hinamanne hinjiru jedhu. Fakkeenyaaf, akka duudhaatti hawaasni Gede'oo sirna hoo godhatu maganoo waamee eebbifata; kadhata. Waaqa namaa, Waaqa Odaya'aa, Waaqa Hebanaa, Waaqa Balayyaa kan kana fakkaatu kaasuun kadhata; eebbisa ( odeefkennaa Hayiluu Bayyanaa). Waaqa (Maganoo) abbootii, bakkeewwan kadhaa waaqaafi Waaqa madda Gede'oo waamuudhan kadhata jechuudha. Gosoota torban Gede'oo keessa qaamni waaqa ( Maganoo) kadhatuufi eebbisu Waayyuu jedhamu jira. Namni cubbuu hojjete nama Waayyuu ta'e bira deemuudhan akka maganoo kadhateefii dhiifamni godhamuuf cubbuu hojjete himata. Kanaafuu, Maganoon ilaalchaafi hawaasummaa hawaasa Gede'oo keessatti dhiyoo kan ta'eefi kan jiruudha.

**Gede'oo fi Gosa Isaa**

Gede'oon gosa torba qaba: **Dobba'aa, Darashaa, Gorgoshaa, Hunmaa, Bakaroo, Henbba'aa fi Logodaa.** Kanneen keessaa afur hangafoota hoo ta'an sadi quxusootadha ( Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Amajjii,2016). Gosti torbaniifuu maganoon gahee kenneef jedhu odeefknnitoonni marii gareefi afgaaffiirratti hirmaatan. Tokkooffaadhaf aangoo bulchuu kenneef. Lammaffaadhaf waan bishaan waliin walqabatu akka qajeelchu kenneef, sadaffaarratti Bineeldota waliin walqabatee kan jiruuf, afraffaarratti Gosa dhibee fayyisutu jira. Gosa kanaaf immoo maganoon gahee dhibee fayyisuu kenneef. Shanaffaarratti kanneen jiraniif immoo kan abaaru godhe. 6ffaan kan eebbisuudha. Raawwiiwwan aadaafi duudhaa olitti eeraman kunneen bakki itti calqqisaniifi itti hojiirra oolchaman lafa Songootti.

## 4.6. Haala Caaseeffama Caasaa Hawaasa Gede'oo


Sirna Baallee keessatti Hawaasni Gede'oo akka waliigalaatti Gulantaa saditti qoodama. Isaanis gulantaa jalqabaa irratti Hayyuu (qeenxee) Hayyeechaawwan (danuu), Waayyuu fi Faanchoo jedhamu. Hayyuu kan jedhaman sirna Baallee keessatti sadarkaa Luuba booda jiran hoo ta'an gahee gorsuufi araarsuu akkasumas huyyuu Songoo ta'anii tajaajilu. Kutaan hawaasaa kunneen miseensota Baallee kennanii Qumbii nyaatanii sadarkaan Hayyummaa kennameefiidha.

Qumbiin damma uumamaa kan Sandura hoomtuu hintuqne mukarra jiru hoo ta'u yeroo jalqabaatiif mukarraa buusuudhan gaafa sa'aatti qopheessu. Kanaan booda hayyuun muka baala hinqabneefi gogaa ta'e gubbaa dhaabbatee damma gaafa sa'aatiin qophaa'e kana akka dhugu taaisu. Akka Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa gaafa 10/6/2016 irra deebiin qulqulleeffachuuf

afgaaffiin gaafatamanii deebisanitti iciitiin muka gogaa baala hinqabneefi jigee ciisurra hayyuu dhaabanii qumbii nyaachisaniif hayyuun loogirra, fedhii dhuunfaa irraa bilisa akka ta'uu fi iciitii sabaa eeguuf kakachuu agarsiisa. Akka ilaalcha hawaasa Gede'ootti hayyuun qumbii nyaate dhugaa kan dubbatu, loogii kan hinqabneefi seera dhuudhaa yaa'aa irratti tumame qofaaf akka dhaabbatu amanama. Kanaafuu, hawaasni Gede'oo sadarkaa Songoofi sirna araara duudhaa Gondoroo keessatti waan hayyuun jedhe amananii hojiirra kan oolchaniidha. Tokkoon tokkoon Songoo godina Gede'oo keessa jiran Hayyuudhan gaggeeffamu jechuudha. Songoon tokko hayyuu baayyee hoo qabaate waliigalteedhan waliin gaggeessu jechuudha.

Hawaasa Gede'oo keessatti sadarkaa lammaffaarratti kan argaman Wayyuu dha. Wayyuun damee amantiitii raawwatuu (spiritual wing) dha. Wayyuun gosoota Gede'oo torban jiran keessaa dhalootaan Wayyuu kanneen ta'an tokko tokko walitti dhufanii Wayyuu Gede'oo ta'u. Wayyuun gahee eebbisuu, Maganoo kadhachuu kan qabaniidha. Inni kun akka hawaasa Gujiitti Qaalluu kan jedhuun gahee tokko kan qaban hoo ta'u Qaalluun tokko hoo ta'u, wayyuun garuu gosa torban Gede'oo keessaa walitti dhufuudhan torba ta'anii gahee afuuraa hojjetu jechuudha.
Caasaa hawwaasa Gede'oo keessatti sadarkaa sadaffaa irratti kan argamu Faanchoo jedhama. Faanchoon hawaasa bal'aa sirna Baallee keessatti aangoo hinqabneedha. Haa ta'u malee sirnoota duudhaa adda addaa irratti hirmaachuudhan seeraafi safuu hawaasichaa irratti kanneen hubannoo qaban hayyuu ta'uuf carraa kan qabaniidha. Kanaafuu, faanchoo keessaa kanneen aadaa hawaasichaa sirriitti hubataniifi beekumsa duudhaa gonfatan gara hayyuutti guddachuu ni danda'u jechuudha.

Sirna Baallee keessatti Baallee lamatu jiru; Baallee Bilblaafi Dhalanaati. Isaan kanneentu wagga saddeet saddeetiin aangoo walirraa fuudha. Sabni Gede'oo caaseeffama sirna Baallee gulantaa sagal qabu qaba. Gulantaan dhumaa yookiin saglaffaan Cawaajaa jedhama. Akka aadaa Gujiitti sadarkaa gadaa moojiiti. Akka hayyoonni aadaa Gede'oo ibsanitti Sirni Baallee caaseeffama gurguddaa sadi qaba: Hayyuu, Wayyuufi Faanchoo.




**Hayyuu:** Sadarkaan caaseeffama hayyuu beekumsa irratti kan hundaa'e, sirna duudhaafi bulchiinsa Baallee sirriitti kan qoratee hubate, Songoo yaa'aarratti dhiyaatee sirna kakuu kan raawwate kan gahoomeedha. Gosoonni Gede'oo torbanuu hayyuu gosaa yaa'arratti filataman kanneen sirna kakuu raawwatan qabu jechuudha.

**Wayyuu:** Waayyuu kan jedhaman immoo gosoota torban keessaa kan walitti bahan dhimma afuuraa kan raawwataniidha.

**Fanchoo:** Caasaank un namoota caasaa Baallee keessatti gahee hinqabne hawaasa bal'aadha. Jiraattota. As keessaa of gahoomsanii gara hayyuutti guddachuu kan danda'an jiru.

**Bulchinsa Daangaa Lafaa**

Sirna Baallee Gede'oo keessatti daangaa lafa Gede'oo bakka sadi of danda'ootti qooduudhan bulchiinsa mataa isaanii akka qabaatan kan taasisuufi bulchinsa Roogaa jedhamu kan hundeessuudha ( odeefkennaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, 2015, Dillaa). Akka ibsa odeefkennaa hayyeechaa Hayiluu, 24/5/2015 kennaniitti bulchaan lafaa roogaa jedhama. Godinni Gede'oo bulchinsa daangaa lafaa sadi qaba: Subboo Roogaa, Dhibataa Roogaafi Riqataa Roogaa jedhamu. Isaan kunneen lafa Gede'oo bulchiinsa of danda'aa saditti qooduudhan lafa kan bulchaniidha. Daangaan isaanii tulluu, laga, sulula kan kana fakkaatu fayyadamuudhan lafa Gede'oo daangaa bulchiinsa of danda'e saditti qoduudhan bulchu. Rooga jechuun bulchaa daangaa qoodamee kana hoo ta'u itti aanaa bulchaa Jalqaaba jedhamu qaba. Rogaan rakkoo daangaa furuu hoo dadhabe gara Abbaa Gadaatti (Gadicha)tti geessa.

## 4.7. Ragamtaa Eessaa Dhuftee Gede'oo

Tadesse Kiphe (2008) akka barreessetti eessaa dhuftee Gede'oo irratti yaadota saditu jiru. Inni tokko argamni Gede'oo bakka Harsuu, jedhamu yeroo ammaa naannoo Oromiyaatti kan argamu


abbootiin Gede’oo laga Hawatan cehanii godina Gede’oo aanaa Bulee bakka Hora Walaabuu jedhamu akka qubatan kaasa. Yaaduma kana bifa cimsuun odeefkennaa Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa afgaaffii 10/06/2016 waa’ee Odaa yaa’aa irratti gaafatamaniif deebii isaanii keessatti ‘Oda Ya’a’ jechuun bakka marii, bakka yaa’aa, bakka odeeffannoo itti waljijjiiraniidha. Yeroo jalqabaatiif hawaasni Gede’oo oda ya’aa kana irratti mari’atanii qubatan jedhu. Bakki Oda ya’aa kun itti argamu aanaa Bulee Haroo Walaaburraa gara gadiitti argama. Oda kan jedhu oduu kan jedhurraa akka maddeefi yaa’a kan jedhu immoo bakka marii jechuu hoo ta’u oda ya’aa jechuun bakka yeroo jalqabaatiif hawaasni Gede’oo qubatee dhimma siyaasaa, hawaasummaa, amantii, waan hunda itti mari’atee jireenya jalqabe akka ta’e amanama jechuun kaa’u hayyeechaa Hayiluun waa’ee oda ya’aa ennaa ibsan. Bakki kun ulfoodha; buna itti hinakaa’an, foon irratti hinnyaatan. Madda aadaafi duudhaa hawaasa Gede’ooti jedhamee amanama.

Argama Gede’oo irratti yaanni lammaffaan gosa Murgaa Gosallo (Tadesse, 2008)ti. Argama Gede’oo irratti yaanni sadaffaafi hirmaattonni marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan kan Gujiis ta’ee kan Gede’oo irraa dhufan kan irratti walii galan Gede’oo, Gujoofi Boruu jedhaman obboleeyyan ilmaan Jiillee akka ta’an ibsu. Duritti nama Jiillee jedhamutu ture. Ijoollee sadi dhalche Daraso, Gujoofi Boruu. Akka yaada hirmaattota marii gareefi afgaaffii garee Gujiifi Gede’oo irraa hubatamutti Daraso abbaa Gede’oo hoo ta’u innis hangafadha. Boruun abbaa Boranaa hoo ta’u Gujoon abbaa Gujiiti jechuun kaa’u. Darsoon deebi’ee ijoollee torba haadha warraa lama irraa dhalche. Ijoolleen haadha warraa duraa sadi hoo ta’an Gede’uffaan Sesa Baxxee jedhamu: Hembaa, Logodaafi Bokoroodha. Isaan kunneen hangafootaadha. Ijoolleen Darasoo haadha warraa lammataa irraa dhalatan afur hoo ta’an Gede’uffaan Shone Baxxee jedhamu: Darasha, Gorgorsha, Dobo’a and Hanuma (Tadesse, 2008). Dabalataanis akka hayyeechaa Hayiluun (10/06/2016, Dilla) ibsanitti ijoolleen Daraso torban sirna Baallee wagga sadeet saddeetiin maru Dhallanaafi Belbana ta’uun aangoo Baallee walirraa fuudhu. Warri hangafootaa Dhallana hoo ta’an warri quxusootaa immoo Belbana ta’uun wagga saddeet sadeetiin Baallee walirraa fuudhu jechuudha.

**Teessuma Lafa Gede’oo**

Godinni Gede’oo dura naannoo sabaafi sablammoota Kibbaa jedhamu keessa kan ture yeroo ammaa immoo naannoo Kibba Itiyoophiyaa jedhamuun gurmaa’an keessatti argama. Godinichi Naannoo Oromiyaatiin bal’inaan kan daanga’ee jiru hoo ta’u naannoo Mootummaa

Sidaamaatinis ni daanga'a. Godina Gede'ootti afaan Gedu'uffaan afaan dhaloota hawaasa Gede'oo hoo ta'u innis afaan dame Afro-Eshiyaa keessatti kan hammatamuudha (Raymond, 2005). Godina Gede'ootti afaan dhalootaa Gede'uffaa ta'us waliin jireenyaaf hariiroo obbolummaa Gujiifi Gede'oon qabaniin kan ka'e Gujiifi Gede'oo keessatti Afaan Oromoofi Gede'uffaan bal'inaan qunnamtii guyya guyyaa keessatti itti fayyadamu. Qorataan wayita ragaa qorannoo funaanuuf Godina Gujiifi Gede'oo keessa socha'aa turetti akka hubatetti hawaasni Gujiifi Gede'oo Afaan Oromoofi Gede'uffaa daangaa tokko malee bal'inaan itti fayyadamu. Fakkeenyaaf, qorannoo kanaaf hirmaattonni ragaa kennan Gede'oo irraa hirmaatan afgaaffii gaafataman Afaan Oromootiin deebii kennan. Akkasumas hawaasni Gede'oo bal'aan Afaan Oromoo akkuma fedhanitti kan itti fayyadaman ta'uu ibsaniiru ( Hayyeechaa Jaboo Kuraa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaafi kan biroo).




*Fakkii 2ffaa: Godina Gede'oo ( Tadese, 2016) irraa kan fudhatame*

**Gede'oo fi Ilaalama Nagaa**

Akka hayyoonni aadaa odeeffannoo naaf kennan (hayyeechaa Hayiluu, Hayyeechaa Alamaayyoo, fi kan biroo) hawaasa Gede'oo keessatti nagaan iddoo guddaa qaba. "Nagaa samaan taane" nagaan kan shaamoodhan argatani. Mi'aadha jechuufi. Nagaa malee waan tokko

hinjiru. Namuu nagaa ofii, kan maatiifi kan sabaa tiksuu, eeggachuu qaba jedhu. Gede'oodhaaf nagaan kan jalqabaafi kan dhumaati. Akkuma uummata Oromoo Gujiifi gara biroo nagaa eebbisa.

**Haala Diinagdee Gede'o**

Akka Tadesse Kippie (2002) ibsutti diinagdeen Gede'oo hambaa isaanii kan ta'e qonna qindaa'aa Warqee (inset) jedhamurratti akka ta'e ibsa. Hawaasni Gede'oo lafa muraasa qabu irratti qonna qindaa'aa maasii tokko irratti kuduraafi muduraa gosa adda addaa dhaabuudhan nyaata hawaasa Gede'oo danda'uurra darbee eegumsa naannootiif gumaacha guddaa taasisaa akka jiru hirmaattaan afgaaffii hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa ni ibsu. Akka odeefkennaan kun jedhutti lafti Gede'oo har'a jiidhaa ta'ee magariisa uffate kun eebba abbaa Gede'oo Jiilleerraa argate akka ta'e kaa'u. Afseenaa Gede'oo keessatti bara durii abbaan Darasoo Jiilleen ilmaan isaa Daraso, Boruufi Gujuu ofitti waamee eebbise jedhama. EEbba isaa keessatti Darasoof qorciisaa (marga jiidhaa Irreecha) kenneef jedhama. Qorciisaan jiidhadha. Bakka deemtu hundatti qe'ee kee jiidha qabaadhu, karra kee dura qorciisaa (Irreecha) dhaabi. Lalisi jedhee eebbise jedhama ( Hayiluu Bayyanaa, 5/5/ 2014 Diillaa).

Hawaasni Gede'oo lafa muraasa qaburratti omisha gosa adda addaa walkeessa facaasuudhan wabii midhaan nyaataa mirkaneeffachuu irra darbee eegumsa naannoofillee gumaacha guddaa gochaa kan jiru ta'uu wayita odeeffannoo qorannoo funaanuuf dirreetti bahe qorataan daawwateera. Gosti bunaa mi'aa'ina addaatiin addunyaarratti beekumu Bunni Yirgaa Caffee godina Gede'ootti omishama. Qooccoon warqeerraa omishamu godinichatti bal'inaan nyaata hawaasichaaf kan oolu hoo ta'u gabaafis kan dhiyaatuudha. Hawaasni Gede'oo kuduraafi muduraa omishuu biratti sangaa furdisuudhan gabaaf dhiyeessuudhanis ni beekamu. Godinichatti qonni sangaan qotan aanaa Gadabiifi Bulee ala baayyee waan hinjirreef sangaa furdisuudhan gabaaf dhiyeessuun beekamu.

## 4.8. Seenduubee Waldhabdee Oromoo Gujiifi saba Gede'oo

Asebe, (2007) akka ibsutti Oromoo Gujiifi Gede'oon ragamtaa isaanii keessatti obbolaawwan akka ta'an, kan walhinajjeefne, kan walkeessa waliin jiraatani. Qorataa Asebe (2007) ibsutti ummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti waldhabdeen yeroo jalqabaaf kan uumame bara 1995 akka ta'e ibsa. Gujiin saboota olla waliin seenaa waldhabdee kan qabu ta'us Gede'oo

waliin garuu hanga bulchiinsa sirna federalizimii Itiyoophiyaa bara 1987 sabaafi sablmammii daangaa naannoo, godinaafi aanaa addaatti qooduutti waldhabdeen Gujiifi Gede'oo gidduutti muudatee hinbeeku (Asebe, 2007). Waldhabdeen umames balaa guddaa lubbuu balleessuufi qabeenya walii balleessuu hedduu akka fide ibseera. Bara 1998tis walitti bu'insichi deebi'ee uumameera. Bara 2009 yeroo sadaffaaf waldhabdeen ummata obbolaawwan aadaa, afaanifi eenyummaa waliin qoodatan gidduutti umameen lubbuu hedduu galaafateera. Qabeenya hedduus mancaaseera. Namoota miliyona tokkoo ol qa'eesaanirraa buqqisee ture.

Waldhabdee booda garuu nagaan kan bu'u duudhaa Gondoorootiin akka ta'e hayyoonni damee qorannoo hawaasaafi nageenyaa kaa'anii jiru (Asebe, 2007; Asnake, 2004; Solomon, 2009). Waldhabdeen uummata Oromoo Gujiifi Saba Gede'oo gidduutti bara 2009/10 muudate gaaga'ama hawaasummaa guddaa kan geessise ta'us dhumarra duudhaa Gondoorootiin nageenyi bu'ee xummura argate.

## 4.9. Gujiifi Gede'oo Ilaalcha Waldhabdee Irratti Qaban:

Odeefkennitoonni garee Gujiifi Gede'oo afgaaffiifi maree garee irratti hirmaatan akka ibsanitti waldhabdee akka waan waaqni (maganoon) hawaasaatti aaree fideetti ilaalu. Haaluma walfakkaatuun gocha aad malee hawaasni garee lamaanii hojjeteen waaqni 'maganoon' nutti aaree nutti fide ' jedhanii amanu. Akka ilaalcha hawaasa garee lamaanitti waldhabuun obboleeyyan lamaanii gochaa aad malee waaqni hinjaalanneedha. Akka ilaalcha hawaasa Gujiifi Gede'ootti waldhabdeen ajaja yookiin ergama waaqayyoo raawwachuu diduudhan yookiin faallaa waaqaa hojjechuudhan kan uumamuudha jedhanii amanu. Kanaafuu, Faccee raawwatama. faccee jechuun waaqa wajjin araaramuu jechuudha (hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa). Garee hawaasaa keessaa miseensota Facce'ee kanneen ta'an Gondoroo raawwachuudhan nagaa buusu jechuudha. Nagaan bu'us waaqaafi nama gidduutti ta'a.

Akka ilaalcha Gede'oofi Gujiitti namni Waaqa (maganoo) waliin jiraata waan ta'eef waldhabdeen ennaa uumamu waaqni (maganoon Gede'uffaan) ni dallana jedhamee amanama. Kanaafuu, waldhabdee keessa ennaa seenaan qulqullaa'uuf jecha Gondoroo godhatu. Gondoroon cubbuurraa qulqullaa'uuf, gochaa aadaa malee irraa deebi'uufi haara'uuf raawwii duudhaa raawwatamuudha (odeefkennitoota marii gareefi afgaaffii, abbaa Galchaa, abbaa Girjaa, hayyeechaa Hayiluu, hayyeechaa Alamaayyoo, hayyeechaa Jaboo Kura).

# BOQONNAA SHAN
# DHIYEESSA, QAACCESSAAFI HIIKKAA RAGAALEE

## Seensa

Akka ilaalcha hawaasa Gujiifi Gede'ootti waldhabdeen obboleeyyii gidduutti uumamu aad-maleedha. Waan aad-maleen hoo raawwate Waaqni hinjaalatu. Kanaafuu, obboleeyyiin waldhabdee keessa seenan karaa duudhaa Gondoroo nagaa buusuu hoo dhiisan waaqatu nu balleessa jedhanii amanu. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti obboleeyyiin waldhabdee uumanii walajjeesuun gochaa Waaqni hinjaalanneefi aadaa isaanii keessatti fudhatama hinqabneedha. Gujiifi Gede'oon obboleeyyan waan ta'aniif walhinajjeesan; akka tasaa waldhabdeen gidduu isaanitti uumamee lubbuu walii hoo dabarsaniifi wal buqqisuun hoo muudate Gondoroo raawwatan malee hawaasatu bada jedhanii amanu. Wal ajjeesanii walkeessa jiraachuun hindanda'amu. Sababni isaas dhiiga hamaatu namatti darba jedhanii amanu. Dhiigni hamaan kun akka hawaasa keessa hindabarreef Gondoroo raawwachuudhan qulqulleessu. Gondoroon dhiiga hamaa qulqulleessa jechuudha.

Akka ilaalcha Gujiifi Gede'ootti ka'umsi waldhabdee obboleeyyan gidduutti uumamuu seeraafi safuu cabsuudha. Aadaa cabsuudha. Akka aadaa isaanitti obboleeyyiin waldhabuun aad-maleedha. Isaafuu waaqni muufata. Waaqni hoo muufate immoo nu balleessa jedhanii amanu. Kanaafuu, Gondoroo raawwachuudhan walqulqulleessuun aadaadha.

Boqonnaan kun boqonnaa ragaaleen funaannaman itti dhiyaataniifi qorannoowwan maddoota adda addaa waliin walbira qabamanii tokkummaafi gargarummaa qaban itti ibsamuudha. Akkasumas ragaawwan qorannoo funaanamanii dhiyaatan yaaxinoota bu'uuraa qorannoo kana keessatti itti fayyadamaman waliin walbira qabuudhan ibsamaniiru. Boqonnaa kana keessatti ragaawwan qorannoo dhiyaatan Gondoroon kuusaa beekumsa hawaasaa Gujiifi Gede'oo ta'uu yaaxina kuusaa beekumsa hawaasaa (social capital theory) waliin walbira qabuun ibsamee jira. Raawwii duudhaa Gondoroo akka nama dhuunfaatti raawwatuufi akka garee sabaatti Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatu adeemsi ittiin raawwatu ibsameera. Haala qabatamaa amma hawaasa Gujiifi Gede'oo keessa jiruun jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa Gondoroo irratti jiru agarsiisuuf ragaaleen odeefkennitoota ijoo afgaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan irraa funaaname haala sakatta'a barruu jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa irratti qorannoowwan hojjetaman duukaa ibsameera.

Haaluma walfakkaatuun raawwii duudhaa Gondoroo keessatti waalleen (discourse) hayyuu gosaa yokiin waliin dubbiin hayyuu gosaa gidduutti hojiirra oolan faayidaan isaan qabaniifi hiikkaa duudhaa qaban haala galumsa isaanirratti hundaa'uudhan ibsameera. Bifuma walfakkaatuun gochaaleen duudhaa hawaasaa raawwii Gondoroo keessatti raawwataman hiikkaa qabaniifi hiikkaa mallattummaa hawaasa keessatti qaban qaaccessuun ibsameera. Dabalataanis adeemsota raawwiin Gondoroo ittiin raawwatamu keessatti gaheen dhaabbilee duudhaafi gaheen qaamolee hawaasaa duudhaa raawwachiisanii qaaccessamee ibsameera. Caasaa hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti qaamoleen duudhaa Gondoroo raawwachiisan yaa'a gadaarratti kan filatamanii maqaan yaa'aa moggaafameefiidha. Kunis gadi fageenyaan ibsameera.

## 5.1. Gondoroo Akka Kuusaa Beekumsa Hawaasaa Gujiifi Gede'ootti Gondoroon Akkamiin Waldhabdee Dhaabee Nagaa Buusa?

Hariiroon hawaasa Gujiifi Gede'oo hariiroo sona obbolummaa qabuufi hawaasa akaakayyuu tokko waliin qoodataniidha. Odeefkinnitoonni Gujii (Abbaa Girjaa), Yuuba abbaa Gadaa Jiloo Maannoo kan ta'an waa'ee hariiroo Gujiifi Gede'oo hoo ibsan "Gujiifi Gede'oon obboleeyyani, ilmaan abbaa tokkooti" jechuun kaa'aan. Hayyuun aadaa kun itti fufuudhan akka ibsanitti akka duudhaa Gujiitti obboleessi obboleessa hinajjeesu; hoo akka tasaa ajjeese immoo Gondoroo qaba" (Abbaa Girjaa, Hayyuu Yuubaa, Gorsaa abbaa Gadaa, Jiloo Maannoo). Yaaduma kana bifa deeggaruun hayyuun Gujii Yuuba I (Abbaa Galchaa) afgaaffii hariiroo Gujiifi Gede'oo irratti gaafataman hoo deebisan "Jarri (Gujiifi Gede'oo) obboleeyyaniidha. Akkuma hayyuun Yuubaa kun jedhan akka aadaa Gujiitti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Duritti obboleessi beekaa hoo obboleessa ajjeese isas gosti itti bahee ajjeesa". Akka obboleessa obboleessa ajjeeseef Gondoroon godhama malee isa beekaa haloodhan ka'ee ajjeeseef hingodhamu jechuun kaa'u. Deebii isaanii keessatti bara durii akka aadaa Gujiitti obboleessi beekaa haloodhan kaka'ee obboleessa (Gujiin tokko haloodhan kaka'ee Gujii biroo) hoo ajjeese gosumaan ajjeefama malee Gondoroon godhamee gara hawaasaatti hindeebi'u ture. Yeroo ammaa garuu kanuma beekaa ajjeesees gondoranii hawaasatti deebisuun itti fufeera kan jedhu irratti hayyoonni aadaa kunneen irratti walii galu.

Hariiroo Gujiifi Gede’oo irratti yaada qaban hayyeechaawwan Gede’oo (hayyuu gosaa) akka ibsan qorataan afgaaffii dhiyeesseef kan deebisan hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa “ragamtaa keenya keessatti Gujiin, Boranaafi Gede’oon obboleeyyan akka ta’an himama”. Abbaan Darasoo, Gujoofi Booruu “ Jiillee” jedhama. Jiilleen ijoollee sadi qaba ture; Darasoo, Gujoofi Booruudha” jechuun kaa’u (Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, hayyuu gosaa Gede’oo, Gorsaa abbaa Gadaa yeroo ammaa). Hayyeechaa Hayiluun itti dabaluudhan “isaan keessaa Gede’oon hangafaadha” jechuun kaa’u.

Abbaan isaanii, Jiilleen gaafa tokko sadan isaanituu ofitti waamee akkas jedhe eebbise jedhama:

Darasoo ofitti waamee “qorciisaa” yookiin marga bonaa
ganna lalisu saardoo kenneef

Gujoo ofitti waamee gasoo/ waan ittiin lafa qotu kenneef

Booruu ofitti waamee elemtuu aannanii kenneef jedhama.
(hayyeechaa hayiluu bayyanaa)

Akka hayyeechaan kun jedhutti abbaan jarreen sadaniituu Jiilleedha. Jiilleen jiruufi jireenya isaanii keessatti waan ittiin jiraatanis eebbisee hireef jedhamee hawaasichaan amanama. Akkaataa eebba abbaa isaanii argatan kanaan har’a Gede’oon marga qorciisaa (saardoo) qabatee eebbisa, lafa jiidhaa bonaafi ganna lalisu irra jiraata. Kun eebba abbaa irraa argate jedhamee hawaasicha keessatti akka amanamu hayyeechaawan Gede’oo ibsu (Hayiluu Bayyanaa, Jaboo Kuraafi Balaay Birree).

Gujiinis eebba abbaa isaa Jiillee irraa argate “gasoo/ Marashaa/ waan ta’eef lafa qonnaa bal’aa qabatee jiruufi jireenya qonna midhaaniifi horsiisa looniirratti hundaa’e gaggeessaa kan jiru ta’uu hayyoonni afgaaffiifi marii garee keessatti hirmaatan irratti waliigalu. Haaluma walfakkaatuun Booruun eebbi abbaa isaa Jiillee irraa argate elemtuu aannaniiti. Sababa kanaaf Booruun (Boranni) har’a horsiisa looniitiin jiruufi jireenya isaa gaggeeffataa jira jechuudha. Akka hayyoonni aadaa karaa biraa hayyoonni abbaa gadaa Gujiifi gede’oo irratti walii galanitti Gujiifi Gede’oon ragamtaa isaanii keessatti ilmaan abbaa tokkooti; ilmaan Jiillee Jiddaati jechuudha.

Akka aadaa Gujiifi Gede’ootti obboleeyyan immoo

wal hin lolan.

Tokko isa kaan hin buqqisu.

Obboleeyyiin wal loluun aadaa miti.

Yoo akka tasaa wal ajjeesan Gondoro raawwatu.

Obboleeyyan hoo wal ajjeesan afuura haamaa qaba

Afuurri hamaan isaan balleessa

Dhiiga hamaatu isaan qabata.

Dhiiga hamaatu hawaasa keessa faca’a.

Gondoroon raawwatamu malee dhiigni kun hawaasicha qabata.

Hawaasni dhiiga kana waan sodaatuuf nama obboleessa ajjeese ofirraa baasa

Akka gosaattis waliin hinsooratan

Sabni obboleeyyiin (Gujiifi Gede’oonis) hoo waldhaban akkanuma dhiigatu cirata.

Obboleeyyani kaa! Walbuqqisuun, walajjeesuun aadaa miti.

Hoo akka tasaa walajjeesan, waldhaban Gondoroo qaba (Hayyuu Gosaa afgaaffiifi marii garee irratti yaada kennan  Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Aanoolee fi Hayyeechaa gosa Gede’oo Hayiluu bayyanaa, Jaboo Kuraa, Alamaayyoo , fi kan biroo).

Akka ibsa hayyoota gosaa Gujiifi Gede’oo afgaaffii fi marii garee irratti hirmaatan bifa waldeeggaruun kaasanitti Obboleeyyan gidduutti waldhabdeen yoo uumame Gujii fi Gedeo hafuurri hamaan akka isaan seeneetti amanu. Waan aad-maleen akka isaanitti dhufetti amanu. Gochaa aad-malee raawwachuu isaanitti amanu. Gocha aad-malee raawwataniif immoo Waaqni

yookiin akka Gede’ootti Maganoon akka isaanitti gaddetti fudhatu. Waaqni waan hinjaalanne waan raawwataniif dheekkamsi Waaqaa akka isaanitti dhufu amanu. Dheekkamsi Waaqaa bifa ongeetiin, bifa waldhabdee sabaafi sabaatiin, bifa dhukkubaatiin mul’achuu akka danda’u amanu. Kanaafuu, obboleeyyiin kan ta’an Gujiifi Gede’oo gidduutti waldhabdeen uumamee walajjeesuufi walbuqqisuun hoo muudate akka mallattoo Waaqni dheekkamuuti. Gochaa waaqni hinjaalanne waan raawwataniif waraanni obboleeyyan gidduutti akka dhufetti ilaalu. Walwaraansi obboleeyyan gidduutti uumamu mallattoo afuura hamaati.  Kanaaf, afuura badii aadaa isaaniitiin ala jiru sirreessuuf raawwii Gondoroo raawwachuun duudhaa durii kaasee dhaloota har’aa bira gaheedha (Odeeffannoo Af-gaaffii fi deebii Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Hayecha Hailu Beyene, hayecha Jibo Kura ). Waldhabdeen Gujii fi Gede’oo bara 2009/10 tures haaluma duudhaa beekumsa hawaasa lamaanii ta’e kana bu’uura godhachuudhan Gondoroon raawwatamee nagana akka bu’e marii isaanii keessatti kaasaniiru.

Akka odeeffannoon hayyoonni aadaa Gujiifi Gede’oo irraa argameetti Gujii fi Gedeoon yoo waldhabdee keessa galan raawwii Gondorootiin araarsuun aadaa dha. Qaama kuusaa beekumsa hawaasaa Gujiifi Gede’ooti jechuudha. Araarri Gondoroo durii kaasee sirna araaraa aadaa ta’ee ummata obboleeyyan Gujii fi Gedeo gidduutti nagaa buusuuf hojiira oolaa jira. Yeroo waldhabdeen Gujiifi Gede’oo gidduutti uumame giddu seentummaa qama biro malee ija duudhaa isaaniitiin ka’umsa waldhabdee qoratanii Gondoroo raawwachuudhan gara nagaatti deebi’u. kanaafuu, Gondoroon qama kuusaa beekumsa Gujiifi Gede’ooti jechuudha. Duudhaa Kanaan tokkummaafi waliin jireenya isaanii itti fufsiisu.

Gujiifi gede’oo gidduutti Gondoroon raawwatamee booda sochiin hawaasaa, miirri hawaasaa lamaanii maal fakkaata? Gaaffii jedhu hayyoonni gosaa Gujiifi Gede’oo bifuma walfakkaatuun hoo deebisan :

Gondoroon raawwatamnaan walhammachuudha

Waliin nyaachuudha

Wal sodaan hinjiru

Namuu mana isaatti deebi’a

Mana walii ijaara

Qabeenya walii deebisee waldhaaba

Haloon hinjirtu

Intala waliif kennee walsoddoommata (odeefkennitoota hayyoota gosaa Gujiifi Gede’oo: Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoolee, Abbaa Galchaa, Hayeechaa Hayiluu bayyanaa, Alamaayyoo, Jaboo Kuraa)

Akka yaada hayyoota gosaa Gujiifi Gede’ootti Gondoroon erga raawwatee booda hawaasni garee lamaanituu walshakkii keessaa baha. Hawaasni lamaanuu haloo keessaa baha. Hariiroo gaarii dura qabanitti deebi’u. Hawaasni garee lamaanituu waliin ta’anii namoota qa’ee isaanirraa balaa waldhabdeetiin buqqa’an deebisa, qabeenya waldhabdeedhan barbadaa’e walumaan deebisee mana walii ijaara. Haala aadaatiin intala waliif kennee soddooma.

Duudhaan Gondoroo qama kuusaa beekumsa hawaasaa Gujii fi Gedeo gidduu jiru jechuun ni danda’ama. Akkuma hayyoonni aadaa yookiin hayyoonni gosaa garee Gujiifi Gede’oo marii gareefi afgaaffii keessatti kaasan waldhabdee obboleeyyan gidduutti uumame dhaabanii gara nagaatti deebisuuf hawaasichi duudhaa kana tolfatee durii kaasee itti fayyadamaa waliin jireenya hawaasa Gujiifi Gede’oo itti fufsiisaa as gaheera. Hawaasni Gujiifi Gede’oo tooftaa waldhabdee ittiin dhaabuufi nagaa buusu waliin tolfatee itti fayyadamaa as gahaniidha. Duudhaan Gondoroo waan qorattoonni aadaa biroo kaappitaala hawaasummaa jedhanii ibsan waliin walfakeenya guddaa qaba (Bourdieu, 1986; Coleman, 1988; Fred-Mensah, 2005; Field, 2008; Phillips fi Pittman, 2009; Osei-hwedie fi Rankopo,2012).

Hawaasni Gujiifi Gede’oo durii kaasee hariiroo obbolummaa isaanii kan itti fufsiisuu danada’an waldhabdeen dhibee osoo hinta’in, waldhabdeen hoo muudatu duudhaa Gondoroo waliin qoodatan Kanaan furachaa nagaa buusanii waliin jireenya isaanii itti fufsiisanii as gahaniiru. Kunis yaadama kuusaa beekumsa hawaasaa (social capital theory) waliin walfakkeenya guddaa kan qabu ta’uu hubanna.

### 5.1.1. Duudhaa Waloo Gujiifi Gede’oo Akka Carraa Nagaa Buusuutti

Kuusaa beekumsa hawaasaa walfakkaataa qabaachuun kan ittiin ibsamu keessaa tokko duudhaa walfakkaataa qabaachuudha. Hawaasni duudhaa walfakkaataa qabu gaafa rakkoon nageenyaa isaan muudatu akkuma duudhaa isaanitti rakkoo nageenyaa furatu. Hawaasni Gujiifi Gede’oo afaan, aadaa, duudhaa, afseenaa yookiin ragamtaa, hidda dhalootaafi kan kana fakkaataan waliin qoodatu.

Akka odeefkennitoonni hayyuu gosaa Gujiifi Gede’oo marii gareefi afgaaffii keessatti kaasanitti, Gujiifi Gede’oon ragamtaa isaanii keessatti abbaan isaanii tokkodha. Aadaafi afaan waliin qoodatu. Qorataan odeeffannoo funaanuuf godina Gujii Lixaafi Godina Gede’oo keessa wayita socha’aa ture kan hubate irraa fakkeenyaaf, hawaasni Gujiifi Gede’oo bal’inaan afaan lamaanuu: Afaan Oromoofi Gede’uffaa ni dubbatu. Fakkeenyaaf, qorataan wayita afgaaffii hayyeechaawwan Gede’oo irraa funaanaa turetti irra caalaa hayyoonni gosaa Gede’oo Afaan Oromootiin deebii kennaa turan. Kana malees qorataan Yunivarsiitii Diillaa, yunivarsiitii Godina Gede’ootti kan argamu keessatti hojjettoota sabaan Gede’oo ta’an hedduu waliin walbeeka. Hojjettoonni kunneen harki irra caalaan Afaan Oromoos akkuma Gede’uffaa dubbatanitti dubbatu. Yuniversiiticha keessa dhalattoonni Gujiis Afaan Oromoofi Gede’uffa waluma keessa dubbatu.

Haaluma walfakkaatuun hawaasni Gujiifi Ged’oo sirna gadaatiin bulu. Haala sirna Gadaa Gujii fi Gede’oo hoo ilaalle caasaa walfakkaataa gulantaa saddeet qabuudha. Sirna bulchiinsa aadaatiin Gujiin Gadaa hoo jedhu Gede’oon immoo sirna Baallee Gadaa jedhama.

Gulantaa sirna Gadaa Gujii Gulantaa sirna Baallee Gede’oo:

Dabballee (0-8) … …………………………………… Qadaadoo

Gaammee Xixiqqaa (9-16) ………………………………**Siidaa**

Gaammee Gurguddaa / Finiina/ (17-24) ………………… Lumasaa

Kuusa (25-32) …………………………………………… Raaba

Raabaa Doorii (33-40) …………………………………....Luba

Gadaa (41-48) ……………………………………………….Yuuba

Yuuba I (49-56)……………………………………………Guduroo

Yuuba II (57-64) …………………………………………….. Qululuu

Yuuba III ( 65-72) ……………………………………… …Jawaajee

Dabalataanis Gujiifi Gede’oon abbaa afuuraa qabu. Abbaan afuuraa Gujiitti Qaalluu hoo jedhamu sirna Gadaa keessatti qaama olaanaadha ( Asebe, 2007). Akka Gede’ootti immoo dameen afuuraa (spiritual wing) kan hogganu Waayyuu jedhamu. Sirna Baallee keessatti dameen afuuraa kun hayyuutti aanee aangoo olaanaa kan qabuudha (odeefkennaa hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa). Qaalluun sirna gadaa keessatti qaama olaanaadha. Abbaa gadaatuu Qaalluutu muuda; qaallutu eebbisa (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaafi Kanneen biroo). Qaalluun

sirna Gujiifi Gede’oon akka garee hawaasaaatti raawwatan sirna guddaa irratti ni argama. Fakkeenyaaf guyyaa raawwii Gondoroo akka Gujiifi Gede’ootti raawwatamu irratti ni argama. Qaalluun sirna raawwii Gondoroo akka Gujiifi Gede’ootti raawwatu irratti argamuun araarichi fulla’aa akka ta’u, hawaasa lamaan biratti araarichi fudhatama guddaa akka qabaatuufi akka kabajamu akkasumas araara Waaqni eebbise jedhamee hawaasicha biratti akka amanamu taasisa (Hayyeechaa Hayiluu, Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa, Jaboo Kuraa).

Hawaasni Gujiifi Gede’oo caasaa hawaasummaa keessatti qaamolee afuuraa Qaalluufi Wayyuuf ulfina guddaa qaba. Qaamoleen kunneen ulfoodha. Akka Gujiitti sadarkaa sirna Gadaa keessatti Qaalluun qaama olaanaadha. Abbaa gadaafi hayyuu gosaa Qaalluun eebbisuu qaba. Eebba Qaalluu argachuu qabu. Qaalluun Abbaa Gadaafi hayyuu gosaa ta’anii kanneen yaa’arratti filataman Qumbii nyaachisa. Qumbiin nyaata damma qulqulluu irraa qophaa’uudha. Abbaan Gadaafi Hayyuun Abbaa Gadaa (hayyuu gosaa) qumbii nyaatan kunneen Qaalluu (bakka bu’aa Waaqaa) irraa imaanaa fudhachuu agarsiisa. Haqaafi dhugaa, aadaafi duudhaa, seeraafi safuu hawaasichaan ala fedhii dhuunfaa yookiin loogii gartummaa akka hinqabaanneef qumbii nyaatu. Qumbii nyaachuun akka mallattummaa waadaa galuuti.

Akka hawaasa Gede’oottis qaamoleen hawaasaa Wayyuu jedhaman sadarkaa caasaa hawaasaa hayyuutti aananii kan jiraniidha. Sadarkaa caasaa hawaasaa olaanaan garee huyyuu jedhamaniidha. Gareen hayyuu jedhaman kunneen Abbaa Gadaafi Hayyeechaawwan gosaati. Gareen hayyuu jedhaman kunneen sirna Baallee keessatti Qadaadoo (Dabballee jechuuf) irraa jalqabanii sirna Baallee keessatti barumsa aadaa argachaa sadarkaa tokko irraa gara sadarkaa itti aanuutti gahee isaanirraa eegamu taphachaa milkiidhan kan cehaa sadarkaa hayyuu gahaniidha. Gareen hayyuu kanneen hawaasicha gama siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa qajeelchaniidha. Bulchiinsa sirna Baallee kan hojiirra oolchaniidha. Garee lammaffaan caasaa hawaasaa keessatti damee afuuraa (spiritual wing) kan ta’an Wayyuu jedhamu. Isaan gosa hunda keessatti gahee Maganoo (Waaqa) kadhachuufi eebbisuu qabu. Akkuma hawaasa Gujii keessatti Qaalluun ulfoo ta’e hawaasa Gede’oo keessatti immoo Wayyuun ulfoodha. Gaheen isaanii qaamolee bulchiinsa Gadaatiif Baallee fudhatan Abbaa Gadaafi Hayyeechaawwan gosaa Qumbii nyaachisu, ni eebbisu.

Haaluma kan Gujiitiin walfakkaatuun hayyeechaawwan Qumbii nyaatan hawaasicha biratti qaamolee aadaa, duudhaa, safuufi seera hawaasichaaf amanamoo ta'an, kan fedhii dhuunfaa hinqabne, haqaafi dhugaaf kan dhaabbatan akka ta'an amanama jechuudha.

Hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti ilaalchi qaamolee afuuraa Qaalluufi Wayyuuf kennamu walfakkaataadha. Qaamoleen afuura kunneen hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti ulfoodha. Raawwii Gondoroo keessatti qaamoleen raawwachiisan Abbaa Gadaafi Hayyuu gosaa (hayyeechaa Gede'ootti) qaamolee afuuraa ta'an Qaalluufi Wayyuudhan eebbifamaniifi Qumbii nyaatan waan ta'aniif ulfuudha. Hawaasni Gujiifi Gede'oo baayyee isaan kabaja jechuudha. Namuu kan Abbaan Gadaafi hayyuun gosaa jedhee ala bahuun hindanda'amu. Raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo iqaamolee hawaasa keessatti kabajaa guddaa qaban kanneentu garee hawaasaa bakka bu'anii dubbatu; raawwatus jechuudha. Hawaasni isaan bulchanis kan isaan jedhan raawwata jechuudha.  Karaa biraa immoo Raawwii Gondoroo akka Gujii fi Gede'ootti raawwatamu irratti qaamoleen afuuraa Qaalluufi Wayyuun irratti ni argamu.  Qaalluun Gujii Abbaa Gadaa Gujii waliin deema. Wayyuun Gede'oos Abbaa Gadaa Gede'oo waliin deemu. Gosoota Gede'oo torban keessaa Wayyuuwwan gosaa walitti bahanii lafa Gondoroon Gujiifi Gede'oo itti raawwatamu irratti argamu. Guyyaa Gondoroon Gujiifi Gede'oo raawwatu san qaamoleen afuuraa kunneen argamuun araarichi Waaqa biraa akka ta'eefi fulla'aa akka ta'e hawaasa Gujiifi Gede'oo biratti ilaalama.

Karaa biraa immoo araara qaamoleen afuuraa Gujiifi Gede'oo irratti argamanii raawwatame namni yookiin gareen duubatti deebisu yookiin qaamni hawaasaa araaricha diigu hoo jiraate kan Qaalluufi Wayyuudhan kan abaaramu ta'a jedhamee hawaasa biratti hubatama. Akka ilaalcha hawaasa Gujiifi Gede'ootti namni Qaalluufi Wayyuun abaara hinofkolu, guyyaa takkaa hinoolu ni du'a, ni ciccita yookiin sanyii isaatu bada (odeefkennaa Abbaa Galchaa afgaaffii, Gurandhala, 2014).

Hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti ilaalchi hawaasni qaamolee Gondoroo raawwachiisaniif kabajaafi ulfinni qabu olaanaadha. Kunis araarri duudhaa Gondorootiin bu'u kun kan dhugaafi fulla'aa akka ta'u taasisa jechuudha. Kunis qorattoonni adda addaa araara karaa dhaabbilee hawaasaa raawwatu amansiisaa ta'uu kan barreessaniin walitti dhufeenya guddaa qaba.

Dhiyaannaan dhaabbilee duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kunneen hojiirra kan oolan hawaasa aadaafi hawaasummaa walfakkaatu yookiin waliin qoodatan keessatti ta'ee sonaalee hawaasaa, duudhaafi amantii hawaasaa, ilaalcha hawaasaafi sodaa hawaasni sodaatu ofkeessaatti hammatu **(**Osei-Hwedie, K. fi Rankopo, M.J 2000). Dhiyaannaan dhaabbilee duudhaa Afrikaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kan irratti hundaa'an qaamni miidhaa geesise akka dhugaa baasuufi balleessaa isaa amanee araaraaf akka qophaa'u kan taasisuudha (Barfield, 2004; Murithi, 2006).

Akka aadaa Oromoo Gujiitti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Akka ilaalcha isaanitti obboleessi obboleessa ajjeesuun aad-maleedha. Kanarraa kan ka'e obboleessi obboleessa ajjeese jedhanii hindubbatan "dhagaa tuule" jedhu malee jecha 'ajjeese' jedhu maqaa hindhahan. Safuu guddaadha. Gujiin Gujii hinajjeesu. Akkasumas Gujiin Gede'oos hinajjeesu. Yookiin Gede'oon Gujii hinajjeesu. Sababni isaa immoo Gujiifi Gede'oon obboleeyyani jedhanii amanu.

Haa ta'u malee amaluma namaa waan ta'eef darbee darbee waldhabdeen akka nama dhuunfaattis ta'ee akka Garee sabaafi sabaatti ni muudata. Gujiifi Gede'oon keessattuu baroota dhiyoo as waldhabdeen akka sabaafi sabaatti deddeebi'ee isaan muudachaa tureera. Qorataa Asebe Reggasa, (2012) akka kaa'eetti Gujiifi Gede'oon jalqaba kan akka sabaatti waldhabdee keessa seenaan bara 1995 ALI itti jechuun kaa'eera. Waldhabdee Kanaan gaaga'amni guddaan saboota lamaanirra gahuu kaasee jira.

Akka qorataan kun kaasuutti waldhabdeen inni lammataa Gujiifi Gede'oo gidduutti kan muudate bara 1998/99 ture. Waldhabdeen inni sadaffaan Gujiifi Gede'oo kan muudateefi isa yeroo lamaan darbanii caalaa gaaga'ama guddaa saboota lamaaniifi biyya guutuu irrattis dhiibbaa guddaa kan fide waldhabdee bara 2009/2010 ALI muudateedha. Waldhabdeen inni sadaffaan kun naannoo namoota miliyoona tokkoo garee Gujii fi Gede'oo keessaa asiifi achi qa'ee isaanii irraa buqqisee ture. Waldhabdeen hagamu hammaatus yeroo sadanuu waldhabdeen muudate garuu kan dhaabbateefi nagaan kan bu'e raawwiin Gondooroo raawwatameeti. Kun Gondoroon qaama kuusaa beekumsa hawaasa Gujiifi Gede'oo ta'uu agarsiisa. Waldhabdeen obboleeyyan gidduutti muudate raawwii Gondorootiin gara nagaatti deebi'u. kun duudhaa hawaasa lamaaniiti.

Akka hayyootni aadaa Gujii (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaafi kanneen biroo) jedhanitti obboleessa obboleessa ajjeesetu Gondooroo qaba. Hayyoonni abbaa Gadaa bara gadaa Harmuufaa tajaajilaa jiran akka Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Hessaafi Jaarraa waareee akka ibsanitti Gujiifi Gede'oon gidduutti waldhabdeen hoo muudate dhumarratti raawwiin Gondooroo raawwatamee nagaan bu'a. Kun duudhaa hawaasaa Gujiifi Gede'ooti. Gujiifi Gede'oon qaama kuusaa beekumsa hawaasaa kan ta'e raawwii Gondorootiin waldhabdee dhaabanii nagaa buusuun durii kaasee kan jiruudha. Sababni isaa immoo Gujiifi Gede'oon obboleeyyan waan ta'aniif gochaa waldhabuutti lamuu akka itti hindeebineef Gondoroo raawwatu (odeefkennitoota Jaarraa Waaree, Abbaa Heessaafi Gannaalee Tikkee).

Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti obboleeyyan walhinajjeesan. Hoo akka tasaa wal ajjeesan immoo Gondooroo qaba. Gujiifi Gede'oon Raawwii Gondorootiin waldhabdee dhaabanii nagaa buusu jechuudha. Kanatu aadaa garee lamaaniti. Kun durii kaasee hanga har'aatti ittiin dhimma bahaa kan as gahaniidha. Duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondooroo kana bu'uura kuusaa beekumsa hawaasaatiin ibsuun ni danda'ama. Fred-Mensah (2005; Osei-hwedie & Rankopo, 2012) keessatti duudhaa waldhabdee dhaabuu fi nagaa buusuu qaama kuusaa beekumsa hawaasaati jechuun kaa'ee jira.

Akka Yaad-hiddamni kuufama beekumsa hawaasaa ibsutti hawaasni tokko jiruufi jireenya keessatti waliin jiraachuuf, miseensota hawaasaa gahee taphachiisuuf, nagaa isaa eeguuf, hariiroo hawaasaa eeguuf, gochaalee waloo faayidaa waloo fidan raawwachuuf, duudhaa hawaasichi waliin qoodatu, naamusaafi safuu itti fufinsa hawaasichaa eegan hunda kan hammatuudha. Dhimmi waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu kan nama dhuunfaa osoo hinta'in kan garee yookiin kan hawaasaa waan ta'eef hariiroo hawaasaa, tokkummaafi walooma hawaasaa eeguuf hawaasni duudhaa ittiin waldhabdee dhaabuufi nagaa buusu qabaachuun yaad-hiddama kuufama beekumsa hawaasaa waliin walitti dhufeenya guddaa qaba. Fakkeenyaaf, akka duudhaa uummata Gujiifi Gede'ootti obboleessi obboleessa hinajjeesu; hoo akka danuu ajjeese immoo Gondooroo qaba. Akka odeefkennitoonni uummata Gujiifi Gede'oo (Hayyuu Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Alamaayyoofi hayyeechaa Hayiluu) jedhanitti Gujiin Gujii yookiin Gede'oo hoo ajjeese yookiin Gujiifi Gede'oon waldhabanii hoo walbuqqisan aad-maleedha. Waan aad-maleen immoo gosa yookiin hawaasa irraa adda nama baasa.

Qaamni waan aad-malee raawwate qulqullaa'ee hawaasaatti akka deebi'u gochuuf Gondooroon raawwatama. Gondooroon hoo raawwatame hawaasni akka gareetti waliin jireenya duraanitti deebi'a. Namni akka dhuunfatti yakka ajjeechaa raawwates Gondoroodhan qulqullaa'ee namatti makama, harka namaatii nyaachuunis raawwii Gondoroo booda ni danda'ama.

Uummanni Gujiifi Gede'oo waldhabdee darbee darbee isaan muudatu furachaa waliin jireenya duraatti kan deebi'an beekumsa duudhaatiini jechuudha. Raawwiin duudhaa Gondooroo dhalootaa dhalootaatti gochaan kan darbu qaama kuufama beekumsa hawaasaa Gujiifi Gede'ooti jechuudha. Dabalataan dhimma kana yaaxina kuufama beekumsa hawaasaatiin walqabsiisuuf ibsawwan yaaxina hawaasaatiif kennaman keessaa muraasa haa ilaallu. Phillips and Pittman (2009) kuusaa beekumsa hawaasaa hoo ibsan kuusaan beekumsa hawaasaa qabeenyaalee hawaasummaa hariiroo hawaasaa keessatti duudhaawwan hidda gadi fageeffatan akka walamanuu, waljaalachuu, gahee hawaasa keessatti gahee taphachuu, naamusaafi safuu eeguu, dirqamaafi mirga hawaasa keessatti miseensi hawaasaa qabu bahachuu, walitti dhufeenya qabaachuu , miira obbolummaa qabaachuufi kan kana fakkaatan gochaalee hawaasni waliin raawwatuufi waliin irraa fayyadamoo ittiin ta'an cimsu jechuun kaa'anii jiru.

Akka yaada barreessitoota yaad-hiddama kuufama beekumsa hawaasaatti, kuufamni beekumsa hawaasaa hariiroo walitti dhufeenya hawaasaa kan cimsu, badhaadhina waloo kan mirkaneessu, naamusa waloo kan itti fufsiisu, waliin jiraachuu miseensota hawaasichaatiif wabii kan ta'edha. Hawaasni Gujiifi Gede'oo bifuma yaad-hiddama kanaan walfakkaatuun duudhaafi aadaa isaanitiin bulu. Rakkoo waldhabdee akka nama dhuunfatti rawwatuufis ta'ee akka garee sabaatti waldhabdeefi walbuqqisuu muudate dhaabuufi nagaa buusuuf kuusaa beekumsa hawaasaa hawaasni tolfatee akka sirnaatti ittiin jiraataa jiru Gondooroodha jechuudha.

Gondooroo akka kuusaa beekumsa hawaasaatti hawaasni garee Gujii fi Gede'oo wal waliin yookiin dhuunfaadhaan hoo wal ajjeesan , yoo wal buqqisan hariiroo duraatti deebi'uuf adeemsa duudhaa Gondooroo ittiin raawwatan tolfatanii ittiin jiraataa jiru. Akka duudhaa uummata Oromoo Gujiifi Gede'ootti namni dhuunfaas ta'ee gareedhan yakka lubbuu dabarsuu geessise yookiin gareedhan waldhabdeen uumamee gaaga'amni hoo muudate beekumsa duudhaa kuufame raawwatanii gara nagaatti deebi'u.

Karaa biraa hawaasni Gujiifi Gede'oo ilaalcha raawwii Gondoroo irratti walfakkaatu qabu. Kunis kan hubatamu hawaasni lamaanuu walhinajjeesan; akka tasaa balaa tasa uumameen waldhabdeen muudatee lubbuun namaa hoo darbe, yookin akka gareetti hawaasni walitti bu'ee hoo walbuqqisee qe'eedhaa walbaqate adeemsa Gondoroo kanaan nagaa buusu. Raawwii Gondoroo booda garuu haala nagaatti deebi'u. Kun aadaa hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti " Gondoroo duuba hoomtuu hinjiru" jechuudhan beekama.  Walshakkiifi haloo keessaa bahuuf Gondoroo raawwatu. Gondoroo booda firooma malee, hariiroo obboleeyyanii dura turetti deebi'uu malee homtuu hinjiru.

Gondooroon hoo raawwate malee warra dhiigaa yookiin nama dhiigaa ta'u.

> "Namni dhiigaa Gujii keessaa baha. Gosa keessaa baha. Namni nama ajjeese akka aadaa Gujiitti harka namaa hinsooratu, mana namni galu keessa hingalu, hanga gaafa Gondooramuutti qofaatti baha.  Nyaatallee lafa kaa'aniif malee harkaan itti hinkennan;
> dhiigni namatti ceha"  ( Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa).

Odeefkennitoonni bifa walfakkaatuun dhimma kana irratti yaada itti aanu kennan:

> Gujiin Gujii hinajjeesu. Gujiin Gede'oos hinajjeesu. Bifuma walfakkaatuun Gede'oonis Gujii hinajjeesu. Garuu akka tasaa waldhabdeen uumamuu danda'a. Waldhabdeen uumamee lubbuun namaa garasii garanaa hoo darbe Goondooroo qaba. Jarri obboleeyyani. Walhinajjeesan. Duudhaadha. Hoo walajjeesan immoo danuudha. Danuu hoo ta'e immoo Gondooroo qaba ( Abbaa Girjaa).

Gondooroo kan baasaniif namni nama ajjeese harka namaa hinsooratu, mana namni galu hingalu, soorata illee lafa kaa'uuf malee harkaan itti hinkennan. Namni hoo isa tuqe dhiigni hamaan nama isa tuqetti darba jedhamee amanama. Gondoroon hoo hinraawwatamne dhaloota itti aanuutu qomaaxa'a jedhanii amanu. Dhiigatu dhaloota cira jedhamee amanama.  Kanaafuu, gareen Gujiifi Gede'oo lamaanuu duudhaa kanaaf bitamu jechuudha. Kun durii kaasee hanga har'aatti kan ittiin jiraataa as gahaniidha.

Gondoroo  kan raawwataniif gosa keessatti dhiigni ciratee akka hinhafneefidha. Kun immoo hawaasni gadaan bulu jila gadaa irratti walbarsiisaafi raawwiiwwan aadaa keessatti hirmaachaa kan hubateedha. Sanyiin itti aanu akka hinbanneefidha. Namni obboleessa ajjeese sun duudhaa hawaasaa keessaa baheera waan ta'eef lammata hawaasaatti makaamuu akka danda'u gochuufidha. Namni kun hoo Gondooramee qulqullaa'e malee Gujii keessaa baha. Dhiiga hamaan waan isa qabatuuf namuu ofirraa adda isa baasa. Dhiigni kun nama isa tuqe hundatti darba jedhamee waan amanamuuf gosa, maatiifi Gujii mara irraa adda baha. Dhiigni isa qabate kun kukkutee ciccireefi madeessee isa ajjeesa jedhamee waan amanamuuf Gondooroo raawwatuuf jechuudha.

Gondooroo raawwachuun gochaa aad-malee raawwatame yookiin ta'e kana qulqulleessuudhaan tooftaa haaromsuuti jechuudha. Tooftaa qulqulleessuuti. Tooftaa kana hawaasni dur tolfatee ittiin jiraataa jira.  Kun qaama kuusaa beekumsa hawaasaati jechuudha. Namni dhuunfatis ta'ee hawaasni lamaan rakkoo keessa ture irraa bilisa bahuuf raawwii Gondooroo keessatti raawwatamuun qulqullaa'u jechuudha. Hawaasni Gujiifi Gede'oo ragamtaa isaanii keessatti obboleeyyii ta'uu himatu. Akka duudhaa hawaasa lamaanittuu obboleeyyiin wal hinajjeesan yookiin walhinbuqqisan; aad-maleedha. Hoo walajjeesan, hoo walbuqqisan rakkoo jiru qoratanii gara nagaatti deebisuun aadaadha. Kun qaama kuusaa beekumsa hawaasa Gujiifi Gede'ooti jechuudha.

Akka sabaattis sabni lamaan obboleeyyani. Akka danuu (tasaa) ta'ee waldhabanii walbuqqisan aad-maleedha. Gujiifi Gede'oon obboleeyyan waan ta'aniif walajjeesuufi walbuqqisuun Saba lamaaniifuu hintolu jedhanii amanu. Kuusaan beekumsa hawaasaa kun immoo dhalootaa gara dhalootaatti kan darbuufi kan baratamu raawwiiwwan aadaa bakka jilaafi yaa'aa irratti dhaloonni uumuriidhan qeexalee abbaa seeraatiin barsiifama.  Hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti miseensi hawaasa lamaanii kamuu waan aadaa, waan aad- malee ta'e, aad-maleen hoo raawwate akkamiin gara hawaasaatti deebi'uun akka danda'amu raawwiiwwan aadaa irraatti hirmaachuudhan barata jechuudha. Kun immoo ijaarsa yaaxina hawaasaatiin ibsamuu danda'a.  Waa'ee yaaxina ijaarsa hawaasaa duudhaa Gondoroo duuka ibsoota itti aanaan keessatti bal'inaan ibsameera.

## 5.2. Duudhaa Gondoroofi Ijaarsa Hawaasa Gujiifi Gede'oo

Hawaasni Gujiifi Gede'oo gulantaa hawaasaa umuriifi gaheedhan caaseffame keessa darba. Gulantaawwan caaseffaman kanneen keessatti hawaasichi dimshaashaan hoo kaasne barnoota hawaasummaa, siyaasaafi diinagdee barata. Fakkeenyaaf, barnoota gulantaa adda addaa keessatti baratu keessaa hawaasummaa hoo fudhanne barnoota akka seera hawaasaa, safuu, aadaa, duudhaa, amantii, kan kana fakkaatu barata. Akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee irratti hirmaatan kaasanitti dhaloonni Gujii hundi umuriidhan qoodamanii gahee taphataa baratu. Sadrkaa maatiitti abbaafi haati aadaafi waan duudhaa barsiisu. Sadarkaa ollaatti waan aadaa ni baratu. Sadarkaa olaanaatti abbaa barsiisu, abbaa qeexalsiisu abbaa seeraa yookiin abbaa lubaa kan jedhantu jira. Isatu waan aadaa barsiisa. (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Aannolee, fi kanneen biroo).

Haalli duudhaan hawaasummaa hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti itti baratamu kana hubannaa yaaxina ijaarsaa duukaa ibsuun barbaachisaadha. Yaaxinni ijaarsa hawaasaa (Constructionism theory) kan agarsiisu "akkamitti namni hawaasa keessatti duudhaa hawaasaa baratee nama guutuu ta'a?" (Hoffman, 1991) kan jedhu ibsa. Akka amantii yaaxina Ijaarsa Hawaasaatti jireenyi ilma namaa kan ijaaramu haala hawaasummaa fi qunnamtii walwalitiin (interpersonal) (Gergen, 1985) ti. Yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa dhiibbaa karaa dhaalaatin dhufu mormuu baatus kan irratti xiyyeeffatu jireenya nama tokkoo keessatti dhiibbaa hawasaafi qunnamtii namichi namoota waliin taasisu xiinxaluurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa kan irratti hundaa'u aadaa, hawaasa, fi xiinsammuu hawaasni waliin qoodatuudha. Akka yaaxina Ijaarsa hawaasaatti namni bu'aa hawaasa keessa jiraatuti. Haala kanaan waa'ee ijaarsa hawaasa Gujiifi Gede'oo hoo ilaalle hawaasichi umuriifi gaheen caaseffamee kan jiruudha. Gulantaa caasaa tokkoo gara gulantaa biraattis gahee sirna Gadaa keessatti dhalootaaf kenname taphatee ceha. Gahee dhalootaaf umuriidhan sirna Gadaa keessatti qophaa'e kan maatii, ollaafi abbaa lubaa gosaa irraa baratu. Dhaloonni Gujiifi Gede'oo waa'ee gahee gulantaa sirna Gadaa keessatti taphatuu, waa'ee aadaafi duudhaa maatii, ollaafi abbaa lubaa gosaa irraa barata.

Akka Yaaxina Ijaarsa Hawaasaati namni dhuunfaa fi gareeti qoodamus namni amala mataa isaa osoo hinta'in amala garee kan qabu ta'uu isaati (Hoffman, 1991). Kana jechuun Jechi " ana" jedhu qaamaan hoo ilaalle of danda'aa haa ta'umalee yaannifi miirri inni qabu kan argamu

namoota waliin jiraatu irraa argama. Dhugaan nuti beeknu kan argamu aadaa fi hawaasa keenya keessatti akka argamu ibsuurratti xiyyeeffata (Hoffman, 1991).

Haaluma walfakkaatun beekumsiifi duudhaan namootaa dhugaa hawaasaa kana irraa madda jechuun ibsu hayyoonni yaaxina Ijaarsa hawaasaa (Berger and Luckman, 1996). Kanaafuu namni, amala, aadaa, kaayyoo, safuu, muuxannoo waliin qoodatu qaba. Namni kamuu amala garee kanarraa eenyummaa qoodata. Dubbiin tokko kan hiikkatu haaluma ijaarsa hawaasa tokkoo keessatti aadaa irratti walii galameen jechuudha. Hiikkaan laatamu aadaa hawaasichaarraa madda jechuudha. Walumaagalatti hawaasni gochaalee hawaasummaa keessatti raawwatuun addunyaa kan ijaaruufi kan dhalootni irraa barataa itti fufu ta’uu isaati. Ummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede’oo sirna Gadaa ijaaran. Dereje, Mengehsa fi kan biroo, (2021) akka ibsanitti sirni gadaa falaasama jiruufi jireenya hawaasaa hunda of keessatti hammatuudha. Sirni gadaa seerota, sonaalee, duudhaalee, safuufi qajeelfamoota, naamusaafi duudhaa hawaasaa miseensi Gujii hundi sadarkaa umuriitiin qoodamee baratu qaba jechuudha. Sirna gadaa keessatti sochiiwwan hawaasni gama hawaasummaa, diinagdeefi siyaasaan taasisuu qabu hawaasni Gujiifi Gede’oo sadarkaa adda addaatti jila irratti hirmaachuudhan barata. Akkasumas sadarkaa qe’eetti karaa abbaa luubaa (abbaa seeraa akka Gujiitti) barnoota beekumsa naannoo, afseenaa, duudhaa barata ( odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Aanoleefi kan biroo). Haaluma yaada kana deeggaruun Dereje, Mengeshafi kan biroo (2021) qorannoo isaanii keessatti akka ibsanitti sadarkaa maatiitti ijoolleen umurii hanga saddeetiitti maatii keessatti abbaafi haadha irraa, jaarsolii beekumsa aadaa qaban irraa waan aadaa, afseenaa, afoola kkf ni baratu.

Akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee irratti hirmaatan ibsanitti akka Gujiitti sadarkaa kuusaa gaafa gahe hayyuu gosaa (gorsa abbaa Gadaa yookiin Yuuba) biratti deemee barata, gaafa jilaa yuubni kun warra umuriin isaanii Kuusa ta’an gosa isaa keessa jiran hunda qabatee lafa jilaa fudhatee dhaqa. Achitti gahee taphachiisaa waan safuu, waan aadaa, waan duudhaa, naamusaafi sona hawaasaa barsiisa (Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaafi Abbaa Galchaa, Gannaalee Tukkee).

Haaluma yaada hayyoota abbaa gadaa kana deeggaruun barumsi bulchiinsa sirna gadaa irratti kennamu duudhaa sadi ijoo hammata: aangoon gadaa wagga saddeet ta'uu, warri gadaaf dorgoman ilaalcha paartiifi ilaalcha aangoo madaalamaa qabaachuu akka qaban ni baratu (Dereje, Mengesha fi kan biroo, 2021). Itti dabaluudhanis qorattoonni Derejefi kan biroo (2021) akka ibsanitti Gujii keessa abbaa raagaa kan jedhamutu jira. Abbaan Raagaa, hayyuu raawwii sirna gadaa yeroo adda addaa raawwatame irratti kan hirmaate, afseenaa hawaasichaa kan beeku, duudhaafi amantii hawaasaa sirriitti kan beeku, safuu, seera, naamusaafi duudhaa sirna gadaa keessatti hojiirra oolu dhaloota kan barsiisu qabu.

Akka ragaa odeefkennitoonni marii gareefi af-gaaffii qorannoo kanaa kaasanitti hawaasni Gujiifi Gede'oo har'as sirna gadaatiin bulaa jiru. Sirna gadaa keessatti naamusa, seera, safuu, duudhaalee hawaasaa , amantii hawaasaa, beekumsa naannoo, dandeettii afaanii, kan kana fakkaatu sadarkaa umurii adda addaatti barachuun itti fufee jira. Wantoota duudhaa ta'aniifi hintaane, waan aadaa ta'eefi aad-malee ta'e, waan seera ta'eefi safuu ta'e, gochaa seera fi safuu cabsuu, kan kana fakkaatu hawaasa keessatti maatii keessatti, hayyuu gosaa iraa akkasumas hayyuu abbaa seeraa yookin abbaa lubaa jedhamuun hogganamuudhan baratu. Raawwii duudhaa Gondoroos akkuma kana Gondoroon maaliif raawwatama? raawwatamuu hoo baate maaltu muudata? Kanneen jedhu hawaasa keessattiifi lafa jilaatti ni baratama. Miseensi hawaasaa immoo waan barate kana gahee taphachuudhan raawwata. Kun yaaxina ijaarsa hawaasaa keessatti "namni kamuu bu'aa hawaasaati", " namni bu'aa aadaati", namni yaanni, ilaalchi, fi beekumsi qabu kan argatu hawaasa keessa jiraatu irraa akka ta'e ibsa. Yaaxinni ijaarsa hawaasaa kun sochii hawaasni Gujii dhaloota umuriin qooduudhan gahee siyaasa, diinagdeefi hawaasummaa taphachiisu kana sirriitti ibsa. Dhaloonni Gujiifi Gede'oo gulantaa umuriin keessa darbu hawaasichaan qophaa'ee jiru keessatti gahee taphachuudhan beekumsa hunda galeessaafi dandeettii argatee keessa darba jechuudha.

Gujiifi Gede'oon waldhabdee dhaabanii nagaa buusuu kan danda'an miseensonni hawaasa lamaanituu ilaalchi raawwii Gondoroo irratti qaban waan walfakkaataa ta'eefi. Kana immoo horachuu kan danda'an hawaasa sirna gadaatiin bulu keessatti waan jiraataniifi. Waan safuu, seeraa, naamusaa, sonaalee, duudhaafi amantii, kabajaa abbootii gadaaf qaban, kabajaa Qaalluuf qaban hunda hawaasarraa barataniiru. Hubannaa kanaaf bu'urri sirna gadaati.

Sirna gadaa keessatti hawaasni umuriin qoodamee gaheefi safuu, seera, naamusa, kkf barata. Hawaasichi haala kanaan waan ijaarameef karaa duudhaa waldhabdee dhaabee nagaa buusuu danda'a jechuudha.

Miseensi hawaasa Gujiifi Gede'oo sadarkaa umurii adda addaatti gahee taphachuufi qe'eetti karaa abbaa luubaa , abbaa seeraa, maatiifi ollaa irra beekumsa duudhaa hawaasichaa barata. Kun immoo yaaxina ijaarsa hawaasaa waliin kan walsimatuudha. Akka Gujiifi Gede'ootti duudhaan hawaasaa raawwii Gondoroo dabalatee seerri, safuun, ulfoon hawaasichaa ta'e jedhamee hirmaannaa hawaasa keessatti taasifamuun baratu. Akka kanaan beekumsa duudhaa hawaasaa dhalootatti darbarsaa as gahe jechuudha. Hawaasni Gujiifi Gede'oo ijaarsa haawaasaa caasaafi gaheen adda bahee qophaa'ee waan qabuuf namuu sadarkaa yookiin gulantaa umurii isaatti gahee taphatee keessa ceha. Kunis tokkummaa xiinsammuu, tokkummaa aadaafi duudhaa, cimina keessoo hawaasichaaf bu'uura ta'eera.

## 5.3. Adeemsota Raawwiin Gondoroo ittiin Raawwatamu

Waldhabdeen namoota dhuunfaa gidduutti yookiin gosa lama sabaan tokko ta'an gidduutti yookiin garee sabaafi sabaa lama gidduutti uumamuu danda'a. Akaakuu waldhabdee irratti hundaa'uun adeemsi raawwiin araara duudhaa Gondoroo gargar akka ta'e odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee qorannoo kana keessatti hirmaatan kaa'u. Akka odeefkennitoota (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaafi Alamaayyoo) ibsanitti jalqabuma irratti Gondoroon kan raawwatamu qaamonni waldhabdee keessa seenaan gosaan Gujiifi Gujii, yookiin Gujii fi Gede'oo hoo ta'an qofaadha. Akka odeefkennitoonni kunneen jedhanitti Gondoroon kan raawwatamu obboleessa obboleessa ajjeeseefiidha. Gujiin garee obboleessa jedhee amanu waliin waldhabdee keessa hoo gale gara nagaatti deebi'uuf raawwii Gondoroo raawwata. Garee obboleessa jedhamee afseenaafi ragamtaa hawaasaa keessatti hinjirre waliin waldhabdee keessa hoo seene gara nagaatti deebi'uuf sirna araaraa raawwata malee Gondoroo hinraawwatu (Odeefkennitoota ijoo: Abbaa Girjaa, AbbaaGalchaa)

Akka hayyoonni abbaa gadaa Gujiifi hayyeechaawwan Gede'oo ibsanitti Gondoroon kan raawwatamu waldhabdee obboleeyyanii qofaafi. Gujiifi Gede'oon ala saboota biroo ollaa isaanii jiraatan waliin waldhabdeen hoo muudate gara nagaatti dhufuuf adeemsa araaraa barameen nagaa buusu malee Gondoroo hinraawwatan (odeefkennitoota, Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa, Hayyeechaa hayiluu, Alamaayyoo, Jaboo Kuraafi kanneen biroo).

Yaada odeefkennitoota marii gareefi af-gaaffii irraa kan hubannu raawwiin Gondoroo kan raawwatamu waldhabdeen uumame kan obboleeyyanii hoo ta'eedha. Obboleeyyan waldhabdee keessa hoo seenaan adeemsa raawwii Gondorootiin waldhabdee irraa gara nagaatti deebisuutu aadaadha. Raawwiin Gondoroo obboleeyyan waldhabdee keessa seenan gara nagaatti deebisuuf raawwatamu kunis Gondoroo araara namoota dhuunfaa fi akka garee sabaafi sabaatti raawwatamu gargaraadha. Itti aanuun adeemsa raawwii Gondoroo akka araara nama dhuunfaatti raawwatamuufi akka garee sabaafi sabaatti immoo Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu walduraa duubaan ibsameera.

### 5.3.1. Adeemsa Raawwii Gondoroo Nama Dhuunfaa Ittiin Raawwatamu

#### A. Hayyuu Abbaa Gadaatti Baqachuu/Himachuu

Gujiis ta'ee Gede'oon uummata gurmaa'ina maatii, gosaafi fincaaniin caaseeffameedha. Fincaan jechuun akka yaada hammayyaatti paartii jechuudha. Maatii tokko keessa namni nama hoo ajjeese yeroodhaaf maatiin sun qe'eerraa baqatanii gara hayyuu gosaatti yookiin gara abbaa gadaatti baqatu. Hanga Abbaan Gadaa hayyoota isaa ergee warra namni keessaa du'een qabamaa jedhuunitti baqatanii turu.

Namni nama ajjeese
"Namumaan baha,
Gujumaan baha,
hayyoota abbaa gadaatiin baha,
abbaa gadaatiin baha" (Abbaa Galchaa)

"Namumaan baha" jechuun namuma ta'etti dheessuu danda'a. Garuu namni itti dheesse kun dafee hayyoota gosaa itti gaafatamummaa hawaasa gosa isaanii bulchuu qabanitti himuufii qaba. Dhimmicha qabachuu kan qabu hayyoota gosaa kanneen yaa'a gadaarratti hayyuu abbaa gadaaa jedhamaanii maqaa yaa'aatiin moggaafamantu jiru. Jaarsi hundi hinraawwatu. Hayyoonni yaa'a gadaarratti maqaan yaa'aa kennameef kanneentu hawaasa qajeelcha. Hawaasnillee waan isaan jedhaniin bula. Akkaa hawaasa Gujiifi Gede'ootti waggaa saddeet saddeetiin baallii aangoo walitti dabarsuun aadaadha. Warri baallii kennuufi fudhatu hawaasicha keessatti gahee qabu. Warri baallii fudhatu hawaasicha sochii siyaasaa, hawaasummaafi diinagdeetiin waggoota

saddeet itti aananiif qajeelchu yookiin bulchu. Warri aangoo dabarsan keessaa immoo gorsaa abbaa gadaa yookiin akka Gujiitti hayyuu abbaa gadaa yookiin hayyuu gosaa jedhamanii tajaajila duudhaafi aadaa raawwachuu argatu.  Akka Ged’ootti immoo ‘hayyeechaa’ jedhamanii gahee hawaasummaa walfakkaataa taphatu. Hayyoonni gosaa kunneen hawaasa Gujiifi Gede’oo keessatti Waldhabdee  dhaabuufi nagaa buusuu akka nama dhuunfaattis ta’ee akka garee hawaasaatti raawwatamu hiikuudhan nagaa buusuun gahee isaaniti jechuudha.

Namumaan baha hoo jedhamu namatti baqata, yookiin hayyuu abbaa gadaatti baqata yookiin immoo abbuma gadaatti baqata jechuu isaaniti.   Akka hayyoonni aadaa kunneen jedhanitti kun kan ta’uuf sodaa haaloo bahuu maatii yookiin gosa namni jalaa ajjeeffamee qofa osoo hintaane dhiiga sodaateeti.  “Dhiigni hamaadha” jedhu. Namicha nama ajjeese dabalatee nama inni tuqe yookiin waliin jiraate hundatti dhiigni xuriin itti darba jedhamee hawaasicha keessatti waan amanamuuf dafanii waan duudhaa raawwatu jechuun ibsu odeefkennaan (Abbaa Galchaa).

Hawaasa Gujiifi Gede’oo keessatti namni miseensa Gujii yookiin Gede’oo ajjeese hawaasicha waliin hinjiraatu. Sababni isaas nama kana dhiigni hamaan qabateera jedhamee amanama. Nama namicha nama ajjeese waliin waltuqe hundatti dhiigni hamaan kun itti darba jedhamee amanama. Dhiigni hamaan kukkutee madeessee nama ajjeesa jedhu (odeefkennitoota ijoo afgaaffii hirmaatan: Abbaa Galchaafi Abbaa Hessaa). Waa’ee dhiiga cirachuufi dhiigni hawaasa keessatti ciratee miidhaa akka hingeessisne miseensi hawaasichaa sadarkaa maatii, ollaafi gosaatti waa’ee duudhaa barumsa baratu keessatti barataa gulantaa tokko irraa gara gulantaa birootti ceha. Dhaloonni Gujiifi Gede’oo ilaalcha duudhaa, safuufi seeraa raawwiiwwan sirna gadaa, keessattuu jila irratti akkuma umurii isaaniitti hirmaachuudhan baratu. Raawwiiwwan aadaa irraa baratu. Gujiifi Gede’ootti haala dhaloonni aadaa raawwiidhan baratan kana yaaxina ijaarsa hawaasaatiin ibsuun ni danda’ama.  Alexandra GALBIN (2014) Yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa yaaxina Xinhawaasaa fi Qunnamtii ta’ee haala addunyaa ittiin hubannu kan ijaaruudha. Akka ilaalcha yaaxina Ijaarsa Hawaasaatti jireenyi ilma namaa kan ijaaramu haala hawaasummaa fi qunnamtii hawaasummaa keessatti qabuuniidha. yaaxinni Ijaarsa Hawaasaa kan irratti hundaa’u aadaa, hawaasa, fi kan hawaasni waliin qoodatu xiinsammuudha. Akka yaaxina Ijaarsa hawaasaatti namni bu’aa hawaasa keessa jiraatuti.

Bu’uura yaaxina ijaarsa hawaasaa kanaan hawaasa Gujiifi Gede’oo hoo ilaallu hawaasni Gujiifi Gede’oo hawaasa hawaasa umuriifi gaheedhan qooduudhan dhaloonni hundi gulataa tokkoo gara gulantaa olaanaatti gahee duudhaa taphachaafi barachaa keessa cehuudha. Akka hawaasa Gujiifi Gede’ootti miseensonni Gujiifi Gede’oo akka dhuunfaattis ta’ee akka garee sabaafi sabaatti obboleeyyii akka ta’an, kan wal hinajjeesne ta’uu, hoo walajjeesan aad-malee ta’uu, qaamni aad-malee raawwate immoo Gujiirraa adda kan baafamu ta’uu, gochaa aad-malee raawwatanii dhofkachuun balaa kan qabu ta’uu raawwiiwwan aadaa keessatti hirmaannaa gochuufi gahee umuriin taa’e taphatan keessatti baratu. Akka hayyoonni gosaa Gujii afgaaffiifi marii garee keessatti ibsanitti dhaloonni Gujii har’as akkuma durii maatii, ollaa, hayyuu gosaafi bakka jilaatii beekumsa aadaa, safuufi seera, haala gahee umuriidhan irraa eeggamu ni barata.

“ manatti maatirraa barata,
Sadarkaa gosaatti abbaa luubatuu , abbaa luubaarraa barata,
gaafa sadarkaa Kuusaa gahe lafa jilaatti godaanee waan aadaa barata” (odeefkennaa ijoo Abbaa Girjaa waliin afgaaffii afaanii Guraandha, 2014, Bulee Horaa).

Bifuma walfakkaatuun hayyuu abbaa Gadaa (Abbaa Girjaafi Abbaan Heessaa) namni nama ajjeese osoo oolee hinbulin gara abbaa gadaatti dheessa. Sababa isaa hoo ibsan:

Nama nama ajjeese waliin hinnyaatan,
Mindhaanillee lafa kaa’uuf malee harkaan itti hinkennan
Waliin hinjiraatan,
Mana inni bulu namni biroo hinbulu,
Qofaatti baha.
Hucuu hinjijjiiratu
Hinmiiccatu
Gondooroo baasu malee qofaatti hafa,
sanyiisaatu bada.
Dhiigatu cirata
Qomaaxa’ee du’a
Dhiiga hamaatu isa qabata. (odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa aanoleefi kan biroo)

Akka yaada odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee irratti bifuma wal fakkaatuun kaasanitti Gondooroon bahu (raawwatamu) malee akka hintolle; akka nama balleessu, Gondoroon raawwatamu malee dhiigni akka ciratu (dhiiga hamaan namatti darba) raawwiiwwan hawaasaa keessatti baratamaa deema jechuudha. Kanaafuu, Gondooroon kan godhamuuf kan du'eef osoo hinta'in kan jiru akka dhiigni hincirre, akka hinciccinne, akka sanyiin hinbanne, dhaloonni itti aanu akka hinbanneef fuuldura tolfachuuf raawwatama jechuudha. Namticha obboleessa ajjeese karaa biraa Gujii Gujii ajjeese yookiin Gujii Gede'oo ajjeese yookiin Gede'oo Gede'oo ajjeese raawwii Gondorootiin qulqulleessuudhan gara namaatti, gara hawaasaatti deebisuudha; raawwii Gondorootiin qulqulleessanii carraa hawaasaatti deebi'uu kennuufiidha. Akka duudhaa hawaasa Gujiifi Gede'ootti namni obboleessa ajjeese, gosti isaa marti hanga Gondoroon raawwatamutti waliin hinnyaatan, haloo walbarbaaduun, walbuqqisuun, waljalaa baqachuufi adda bahuun ni jira. Kanaafuu, gosti namicha nama ajjeesee karaa hayyuu abbaa gadaa waldhabdeen akka dhaabbatuufi nagaan akka bu'u adeemsa Gondorootiin araarri akka bu'u gara hayyuu gosa namni keessaa ajjeefameetti ergata jechuudha.

Yaaduma kana bifa cimsuun qorataa Solomon Hailu, (2009) akka armaan gadiitti kaa'ee jira.

> The term Gondoro is common both in Afan-Oromo and Gede'uffa languages which denotes the same meaning, that is to say declaring or concluding an event not to happen again by making peaceful agreement between conflicting individuals/groups. It is performed not only as a mechanism of purifying the 'curse' from the guilty but also as a method of inter-ethnic conflict resolution for ending enmity. Thus, the Gondoro can be considered as a resolution mechanism that is essential to the peaceful coexistence among Guji and Gedeo ethnic communities and their neighbors (Solomon, 2009:9-10 and 72).

Gondooroon kan raawwatamuuf nama obboleessa ajjeese qulqulleessuudhan hawaasaatti deebisuu qofaaf osoo hinta'in waldhabdeen dhaabbatee hawaasa keessatti nagaan akka bu'u taasisuufi waliin jireenya duraatti akka deebi'an gochuudha jechuun ibsa. Odeeffannoon qaamolee raawwii duudhaa Gondoroo keessatti hirmaatan, hayyuun abbaa gadaa irraa argame kan qorataa Solomon (2009: 9-10) tti ibsameen xiqqoo garaa garummaa qaba.

Garaagarummaan isaan “Gondoroon kan raawwatu hawaasa Gujiifi Gede’oofi saboota ollaa isaanii jiran waliini” (Solomon, 2009) kan jedhu dogoggora qaba. Gondoroon kan raawwatamuuf obboleessa obboleessa ajjeese qulqulleessuudhan gara hawaasaatti deebisuuf akka ta’e hayyoonni gosaa yookiin hayyoonni abbaa Gadaa ni ibsu (Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, fi kanneen biroo). Akka ibsa hayyoota abbaa gadaatti Gondoroon kan raawwatamu obboleessa obboleessa ajjeese qulqulleessuufiidha. Akkuma seenduubee hawaasa Gujiifi Gede’oo keessatti ibsame ragamtaa isaanii keessatti Gujiifi Gede’oon obboleeyyan abbaa tokkoo akka ta’an dhugeeffatu. Waldhabdeen akka sabaatti Gujiifi Gede’oo gidduutti hoo muudate adeemsa Gondorootiin kan araaramanis obboleeyyan waan ta’aniif jechuudha. Akka hayyoonni abbaa gadaa yookiin hayyoonni gosaa jedhanitti Gujiin Gondoroo kan godhatu Gede’oo waliin qofa malee saboota ollaa biroo waliinii miti. Saboota ollaa ta’an kan biroo waliin akkuma bakka hundatti godhamu araara qofa godhatu jechuudha.

Ummata Oromoo Gujii biratti duudhaan waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gondooroon qulqullaa’uudhan (purification) walqabata. Kunis lubbuu namaa waldhabdee umameen erga darbee booda kan ajjeesees ta’ee gosti isaa sodaa keessa waan seenaniifi hawaasummaadhan ala waan ta’aniif gara hariiroo duraatti deebisuuf abbaan gadaa hayyoota gosaa ergee warra yookiin gosa namni jalaa du’e saniin “qabamaa” namichi yookiin gareen balaa uume na harka jiraa” jedhaan. Abbaa gadaatti harka kan kennataniif Gondooroon raawwatamee akka qulqullaa’uuf jechuudha.

Duudhaan Gondooroo gara nagaa dura tureetti deebisa jechuudha. Haaluma odeeffannoo odeefkennitoota ijoo afgaaffiifi marii garee irraa argame deeggaruun qorataa Gumi (2016) akka ibsetti Oromoon nagaa waan hunda caalchifata. Nagaa nama dhuunfaa caalaa nagaa hawaasaa caalchifata. Sababa waldhabdeetin nagaan hoo boora’e hawaasatu miidhma. Kanaaf, duudhaa Gondoroo kanaan warri waldhabdee keessa seenan qulqulla’anii nagaan isaanii deebi’a. Kunis hawaasa keessatti akka nagaan bu’u taasisa jechuudha.

Sirna Gadaa keessatti waa’een duudhaa Gondooroo ni barsiifama. Akka hayyoonni aadaa (Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Galchaafi Jaarraa Waaree) jedhanitti Gujii keessatti ammas dhaloonni caasaa umuriitiin caaseeffamee aadaa barsiisuun itti fufeetuma jira. Raawwiiwwan sirna gadaa keessatti fakkeenyaaf ennaa jilaaf godaanan dhaloonni sadarkaa kuusaa gahan hundi

jila waliin godaananii waan aadaa baratu jedhu. Obboleessi obboleessa akka hinajjeesne hoo ajjeese immoo Gondooroo akka qabu ni baratama jechuun kaa'u.

Kanaafuu, namni nama ajjeese adeemsa araara Gondooroo jalqabuuf hayyuu abbaa gadaatti yookiin immoo abbaa gadaatti baqachuu akka qabu ni barsiisu jedhu. Abbaan gadaa immoo hayyoota daarimuufi kootomaa gara gosa yookiin maatii namni keessaa du'eetti erguudhan "qabamaa" ergaa jedhu geechisa. Namni kamuu waan abbaan gadaa jedheen ala hinta'u waan ta'eef deemsi araaraa gara Gondoorootti geessu ni jalqabama jechuudha.

**B. Hayyuu Gosaa Daarimuufi Kootoma walitti Baasuu**

Caasaa hawaasa Gujii keessatti qaamni itti gaafatamummaa hawaasummaa fi raawwii duudhaa qabu keessaa tokko hayyuu gosaati yookiin hayyuu abbaa gadaati. Waa'ee hayyuu gosaa sirnaan hubachuuf gaaffilee itti aanan kanneen ifa gochuun barbaachisaadha. Hayyuun gosaa eenyu? Caasaa gadaa keessatti sadarkaan hayyuu gosaa kami? Gaheen isaanii sirna gadaa keessatti maali? Hawaasa biratti fudhatamni isaanii maali? Qabxiilee jiedhan ilaaluu barbaachisa.

Akka odeeffannoo hirmaattota afgaaffiifi marii garee irraa argame ibsutti Hayyuun gosaa qaamolee hoggansa gadaa duraanii turanii gadaa haaraa keessatti gorsaa abbaa gadaa haaraa ta'aniidha. Qaamoleen kunneen yaa'a gadaa haaraa irratti dhiyaatanii gadaa haaraa keessatti gahee gorsaa abbaa gadaa haaraa fi hayyuu gosaa ta'anii kan filatamaniifi yaa'iin gadaa haaraa maqaa hayyummaa kan moggaasuufiidha. Maqaan yaa'aa isaanii maqaa kabajaa " Abbaa" jedhuun kan jalqabu hoo ta'u odeefkennitoota qorannoo kanaa maqaan yaa'aa isaanii Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Aanolee,..kkf ta'anii yaa'an moggaafamuu himu. Gorsitoota abbaa gadaa haaraa yookiin hayyuu gosaa umuriidhan hoo ilaallu 48 hanga 88 kanneen jiran hoo ta'an Yuuba I, Yuuba II fi hayyuu jedhanii qoodamu. Gaheen isaanii beekumsaafi muuxannoo gama hundaan qabaniin abbaa gadaa gorsuu, araara raawwachiisuu, ergamtoota abbaa gadaa ta'anii tajaajiluu, sirnoota aadaa raawwachiisuufi nagaa buusuudha ( odeeffannoo afgaaffiifi marii garee Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanolee, Abbaa Hessaa fi kan biroo waliin Guraandhala. 2014, Dugda Daawaa, Magaalaa Fincaa).

Akka odeeffannoo afgaaffii fi marii garee irraa argametti hayyuu gosaa kan jedhaman maqaa biraatiin hayyuu abbaa gadaa jedhamanis ni waamamu. Akkuma maqaa isaanirraa hubachuun danda'amu hayyuu gosaa kan jedhaman miseensota warra baallii gadaa dabarsaniidha. Miseensonni baallii gadaa dabarsan kunneen gadaa haaraa keessatti immoo gorsaa abbaa gadaa ta'anii kan tajaajilaniidha. Akka isaan jedhanitti " kan dubbatu hayyuudha; murtiin kan abbaa gadaati". Akka yaada isaanii kanatti hayyuun abbaa gadaa seera, safuufi duudhaa hawaasichaa kan sirriitti hubataniidha. Dubbii aadaa isaantu dubbata. Abbaan gadaa immoo murtii kenna. Aangoo murtii kennuu kan abbaa gadaati jechuudha. Kanaafuu, hayyuun gosaa yookiin hayyuun abbaa gadaa yaa'a gadaa haaraa irratti dhiyaatanii hayyummaan isaanii kan mirkanaa'uudha. Yaa'iin gadaa haaraas maqaa ittiin tajaajilan haaraa moggaasaaf jechuudha. Fakkeenyaaf, odeefkennaan qorannoo kanaa ijoon maqaan abbaafi haati baasaniif Tukunee Baallii jedhamu ture. Maqaan yaa'iin gadaa Harmuufaa kenneef immoo Abbaa Girjaa jedhamu. kanaafuu, hayyuu gosaa kan jedhaman kanneen miseensa gadaa duraanii ta'anii gadaa haaraa keessatti gorsaa abbaa gadaa ta'anii tajaajilaa jiraniidha. Maqaa tajaajilaa kanas yaa'a gadaatiin kan moggaafameefiidha. Maqaa ulfinaa kan yaa'aan moggaafameef kanaan tajaajila hawaasummaa kennu jechuudha.

Karaa biraa hayyuun gosaa gahee gorsaa abbaa gadaa ta'ee tajaajiluu qaba. Raawwiiwwan Gondoroo akka nama dhuunfaatti raawwatamu hayyuu gosaatu raawwachiisa. Beekamtii abbaa gadaatiin gosa gosa keessatti gochaaleen aad-malee ta'an akka wal ajjeesuu hoo muudate abbaan gadaa hayyuu gosaa ergee waldhabdee furanii nagaa akka buusaan erga. Waldhabdeewwan gosa keessatti muudatan Gondoroo nama dhuunfaa dabalatee karaa hayyuu gosaa xummurama jechuudha. Hayyuun gosaa gosoota torban Gujii keessa kan jiran hoo ta'u akkuma gurmaa'inni gosa Gujii Daarimuufi Kotoma jedhamee qoodamu hayyuun gosaas Daarimuufi Kotoma ta'ee walitti dhufee dhimma waldhabdee qoratee nagaa buusa. Hawaasni Oromoo Gujii hawaasa caasaa sirna Gadaatiin caaseeffameedha. Akka hayyoonni abbaa gadaa jedhanitti Gujin gosa torba qaba. Gosti torbanuu hayyuu gosaa qaba. Hayyuun kunneen kuun kootoma hoo ta'an kan hafan immoo Daarimuudha. Torban keessaa afur kootomaa hoo ta'an sadi immoo Daarimuudha.

**Daarimuu kanneen ta’an:**

Galaalchaa Mettaa,

Angeetuu Muxxii,

Daraartuu Baabbaati.

**Kanneen Kootoma ta’an:**

Waajituu Baddaa,

Sabboortuu Gaallee,

Gola Adaaltuu

Haloo Hangaatuuti (odeefkennitoota afgaaffiifi marii garee: Abbaa Heessaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Aanoleefi kanneen biroo, Duugda dawaa, Guraandhala,2014).

Duudhaa nagaa buusuu keessatti hayyuun Daarimuufi Kootomaa waliin dubbii qoru malee hayyuun gosa tokkoo Daarimuu yookiin Kootomaa qofti dubbii qoree araarsuu hindanda’u. Akka odeefkennitoonni (abbaa Girjaa, Abbaa Galchaafi abbaan Aanolee) jedhanitti hayyuun gosaa gosuma tokko qofa keessaa walitti bahe dubbii garee lamaa hinqoru aadaa miti. Dubbiin yookiin dhimmi araaraa kan qoramtu hayyuu Daarimuufi Kootomaatini. Kun kan ta’uuf hirmaannaa gosa hundaa karaa bakka bu’ummaa hayyoota isaanii mirkaneessuufi.

Akka sirna gadaatti warri baallee yookiin aangoo dabarsan gadaa haaraa keessatti Yuuba I ta’u. Yaa’a gadaa haaraa irratti abbaan gadaa haaraan warra baallee kenne keessaa gosa torban Gujii irraa hayyuu gosaa sadarkaa Yuuba I ta’an kanneen yaa’aaf dhiyeessee mirkaneessa. Yaa’arratti maqaan yaa’aa moggaafamaaf. Guyyaa sanii qabanii hayyuun gosaa yaa’a gadaa irratti dhiyaatanii hayyuu gosaa ta’anii mirkanaa’an kunneen gorsitoota abbaa gadaa ta’anii tajaajilu. Sadarkaa gadiitti waldhabdee muudatu ni araarsu. Gahee yaa’aan kennamuuf keessaa hariiroo hawaasaa eeguu, nagaa buusuu, seeraafi safuu barsiisuu walumaagalatti hawaasa qajeelchuudha ( Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi kanneen biroo).

Hayyoonni gosaa yaa’arratti dhiyaatanii hayyuu gosaa ta’an kunneen maqaa yaa’aafi yaa’a gadaa isaanii himatu. Fakkeenyaaf, odeeffannoo qorannoo kanaaf qorataan afgaaffiifi marii garee wayita funaanaa turetti hayyoonni gosoo maqaa maatiifi yaa’aa adda adda akka ta’e himu. Fakkeenyaaf, odeefkennaan Jaarraa waaree jedhamu maqaa maatiin baaseef hoo ta’u, akka hayyuu abbaa gadaatti immoo maqaan yaa’aa Abbaa Aanoolee jedhama. Hayyuu yaa’a

Dhallanaati. Tukunee Baallii kan jedhaman immoo maqaan yaa'aa isaanii Abbaa Girjaa jedhamu; hayyuu yaa'a Harmuufati. Yaa'ii gadaa shananiituu hayyuu abbaa gadaa yookiin hayyuu gosaa ni moggaasa. Sirna raawwii duudhaa keessatti maqaa yaa'aa kanaan of beeksisu. Kan waamamanis maqaa yaa'aa kanaani jechuudha. Maqaa yaa'aa "Abbaa…" jedhu kanaan tajaajila duudhaa hawaasaa gaggeessummaa isaaniitiin raawwatamu raawwatu. Mallattoon hayyoota gosaa kunneenii gurra uratu, qumbii gurratti kaawwatu, amartiis qubatti kaawwatu. Mallattoo hayyooma gosaati (odeefkennitoota: Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaafi kanneen biroo).

Hayyoonni aadaa baattuufi hayyuun gadooma booda gorsaa abbaa gadaa, hayyoota aadaa, hawaasa keessatti gahee nagaa buusuu taphatu. Rakkoo gosa keessaafi alaa qoratanii abbaa gadaatti himu, qoratanii akka aadaa godhu. Jarri baattuufi hayyuu jedhaman kunneen gosa torban Gujii keessatti Daarimuufi Kootama bakka bu'anii tajaajilu. Namoota gadaa booda jiran gosa torban Daarimuufi Kootama keessaa filatamanii yaa'arratti hayyummaan isaanii mirkanaa'a. Yaa'arratti maqaa tajaajilaa argatu (maqaa yaa'a gadaa). Marsaan gadaa shananiituu yaa'a qaba. Abbaan gadaa yaa'arratti hayyoota isaa dhiyeeffatee mirkaneessisa jechuudha. Hayyoonni aadaa abbaa gadaatiif kan ergamanidha.

Hayyuun gosaa yookiin karaa biraa hayyuun abbaa gadaa hawaasa keessatti kabajaafi ulfina guddaa qaba. Gosti torbanuu hayyuu gosaa kana qaba. kan hayyuun kun jedhu dhaggeeffata. Sababni isaas hayyuun wayyuudha. Yaa'a gadaa irratti hayyuun wayyuudha jedhamee lallabama. Namuu kan hayyuun jedhee ala hinta'u jechuudha. Namni nama ajjeese waan lamaaf hayyuu gosaatti baqata. Gama tokkoon Hayyuun gosaa maatii namni keessa du'e tasgabbeessee araaraaf dhiyeessuu danda'a. Karaa biroo immoo hayyuun gosaa namticha nama ajjeese qulqulleessee Gondoroodhan araarsee gara hawaasaatti deebisuu danda'a.

**C. Mulquu/ Qulqulleessuu**

Mulquun qulqulleessuudha. Akka hayyoonni gosaa ( Abbaan Girjaa, Abbaan Hessaa, Abbaan Aanolee fi kan biroo) afgaaffii fi marii garee keessatti kaasanitti namni nama ajjeese hayyuu gosaatti baqata. Hayyuun gosaa immoo hoolaa biteefi waataa waamee itti qalchiisa. Waataan waan namtichi qabu hunda irraa fudhata. Qawweellee hoo ta'e kan ittiin ajjeese waataan irraa fudhata. Uffata isaas irraa fudhata. Waataan Hoolaa irratti qalee dhiiga hoolaatiin isa dhiqa. Waataan qeenca irraa qoree, dabbasaa hunda irraa haadee qulqulleessa. Dhiiga hoolaatiin dhiqee booda bishaan qulqulluudhan dhiqee miidhaqsa. Booda hucuu haaraa hayyuun gosaa itti baqate

sun dhiyeesseef namticha mulqametti uffisee hayyuu gosaatti kennee deema. Waataan gochaa mulquu kana halkan waan raawwatuuf namuu hinargu. Foon hoolaa qalamtees waataan fudhatee deema malee namuu hinnyaatu. Mulquun kan gaggeeffamu namtichi nama ajjeese sun abbaa gadaatti yookiin hayyuu abbaa gadaa (hayyuu gosaatti) dhiissee booda hayyuu abbaa gadaa nama mulqu fidaaf jechuudha. Abbaa gadaatti hoo baqates abbaan gadaa hayyuu gosaa erga malee raawwii Gondoroo nama dhuunfaa keessa hingalu. Abbaan Gadaa lafa Gondoroo nama dhuunfaa itti raawwatamu hindhaqu (Odeefkennaa ijoo, Abbaa Galchaa, afgaaffii waliin taasisne Guraandhala 22, 2014, Dugda Dawaa). Hirmaattonni marii gareefi afgaaffii keessatti hirmaatan adeemsa mulquu kana hoo ibsan:

> Aadaa Oromoo Gujii keessatti obboleessi obboleessa hinajjeesu.
>
> Hoo ajjeese " dhagaa tuule" jedhan malee ajjeese hinjedhan;
>
> maqaa san hindhahan.
>
> Afaan san hindhahan " tuule" jedhu. " danuu" jedhu.
>
> Akka tasaa jechuudhaaf.
>
> Danuu kanaafuu ni dheessu gara hayyuutti yookiin gara abbaa Gadaatti
>
> Hayyuun yookiin abbaan Gadaa itti dheesse nama kana qofaatti galchee dhoksa.
>
> Dafanii qulqulleessuuf nama isa qulqulleessu waamu. Waata waamu.
>
> Hoolaa bitu; hucuu haaraas ni bitu.
>
> Waataan hoolaa irratti qalee dhiiga hoolaatiin dhiqa.
>
> Dhiiga hoolaa booda bishaan qulqulluudhan dhiqa.
>
> Hucuu haaraa itti uwwisee hayyuutti kennee raaqa ( halkan) deemee gara mana ofiitti gala.
>
> Namuu waataan gocha kana ennaa raawwatu hinargu.
>
> Hayyuu gosaa malee namuu hinbeeku.
>
> Hinhiman eenyu akka ta'e.
>
> Hanga qulqullaa'uutti namuu harkaan nyaatallee itti hinkennu,

mana tokko keessa waliin hinbulan

qaama isaallee hintuqan.

Uffatas ofirraa hinjijjiiru

Waataa waamuuf (odeef. Kennaa Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa fi kan biroo).

Namtichi nama ajjeese sun harka hayyuu akkuma galeen akka qulqulleessuuf Waataa waamuuf jechuudha. Hanga qulqullaa'uutti namtichi kun Gujii guutuu irraa adda baheera jedhamee amanama. Waan kana ta'eef hayyuun itti dheesse kun nama isa qulqulleessu gosa Waataa keessaa waameefii akka isa mulqu taasisa. Gosti yookiin maatiin namticha nama ajjeesee sun hoolaa bitee hayyuu gosaatti kenna. Hayyuun gosaa nama gosti isaa waataa ta'e waama. Waataan halkan deemaa bulee gara barii hoo gahu namticha lubbuu baase san bakka namniifi loon hinseenne lafa Gondoroo jedhamu itti gadi baasee mulqa.

Rrifeensa irraa haada,

Qeensa irraa qora,

Uffata irraa baasee qullaa isa dhaabee hoolaa irratti qala.

Dhiiga hoolaa saniin isa dhiqa.

"Muka dhiigaa" kan jedhamu baala isaa kutanii ittiin dhiqa.

Booda bishaan qulqulluudhan isa dhiqa.

Uffata adii haaraa itti uwwisee hayyuu gosaatti kennee osoo namuu eenyu akka isa qulqulleesse hinargin deema (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Jaboo Kuraa, Abbaa Heessaafi Abbaa Galchaa)

Eenyummaan namicha (Waataa) gochaa qulqulleessuu raawwatu kanaa hawaasa biratti hinbeekamu, Maqaa isaas hindhahan. Eenyu akka ta'e hinhiman; gaafa Gondooroo san qofa hayyuun gosaa walitti agarsiisa. Hayyuun gosaa gara namni keessaa du'eefi hayyuun gosaa gara namni keessaa nama ajjeesee qofatu beeka. Hawaasni Gujii nama gochaa qulqulleessuu hojjetu kana hinbeekan; eenyu akka ta'e hindubbatan. Hayyuu gosaatu adeemsi mulquu waataadhan ta'uu walgaafatu. "Gondoroon tun qalatteertii?" jedhanii walgaafatu. Akkas kan godhaniif adeemsi Gondooroo haala duudhaatiin raawwatamuu isaa hubachuufi. "Abalu fidaa" jedhu. Abalu fidaa jechuun nama mulqu san jechuufi. Namtichi nama ajjeese kun gara hayyuu gosaatti

baqachuu isaa mirkaneeffachuufi hayyuun gosaas waataa waameefii waan aadaa raawwatamuu isaa adda baafachuuf raawwii Gondoroo irratti hayyuun gosaa namni keessaa miidhame “Mee abalu fidaa” jedhee gaafata. Guyyaa san hayyuu gosaa gara lamaanii jiru qofatu namicha mulqe kana walitti agarsiisu. Hawaasni biroo garuu eenyu akka mulqe hinbeeku; ittis hinhimamu.

Odeeffannoo kennitoonni akka jedhanitti nama obboleessa ajjeeseeef raawwii Gondorootiin araara gochuuf adeemsi mulquu raawwatamuu qaba. Haaluma walfakkaatuun odeefkennitoonni aanaa Bulee Horaafi magaalaa Bulee Horaatti afgaaffii gaafatamaniif deebii ennaa kennan mulquu ilaalchisee hayyuuwwan gosaa aanaa Dugda dawaatti odeeffannoo argameen kan walfakkaatu kaasan.

kan mulqu namatu jira.

Nama waamantu jira.

Gosa keessaa nama waamantu jira.

Namni kun rifeensa mataa, kan bobaa, kan saphii hunda haada.

Qeenca irraa qora.

Mulqee miidhagsa.

Gosa kam eenyu akka ta’e hinhiman.

Gaafa Gondooroo san hayyuun gosa lamaanii qofatu arga; hawaasni biroo hin argu.

Nama mulqu kan eenyummaa isaa hinhiman,

Guyyaa Gondooroo san “ abalu fidaa” jedhu.

Warra akkasiitu duruu hojjeta.

Abbaasaatuu duruu hojjetaaf isatu dhufee waan kana sirreessa ( odeefkennaa Jaarraa Waaree fi )

Odeeffannoo dabalataa hayyoonni gosaa raawwii Gondoroo keessatti gahee taphatan kunneen waa’ee Waataa gochaa duudhaa hawaasaa Mulquu waliin walqabatee jiru hoo ibsan:

Namni tule (ajjeese) sun ennaa tulu ofirraa wayaa qaba;

Qawweellee qabaachuu danda’a;

Qarshiillee qabaachuu danda’a,

Yeroo tulu (ajjeesu san) san waan qabatee jiru hunda namicha rifeensa haadee, qeenca ciree tolchee mulqu santu (Waataa) irraa fudhata ( Jaarraa Waaree , Abbaa Heessaafi Kanneen biroo).

Akka yaada hayyoonni abbaa Gadaa Gujii marii gareefi afgaaffii keessatti ibsanitti namni nama ajjeese karaa biraa Gujiin Gujii ajjeese, yookiin Gujiin Gede'oo hoo ajjeese abbaa gadaatti baqachuun aadaadha. Abbaa gadaa bira hoo hanqate hayyuu gosaa isaatti baqachuun aadaadha. Hayyuu gosaa biras gahuuf mijatuufii hoo baate namuma Gujii tokkotti baqata.kana irraa kan hafe biyya gadhiisee baduun aadaa miti. Inni badus maatiifi gosti isaa waan aadaa hoo raawwatame malee haloodhan miidhamuu danda'u. Namni itti baqate sun hayyuu gosaa biraan dhaqa. Harka kennate jechuudha. Hayyuu jalatti baqate jechuudha. To'annoo seeraafi safuu hawaasichaa jalatti galeera jechuudha. Hayyuun kun dafee gosa isaa hoolaa bichisiisee Waataa waamaafii mulqisiisa. Haaluma walfakkaatuun kan wal ajjeesan miseensa Gujiifi Gede'oos hoo ta'e akkuma kana dheessee namumaan baha, Gujumaan hoo bahe, namni itti baqate sun dhoksee hayyuu gosaatti geessa. Nama mulqu kana dafanii waamaniifii akka irraa mulqu godhama.

Adeemsa Mulquun ittiin raawwatu hoo ibsan:

Hoolaa bituuf.

Namicha mulqu Waataa waamuuf

Waataan halkan deemaa bulee raaqa gara sa'aatii 11tti dhufee hoolaa kana itti qala.

Qeenca, dabbasaa hunda irraa mulqee tolchee dhiiga hoolaa kanaan dhiqa.

Yeroo qulqulleessee dhiigaan dhiqu kana namni biroo bira hinjiru.

Namichi qofaa isaa tolcha namni biroo hinargu.

Erga dhiqee booda wayaa haaraa itti uwwisu.

Ennaa ajjeesu san " tulu san" waan qabatee jiru hunda irraa fudhata.

Dhiiga dhiqee wayaa haaraa marxanfachiisee hayyuu Daarimuufi Kootomaatti kenna.

Waataan qulqulleessee hayyuutti kennee dhokatee deema (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa aanolee, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa fi kanneen biroo)

Akkuma odeeffannoon olii mul'isutti namni obboleessa ajjeese karaa biraa akka tasaa Gujiin Gujii hoo ajjeese gara hayyuu gosaatti baqata. Hayyuun gosaa immoo akkaataa aadaatiin Gondoroon raawwatamee nagaan akka bu'u gochuuf dirqama aadaa qaba jechuudha. Kanaaf, hayyuun gosa wayaa haaraa qabatee bakka Waataan itti qulqulleessee tolchu san barraaqaan dhaqee nama mulqame kanatti wayaa haaraa itti uwwisee fudhatee gara hayyuu namni keessaa du'eetti geessa. Hayyuun Daarimuufi Kootoma ta'anii halkan deemaa bulanii bakka namtichi itti mulqamu sang gahu. Namtichi mulqu sun (Waataan) waan hunda irraa mulqee tolchee eega. Bakka itti mulqu san namnis ta'ee horiin hinseenu. Mulqee ka'ee hayyuu Daarimuufi Kootomaa

kanneenitti kennee osoo namuu isa hinargin dhokatee deema.  Bakka itti mulqan kun ulfoodha. Lafa Gondoroo jedhama. Bakka ulfoodha. Horiis itti hingadhiisan. Bakki Gondoroon nama dhuunfaa itti raawwatamu gosa gosa keessa jira.

Hayyuu Daarimuufi Kootoma ta'anii namticha nama ajjeese, kan mulqame san qabatanii gara hayyuu gosa namni keessaa miidhamee fuudhanii dhaqu. Harka isaanii jiraachuu, harka kennachuu isaa mirkaneessuuf jechuudha. Harka hayyuu gosaa erga galee booda akka aadaa ta'a malee haloof barbaaduun aadaa miti. Waan kana ta'eef "aadaaf dhufne" jedhanii hayyuu namni keessaa miidhame gaafatu.

Akka odeefkennitoonni jedhanitti Gondooroon sadarkaa nama dhuunfaatti kan Gujiifi Gede'oo waltulee adeemsuma tokko qaba. Gujiifi Gede'oon obboleeyyiidha. Waliin walkeessa jiraatu. Afaaniifi aadaa waliin qoodatu. Akka nama dhuunfaatti hoo wal ajjeesan Goondooroo akka qabu ni hubatu. Adeemsuma walfakkaatuun hayyuu gosaa walitti baasanii Gondooroo raawwatu jechuudha. Sadarkaa waldhabdee nama dhuunfaatti Gujiifi Gede'oo gidduuttis adeemsi mulquu jira jechuudha. Garuu, waldhabdeen muudate sadarkaa garee sabaafi sabaatti  hoo ta'e,  adeemsa mulquu hinqabu; adeemsa dubbii qoruu qaba. Kun mata duree raawwii Gondoroo sabaafi sabaa jalatti bal'inaan ibsameera.

## D.  Adeemsa Araara Gochuu

Raawwiin Gondoroo nama dhuunfaa adeemsi mulquu yookiin qulqulleessuu erga raawwatamee booda hayyuun gosaa Daarimuufi Kootoma ta'anii namicha nama ajjeese qabatanii gara hayyuu gosaa namni keessaa du'ee fuudhanii araaraaf dhaqu.  Hayyuun daarimuufi kootoma hundi akka keessatti hirmaatanitti gara hayyuu warra namni keessaa du'eetti ergamu. Hayyuu namni keessaa du'e Kanaan akkas jedhanii gaafatu:

"nuuf qabamaa, badii dalagnee jirra"

"Waan danuu/ tasaa balleessinee jirra"

"Gujiitu nu ergate nuuf qabamaa" jedhanii dhaabbatanii hayyuu gosaa warra keessaa namni miidhame gaafatu.  Hayyuun gosaa gara warra keessaa namni miidhame sun gochi raawwate akka qoratanitti waan tasaa miti; beekaa ajjeese jedhanii kan amanan hoo ta'e  akkas jedhanii deebii laatu:

“ hinqabamu”

“ Hintaa’u “ jedhee deebisaaf hayyuun gosaa warra keessaa namni du’ee sun.

Erga fedhii hayyuu gosaa gara warra namni keessaa du’ee baranii booda irra deebiin akkas jedhanii gaafatu:

“ na teessisi”

“ si tumachiisaa”

“harka isaa duubatti hidheen si tumachiisa” jedhuun hayyuun gosaa gara warra namticha nama ajjeesee dhaabbatanii kadhachaatii garaa laaffachuufi.

Amma erga waan jedhame kana dhaggeeffatanii hayyuun gosaa gara warra namni keessaa du’ee sun akkas jedha:

“taa’i; si teessiseera”

“harka micciirrachiisii naaf fidi; akka inni beekaa ajjeese nan ajjeesaa” jedhaani.

Waliin dubbii hayyuu gosaa gara gosa namticha nama ajjeesseefi gosa namni keessaa miidhame gidduutti taasifame kana irraa wanti hubannu “ na teesisi” jechuun araaraaf tole nuu jedhi jechuudha. Taa’anii dubbii qoranii araara gochuuf dura hayyuun gara gosa namni keessaa miidhame sun eyyamamoo ta’uu qaba. Araaraaf taa’uu dura akkaataa namni isaanii itti ajjeefame qoratanii waan danuu (tasaa) ta’uu hoo baate dafanii araaramuu diduun jira jechuudha. Hayyuun gosaa gara namni keessaa miidhame sun “hintaa’u” hoo jedhu hinaraaramu beekee ajjeese malee waan danuu miti jechuuf jedha. Kana irraa ka’uudhan hayyuun gosaa namticha mulqame qabatee jiru “ sin tumachiisa na teessisi” jedhee gaafata. Sanaan booda “ taa’i” jedhaan hayyuun gosaa gara namni keessaa miidhamee sun. “Taa’i, si teessiseera” jechuun isaa nan araarama jechuudha.

Wayitii kana hayyuun gosaa gara namticha nama ajjeesee sun namticha nama ajjeese san harka duubatti hidhanii dhiyeessu. “ kunoo harka duugda galchinee siif finnee jirra tumadhu” jedhaniin . Hayyuun gosaa gara namni keessaa du’e sun maatii warra miidhamee keessaa namni tokko akka tumu eyyamaaf. Waraana yookiin ulee itti kennanii “ akka inni beekaa ajjese ajjesi” jedhuun. Ennaa dhahuuf itti lakkisu hayyuun irraa qolata. Irraa qolatee akkas jedhaan:

“ Buufatte haloo kee”

“ tumatte lama hintumatan”

Gujii lama hintumatan,

Gujiin lama wal hintumatu; aadaa miti.
Waan danuu takkuma. Danuun lama hinjiru.
Gondooroo malee hoomtuu hinjiru,
"Gondoroo godhatta" jedhuun.

Hayyuun fuunduraan afur duuban afur ta'anii namicha akka tumataniif dhiyeessu. Gosa yookin warra keessaa namni du'e santu tumachuuf eeboos ta'ee mukaan dhahuuf ennaa jedhan irraa faccisu. "tumatte lama hintumatan" jedhuun (odeefkennitoota Natiroo Gannaalee, Tukunee baallee, Abbaa Galchaa). "Lama hintumatan" kan jedhaniif Gujiin Gujiitti si'a lama hindeebisu jechuudha. Karaa biraas akka tasaa namni kan nama ajjeesu takka qofa hoo rukute tasa yookiin danuu jedhama. Namtichi ajjeeffame madaan isaa ilaallamee si'a tokkoo ol kan dhahame hoo ta'e danuu yookiin akka tasaa hinta'u; beekaa ajjeese jedhamee fudhatama. Duritti akka aadaa Gujiitti nama beekaa nama nama ajjeese, si'a lama itti deebisee rukutee kan ajjeese, beekaa ajjeese waan ta'eef isas qabanii ajjeesu ture jedhu hayyoonni gosaa kunnen. Bara ammaa keessa garuu isuma haloof ajjeesellee danuu (tasa) jedhamee akka duudhaatiin Gondoroo akka raawwatee araaramu taasifamaa jira. Har'as hoo ta'e nama beekaa nama ajjeese, madaan namticha du'ee ilaallamee, itti deddeebi'amee rukutame hoo ta'e, araara tursiisuudhan namtichi akka hawaasarraa adda bahee turu, harka micciirrachiisanii warri namni jalaa miidhame si'a tokko akka tumatan gochuun ni jira jechuun kaa'u. Amma garuu duudhaan sun jijjiiramee kanuma beekaa ajjeesellee danuu jedhanii Gondoroon araarsu. Dhimma kanaan walqabatee jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa Gondoroo mata duree jedhu keessatti boqonnaa jaha jalatti bal'inaan ibsameera.

Yaadota hirmaattota afgaaffiifi marii garee irraa odeeffannoo olitti ibsamerraa akkuma hubatamu adeemsa raawwii Gondoroo keessatti araarri raawwii Gondoroo mirkaneeffannaa duursee xummurama. Araarri erga bu'ee booda raawwiin Gondoroo mirkaneeffannaan kan gaggeeffamu. Araara booda haloon hinjiru, waldhabdeenis ni dhaabbata. Guyyaa araaraa kana Raawwii Gondorootiif guyyaa qabatanii addaan galu.

## E. Mirkaneeffannaa

Mirkaneeffannaan raawwii Gondoroo isa xummuraati. Araarri erga bu'ee booda mirkaneeffachuuf sirna raawwatamuudha. Guyyaa mirkaneeffannaa kana gosti walitti fuudhee dullacha tokko qala. Araarri xummuramee nagaan bu'uu mirkaneeffachuuf raawwiin itti aanu

hayyuun gara lamaanituu walitti makamee geengoo ijaaree taa'a. Amma gaggeessummaa hayyoota gosaa kanneeniin namtichi nama ajjeese sanitti foon sa'a araaraaf qalame san kutanii itti kennanii dhamdhamee hayyuu geengoo ijaaranii taa'an kanneen duubarraan akka itti aanu kana jedha: "

"hoodhu" jedha karaa duubaa ( namticha araara gaafatu)

"Maal? " (hayyuu gosaa)

Duuba" ( namticha)

Duuba hinjiru " jedhuun. (hayyuu) (odeeffannoo marii garee waliin Guraandhala, 2014 aanaa Dugda Dawaafi Magaalaa Bulee Horaatti taasifamerraa kan fudhatame).

Haaluma kanaan hayyoota gosaa geengoo galanii taa'an tokkoon tokkoon duubarra naanna'uudhan " hoodhu", maal?, duuba, "duuba hinjiru" akka jedhanii xummuru. Waliin dubbii olii keessatti hayyuun gosaa garee lamaanii geengoo hojjetanii taa'an tokkoon tokkoon isaanii " duuba hinjirtu" kan jedhaniif kanaan booda haloon hinjirtu, Gujiitti makamteerta jedhanii waadaa galuu isaaniti. Hayyoonni gosaa kunneen gosa hunda keessaa daarimuufi Kootoma ta'anii kan walitti bahan waan ta'eef gosa isaanii bakka bu'anii lammata haloon hinjiru, duubatti hamtuun hinjirtu jedhanii waadaa galuu isaanii agarsiisa. Akka Gujiittis ta'ee akka Gede'ootti hawaasni gosa qaba. Gosti immoo hayyuu abbaa gadaa yookiin hayyuu gosaa, kan yaa'a gadaa irratti hayyuu gosaa ta'ee moggaafame, kan maqaan yaa'aa isaaniif kenname qabu. Miseensi gosaa kamuu waan isaan jedhan fudhachuuf dirqama aadaa qaba. Kanaafuu, araara kana irratti hayyuun gosaa gara nama nama ajjeeseefi gara namni jalaa miidhame bakka bu'anii isaantu waliin dubbata. Isaantu akkaataa aadaatiin dhugaa waliif galcha. Murteerras gahu. Murtee isaanis namuu fudhatee hojiirra oolcha.

Kanumaan hayyuun gosaa gamaafi gamanaa dhufan daadhii walitti biifanii waleebbisu. Warri waldhaban amma araaramaniiru. Kanaan booda waliif soddoomuuf intala waliif kennu. Haada yookiin wayaa adii hidhanii gidduudhaa kutuudhan warra dhiigaa walagarsiisan. Wayaa adiin mallattoo waliif qulqulluu ta'uu isaati. Akka dammaa walitti mi'aawwaa, akka aannanii garaa walqabbaneessaa jedhanii eebbisu (odeefkennitoota Natiroo Gannaalee, Jaarraa waaree, Abbaa Heessaafi kanneen biroo)

Akka odeeffannoo afgaaffii fi marii garee irraa funaaname ibsutti araara booda waliin jireenya dura turetti deebi'uun, walsoddoomsuun aadaadha. Araara booda walshakkuun, haloon tasuma

hinjiru. Akka odeefkennitoonni marii garee irratti hirmaatan kaa'anitti hayyuun gosaa seera fe'ee waan araarse, akka aadaatti deemsa raawwii Gondoroo hunda raawwachiisee waan araarse, namuu irra deebi'ee lammata wal hinlolu; aadaa miti. Akka aadaa Gujiitti haloon aad-maleedha. Kan abbootiin gadaa, hayyuun abbaa gadaa murteesse namuu hindiigu. Kanaafuu, araarri raawwii Gondorootiin guduunfame lamuu itti hindeebi'amu jechuudha.

## 5.2. Adeemsa Raawwii Gondoroo  Gujii fi Gede'oo Gidduutti Raawwatamu

Akka aadaa uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'ootti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Obboleessi obboleessa hoo ajjeese aad-maleedha. Gochaan aad-maleen immoo dhaloota balleessa jedhanii amanu. Akka dhaloonni hinbanneef raawwii Gondoorootiin qulqulleessu (odefkennitoota abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heesaa, hayyeechaa Hailu Beyene).

Gondooroon kan raawwatamu qaama yakka ajjeechaa raawwate adeemsa raawwii Gondoorootiin qulqulleessuudhan gara hawaasaatti deebisuudha jechuudha. Ummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo akka obboleeyyan ta'an amanu. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti immoo obboleeyyan walhinajjeesan; walhinbuqqisan.  Garuu akka tasaa ennaa walajjeesan yookiin ennaa walbuqqisan duudhaa Gondoroo raawwatamee araaramu. Gondooroon raawwatamee booda lolli ni dhaabbata, nagaan ni bu'a; hawaasni waliin jireenya duraatti deebi'a jechuudha.

Waldhabdee nama dhuunfaas ta'ee kan garee hawaasaa keessatti adeemsa waan aad-malee raawwatame (wal ajjeechaafi waldhabdee walbuqqisuu) faluudhan qulqullaa'ee Raawwii Gondoorootiif dhiyaata.  Raawwii Gondooroo akka sabaafi sabaatti raawwatuufi akka nama dhuunfaatti raawwatamu garagarummaa qaba.  Gondooroon sabaafi saba gidduutti raawwatamu adeemsa mulquu osoo hinta'in adeemsa hayyuun gosaa saba lamaan keessaa walitti bahanii dubbii qoruu keessa darba. Uummanni Gujii duudhaa sirna Gadaatiin bula.   Akkuma kana Sabni Gede'oos duudhaa sirna gadaa qabu sirna Baalleetiin bula. Hawaasni garee lamaanituu duudhaa sirna bulchiinsa aadaa kanaaf bitamaadha. Caasaa hawaasa lamaanii keessattuu sadarkaa olaanaatti abbaa gadaatuu jira. Saboonni lamaanuu dame afuuraa qabu. Gujiittid ameen afuuraa kun Qaalluu hoo ta'u Gede'ootti immoo Wayyuun jira.  Sadarkaa olaanaa abbaa gadaatti aanee hayyuu (Gujii), hayyeechaa( Gede'oo)tti jiru. Hayyuufi hayyeechaan tokkuma. Garaagarummaa afaanii malee gaheen isaan caasaa hawaasaa keessatti qaban walfakkaata.   Hayyoonni kunneen gosoota jiran keessaa yaa'a Gadaarratti moggaafamu. Akka Gede'oottis hayyeechaawwan kan

moggaafaman yaa'a Baallee irratti gosoota hunda keessaa filatamanii sirna kakuu kan raawwataniidha (odeefkennaa, hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa). Akka ibsa odeefkennaa kanaatti hayyeechaan gosa torban Gede'oo keessa jiru. Gosoota hunda keessaa sadarkaa Baallee gadaa boodatti garee aangoo kennetu hayyeechaa ta'a. Hayyeechaa ta'uuf karaa qaamota damee afuuraa waayyuu jedhamaniin qumbii nyaatu. Qumbiin kan irraa qophaa'u damma uumamaa kan muka irraa muramuudha. Muka gogaadhan buusama. Sana booda wayyuun damma kana nyaachisa. Akka odeefkennaan hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa afgaaffii keessatti ibsanitti muka gogaadhaan damma buusuufi nyaachuun kakuudha. Hayyuun gosaa kun hoon soba dubbadhe akka muka kanaa na haa gogsu jechuu agarsiisa. Harka wayyuutii nyaachuun immoo harka Maganoo (Waaqa) irraa akka nyaachuutti fudhatama. Kanaafuu, hayyeechaan gosaa kan aadaa beeku, dhugaa qofa kan dubbatu, loogii kan hingoone ta'uu hawaasa biratti fudhatama guddaa kanneen qabaniidha.

Akka garee sabaatti Gujiifi Gede'oo gidduutti waldhabdeen uumamee walajjeesuufi walbuqqisuu hoo hordofsiise gara nagaatti deebi'uuf Gondoroo raawwatu jechuudha. Raawwii Gondoroo keessatti immoo adeemsa hunda keessatti qaamoleen gahee duudhaa qaban kanneen hawaasni iddoo guddaa isaaniif kennuun raawwatama jechuudha. Akka hawaasa Gujiifi Gede'ootti qaamolee hawaasaa Abbaa Gadaa, damee afuuraa Qaalluu (Gujiitti), Waayyuu ( Gede'ootti), hayyuu (Gujiitti), Hayyeechaa ( Gede'ootti) kanneen jedhaman waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti qaamolee murteessoodha. Adeemsota raawwii Gondoroo akka Gujiifi Gede'ootti raawwatamu keessatti gahee isaan taphatan akka armaan gadiitti dhiyaatee jira.

**A. Walgahii Abbootii Gadaa Gujiifi Gede'oo**

Gondooroo akka sabaafi sabaatti raawwachuuf duursa abbootii gadaa saba lamaanituu walgahanii mari'atu. Akka duudhaa saba lamaanittuu sabni obboleeyyii ta'an lamaan walbuqqisuufi walajjeesuun aad-maleedha. Abbootiin Gadaa saba lamaanituu aanaa Gadab, teessuma Qaalluu taate keessatti waldubbisu. Bara gadaa keenyaa sabni obboleeyyii maaliif waldhabu" Maal waaqa (maganoo) goone?" jedhanii walgaafatu (odeefkennitoota afgaaffii Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaafi kanneen biroo, Guraandhala, 2014). Akka ilaalcha Gujiifi Gede'ootti waldhabdeen hawaasa obboleeyyan gidduutti uumamuun mallattoo dheekkamsa Waaqaa yookiin Maganooti. Waan aadaafi duudhaa keenya cabsineef waaqni nutti dheekkame walwaraansa nutti fide jedhanii amanu (odeefkennitoota ijoo Abbaa

Girjaafi Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa). Kanaafuu, abbootiin Gadaa Gujiifi Gede’oo walgahanii hawaasni isaan gaggeessaa jiran waldhabdee akka dhaabuufi nagaan akka bu’uu qabu waliigalu jechuudha.

Waldhabdeen akka sabaatti uumame qoratamee dhaabbachuu akka qabu walii galu. Akka odeefkennitoonni marii gareefi affgaaffiirratti hirmaatan ibsanitti abbaan gadaa uummata Oromoo Gujiifi abbaan gadaa saba Gede’oo walgahanii erga mari’atanii booda hayyuu gosaa walitti baasu. Uummanni Oromoo Gujii gosa torba qaba; Sabni Gede’oos gosa torba qaba. Gosoota hunda keessaa hayyuuwwan /hayyeechaawwan walgahanii waan waldhabdeef ka’umsa ta’e gad-taa’anii akka waliin qoran abbootiin gadaa Gujiifi gede’oo hayyuu isaanitiif dhaamsa dabarsu. Hayyuuwwan aadaa walitti dhufan kunneen gosa torban Gujii keessaa hayyuu Daarimuufi Kontoma ta’anii dhiyaatu. Gede’oo keessaa hayyeechaawwan gosoota torban keessaa yaa’a Songoo irratti dhiyaatanii kakuu raawwatantu dhiyaatu.

Hayyuun saboota lamaanii Aanaa Gadab bakka “Eddeeraa” jedhamutti walgahu. Odeefkennaan Gede’oo keessaa (hayyeechaa Alamaayyoo, hayyeechaa Jaboo Kuraa) akka ibsanitti Gadab kan jedhameef duritti ibiddi hamaan toora hunda gubaa dhufee Gadab ennaa gahu dhaame. Bakki sun qabbana qaba; lafa ulfoodha jechuun ibsaniiru. Kana irraa kan ka’e Qaalluun Gadab qubate jedhu Gadab teessuma Qaalluuti jechuudha. Akka amantii Gujiitti Qaalluun lafa irratti bakka bu’aa Waaqaati. Akkuma kana akka ilaalcha Gede’ootti immoo Waayyuun damee afuuraa hawaasa Gede’oo hoo ta’u kadhannaa isaatiin Maganoo (Waaqa) akka argatan amanu. Abbootiin Gadaa saba lamaanituu caasaa hawaasa isaanii keessatti damee afuuraa kanaan eebbifamanii muudamu. Akka Gujiitti dameen afuura kun lafti itti argamu Gadab hoo ta’u akka Gede’ootti immoo dameen afuuraa Waayyuu jedhaman gosa gosa keessa jiru (odeefkennaa ijoo Hayiluu Bayyanaa waliin dhimma kana irratti qulqulleeffachuuf afgaaffii bilbilaan irra deebiin gaafa guyyaa 15, Amajjii, 2016). Gadab lafa ulfoodha jechuudha. Akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee keessatti hirmaatan ibsanitti lafa Gondoroon sabaafi sabaa itti raawwatamu kana muka isaa irraa hincabsan, lafa isaas hinqotan, horii yookiin beeladootas itti hingadhiisan, namnis loonis keessa hinqaxxaamuru; daanga’ee taa’a. lafa ayyaana qabu jedhamee sodaatamuudha (Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Hayiluu, Hayyeechaa Jaboo Kuraafi kanneen biroo). Hayyoonni aadaa saba lamaanii abbootiin gadaa walitti baasan kunneen walgahanii dubbii saba lamaan gidduutti jiru, waldhabdee akka sabaatti muudate qoru. Dhugaa dabe, waan dhara ta’e, waan aad-malee ta’e adda baasu, furmaata waloo itti kennu.

Yaada kana qorannoon deeggaru Asebe (2007) akka kaa'eetti Qaalluun abbaa afuuraa uummata Oromoo Gujii ta'uu fi abbootiin gadaallee eebbaafi eeyyama Qaalluutiin kan muudaman ta'uu ibseera. Bakki Qaalluun itti argamu immoo Godina Gede'oo aanaa Gadab Eddeeraa kan jedhamuudha. Gadab Eddeeraan lafa ulfoodha jechuudha.

Aanaan Gadab daangaa lafa Gujiifi Gede'oo walqunnamsiisu hoo ta'u abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo handaarii daangaa ofii dhaabbatanii osoo walitti hincehin waldubbisu (Odeefkennitoota ijoo Abbaa Girjaafi Abbaa Gakchaa). Akka hayyoonni gosaaafgaaffii marii garee keessatti kaasanitti hanga araarri bu'utti walkeessa hindeeman. Akkuma ajjeechaa nama dhuunfaa keessatti ilaallee saniin bifuma walfakkaatuun akka garee Gujiifi Gede'oottis waldhabdeen uumamee walajjeechaan hoo muudate hanga raawwii Gondorootiin qulqulleessanitti wal keessa hinnyaatan, walkeessa hindeeman. Waan kana ta'eef abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo lafa handaarii daangaa isaanii irra dhaabbatanii waldubbisu jechuudha. Abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo lafa handaarii daangaa lafa isaanii irratti argamu "Eddeeraa" bakka jedhamutti walgahanii waldhabdeen dhaabbachuu akka qabuufi nagaan bu'uu akka qabu murteessu. Murtee abbootii gadaa kana galmaan gahuuf hayyuu gosaa hawaasa Gujiifi Gede'oo walitti baasuudhan dubbii akka qoran taasisu jechuudha. Abbootiin Gadaa hawaasa Gujiifi Gede'oo walgahanii bara gadaa isaanii hawaasni obboleeyyiin maaliif akka walwaraane, maaltu bannaan waaqayyoon balaa walwaraansaa akka isaanitti fidefi ka'umsi balaa walwaraansa kanaa maal akka ta'e akka adda baasanii falannaadhaf haala akka mijeessaniif gosa Gujiifi Gede'oo hunda keessaa hayyuu gosaa walitti fidanii walgahanii dubbii hawaasa Gujiifi Gede'oo gidduutti jiru, waldhabdee akka sabaatti muudate aanaa Gadab, bakka Edderaa jedhamutti kanatti taa'anii walumaan qoru. Adeemsi kun dubbii qoruu jedhama. Dubbii qoruun falannaa booda adeemsa jiruudha. Kutaa of danda'e jalatti waa'een dubbii qoruu ibsamee jira. Hayyuun gosaa walumaan taa'anii dhugaa dabe, waan dhara ta'e, waan aad-malee ta'e qoranii adda baasu. Ka'umsa waldhabdee uumamee hundeerraa adda baasu. Walumaan taa'anii dhugaa erga baranii booda gochaa aad-malee raawwate falatamuu akka qabu murteessu jechuudha. Adeemsi itti aanu osoo gara dubbii qoruutti hinseeniin dura falatanii cehu jechuudha.

Akka hayyoonni gosaa Gujiifi Gede’oo jedhanitti sadarkaan hayyummaa fedhii dhuunfaa irraa kan fagaateedha. Hayyoonni kunneen gosa kan bakka bu’an yaa’a Abbaa Gadaarratti dhiyaatanii kan mirkanaa’aniifi bakka Qaalluun jirutti haqaaf qofa kan dhaabbatan ta’uu kakuu raawwataniiti. Kanaafuu, dhimma waldhabdeen walqabate kan hayyoonni kunneen qoranii waan aad-malee ta’e jedhan adda baasanii akka sirreeffamuuf kallattii isaan kennan qaamni kamuu hindidu. Hayyuummaan dantaa haqaa, dantaa Waaqaa, dantaa nama hundaati malee waan dhuunfaa yookiin waan garee keessaa dhufaniitii miti. Hayyoonni aadaa yookiin hayyuun abbaa gadaa giddugalummaan isaanii waan waaqni jaalatu, waan nama hundaaf ta’urratti xiyyeeffachuudhan araaraaf haala mijeessuudha.  Hayyoonni saba lamaanii walumaan ta’uudhan araaraaf haala mijeessuuf sirna faloo (falachuu) raawwatu jedhu odeefkennitoonni marii garee irratti hirmaatan (Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi Gede’oo keessaa hayyeechaa Hayilyy, Hayyeechaa Jiboo Kuraa). Haaluma barruu walfakkaataa (Volker,2007; Kelemework,2013; Solomon,2009; Asebe, 2007) keessatti kaa’ameen raawwiin Gondooroo kan adeemsifamu qaamolee hawaasa keessatti gahee duudhaa taphachuu qabaniiniidha. Kunis gahee hayyuun abbaa gadaa Gujiifi Gede’oo taphataa jiran kanaan walfakkaata. Hawaasni Gujiifi Gede’oo hayyuun gosaa kan yaa’a gadaa irratti dhiyaatanii hayyummaan isaanii mirkanaa’eefi gorsaafi ergamtoota abbaa gadaa ta’anii kan tajaajilan waan ta’aniif hawaasicha waldhabdee irraa gara nagaatti deebisuuf gahee duudhaa raawwachuufi raawwachiisuu kanneen qabaniidha. Raawwii duudhaa raawwachuudhan waldhabdee dhaabanii nagaa buusuun gahee isaaniti jechuudha.

## B Falachuu

Abbootiin gadaa Gujiifi Gede’oo walgahanii adeemsa dubbii qoruutiin walumaan waan aad-malee raawwatame, waan dhara ta’e, dhugaa bade, waan hawaasa obboleeyyan Gujiifi Gede’oo waldhabsiise araarri akka bu’u kallattii erga kaa’anii booda sirna falachuu raawwachuudhan adeemsa araaraaf karaa saaquu raawwatu.

Guyyaa falachuutiin walqabatee hayyoonni gosaa Gujiifi Gede’oo bifuma walfakkaatuun hoo ibsan:

> Hoolaa walitti qalu. Kan Gujii kan Gede’ootti qala; kan Gede’oos kan Gujiitti qala. Nama qalutu jira, foon hoolaa qalamees nama fudhatutu jira. Foon hoolaa qalamee kana namichuma qale santu fudhatee gala. Galadhuun jedhaniin malee

achitti hinnyaatamu. Kan nyaatamu kan gaafa Gondooroon raawwatuuti. Inni dura walitti qalan sun karaa tolchuufi beellama Gondooroo qabachuuf, dhiiga hoolaa saniitiin qulqullaa'uufi (Hayyeechaa Hayiluu, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi kan biroo).

Akka odeefkennitoonni qorannoo kanaa afgaaffii fi marii garee keessatti kaasanitti adeemsa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti hayyuun gosaa walgahanii waliin dubbii jalqabuuf duursa sirna falachuu raawwatu. Falatanii booda walitti makamanii waliin taa'anii sadarkaa dubbii qoruutti darbu jechuudha. Falachuuf hayyuun Gujii Hoolaa tokko bita. Kan Gede'oollee hoolaa bita. Hayyuun gosaa nama gosaan Gujiifi Gede'oo hintaane gosa Waataa keessaa waamu. Waataan hoolaa Gujiin fide Gede'ootti qala. Hoolaa Gede'oon fide immoo Gujiitti qala. Foon hoolaa qalamtee hinnyaatan; Waataatu fudhatee deema. Kan nyaatamu kan gaafa araaraa qalamuudha. Hoolaan falachuuf qalamte karaa tolfachhufiidha. Dhiiga hoolaa kanaan hamtuu obboleeyyan gidduu ture qulqulleessuufiidha. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti hoolaan wayyuudha. Akka odeefkennitoonni afgaaffiidhan himanitti hoolaan wayyuudha. “mana namaa akka tasaa hoolaan hoo seente dhadhaa adda ishee muudanii baasu” (odeefkennaa abbaa Galchaa). Waataan hoolaa faloo kan Gujiin fide Gede'ootti qala; kan Gede'oon fide immoo Gujiitti qala. Kunis Gujiin hoolaa tokko Gede'ootti qala; Gede'oonis hoolaa tokko Gujiitti qala jedhamee ibsama. “Dhiigni hoolaa gochaa aad-malee raawwatame hunda qulqulleessa” jedhamee amanama. Gujiifi Gede'oon obboleeyyidha. Obboleeyyiin walhinajjeesan, walhindhaban, wal hinbuqqisan. Ennaa walajjeesan “ dhiiga cirata” jedhu. Akka hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo afgaaffii fi marii garee keessatti ibsanitti dhiigatu cirata jechuun sanyiin garee lamaanituu qomaaxa'anii badu jedhanii amanu. Hinofkolan jedhanii amanu. Sababni isaa immoo uummanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo hawaasa uumaa Waaqaa/ Maganoo dhan buluudha. Gochaan aad -malee hawaasaan ennaa raawwatame waaqni nu balleessa jedhanii amanu. Kanaafuu, waldhabdeen obboleeyyii aadaa malee waan ta'eef hamtuu qulqulleessuuf hoolaa qalanii falatu jechuudha (akka odeefkennitoonni abbaa Girjaafi hayyeechaa Jaboo Kuraa himanitti).



*Suura 2ffaa:  Sirna Hoolaa Faloo Qaluu. (Madda: Aadaafi Turizimii Godina Gede'oo)*

Guyyaan kun guyyaa falannaa jedhama. Hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo  falannaa ilaalchisee bifuma walfakkkaatuun ibsu. Obboleeyyan waan taaneef walajjeesuun akka garee sabaatti nu muudate falachuu barbaachisa jechuun ibsu. Adeemsa falachuu irratti ilaalchuma walfakkaataa qabu. Falachuun kan raawwatamuuf waan aad-malee ofirraa qulqulleessuufiidha.

Odeefkennitoonni hayyeechaawwan afgaaffiifi marii garee Gede'oo irraa hirmaatan falachuu ilaalchisee akka armaan gadiitti kaasaniiru:

Hoolaa walitti qalu.
Kan Gujii kan Gede'ootti qala;
kan Gede'oos kan Gujiitti qala.
Nama qalutu jira,
Foon hoolaa qalamees nama fudhatutu jira.
Foon hoolaa qalamee kana namichuma qale santu fudhatee gala.
Galadhuun jedhaniin malee achitti hinnyaatamu.

Kan nyaatamu kan gaafa Gondooroon raawwatuuti.

Inni dura walitti qalan sun karaa tolchuufi beellama Gondooroo qabachuuf, dhiiga hoolaa saniitiin qulqullaa'uufi (odeeffannoo hirmaattota afgaaffiifi marii garee Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa fi fi Hayyeechaa Jaboo Kuraa).

Akka odeefkennitoonni marii garee irratti ibsanitti Gujiifi Gede'oon obboleeyyani. Akka duudhaa hawaasa lamaanittuu obboleeyyiin wal hinajjeesan; waldhabdee keessa hinseenaan. Garuu darbee darbee waldhabdeen isaan ni muudata. Ennaa waldhabdeen obboleeyyan gidduutti muudatu aad-malee ta'a jedhu. Waan aad-malee immoo qajeelchuu barbaachisa. Akka ilaalcha hawaasa Gujiifi Gede'ootti waldhabdee uumameen wal ajjeesanii osoo hinqajeelchin yookiin gara aadaatti osoo hindeebisin ennaa hafe sabatu bada, balaa hamaa saba lamaanuu miidhu qaqqabsiisa jedhanii amanu. Balaa hamaa kana qulqulleessuudhan Gondooroof haala mijeessuuf walfalu jechuudha.  Guyyaa falannaa san hayyuun Gujii keessaa walitti bahe hoolaa Gede'ootti qala. Hayyuun Gede'oos Gujiitti qala. Namni hoolaa faloo qalu gosa waataa keessaa kan abbaansaa dur waan akkanaa raawwatu waaman. Foon gara lamaanii qalame hunda waataatu fudhata malee achitti hinnyaatamu.  Kan nyaatamu kan gaafa Gondooroon raawwatamuuti. Sababni isaas hoolaan faloof gareen hawaasa lamaanii walitti qalan kun dhiiga hoolaatiin walqulqulleessuuf kan ittiin falataniidha. Faloodhaaf qalama.  Miseensi hawaasa Gujiifi Gede'oo ta'an kamuu foon hoolaa falachuuf qalamee kana hinnyaatu. Waataatu fudhata. Waataan gosa yookiin miseensa Gujiifi Gede'ootiin ala waan ta'eef fudhata. Hawaasni Gujiifi Gede'oo kan waliin nyaatan kan gaafa araaraa qalamu waliin nyaatu. Kan falannaaf qalame gochaa aad-malee raawwatame dhiigaan qulqulleessuuf qalama malee nyaachuuf miti. Hoolaan falannaaf qalamu dhiiga isaatiin waan aad-malee qulqulleessuuf jechuudha.

"nama hoolaa faloo qalutu jira; nama waamantu jira; isatu foon hoolaa faloof qalamee fudhata" jedhu hayyoonni gosaa kunneen. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti maqaa nama mulquufi faloo qalu kana hindhahan. Abalu hinjedhan aadaa miti. Hayyuu gosaa qofatu eenyummaa nama kanaa beeka malee miseensota hawaasaa birootti hinhimamu. Gochaa mulquu kanallee halkan raawwata malee yeroo namni arguu miti. Namni waaman kun Waataadha, garee xiqqaa Gujiifi Gede'oo keessa jiraatu sabaan kan Gujiifi Gede'oo hintaaneedha. Waataa jedhanii hindubbatan kanaaf "nama waamantu jira" jechuun dubbatu. Maqaa waataa hinwaaman aadaa miti jechuudha.

Hayyuun gosaa Gujiifi Gede’oo gosoota hunda irraa walitti bahan kunneen falatanii ka’anii gara araaraatti cehuuf dhimmoota waldhabdeef ka’umsa ta’an walumaan taa’anii qoru. Adeemsi kun dubbii qoruu jedhama.

### C. Dubbii Qoruu

Hayyuun gosaa Gujiifi Gede’oo abbootiin gadaa walitti fidan sunneen amma falatanii ka’anii booda dubbii qoru. Dubbii qoruun kan adeemsifamu hayyuun gosaa gara garee lamaanituu walitti makamanii waan aadaa isaanii keessa hinjirre kan walwaraansaaf ka’umsa ta’e walumaan qoratu. Akka odeefkennitoonni qorannoo kanaa afgaaffii fi marii gareetiin ifa godhanitti adeemsa dubbii qoruu isaanii keessatti gaaffilee bu’uuraa ija aadaa isaanitiin kaasuudhan gochaa aad-malee ta’e walumaan adda baasu. Gaaffilee bu’uuraa ijaa aadaa isaanitiin deebi’uufi Gondoroodhan qulqullaa’uu qaban walgaafatu. Gaaffilee bu’uura aadaa isaanii irratti hundaa’anii walgaafatan keessaa muraasa akka armaan gadiitti kaasuudhan qoru:

waldhabdeen obboleeyyan gidduutti maaliif muudate?

Waan aad-malee aadaa keenya keessatti akkamiin galte?

Obboleeyyan maaliif waljibban?

Maaliif walbuqqisan?

Maal waaqa yakkine?

Maaliif waan akka kanaa nu muudate? Gaaffilee jedhan kaasanii walgaafatu (Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Abbaa Galchaa, Hayyeechaa Jaboo Kuraafi kanneen biroo).

Akka hayyoonni gosaa marii garee keessatti kaasanitti hayyuun dhugaaf dhaabbata, hayyuun seeraafi safuu hawaasaa qofaan waa ilaalu malee waa’een garee ofii jedhu hinjiru. Sababiin isaas hayyuun gosaa miseensota gadaa waggoota saddee darban hawaasa bulchaniifi wayitii ammaa immoo aangoo bulchiinsaa dabarsanii gahee gahee duudhaa raawwachuufi raawwachiisuu qabaniidha. Qaamoleen hayyuu gosaa jedhaman kunneen gadaa haaraa keessatti gorsaa abbaa gadaafi gahee waan duudhaa raawwachuu kan qabaniidha. Hayyuun gosaa gosa hunda keessaa filatamanii yaa’a gadaarratti dhiyaatanii waadaa kanneen galaniidha. Yaa’aan maqaan isaaniif moggaafameera. Maqaa yaa’aa kanaan waan duudhaa raawwatu; raawwachiisu jechuudha. Akka hayyuun gosaa Gujii jedhanitti “kan dubbatu hayyuudha; murtiin kan abbaa gadaati”

(odeefkennaa Abbaa Galchaa). Akka yaada kanaatti waan aadaa ta'eefi waan aadaa hinta'in adda baasee murteef kan dhiyeessu hayyuudha jechuudha.

Hayyuun caasaa sirna gadaa keessatti qaamolee sadarkaa olaanaa irra gahan waan ta'aniif aadaa, duudhaa, seeraafi safuu hawaasichaa sirnaan kan beekaniifi dhaloota kan hubachiisan waan ta'aniif waan isaan qoran hawaasni ni fudhata. Sababnis hayyuun waan aadaa malee hindubbatu; waan dhugaa malee goonkuma hindubbatu jedhamee hawaasa keessatti hubatama.  Haala kanaan hayyuun gosaa garee Gujiifi Gede'oo walumaan taa'anii rakkoo nageenyaa isaan muudate ka'umsa irraa qoratu. Adeemsa  dubbii qoruu isaanii keessatti waan dhara ta'e , waan daba gale, waan aad-malee ta'e waluma qixa ilaalu malee garee kiyyaaf kan jedhu tasuma hinjiru ( Abbaa Galchaafi Abbaa Girjaa).

Haaluma walfakkaatuun hayyeechaan garee Gede'oo irraa afgaaffiitti hirmaatanis ilaalchi hayyuu irratti qaban kan Gujiitiin tokkuma. Akka odeefkennaan ijoo Gede'oo irraa afgaaffiitti hirmaate kaasutti hayyuu (hayyeechaa Gede'uffaan) sadarkaa olaanaadha. Dhugaaf malee gosa ofiitiif jedhee loogii kan hingoone, duudhaa hawaasichaaf kandhaabbate, seera hawaasaaf qofa kan dhaabbate akka ta'uuf qumbii nyaatee kakuu kan raawwateedha. Kanaafuu, hawaasnis kan hayyuun jedhe kan fudhatuuf beekumsa, muuxannoofi yaa'a Baallee gadaa irratti dhiyaatanii kan filatamanii hayyuu (hayyeechaa) kan jedhamaniidha. Kanaafuu, kan isaan qoraniif namuu bitamaadha jechuun kaa'u.

Yaada hayyoota gosaa irraa akka hubatamutti sababii waldhabdee hawaasa obboleeyyanii waan ta'e ennaa qoran madaala ija aadaa, seeraafi safuu hawaasichaatiin kan ilaalan ta'uusaati. Kallattiin ittiin ilaalan aadaan maal jedha?, safuufi seerri keenya maal jedha? Karaa jedhuun ilaalu malee waan garee keessaa dhufanii miti jechuudha. Walumaan dhugaa argu, walumaan waan aad-malee ta'es argu jechuudha. Akkasumas walumaan waan aad-malee ta'e adda baasanii waldhabdeen dhaabbatee nagaan akka bu'u kallattii kaa'anii guyyaa araaraa qabatu jechuudha. Akka odeefkennitoonni afgaaffii irratti hirmaatan kaasanitti hawaasni Gujiifi Gede'oo hawaasa sirna gadaatiin buluudha. Sirna gadaa keessatti immoo dhimmi seeraa, safuufi aadaa iddoo guddaa qaba. Waldhabdeen obboleeyyanii seeraafi safuu hawaasichaa cabsuudha. Safuufi seerri hoo cabe immoo waaqayyoon (Maganoon Geduffaan) akka isaanitti dheekkamee isaan balleessu amanu.  Sirna dhugeeffannaa isaanii keessatti obboleessi obboleessa hinajjeesu; hinbuqqisu.

Hoo akka tasaa haalli kun uumame immoo Gondoroo qaba jedhu (Abbaa Girjaa, Hayyeechaa Jaboo Kurraafi kanneen biroo)

kanaafuu, aadaa, duudhaa, safuufi seera hawaasa isaanii bu'uura godhatanii gochaa waldhabdee obboleeyyan gidduutti uumame furuufi nagaa buusuuf walumaan taa'anii dubbii qoru jechuudha. Adeemsa dubbii itti qoran kun gidduseentummaa qaama kamirraahuu bilisadha. Dubbii qoranii ka'anii guyyaa Araaraa qabatanii gara gosaatti deebi'uudhan araaraaf akka qophaa'an dhaamu. Wayitii kana waldhabdeen ni dhaabbata. Guyyaa kanaa kaasanii akka garee hawaasaatti walwaraanuu ni dhaabu (Abbaa Galchaa, Natiroo gannaaleefi Abbaa Heessaa).

**Waliin taa'anii mari'atu ⟶ waan aad-malee raawwateefi madda isaa qoratu ⟶ dhugaa baasuu ⟶ araara godhu ⟶ Sirna Gondooroo raawwatu ⟶ Nagaa Buusu.**

Madda Waldhabdee Gujiifi Gede'oo gidduutti uumame maali? Gaaffiin hayyuu Gujiif dhiyeesseen abbaan Girjaa akkas jechuun deebisan: ka'umsi waldhabdee dhugaatu dabe. Innis lafti nuun haa waamamtu jedhan. Nuti walumaan irraa nyaanna seene. Garuu warri Gede'oo lafti nuun haa waamamtu jedhanii lola banan. Kun seera hinturre" (Abbaa Girjaa, 2014 Bulee Horaa).

Haaluma walfakkaatuun odeefkennaan biroo Abbaan Galchaa ka'umsa waldhabdee Gujiifi Gede'oo ennaa kaasan "osoo sirni federalizimii hindhufin dura jarri waluma keessa jiraatu. Bulchiinsa adda addaa illee hinqaban. Gujiin loon horsiisa; Gede'oon immoo qonna warqee qaba. lafa loonii san warqee dhaaba. Qonna isaa loon akka jalaa hinmancaasneef jalaa gadi siqa Gujiin. Deemee deemee lafa qonnaa babal'ifate. Booda sirni federalizimii gaafa biyya keenyatti dhufu Gede'oon godina of danda'e ta'ee bahe. Ennaa bahu haa lafa warqee dhaabee qonna adda addaa irratti hojjechuun jiraatu san gara godina Gede'ootti naaf haacitu jechuun dhufe. Inni sun waldhabdee gidduu keenyaatti uume" (Abbaa Galchaa, 2014, Dugdadawaa).

Odeefkennaan godina Gede'oo kan maqaan isaa akka dhahamu hinbarbaaanne immoo akka naaf himetti "Gujiifi Gede'oon obboleeyyani. Sirna walii irraa hinhafan. Jila walii hinhafan. Ka'umsi waldhabdee isaanii Gede'oon maaliif gara mootummaa naannoo Kibbaatti cita? Obboleessa keenya ta'ee osoo jiruu maaliif gara kibbaatti of harkise? Gaaffii jedhu Gujiin kaasuudhan waldhabdee keessa seenan".

Hayyuun gosaa garee lamaanii dubbii erga qoranii booda haaluma dura waliin turaniin lafa qabatan fayyadamuun seera akka ta'e argan. Kanaafuu, araara booda hawaasni buqqa'e hundinuu

haaluma duraatin qe'ee isaatti akka deebi'u walumaan murteessan jechuudha. lafti cite garsii garana yookin garanaa garas deeme hinjiru. Bakkuma duraan turan irratti nagaa buusanii qe'eetti akka waldeebisan taasifame jechuudha.

### D. Araara Buusuu

Waldhabdee uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo hiikuu keessatti raawwii Gondooroo dura araaraatu raawwata. Akkuma olitti ibsame abbootiin gadaa garee saba lamaanii dura walgahanii mari'atu. Bara gadaa isaanii uummanni obboleeyyiin waldhabuun aad-malee waan ta'eef akka araarri bu'u gochuuf itti gaafatamummaa duudhaa qabu. Kanaaf hayyuu gosaa walitti baasu. Gujiin gosa torban keessaa hayyuu Daarimuufi kontoma erga. Gede'oonis hayyeechaawan gosaa torba erga. Hayyuuwwan abbaa gadaa Gujiifi hayyeechaawwan abbaa gadaa Gede'oo aanaa Gadab bakka "Eddeeraa" jedhamutti walgahanii rakkoo muudateefi gochaalee aadaa malee raawwataman irratti mari'atu. Rakkoolee nageenyaa muudatan ka'umsa isaanii walumaan qoratu.

Gujii fi Gede'oo gidduutti akka tasaa waldhabdeen hoo muudate Abbaa gadaa hawaasa lamaanitu walgahanii mari'atu. Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo walgaafatanii booda araara jedhu. Abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo waldhabdeen dhaabbachuu akka qabu erga kallattii kaa'anii booda gara lamaaniiyyuu hayyuu gosaa walitti baasu. Hayyuun gosaa Gujii Daarimuufi Kontoma keessaa baha. Kan Gede'oollee akkasuma hayyuu gosaa gosa Gede'oo torban irraa baha. Hayyuun walgeessee walgaafattee (dubbii qortee) guyyaa araaraa murteessu (odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Hayyeechaa Jaboo Kuraa, Abbaa Girjaa). Abbootiin gadaa lamaan araara jedhanii kallattii erga kennanii booda hayyuu gosaa garee Gujiifi Gede'oo gosa hundarraa walitti baasuudhan waan duudhaa raawwatanii hawaasni gara nagaatti akka deebi'u ta'a jechuudha.

Akka hayyoonni gosaa Gujiifi Gede'oo afgaaffii fi marii garee irratti hirmaatan odeeffannoo kennanitti hawaasni Gujiifi Gede'oo lamaanuu hayyuu gosaa qabu. Hayyuu gosaatiin qajeelfamu. Waldhabdeef waan ka'umsa ta'e, waan hamtuu alaa isaanitti galte, waan aadaa isaanii ala itti dhufte, wanti aadaa malee eessaa akka dhufte taa'anii waliin qoranii qulqulleeffatanii gara araaraatti cehu malee cal jedhanii rakkoo waldhabdeef ka'umsa ta'e bira darbanii gara araaraatti hincehan. Karaa biraa immoo gosti Gujiifi Gede'oo hundi karaa hayyuu gosaa mataa isaanii akka hirmaatu taasifamu malee gosa muraasa qofa hirmaachisuudhan gara

araaraatti hincehan. Fedhiifi yaadota gosti hundinuu qabu sadarkaa dubbii qoruu keessatti xummuratee araaraaf gahuu qabu. Akka odeefkennitoonni hayyoonni gosaa afgaaffii fi marii garee keessatti jedhanitti hayyuun gosaa (hayyeechaawwan) waan hunda ija haqa hawaasaa, safuufi seera yaa'a gadaarratti lallabame bu'uura godhatanii qoru malee fedhii biraa tasuma hinqabaatan. Waldhabdeen saboota obboleeyyii gidduutti uumame gochaa aadaa maleedha jedhanii waan amananiif araara hoo buusaan malee hamaadha jedhanii amanu. Kanaafuu, hayyuun abbaa Gadaa hayyeechaawwan saba Gede'oo waliin waan hunda qoru. Aadaa jallatte qoratanii gosa gosa keessaa dhufanitti deebi'anii mari'atu. Gosti hundinuu mari'atee araaraaf dhiyaata.

Guyyaa araaraa hayyuuwwan Gujii sa'a tokko qalu; hayyeechaawwan Gede'oos sa'a tokko qalu. Hayyuun Gujii hayyeechaawwan Gede'oo galcha (affeera). Hayyeechaawwan Gede'oos kan hayyuuwwan Gujii Galcha. “sa'a qalan san “Galadhuun” jedhanii waliif kennu. Ingichaa (gogaa) sa'a qalamee babbaqaskanii waliif qoodu. Ingichicha achumatti gatanii galu; fudhatanii hingalan (hirmaattota marii garee abbaa Heessaa, abbaa Girjaa, abbaa Galchaa,fi hayyeechaa Hayiluu Beyene, hayyeechaa Jaboo Kuraa).



*Suura 3ffaa:* ***Hayyuun Gede'oo Sa'a tokko Gujiif Qala***

*Suura waajjira Aadaa Fi Turizimii Godina Gede'ootii fudhatame*



Suura waajjira Aadaafi Turizimii Gedeo

Gujiin sa'a araaraaf hoo qalu



*Suura 4ffaa: Hayyuun Gujii sa’a Gede’oof Qala*

*Suura Aadaafi Turizimii Godina Gede’ootii kan fudhatame*

Guyyaa araaraa kana miseensi garee Gujiifi Gede’oo kamuu wal loluu akka dhaabaan ergaan karaa hayyuu gosaa (hayyuu abbaa gadaa) darba. Araarri bu’eera jechuudha. Waldhabdeen obboleeyyanii waan aadaa malee ta’eef araara dura horii walitti qalanii falataniiru. Ka’umsa waldhabdee wantoota ta’an walumaan qoranii sirreessaniiru. Guyyaa araaraa immoo sa’a waliif qalii waliin nyaataniiru; wal affeeraniiru. Amma adeemsi itti aanu raawwii Gondoorootiin golobuudha. Kanaafis guyyaa araaraa kana beellama guyyaa Gondooroon itti raawwatu qabatu. Hanga guyyaan beellamaa Gondooroo gahutti namuu akka dhuunfaatti garee lamaan keessaa lubbuu kan baase karaa hayyuu abbaa gadaa (hayyuu gosaa) Gujiifi Gede’oo waan aadaa raawwatanii raawwii Gondooroo irratti dhiyaatu. Bakkuma jirutti gosa gosa keessatti adeemsa raawwii Gondoroo nama dhuunfaa hordofanii qulqullaa’anii guyyaa Gondoroo akka garee hawaasa Gujiifi Gede’ootti raawwatamu irratti dhiyaatu jechuudha.

Akka hayyoonni gosaa Gujiifi Gede'oo afgaaffii qorannoo keessatti ibsanitti lubbuu walii baasanii dhofkatanii Gondooroo irratti hindhiyaatan. Falachuun akka dhuunfaattis ta'ee akka garee sabaatti raawwatee araarri bu'eeti kan raawwii Gondooroo irratti dhiyaatan jechuudha. Kanaafuu, hanga guyyaan raawwii Gondooroo gahutti hayyuun gosaa gosa isaanii keessatti araarri akka bu'uuf waan aadaa malee raawwatame akka falatamu gochuudhan raawwii Gondorootiif qulqulleessanii dhiyeessu jechuudha. Gondoroo dura namni hundi qulqullaa'ee dhiyaachuu qaba.

Hayyuun gosaa gara Gujiifi gara Gede'oo guyyaa araaraa sa'a waliif qalanii walnyaachisanii wal eebbisu. Kan guyyaa araaraa kana walumaan nyaatu. Kunis amma waliif araaramuu isaanii mul'isuufi. Foon qalanii galadhuun jedhanii waliif kennu. Galadhuun jechuun keessummoota kee ittiin galfadhu jechuufiidha. Hayyuun gara lamaanii akka kanaan walkabajanii wal ulfeessanii sa'a qalanii walaffeeranii walumaan nyaatu. Kun kan agarsiisu hawaasni garee lamaanituu guyyaa araaraa kanaa jalqabee waliif ciisuu akka qabuufi araaramuun akka isaanirra jiraatu ergaa dabarsuufiidha. Akkuma barreeffama kana keessatti ibsametti hayyuun gosaa hawaasa gosa isaa kan qajeelchu, raawwii duudhaa kan raawwachiisu, safuufi seera hawaasichaa kan tiksuufi bakka bu'aa dhugaa hawaasichaati jechuun ni danda'ama. Kanaafuu, guyyaa araaraa kana hayyuun garee lamaanituu waliin nyaachuun isaanii kan agarsiisu hawaasni lamaan akka araaramanitti fudhatama. Akka odeefkennaan ijoo qorannoo kanaa ta'an (Yuubni Abbaa Girjaa waliin Guraandhala, 2014 Bulee Horaa) afgaaffii taasisameen akka ifa godhanitti araara booda hanga guyyaan Gondoroo gahutti namuu walhinajjeesu, waldhabdeen ni dhaabbata. Namni araara booda yakka walirratti raawwate hawaasichi ofirraa adda baasa, yakkamaa ta'a jechuun ibsu. Araara booda haloof walbarbaaduun hinjiru; aadaa keenyaa miti jechuun ibsu. Akka tasaa namni araara booda waldhabdee itti fufe akka nama aadaa cabseetti lakkaa'ama; hawaasnis nama akkasii ofirraa adda baasa jechuun kaa'u.

Akka odeeffannoo hayyuu gosaa hirmaattota afgaaffii fi marii garee garee Gujiifi Gede'oo irraa hubatametti waldhabdee sabaafi sabaa hiikuu keessatti raawwii Gondooroo dura araaraatu raawwata jechuudha. Amma adeemsi itti aanu raawwii Gondoorootiin golobuudha. Kanaafis guyyaa raawwii Gondooroo qabatu. Hanga guyyaan beellamaa Gondooroo gahutti namuu akka dhuunfaatti lubbuu kan baase asiifi achii karaa hayyuu abbaa gadaa saboota lamaanii waan aadaa raawwatanii raawwii Gondooroo irratti dhiyaatu. Dhofkatanii Gondooroo irratti hindhiyaatan.

Falachuun akka dhuunfaattis ta’ee akka garee sabaatti raawwatee araarri bu’eeti kan raawwii Gondooroo irratti dhiyaatan. Kanuma qulqulleeffachuuf hayyootiin abbootii gadaa “Gondooroon tun qalatteertii?” jedhanii walgaafatu. Hanga gaafa Gondoorootti namni akka dhuunfatti wal ajjeesees karaa hayyuu abbootii gadaa Gujii fi Gede’oo walfalee qulqullaa’a. Gosni hundinuu bakkuma jirutti walitti qala. Miseensi garee lamaaniituu gaafa Gondooroo qulqullaa’anii haara’anii gammachuudhan eeggatu. Sababni isaa Gondooroo booda yaaddoon nageenyaa hinjiru. Waan gaafa Gondooroo raawwatamu mata duree raawwii Gondooroo jedhu jalatti bal’inaan ibsameera.

Akkuma olitti ibsame abbootiin gadaa Gujiifi Gede’oo dura walgahanii mari’atu. Bara gadaa isaanii uummanni obboleeyyiin waldhabuun aad-malee waan ta’eef akka araarri bu’u gochuuf itti gaafatamummaa duudhaa qabu. Kanaaf hayyuu gosaa walitti baasu. Gujiin gosa torban keessaa hayyuu Daarimuufi kontoma ta’anii adeemsa duudhaa barbaachisu raawwatanii nagaa akka buusan abbaan gadaa Gujii kallattii ni kenna. Abbaan gadaa Gede’oos hayyeechaawan gosaa gosa torban Gede’oo irraa waan duudhaa hayyuu gosaa Gujii waliin raawwatanii nagaa akka buusan ni erga. Hayyoonni aadaa kunneen waan qoran abbaa gadaatti gabaasu. Akka hayyuun afgaaffii qorannoo irratti hirmaatan ibsanitti “ dubbii kan qoru, kan waan aadaa dubbatu hayyuudha; kan murtii kennu immoo abbaa gadaati” (odeefkennaa Abbaa Galchaa waliin afgaaffiif deebii kennan irraa kan fudhatame, Guraandhala, 2014, Dugda Daawaa).

> Gujii fi Gede’oon waldhabdee keessa hoo seenaan Abbaa gadaatu hayyuu baasa. Dura abbootii Gadaa lamaantu walgaha. Abootii Gadaa lamaantu waliigalee hayyuu walitti baasu. Lolli akka dhaabbatuufi hawaasa isaan gaggeessaa jiraniif nagaan akka bu’u walgahanii mari’atu. Erga lolli dhaabbachuu akka qabu waliigalanii booda gara lamaaniiyyuu hayyuu baasu. Hayyuun Gujii Daarimuufi Kontoma keessaa baha. Kan Gede’oollee akkasuma hayyuu gosaa balbala torban irraa baasu. Hayyuun walgeessee walgaafattee guyyaa murteessu (odeefkennaa Abbaa Girjaa).

Akka hayyoonni aadaa Gujiifi Gede’oo odeeffannoo kennanitti sabni lamaanuu hayyuu gosa qabu. Hayyuu gosaa kanneeniin qajeelfamu. Waldhabdeef waan ka’umsa ta’e, waan isaanitti galte, waan aadaa isaanii ala itti dhufte, eessaa akka dhufte taa’anii waliin qoru. Akka odeefkennitoonni jedhanitti hayyoonni aadaa kunneen waan hunda ija haqa hawaasaafi safuufi

seera yaa'a gadaarratti lallabame bu'uura godhatanii qoru malee fedhii biraa tasuma hinqabaatan. Waldhabdeen saboota obboleeyyii gidduutti uumame gochaa aad-maleedha jedhanii waan amananiif araara hoo buusaan malee hamaadha jedhanii amanu. Kanaafuu, ergaa waan mara qoranii dhugaan adda bahee booda gara araaraatti cehu jechuudha. Guyyaa araaraa sa'a waliif qalanii waliin nyaatu jechuudha. Inni kun mallattoo walitti deebi'uu hawaasaa agarsiisuuf hayyuun gosaa garee lamaanii sa'a waliif qalanii waliin nyaatu jechuudha.

### E. Mirkaneeffannaa Araaraa: Gondoroo Raawwatu

Akka hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo afgaaffii fi marii garee keessatti ibsanitti raawwii Gondooroo irratti wanti hundi haala seeraafi safuu hawaasaatiin raawwatamuu qulqulleeffachuuf hayyootiin abbootii gadaa "Gondooroon tun qalatteertii?" jedhanii walgaafatu. Hanga gaafa Gondoorootti namni akka dhuunfatti wal ajjeesees karaa hayyuu abbootii gadaa saba lamaanii walfalee qulqullaa'ee Gondoroof dhiyaata. Gosni hundinuu bakkuma jirutti walitti qala. Miseensi saba lamaaniituu gaafa Gondooroo qulqullaa'anii haara'anii gammachuudhan eeggatu. Sababni isaa Gondooroo booda yaaddoon nageenyaa hinjiru. Gondooroo jechuun duuba hinjiru; dhumate jechuudha (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abaa Galchaa, hayyeechaa Hayiluu, hayyeechaa Jaboo Kuraa).

Akka odeeffannoo hirmaattota afgaaffii fi marii garee irraa hubatametti raawwiin Gondoroo mirkaneeffannaa araarri bu'uuti. Araarri bu'uu mirkaneessuuf abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo gochaalee duudhaa hawaasaa ta'an adda addaa hirmaattota sirna Gondoroo hawaasa garee lamaanii keessaa dhufan fuulduratti raawwatu. Raawwii Gondooroo irratti abbaan Gadaa uummata Oromoo Gujiifi abbaan Gadaa saba Gede'oo Itittuu okoleedhan yookiin qoriidhan dhiyaate qodaa tokko keessaa waliin dhamdhamu. Itittuu dhiyaate qodaa qorii yookiin okolee keessaa habbuuqqatanii walitti biifu. Akka Itittuu kanaa "qabbanaa'i" waliin jedhanii wal eebbisu. Uummanni isaanis akka Itittuu kanaatti waliif haa qabbanaa'an jedhanii eebbisu. Gara hawaasa sirna Gondoroo irratti hirmaataa jiruuttis ni biifu. "Qabbanaa'aa!" jedhanii eebbisu. Damma okkoteedhan dhiyaates waliin dhamdhamanii walitti biifu. Uummanni isaan gaggeessan akka damma kanaa walitti haa mi'aa'u jedhanii eebbisan. "Damma ta'aa; walitti mi'aawaa" jedhanii eebbisu.

Raawwii Gondooroo irratti wanti hundi haala seeraafi safuu hawaasaatiin raawwatamuu qulqulleeffachuuf hayyootiin abbootii gadaa “Gondooroon tun qalatteertii?” jedhanii walgaafatu. Hanga gaafa Gondoorootti namni akka dhuunfatti wal ajjeesees karaa hayyuu abbootii gadaa saba lamaanii walfalee qulqullaa’ee Gondoroof dhiyaata. Gosni hundinuu bakkuma jirutti walitti qala. Miseensi garee lamaaniituu gaafa Gondooroo qulqullaa’anii haara’anii gammachuudhan eeggatu. Sababni isaas Gondooroo booda yaaddoon nageenyaa hinjiru. Gondooroo jechuun duuba hinjiru; dhumate jechuudha (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abaa Galchaa, hayyeechaa Hayiluu, hayyeechaa Jiboo Kuraa).



*Suura 5ffaa: Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede’oo Bookaafi Itittuu Waliin unu. Sirna Raawwii Gondoroo Gujiifi Gede’oo 2010 (Suura waajjira Aadaafi Turizimii Godina Gede’oo itii fudhatame)*



*Suura 6ffaa: Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo Bookaa unanii walitti biifu.*

*Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Gede'ootii kan* fudhatame

Raawwii Gondooroo irratti abbaan Gadaa uummata Oromoo Gujiifi abbaan Gadaa saba Gede'oo Itittuu okoleedhan yookiin qoriidhan dhiyaate qodaa tokko keessaa waliin dhamdhamu. Itittuu dhiyaate qodaa qorii yookiin okolee keessaa habbuuqqatanii walitti biifu. Akka Itittuu kanaa " qabbanaa'i" waliin jedhanii wal eebbisu. Uummanni isaanis akka Itittuu kanaatti waliif haa qabbanaa'an jedhanii eebbisu.

Damma okkoteedhan dhiyaates waliin dhamdhamanii walitti biifu. Uummanni isaan gaggeessan akka damma kanaa walitti haa mi'aa'u jedhanii eebbisan.

## 5.3. Cuunfaa Boqonnaa Shanii

**G**ondoroon kuusaa beekumsa hawaasa Gujiifi Gede'ooti jechuun ni danda'ama. Bu'uuruma sakatta'a barruu keessatti waa'een yaaxina kuusaa beekumsa hawaasaa ibsame saniin hoo ilaalle duudhaan Gondoroo waldhabdee Gujiifi Gujii gidduutti muudatus ta'ee waldhabdee Gujiifi Gede'oo gidduutti muudatu hiikaa tokkummaafi hariiroo obbolummaa hawaasa gidduutti eeguudhan durii kaasee hanga har'aa duudhaa hawaasni kun itti fayyadamaa as gaheedha. Haaluma kana kan cimsu dhimmi biroo Gujiifi Gede'oon ragamtaa isaanii keessatti hawaasa obboleeyyan ta'uu isaaniti. Gujiifi Gede'oon ilmaan abbaa tokkoo akka ta'anitti amanu. Obboleeyyan jechuudha. Akka aadaa hawaasa Gujiifi Gede'ootti obboleeyyan wal hinajjeesan. Obboleeyyan waldhabdee keessa seenanii walajjeesuufi walbuqqisuun aad-maleedha. Gochaan aad-malee walajjeesuu kun immoo Gondoroo qaba. Walajjeesanii walkeessa hintaa'an. Dhiiga hamaatu hawaasa keessa deemee nu balleessa jedhanii waan amananiif Gondoroodhan qulqulleessanii gara nagaatti deebi'u. Kanaafuu, Gondoroo raawwatanii waldhabdee irraa gara nagaatti deebi'u jechuudha. Gondoroo booda walshakkiifi haloon tasuma hinjiru. Gondoroo booda hundinuu gara mana ofiitti deebi'a.

Dabalataanis Gujiifi Gede'oon sirna gadaa walfakkaatu qabaachuun isaanii, dhaabbilee duudhaafi qaamolee caasaa hawaasaa keessatti itti gaafatamummaa waldhabdee hiikuufi nagaa buusuu raawwataniifi raawwachiisan Abbaa Gadaa, Qaalluu, Waayyuu, Hayyuu (hayyeechaa) waliin qoodatan qabaachuufi kabajaa walfakkaata dhaabbilee kanaaf hawaasni garee lamaanituu kennuun waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf gahee guddaa waan qabuuf raawwii Gondoroo akka kuusaa beekumsa hawaasa Gujiifi Gede'ootti fudhachuun ni danda'ama.

Karaa biraa sirni ijaarsa hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti sirna gadaa walitti dhiyaatu qabu. Sirna ijaarsa hawaasa Gujiifi Gede'oo caaseeffama sirna gadaa umuriifi gahee qophaa'ee taa'e keessatti dhaloonni kamuu gahee taphatee keessa darba. Barnoota aadaa,safuu, seeraafi aadaa hawaasichaa umurii adda addaatti gahee taphachuudhan hubata. Kunis hawaasni Gujiifi gede'oo keessoo isaanitti miira tokkummaa akka qabaatuufi beekumsa duudhaa hawaasichaa walirraa akka baratu waan taasiseef araara duudhaafi raawwachiistoota araara duudhaatiif kabajaa guddaa akka kennu taasisee jira.

Adeemsota raawwiin Gondoroo keessa darbu hoo ilaalle Gondoroon nama dhuunfaa raawwatamuufi kan garee Gujiifi Gede'oo gidduutti nagaa buusuuf raawwatamu adda addummaa

qaba. Raawwiin Gondoroo nama dhuunfaa Gujii fi Gujii walajjeesaniif raawwatamu adeemsa hayyuu abbaa gadaatti baqachuu, mulquu, araara gochuufi raawwii Gondoroo gochuudhan xummurama. Raawwiin Gondoroo nama dhuunfaa sadarkuma hayyuu gosaatti xummurama malee Abbaa Gadaa fi Qaalluu hinhirmaachisu. Raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu garuu kan jalqabamu Abbaa Gadaa Gujiifi Gede'oon walgahanii araara jedhu. Itti aansee hayyuun gosaa Gujiifi Gede'oo walitti bahanii sirna falachuutu raawwatu. Falatanii ka'anii gochaa aad-malee raawwate walumaan taa'anii qoru. Araara dura waan aad-malee ta'e qoruun dhugaa baasu jechuudha. Hayyuun Araara gochuudhan waldhabdeen gosa hunda biratti akka dhaabbatu ta'a. Guyyaa araaraa irraa jalqabee hanga gaafa raawwii Gondorootti gosa hunda keessatti sirni faloo fi araaraa gaggeeffamee qulqullaa'anii raawwii Gondorootiif dhiyaatu. Guyyaa Gondoroo akka garee Gujiifi Gede'ootti raawwatamuu hayyoonni gosaa Gondoroo dura gosa hunda keessatti sirni falachuufi araara gochuu raawwatamuu walgaafatu. Sanbooda abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo qodaa tokko keessaa Itittuufi Damma dhamdhamanii walitti biifu; hawaasa raawwiicha irratti argamettis biifu. Amma hundinuu waliif Gujoomee Gujii callaa ta'eera jedhamee mirkaneeffatama jechuudha.

# BOQONNAA JAHA

# RAAWWII GONDOROO KEESSATTI FAAYIDAA WAALLEE (DISCOURSE) HAYYUU GOSAA, AFOOLAAFI MALLATTUMMAA GOCHAALEE DUUDHAA HAWAASAA

## 6.1. Maalummaa Waalleefi Waliin Dubbii Hayyuu Gosaa Akka Waalleetti:

Waalleen unka afaanii himaan yookin himaa ol ta'etti fayyadamuun barreeffamaanis ta'ee dubbiidhaan haala galumsaa irratti hundaa'uun ergaa dabarsuudha **(Nordquist, R. 2018)** Raawwii duudhaa Gondoroo waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti gochoota raawwataman keessatti waalleen (discourse) jira. Raawwii Gondoroo keessatti hayyuun gosaa gocha raawwatamu dura, yeroo gochi raawwatamuufi raawwii gochaa booda waliin dubbii adda addaa raawwatu. Adeemsa raawwii duudhaa Gondoroo uummata Oromoo Gujiifi saba Gede'oo gidduutti waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf raawwatamus ta'ee raawwii Gondoroo akka nama dhuunfaa obboleessa ajjeese qulqulleessanii gara hawaasaatti deebisuuf raawwatamu keessatti waalleen jira.

Adeemsa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu duudhaa keessatti qaamoleen gahee taphatan, hayyuun gosaa qaamota waldhabdee keessa seenaan lamaan bakka bu'anii yookiin hawaasa bakka bu'anii waan dubbataniifi waan raawwatan qabu. Qaamoleen kunneen hayyuu abbaa gadaa jedhamu. Akkasumas hayyuu gosaa jedhamu. Hayyuun gosaa dhugaan bahee araarri akka bu'uufi araara fulla'aa akka ta'u waan dubbataniifi waan raawwatan qabu. Innis waalleedha (discourse). Waalleen yeroo tokko tokko afee (text) caalaa bal'aadha. Sababni isaas, afeen waanuma barraa'e yookiin dubbatame ta'uu danda'a, Waalleen garuu gochaa qunnamtii keessatti jiru mara jechuunis kan dubbatamus, kan dhaggeeffatamus hunda dabalata; dubbii qofa miti. Kana jechuun waalleen haala keessatti dubbatame, seenduubee dubbii, beekumsa dubbataafi dhageeffataan waliin qoodatan yookiin sona dubbataafi dhaggeeffataan waliin qoodatan irratti hundaa'ee dhiyaata (Meriel Bloor fi Thomas Bloor, 2013).

Haa ta'u malee adeemsa raawwii Gondoroodhan araara buusuu keessatti qorannoon faayidaa waallee hayyuu gosaa agarsiisu hanga ammaatti hinjiru. Kanaafuu, qorannoon kun adeemsa raawwii dhuudhaa Gondoroo keessatti faayidaa waallee hayyuu gosaa gara lamaan gidduutti taasifamu qaaccessee hiikkaa waallee ifa taasisee jira.

Waalleen karaa hawaasni afaan fayyadamee ergaa ijaaruuti jechuudha. Kunis hawaasa keessatti "eenyuutu?, haala akkamii keessatti afaan akkamii fayyadame?" Kan jedhu agarsiisa. Kun kan agarsiisu afaan eenyummaa nama tokkootiifi eenyummaa hawaasaa irraa bilisa hinta'u jechuudha. Fakkeenyaaf, dubbii tokko dhaggeeffannee dubbii siyaasaati, dubbii amantiiti jechuu dandeenya. Sababiinsaas, dhiimi dubbii keessatti ka'u, jechoonni fayyadamnu, eenyummaa dubbataa, garee hawaasaa dubbataafi kkf agarsiisuu danda'u jechuudha. Kana qofaa miti; illaanyaa dubbataan keessaa dhufes ni mul'isu jechaadha (Foucault, 1972)

Waalleen gosa barnootaa walitti dhufeenya unkaafi faayidaa dubbii qunnamtii keessatti jiru qoratuudha (Renkema, J. 2004). Kana jechuun dubbiin qunnamtii keessa jiru unkaa qaba; unkaan kunis hawaasni kan itti fayyadamuuf, qunnamtii keessatti ergaa barbaade akka dabarsuu danda'uuf jechuudha.

Saayinsii hawaasaa keessatti, waalleen dubbii namootaan dubbatamu ta'ee dubbii isaanitiin maal hojjetan kan jedhu xiinxala. Yaadrimeen waallee jedhu bal'ifnee hoo ilaalle waa'ee hiikaati malee waa'ee jechoota tokko tokkoon fayyadamnuu miti. Jechoota fayyadamnee waa'ee addunyaa ittiin ibsinu dha. Adeemsa raawwii duudhaa Gondoroo keessatti hayyuun gosaa garee namni keessaa du'eefi garee namni keessaa nama ajjeese bakka bu'anii waliin dubbii adda addaa taasisu. Hayyuun gosaa garee lamaanii Waliin dubbii taasisaniin ***dhugaa baasu, dhiifama gaafatu, dhiifama godhu;*** dhumarrattis ***nagaa buusu***. Raawwii Gondoroo akka garee sabaafi sabaatti Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu keessattis waallee yookiin waliin dubbii abbootii Gadaa Gujiifi Gede'oo akkasumas waliin dubbii hayyuu gosaafi hayyeechaawwan garee lamaanii gidduutti taasifamu jira. Gondoroo akka sabaatti gaggeeffamu keessatti adeemsota abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo waldubbisuu, falachuu, araara gochuu fi Gondoroodhan xummuruuutu jira. Kanneen keessatti waallee qaamota raawwii Gondoroo keessatti gahee taphataniin taasifamutu jira. Haa ta'u malee raawwii duudhaa Gondoroo keessatti qorannoon faayidaa waallee waliin dubbii hayyuu gosaa gidduutti taasifamu xiinxalee ibsu hinjiru. Qorannoon kun qaawwa kana guutuuf adeemsa qaaccessa waallee haasgochaa keessaa dhiyaannaa qaaccessa waallee aadaa bu'ureeffatee waliin dubbii hayyuu gosaa qaaccessee ibseera.

Kanaafuu qorannoon kun gaaffii qorannoo armaan gadii deebisuuf gaggeeffame. Kanaafuu, Raawwii duudhaa Gondoroo keessatti waalleen abbootii gadaafi hayyuu gosaa gara lamaanii gidduutti hojiirra oolu hiikkaa aadaa qabu ibsameera. Faayidaa waalleen waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuuf qabus akkasuma qaaccessamee ibsameera.

## 6.2. Adeemsa Raawwii Gondoroo Keessatti Hiikkaa Waallee Hayyuu Gosaa

Akka hawaasa Gujiitti namni akka tasaa hoo nama ajjeese gara hayyuu Abbaa Gadaa (hayyuu gosaatti) baqata. Yaada kana irratti odeefkennitoonni akka armaan gadiitti ibsaniiru:

Namni nama ajjeese sun gara hayyuutti dheessa. Gareen nama ajjeese gara hayyuutti dheessa. Hayyuun Daarimuufi kotomaa qaba. Hayyuu Daarimuufi kootomaa ta'anii gara hayyuu warra namni keessaa du'eetti ergamu. Hayyuun gosaa namni keessa nama ajjeese sun gara hayyuu gosaa namni keessaa du'ee dhaqee akkas jedha:

> "nuuf qabamaa" marga jiidhaa kanaan sin qabne nuuf qabamaa"
>
> "nuuf qabamaa, badii dalagnee jirra" jedhanii kadhatu hayyuun.
>
> "Qabamne" jedhaniin hayyuun gara warra namni keessaa du'ee.
>
> "Wanti hamtuun sirraa haa qabamtu" jedhee eebbisa hayyuun gara nama ajjeesee ergame sun.
>
> "walittan sin fida, sinan Gondora" jedhaan hayyuu gara namni jalaa miidhameen.
>
> marga achumatti dhiisee deema hayyuun ergame kun.

Waliin dubbiifi gochaan hayyuu gosaa olitti raawwatame ergaa qabu hayyuun gosaa afgaaffii irratti hirmaatan hoo ibsan marga kan qabataniif jiidhaan kan lafaati, maddaafi margaan araaramaa jedhamnaan irra hindarban; irra darbuun aadaa miti. Hayyuun bokkuu qabaa, horooroo qabaa, kana irra hindrban. Kanaaf qabamu jechuudha. Marga kanaan qabamaa kan jedhuuf hayyuun hanga Gondoroon raawwatutti Marga irra darbanii haloof hindeeman; aadaa miti ( odeefkennaa Abbaa Galchaa, 10/05/ 2016 Duugda Dawaa, Fincaawaa).

Akka odeeffannoo afgaaffii kanaatti hawaasni Gujiifi Gede'oo margaaf (irreechaaf) ( Qorciisaa Gede'uffaan) iddoo guddaa qabaachuu agarsiisa. Hayyuun warra namni jalaa ajjeefame marga qabatee dhaqee margaan nuuf qabamaa jedhee kan kadhatuuf ilaalcha hawaasichaa keessatti margi ulfoodha waan ta'eefi. Akkasumas hayyuun ergamu kun meeshaalee ulfoo ta'an akka bokkuufi horooroo qabatee waan dhaquuf hindidan. Meeshaaleen ulfoo ta'an kunneen hawaasicha hunda biratti kabajaa fi safuu waan qabaniif hayyuu meeshaalee kanneen qabatee dhiyaatee "qabamaa" jedhu kana hindidan jechuudha. Warri namni jalaa ajjeeffame " qabamne" ennaa jedhan " hamtuun sin irraa haa qabamtu" jedhee eebbisa hayyuun gosaa ergame. Akka ilaalcha hawaasichaatti eebba hayyuu gosaa argachuun warra miidhaman ni tasgabbeessa jechuudha. Hayyuun gosaa  qabamuu yookiin araara duudhaatiif tole jechuu warra namni jalaa ajjeeffamee erga argatee booda marga qabatee jiru san achumatti dhiisee raawwii araaraatiif haala mijeessuutti deema. Marga achumatti dhiisuun kan agarsiisu eebbaafi imaanaa itti kennee deemuu isaati. Gareen warra namni jalaa ajjeeffamee sun marga kana irra darbanii haloof akka hindeemne margi mallattoo imaanaa ta'ee tajaajila jechuudha. Akka ilaalcha hawaasa Gede'oottis margi (Qorciisaan) mallattoo hangafummaa abbaan Darasoo (Gede'oo) Jiilleen eebbisee kenneef akka ta'e amanu. Kanaafuu, margi mallattoo eebbaa, hangafummaafi nagaan jiraachuu hawaasichaa ta'ee tajaajila. Kanaafuu, hayyuun gosaa marga qabatee warra miidhameen " qabamaa" hoo jedhuun marga irra darbanii deemuun yookiin diduun safuu hawaasaa cabsuu ta'a.

Hayyuun gosaa gara warra keessaa namni du'eetti deemuudhan "Gujiitu nu ergate" jedhu. Waan beekaa ajjeese hoo ta'e "hinqabamu" jedhaan.  Hayyuu namni keessaa du'e sun akka tasaa lubbuun harkatti badde hoo ta'e "siif qabame" jedhaan. Hoo beekaa ta'e garuu "siif hinqabamu" jedhanii deebisuuf. (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Aanolee).

Adeemsa Gondoroo nama dhuunfaa keessatti namni nama ajjeese gara hayyuu abbaa Gadaa, hayyuu gosaatti dheessa. Hawaasa Gujii keessatti sadarkaa gosaatti gosti hundinuu hayyuu gosaatiin hogganamu. Ennaa Gujiifi Gujiin wal ajjeese namni nama ajjeese sun dafee gara hayyuu gosaatti dheessa. Hayyuun gosaa dhoksee Waataa waamee hoolaa itti qala. Waataan dhiiga hoolaatiin dhiqa. Waataan mulqee tottolcha. Sana booda hayyuun gosaa Daarimuufi

Kootoma ta’anii gara gosa namni keessaa du’eetti dhaqanii huyyuu gosaa namni keessaa du’een akkas jedhu:

“nuuf qabamaa”,

“Gujiitu nu ergate nuuf qabamaa”

“badii dalagnee jirra nuuf qabamaa” jedhu.

Hayyuun gosaa namni keessaa nama ajjeese, kan namtichi nama ajjeese itti dheesse, gara hayyuu gosaa garee namni keessaa du’ee deemee jalqabarratti kan dubbatuudha. Akka aadaa Gujiitti hayyuun gosaa sochii araara buusuu keessatti Daarimuufi Kontoma ta’ee deema (odeefkennitoota abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa). Daarimuufi Kontomni Gujii bakka bu’u. “Gujiitu nu ergate nuuf qabamaa” jechuudhan hayyuu gosaa namni keessaa du’e fuuldura dhaabbatanii kadhatu. Waallee olii keessatti “ nuuf qabamaa” kan jedhuufi “ Gujiitu nu ergate nuuf qabamaa” kan jedhu akkaataa qaaccessa waallee aadaatiin hoo ilaalle dhimmi dhufaniif dhimma Gujii ta’uu agarsiisa. Gujiin immoo aadaa qaba. Akka tasaa ta’ee namni nama hoo ajjeese akkaataa aadaatiin nagaa buusuun qaama aadaa isaaniti. Akka Foucault, M. (1972) kaa’utti haalliifi galumsi ittiin hawaasni hiikkaa kennu kan murtaa’u haala aadaatiini. Dabalataanis waallee olii keessa illanyaan hawaasaa kan hawaasni waliin qoodatu jira (Van Dijk, 1998). Illanyaan hawaasni Gujii waliin qoodatu keessaa “Gujiitu nu ergate nuuf qabamaa” waallee jedhu keessatti bakka hayyuun Daarimuufi Kootoma ta’anii Gujii bakka bu’anii qabamaa jedhanitti haloof yaaduun aadaa miti jechuudha. Austin, (1955) akka ibsutti dubbiidhan waa raawwanna. “Qabamaa” kan jedhu dubbiidha. Hiikkaan isaa akka aadaatti Gondoroo godhaa jechuudha. Gondoroo hoo godhatan lammata walitti hindeebi’an, Gujiin Gujii ajjeese raawwii Gondoroodhan qulqullaa’ee gara hawaasaatti deebi’a.

Hayyuun gosa namticha nama ajjeese san Waata waameefii rifeensaafi qeensa irraa mulqisiisee fi dhiiga hoolaatiin dhiqee gara hayyuu warra namni keessaa du’eetti geessa. Hayyuun gosaa namicha mulqame qabatee dhaabbatee hayyuu gosaa namni keessaa ajjeefameen akkas jedhee kadhata:

“ijaa na baasi”

“ijaa na baasi” jedhaan.

Hayyuu namni keessaa du’e akkas jedhee deebisa:

“Si hinbaasu”

"duugda galchii,

harka micciirrachiisii dhiyeessi" jedhaan.

Waliin dubbii kana keessatti qunnamtii jiru hubachuuf Akka haasgochaa, Ergaa haasgochaafi dhiibbaa haasgochaa ilaaluu barbaachisa.

"Ijaa na baasi" kan jedhu Akka haasgochaati.

'Dhiifama, na ofkolchi, naaf dhiisi' kan jedhu ergaa haasgochaati. Waliin dubbii kana keessatti dubbataan fedhii dhiifama gaafachuu yookiin fedhii garaa laaffifachuu qabu kan ittiin agarsiisuudha. Akka qaaccessa waallee aadaatti kaayyoon dubbataa dhiifama gaafachuufi akka aadaatti araara barbaaduu ibsa. Akka aadaa Gujiitti gahee araarsuu kan qaban hayyuu gosaati. Kanaaf hayyuun gosaa garee namni nama ajjeese keessaa daarimuufi Kootomaa ta'anii hayyuu gosaa namni keessaa du'e dhiifama kadhatu. Carbaugh (2017) gochoonni qunnamtii aadaadhan kan to'ataman ta'uufi hiikni fi ibsi mallattummaa aadaadhaan kan kennamu ta'uu ibsa. Qunnamtii waallee olii keessatti " Ijaa na baasi" jechuun waan tasaati (waan danuuti), akka aadaa taana jechuudha. Akka aadaa ta'uun immoo Gondoroo raawwanna jechuudha. Akka aadaa Gujiitti namni Gujii ta'e Gujii biroo hoo ajjeese Gondoroo godhachuun aadaadha (Abbaa Aanolee, Abbaa Heesaa).

Hayyuun gara namni keessaa du'e irraa dhufe akkas jedhee deebisa:

"Ijaa si hinbaasu" hoo jedhuun hayyuun warra namni keessaa du'ee akka dubbii qoretti beekee ajjeese, waan danuu (waan tasaa) miti jechuuf akka ta'e hayyuun warra nama ajjeesee namicha mulqame qabatee jiru ni hubata. As keessatti akkuma dura kaasne "ijaa si hinbaasu" kan jedhu akka haasgochaati. Ergaan isaa beekee ajjeese jechuudha. Akka aadaa Gujiitti namni beekee nama hoo ajjeese dur ni ajjeefama, namni beekaa Gujii ajjeese qabamee ajjeefama (odeefkennaa, Abbaa Girjaa).

Dhiibbaan haasgochichaa immoo hayyuun namticha mulqame, kan nama ajjeese san qabatee jiru akka tumataniif, tumatanii aarii isaanii akka bahataniif harka duubatti hidhee duugda galchee akka dhiyeessu taasisa.

Hayyuun gara namni keessaa du'e qorate akkas jedha:

"ijaa si hinbaasu"

Akka haasgochaa ijaa si hinbaasu kan jedhu hoo ta'u ergaan haasgochaa dhiifama si hingodhu, beekaa ajjeese, akka beekaa ajjeese nan ajjeesa jechuudha. Dhiibbaan haasgocha kanaa hayyuun namticha nama ajjeese qore sun tarkaanfii biroo hayyuu namni keessaa du'e garaa laaffisu akka fudhatu taasisa. Kanas akkas jechuun kaa'a:

"ijaa na baasi,
Si tumachiisa'
Harka duubatti hidhee
Duugda galchee siif fida" jedhaan.

Olitti kan jiru akka haasgochaa hoo ta'u ergaan haasgochaa dubbii olii garaa laaffifannaadha. Dhiibbaan haasgochaa dubbii olii kanaa namicha nama ajjeese harka duubatti hidhanii maatii warra namni jalaa du'eetti eeboo itti kennanii tumadhu jedhuun. Maatii yookiin gosa namni keessaa ajjeefame sun eeboodhan waraanuuf ennaa jedhu hayyuun gamaa gamana dhaabbatanii akka hintumne irraa qolatu.

"si gahe tumatte, buufatte aarii tee,
amma Gondooroo godhu,
Gujiin si'a lama Gujii hintumatu" jedhuun.

Akka haasgochaa olii keessatti ergaan jiru aarii kee buufatteerta araarami jechuudha. "Gujiin lama Gujiitti hindeebisu" jechuun ergaan isaa kan du'es Gujiidha; Kan ajjeeses Gujiidha jechuudha. Obboleeyyiidha; obboleeyyiin lama wal hintumattu; lama wal hinajjeesan jechuudha. Akka aadaa Gujiitti obboleeyyiin walhinajjeesan; obboleeyyiin wal ajjeesuun aadaa miti ( odeefkennitoota marii garee). Lamuu obboleessa hinajjeesan, aad-maleedha. Gondooroo godhu jechuudha. Dhiibbaan haasgocha oliimmoo Gondooroo godhachuudha. Araaraaf tole jechuudha. Dhiifama gochuudha.

Waallee yookiin waliin dubbii hayyuu gosaa lamaan olitti ibsame dhiyaannaa qaaccessa waallee aadaatiin ilaaluu barbaachisa. Akka dhiyaannaa qaaccessa Waallee aadaatti ergaan kan jiru aadaa qaamota waliin dubbatan keessatti jira. Qaamoleen waliin dubbatan waan aadaa waliin qoodataniif wal hubatu (Carbaugh, 2017). Qunnamtii waallee olii keessatti hojiirra oole hubachuuf maleenya qaaccessa waallee aadaa hojiirra oolchuu barbaachisa. Akka aadaa Gujiitti obboleeyyiin wal hinajjeesan; aadaa miti.

Akka tasaa ta’ee osoo itti hinyaadin hoo wal ajjeessan haala aadaatiin Gondoroo raawwachuun aadaadha. Karaa biraa akka aadaa Gujiitti namni beekee Gujii hoo ajjeese duritti ni ajjeeffama (odefkennitoota abbaa Girjaa, abbaa Galchaa). Bara ammaa kana garuu beekatuu hoo ajjeese adeemsa raawwii Gondoroo tursiisuudhan, qabanii tumachiisuudhan ( warri keessaa namni du’e akka tumatan gochuu)fi harka micciirrachiisuun dhiyeessuun aadaadha. Qunnamtii waallee olii keessatti jiru hubachuuf bu’uraan haala aadaa hawaasicha keessa jiru kana hubachuu barbaachisa jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun amma dhiifama waliif gochuu mirkaneessuuf Gondooroo godhachuuf walii galtee irra gahamuu mirkaneessuuf hayyuun gosa namticha nama ajjeesee sun “Na Gujoomsi” jedhee hayyuu gosaa namni keessaa du’e gaafata.  Hayyuun namni keessaa du’es “si Gujoomse” “ani hangafaa si Gujoomsee jira” jedhaan.

Akka haasgochaa “na Gujoomsi, Si Gujoomse” jedhu kun ergaa hawaasa yookiin gosa keessaa bahetti na deebisi jedhee kadhachuudha. Akka aadaa Gujiitti namni aad-malee dalage hawaasaan adda baha. Namni aad-malee raawwate hariiroon hawaasa waliin qabu ni cita. Keessattuu akka aadaa Gujiitti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Hoo ajjeese Gondooroo godhatu malee hawaasaatti hindeebi’u. Dhiigatu cirata yookiin dhiiga hamaatu namatti darba jedhamee waan amanamuuf namuu nama harka dhiigaa waliin hariiroo hinqabaatu.  Namni harki dhiigaa hawaasa irraa adda of baasa; hawaasnis nama san ofirraa adda baasa.  Kanaafuu, “na Gujoomsi” jechuun hariiroo hawaasummaa Gujiitti na deebisi jechuun kadhachuudha (hirmaattota marii garee hayyuu gosaa). Dhiibbaan haasgocha kanaa hayyuun gara warra namni keessaa du’ee hayyamamoo ta’anii Gondooroof beellama qabachuudha.

Wallee olii keessatti illanyaa hawaasa Gujii ilaaluun ni danda’ama. Illaanyaan ilaalcha bu’uuraafi waan hawaasummaa gartuun hawaasaa waliin qoodatuudha. Sammuun hawaasaa akkamitti akka yaaduufi waallee qunnamtii keessa jiruuf hiikaaa akkamii akka kennu kan to’atu illaanyaa kana jechuudha (Van Dijk, 1998). Illanyaa waliin qoodatu kanaan waalleef hiikkaa kenna. Gujoomuuf waan aadaa raawwachuu qaba; Gondoroo. Gondoroo osoo hingodhatin hoo hafe hawaasarraa adda bahee hafa. Nama harka dhiigaa waliin namuu hinnyaatu; namuu waliin mana hingalu. Gondoroo hoo raawwate malee ciccitee bada jedhamee amanama.  Namni isa tuqe dhiigatu itti darba kan jedhu sammuu hawaasaa keessa jira. Kanaafuu, unka waallee “na Gujoomsi”, “si Gujoomse” jedhu hubachuuf beekumsa galumsa aadaa barbaachisa jechuudha.

Hayyuun namni keessaa nama ajjeese ammas akkas jedha:

“saamamee jiraa,

hiikkadhee jiraa na hidhachiisi” jedha.  Hayyuun gosaa gara warra namni keessaa du’ee,

“hidhadhu”

“hangafaan si Gujoomsee hidhadhu “jedhaan.

Dubbii olii keessatti “saamameen jira, hiikkadheen jira na hidhachiisi” jechuun ergaan akka haasgochaa Waataan namticha nama ajjeese san gaafa mulqu waan uffatee jiru, waan kiisaa qabu, qawweellee hoo ta’e kan ittiin tule (ajjeese) irraa fudhata. Waataadhan narraa fudhatameera jechuudha. Ergaan galumsaa waallee kanaa waan duudhaa raawwateera jechuudha. Akka aadaa Gujiitti namni nama ajjeese dafee gara hayyuu gosaa yookiin hayyuu abbaa Gadaatti dheessa. Hayyuun gosaa dafee waataa waamee Waataan hoolaa itti qalee dhiiga hoolaatiin dhiqa. Qeensaafi rifeensa hunda irraa mulqa. Qulqulleessee hayyuu gosaatti kenna. Waataan wayita qulqulleessu waan namtichi uffate, qarshiinis hoo jiraate, qawweenis hoo ajjeese waan ennaa nama ajjeesu qabatee jiru hunda irraa fudhata. “saamameen jira”; hiikkadheen jira” jechuun Waataan waamamuufi waan aadaa raawwachuu (qulqullaa’uu) agarsiisa.

Dhiibbaan haasgocha kanaa hayyuun namni keessaa du’e sun “hangafaan si Gujoomsee hidhadhu” jedhee akka deebisu taasisa. Dhiifama godheef jechuudha.  Mirga Gujiitti deebi’uu kenneef jechuudha.  Araara xummuraa Gondoroo raawwachuuf eyyemamoo ta’e jechuudha.
Kanaan booda hayyuun gara namicha nama ajjeesee sun hayyuu gosaa keessaa namni du’e saniin “sinan galadhaa ka’i” jedhaan. Fudhatee ka’a.  “sinan galadha” jechuun ergaan isaa firoomuudha. Gondooroo raawwachuuf jechuudha. Hayyuun gosaa gara lamaanii  namicha Gondorame qabatanii walumaan gara  lafa Gondoroon itti xummuramu dhaqu.

Akka odeefkennitoonni hirmaattota marii garee ( abbaa Girjaa, abbaa aanolee, abbaa Galchaaafi kan biroo) Lafti Gondoroon itti xummuramu Gujii keessa bakka adda addaa kan jiru hoo ta’u Gondoroo sadarkaa Gujiifi Gede’ootti raawwatu hoo ta’e garuu daangaa Gujiifi Gede’oo irratti aanaa Gadab, bakka Edheeraa jedhamutti raawwatama. Gondoroo sadarkaa nama dhuunfaatti raawwatuuf Gujii keessa lafti Gondoroon itti raawwatamu gosa gosa keessa kan jiru hoo ta’u lafa Gondoroo jedhamee adda bahee beekama. Lafa kana irraa mukas hinmuran, loonis itti

hingadhiisa akkasumas hinqotan; lafa ulfoodha (Odeefkennitoota hayyuu gosaa abbaa Girjaa, abbaa Galchaa, abbaa Heessaafi kan biroo).

Hayyuun gosaa gara lamaanii lafa Gondoroo kana gahanii Gondoroo osoo hinraawwatin dura waan aadaa raawwatamuu walgaafatu. Hayyuun gosaa gara warra namni keessaa du'ee akkas jedhee gaafata: "Gondoroon tun qalatteertii?" jedhee hayyuu gosaa gara namni nama ajjeesee gaafata. " Gondoroon tun qalatteertii?" jechuun akka aadaa Gujiitti nama nama ajjeese Waataa waamanii Waataan hoolaa itti qalee dhiiga hoolaatiin dhiqa. Akka ilaalcha Gujiitti hoolaan wayyuudha. Hoolaan qulqulluudha. Dhiigni hoolaa cubbuu dhiqa jedhanii amanu (odefkennitoota Abbaa Heesaa, Abbaa AAnoleefi kanneen biroo). Kanaafuu, namni Gondorame kun cubbuun isaa dhiiga hoolaatiin dhiqamee, qulqullaa'ee dhiyaachuu baruuf walgaafatu jechuudha. Itti fufuudhan hayyuun gosaa gara warra namni keessaa du'ee mee "abalu fidaa" jedhuun hayyuu gosaa gara warra nama ajjeeseetiin jedha. "abalu" jechuun waataa jechuudha. Akka odeefkennitoonni afgaaffiifi marii gareetiin ibsanitti gosa Waataa keessaa namticha nama ajeeseetti hoolaa qalee dhiigaan kan dhiqe eenyu akka ta'e kan beeku hayyuu gosaa gara warra nama ajjeesee qofadha. Eenyu akka ta'e hinhiman, maqaasaa hindhahan. Hayyuun gosaa gara warra keessaa namni du'ee wanti aadaa raawwatamuu qulqulleeffachuuf "abalu fidaa" jedhu. Hayyuu gosaa garee lamaanii qofatu Waataa walitti agarsiisa malee namuu hinargu. Gosa Waataa keessaa nama waan kana raawwatu san maqaa hindhahan; hayyuu gosaa qofatu beeka.

Hayyuun gosaa gara lamaanii wanta hunda erga qulqulleeffatanii booda haada (wayaa) hidhanii addaan kutanii kan ajjeeseefi warra namni jalaa du'e keessan wal agarsiisu; hayyuun gosaa daadhii itti biifanii wal hammachiisu. Akka odeefkennitoonni marii gareefi afgaaffii ibsanitti wayaa adiin waliif qulqullaa'uu, onneerraa waliif dhiisuu agarsiisa. Waliif haara'uu agarsiisa. Hayyuun gosaa gara lamaanii damma qodaa tokko keessaa unanii walitti biifu, jara warra waldhaban lamaanittis biifanii eebbisu. Dammi mi'aadha. Garumaan waljaaladhaa, akka dammaa kana walitti mi'aa'aa, araarri keessan kan dhumaa haa ta'u jechuudha.

Raawwiin kanatti aanee jiru gareen lamaanuu hoolaa walitti qalu. Hoolaa walitti booda sirna duumachuutu jira. Sirni duumachuu kan raawwatu hayyuun garee lamaanituu walitti makamanii geengoo ijaaranii taa'u. Namichi nama ajjeese sun foon hoolaa qalamee san dhamdhamee duugda galee hayyuudhan;

"hoodhu" jedhaan.

“maal” hayyuutu jedha.

“duuba” jedha namichi nama ajjeese.

“duuba hinjiru” jedha hayyuun immoo

Hayyuu hundi dabareedhan duugda walitti galchanii akkana jedhanii waliin gahu.

“hoodhu”

“maal”

“duuba”

“duuba hinjiru” jechuudhan xummuru.

“Ammaan booda hamtuun hinjirtu “jechuudha (Abbaa Girjaa, abbaa Aanolee, Abbaa Galchaa).

Waliin dubbii olii keessatti hayyuun gara bitaafi mirgaa walitti makamanii geengoo uumu. Namtichi nama ajjeese sun foon hoolaa araaraaf qalamee dhamdhamee dugda duubaan hayyuu gosaatiin hoodhu jedhaan. “Hayyuun maal?” jedhaan. “Namtichi duuba” jedhaan. Hayyuun immoo “duuba hinjiru” jedha. Ergaan haasgocha olii haloon duuba hinjiru. Nagaan bu’e jechuudha. Akka aadaa Gujiitti hayyuun gosaa Gondoroo raawwachiisan Daarimuufi Kotoma ta’aniiti. Gosa hunda keessaa walitti bahaniiti jechuudha. Hayyuu hundi geengoo uumuudhaan taa’anii “ duuba hinjiru” waliin jechuun gosti hundinuu diinummaa akka dhiiseefi haloof kan wal hinbarbaanne ta’uu agarsiisa. Gondoroo godhatan jechuudha. Kanaafuu, akka duudhaafi aadaa Gujiitti Gondoroon mallattoo araaramuu isa dhumaati jechuudha.

Dhiibbaan haasgocha kanaa hawaasaatti makamuudha. Waliin jireenya dura turetti deebi’uudha. Raawwii kana hubachuuf dhiyaannaa qaaccessa waliin dubbii aadaa fi illanyaa hawaasaa irratti hundaa’uu barbaachisa. Wantoonni raawwataniifi yaadonni waliin dubbii keessatti jiran hiikkaa aadaafi hiikkaa galumsaa qabu. Hiikkaa aadaafi hiikkaa galumsaa kanaan waliigalu. Hiikkaan aadaa gochoonni raawwatamaniifi jechoonni dubbataman qaama amantii hawaasichaati. Wanti godhaniifi wanti jedhan amantii hawaasichaa keessa jira; ilaalcha hawaasaa yookiin illanyaa hawaasaa keessa jira jechuudha.

> Horii walitti qalanii ingichaa babbaqaskanii waliif qoodu. Ingichaa san achumatti gatanii galu. Foon ni nyaatu (kan araaraa san). Amma waliif Gujoomee jira. Sagaagalummaan hinjirtuu intala walii kennu. Gujii gurraacha ta’an amma. (odeef. Kennitoota Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Heessaa).

Raawwii Gondooroo akka sabaafi sabaatti raawwatamurrattis ta'ee akka nama dhuunfatti raawwatamurratti horii gaafa Gondooroo qalan wajjumaan nyaatu. Kan hinnyaatamne kan faloof waataan qalee dhiiga ittiin dhiqu sun hinnyaatamu. Inni kan qalamu faloodhafi. Kan gaafa raawwii Gondooroo ni nyaatama. Waliif Gujoomee jira waan ta'eefidha. Intala waliif kennee soddooma. Sanaan booda ulfinaan walgalcha. Warri namni keessaa du'e mirgaan galu. Kabajaa kennuufii isaaniti. Akka aadaa Oromootti mirgi bakka guddaa qaba. Mirgi moo'uudha. Mirgi milkaa'uudha. Mirgi ulfina ( Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaafi Natiroo Gannaalee). Akka ibsa hayyuu gosaa Gujiifi Gede'ootti sa'a araaraaf qalan waliif hiranii walumaan nyaatu. Sababni isaas amma waliif Gujoomeera jechuudha. Waliif Gujoome jechuun amma tokko ta'aniiru; amma hariiroo obbolummaatti deebi'aniiru jechuudha. Diinummaan hafee firooma dur qabanitti deebi'aniiru; waliif qulqulluu ta'aniiru.

## 6.3. Qaaccessa Waallee Eebba Raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo

Guyyaa raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo akka Gujiitti Qaalluu, Abbaa Gadaa Gujiifi Hayyoota gosaa, sadakaa Gadaa Kuusaafi Doorii ni dhiyaatu. Akka Gede'oottis Abbaa Gadaafi Hayyeechaawwan gosa torban Gede'oo, Wayyuuwwan gosa torban Gede'oofi Lumasaafi Raabaan ni dhiyaatu. Akka duudhaa Gujiifi Gede'ootti ijoolleen dhiiraa umurii 24 irraa eegalanii sirna raawwii duudhaa Gondoroofi kan biroo irratti argamuudhan barnoota irraa baratu (odeefkennitoota Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Hessaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Hayyeechaa Jaboo Kuraa). Raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede'oo irratti abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo eebbaan afaan saaqu. "Araara" jedhu. Sana booda huyyiin gosaa gamaagamanaa waliin ta'uudhan eebbaafi kadhaa waaqaa raawwatu.

Hayyoonni gosaa Gujiifi Gede'oo walumaan ta'anii dhiiga walii angalaasan saniif nutti hindeebisin jedhanii Waaqa kadhatu. Marga qabatanii lafa qabatanii nutti hindeebisin jedhanii waaqa kadhatu. Marga kaan dullachaan qabatanii hayyooleen Waaqa nuuf araarami, nutti hindeebisin jedhanii kadhatu ( hirmaattota afgaaffii Abbaa Galchaa fi Hayyeechaa hayiluu Bayyanaa).

Akka hayyoonni afgaaffiitti hirmaatan kaasanitti margiifi lafti ulfoodha. Marga horii nyaachifatu, namni waan horii soorata. Lafa qotanii irraa nyaatan. Lafa malee jireenyi hinjiru. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti lafti kabajaa guddaa qabdi. Waan kabajaa qabdu tanaan waaqa kadhatu.

Dabalataanis margi Irreecha. Irreechi ulfoodha. Fakkeenyaaf akka ragamtaa Gede'ootti bara durii Daraso (abbaa Gede'oo) abbaan isaa Jiilleen marga Irreechaa ( Qorciisaa Gede'uffaan) kenneef jedhama. Kunis bakka jiraattutti jiidha qabaadhu, lalisi jedhee ebbisuudhan fakkeeffama. Har'a hawaasni Gede'oo dachee magariisa uffate kan qabaateef eebba abbaa kanaaf akka ta'e amanu. Aadaa Gujiifi Gede'oo keessatti margi iddoo guddaa qaba. Kanaaf, marga kana qabatanii waaqa kadhatu jechuudha.

Gondoroo jettee hayyuuleen waaqa kadhatti.

Waaqa nu nageessi;

nuti walirraa uumna malee walirraa fuuna malee warra wal loluu miti.

Nuti warra dhiiga walii dhangalaasuu miti obboleeyyanii ;

waan aad-malee raawwanne nuuf dhiisi.

Waaqa nutti hindeebis jedhanii Gondoroo wanti jedhamu hangafti hoolaadha kan qalamu. Hoolaan wayyuudha. Hoolaafi Dabballeen waayyuudha. Lamaanuu mana namaa hoo seentu adda dhadhaa dibu. Guyyaa qalanillee waaqa laaluuf dhadhaa diban. Dabballeenis Qaalluu ta'a, hayyuu ta'a, abbaa Gadaa ta'a ennaa guddate. Kanaaf wayyuudha (odeefkennaa, Abbaa Galchaa)

Ee waaqa ardaa, waaqa lafaa, waaqa abbaa waaqa hambaa (yaa'a). Waaqa olla waaqa soddaa,Waaqa kolbaa hayyuufi wayyuu maqaa dhahanii nu nageessi, nu araarsi waaq. Oromoo Guutuu nu tolchi bobbaa nu galchi.

Ee yaa waaqa/ maganoo

Waaqa Saglan Booranaa

Waaqa Jiillee

Waaqa horoo Walaabuu

Waaqa uumaa, kan abbootii keenyaa fi akaakilee keenya waliin turte

Waaqa madda keenyaa nu dhagahi

Waaqa hangafootaafi abboota keenya waliin turte nu dhagahi

Eebbi kee kan abboota keenya tuqe nullee haa tuqu nu dhagahi

Eebbi kee nullee, ijoollee keenyallee haa tuqu

Nuti Gujiifi Gede'oon ijoollee abbaa tokkootii walitti nu araarsi

Badii hojjetameef dhiifama nuuf godhii nu nageessi

Nuti obboleeyyanii nuti araarami

Ilmaan teenya gara nagaatti deebisi.

Ilma koo deebi'i. intalatoo nagaatti deebi'i

Hawaasa marri nagaatti deebi'i.

Obbolummaatti nu deebisi, nu nageessi.

Yaa waaqa Afuura hamaa obboleeyyii gidduu fuudhi

Yaa waaqa afuura jibbinsaa buqqisi obboleeyyan gidduudhaa

Ilma koo, intala koo waliif ciisi, waliif qabbanaa'i

Jaalalli keessan haa deebi'u.

Waaqayyo quufa nuuf fidi.

EEbba kana irratti Waaqa bakkeewanii, tulluuwwanii, ardaa jilaawwanii waamu. Akkasumas, waaqa abbootii duraanii waamanii kan isaaniif nagaa buuste nuufis nagaa buusi jedhanii kadhatu. Waaqni maatii, abbaafi akaakayyuu keenya waliin turte nu waliinis ta'ii nagaa nuuf deebisi jedhanii kadhatu. Obboleeyyan gidduutti lolli lamuu akka hindeebine nuuf godhi jedhanii kadhatu. Ilmi, intalli, hawaasni marti waliif akka qabbanaa'an waaqa ati nu gargaari jedhanii kadhatu. Waaqayyoon walitti bu'insa kana qabbaneessee, garaa waliif nu naasisee quufa nuuf haa fidu jedhanii kadhatu. Eebba isaanii keessatti waaqni maddaa, waaqni tulluu, waaqni hora walaabuu, waaqni abbootiifi akaakilee nutti araarami jedhu. Obboleeyyan wal loluun seeraafi safuu waaqayyoo cabsuudha. Safuufi seera kee cabsinee ati dhiifama nuuf godhii nu nageessi jedhanii kadhatu. Eebba kana ennaa kadhatan eeboo hinqabatan, quba isaanitiin afuura hamaa awwaaluuf gara lafaatti gadi agarsiisu ( Hirmaattota ijoo, Abbaa Galchaa, Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa)

Eebba raawwii Gondoroo kana irraa kan hubannu jalqaba irratti kadhaa Waaqaati. Waaqni kun akka garaa akka dhagahuuf kan lafa uumte, kan uumama uumte, kan abboota keenya uumte, kan ardaawwan keenya uumte nuuf dhaghi jedhanii kadhatan. Sababni isaas akka ilaalcha Gujiifi Gede’ootti obboleeyyiin wal hinlolan, wal hinajjeesan seeraa miti; aad-maleedha. Waldhabuun isaanii aad-maleedha. Kanaafuu, Waaqa muufachiisaniiru. Akka ilaalcha Gujiifi Gede’ootti obboleeyyiin hoo walajjeesan Waaqni isaan balleessa, dhiiga hamaatu hawaasicha qabata. Dhiiga hamaa kana Gondoroodhan qulqulleessu jechuudha.

Eebba kana keessatti hayuun gosaa intala, ilma, hawaasa maraan waliif ciisaa, nuti obboleeyyiidha walirraa uumna, soddoomna malee wal hinajjeesnu jedhanii gorsu. Badii dalagneef waaqayyoon dhiifama nuuf haa godhu; kanaan booda nutti hindeebisin jedhanii kadhatu. Eebba kana keessatti Gujiifi Gede’oo ilmaan Jiillee ta’uu ibsuu isaaniti. Akka ragamtaa Gujiifi Gede’ootti Jiilleen ijoollee sadi qaba: Daraso, Boruufi Gujoodha ( Hirmaattota Afgaaffiifi Marii garee). Daraso Gede’oo ta’e, Gujoon Gujii ta’e Boruun Boorana ta’e jedhanii amanu. Kanaaf, walirraa uumna jechuun nuti walfuunee soddoomna malee walhinajjeesnu aadaa miti jechuudha.

## 6.4. Adeemsa Raawwii Gondoroo Keessatti Mallattummaa Gochaalee Duudhaa Hawaasaa

Adeemsa raawwii Gondoroo keessatti gochaaleen duudhaa raawwataman hawaasicha biratti hiikkaa mataa isaanii qabu. Gochaaleen kunneen raawwatamuun araaraaf gahee guddaa qaba. Sababni isaas hawaasichi gochaalee kanneeniif hiikkaan kennu araaraaf haala mijeessa. Hawaasni gochaalee raawwii duudhaa keessatti raawwatuuf hiikkaa mallattummaa kenna (Carbaugh, 2017). Hawaasni Gujiifi Gede’ootis gochaalee raawwii Gondoroo keessatti raawwatamaniif hiikkaa mallattummaa walfakkaatu kenna.

**Mulquu (Cleanse)fi Hiikkaa Mulquu**

Akka odeefkennitoonni afgaaffii keessatti kaasanitti Waataan namticha nama ajjeese san irraa waan hunda kan mulqu, kan qulqulleessu, waan namichi uffatee, qabatee nama ajjeese qawwees hoo ta’e kan irraa fudhatu, rifeensa mataafi kan bobaa hunda irraa haadee, dura dhiiga hoolaatiin booda immoo bishaaniin qulqulleessee hayyuuf dhiyeessa (odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Natroo Gannaalee).

Akka aadaa Gujiitti namni nama ajjeese nama dhiigaa jedhama. Gujiin Gujii ennaa ajjeese akka xuraa’eetti ilaalama; namuu harkaan hintuqu. Dhiiga hamaatu namatti darba jedhamee xiinsammuu hawaasaa keessatti amanama. Kanaafuu, qulqulleessuudhaaf gosa Waataa keessaa nama rifeensaafi qeensa namicha yakka raawwaterraa mulqu hayyuun gosaa fidee raawwachiisa. Hiikkaa raawwii gochaalee hawaasaa kana yaada hawaasni gochaawwaniif hiikkaa kan kennu beekumsaa waliinii fi muuxannoo hawaasa keessatti qabuun kan jedhu yaada Iyengar fi McGuire ( 1993) ; Lau fi Sears (1986) waliin kan waldeeggaruudha. Akka ilaalcha Gujiitti namticha yakka ajjeechaa raawwate qulqulleessuuf waan namtichi qabatee ittiin ajjeese, rifeensa qaamaa hunda, qeensallee, uffatallee hunda irraa mulquun qulqulleessuudhan haaraa taasisu. Uffatallee haaraa itti uwwisu. Hawaasni gochaa mulquu kanaaf hiikkaan kennu namtichi nama ajjeese haaromsamuufi xuriin irraa bahu agarsiisa.

**Waataan Hoolaa itti qaluudhan dhiiga hoolaatiin dhiquufi Hiikkaa Galumsaa**

Akka hayyoonni aadaa Gujiifi Gede’oo (Abbaa Girjaa fi hayecha Hayiluu Beyene) ibsanitti obboleessi obboleessa ajjeesuun aadaa miti; akkasumas Gujiifi Gede’oon obboleeyyan waan ta’aniif wal ajjeesuun yookiin walbuqqisuunis aadaa miti. Waaqni (maganoo Gede’uffaan) gocha walajjeesuu hinjaalatu. Gochaa waaqni hinjaalanneefi aadaa malee raawwatame ariitiin qulqullaa’uu baannan dhiiga cirata jedhanii amanu. Dhiiga cirata jechuun dhiigni hamaan namatti darba jechuudha. Akka odeefkennitoonni afgaaffiifi marii gareetiin himanitti dhiigni hamaan akka qulqullaa’uufi namatti akka hindabarre nama obboleessa ajjeese yookiin akka garee hawaasaatti garee Gujiifi Gede’oo wal ajjeesan (wal buqqisan) hoolaan faloo itti qalamee dhiiga hoolaatiin dhiqan. Dhiigni hoolaa waan aadaa malee raawwatame ni qulqulleessa jedhu. Dhiiga hoolaa faloof qalame kanaan cubbuu (waan aadaa malee) qulqulleessu jechuudha.

Haaluma yaada kana deeggaruun gochaa dhiiga hoolaatiin dhiquu ilaalchisee odeefkennaa Abbaa Galchaa waliin afgaaffii yeroo lammataaf qorataan dhimma kana irratti gaafate gaafa guyyaa 21, Bitootessa, 2016 Bilbilaan) hoo ibsan, hoolaan wayyuudha. Akka aadaa keenyaatti hoolaan mana namaa akka tasaa hoo seentellee adda ishee dhadhaa dibanii baasan malee duwwaa hinari’an. Kanaafuu, hoolaan wayyuu waan taateef dhiigni hoolaa dhiiga hamaa ni qulqulleessa jedhamee amanama. Guyyaa falannaa Gujiifi Gede’oon wanti hoolaa walitti qalaniif hamtuu isaan gidduu seente dhiigni hoolaa ni qulqulleessa jedhamee waan amanamuufiidha. Akkasumas Gondoroo

akka nama dhuunfaatti raawwatamu keessattis dhiigni hamaan namticha nama ajjeese akka gadhiisuuf hoolaa irratti qalanii dhiiga hoolaatiin dhiqan jechuudha.

**Bookaa fi Itittuu Waliin Dhuguufi walitti Biifuu**

Raawwii Gondoroo irratti abbaan gadaa Gujiifi abbaan gadaa Gede'oo Itittuu Qoriidhaan dhiyaate waliin dhugu. Akka hayyoonni gosaa Gujiifi Gede'oo marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan jedhanitti abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo Itittuu waliin dhuguun waliif qabbanaa'uu agarsiisa. Abbootiin gadaa hawaasa garee lamaanii bakka bu'u waan ta'eef raawwii Itittuu waliin dhuguu kana booda hawaasni garee Gujiifi Gede'oo waliif qabbanaa'uu agarsiisa. Miira waljibbuufi aarii irraa gara miira waljaalachuufi dhiifamaatti cehu jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo irratti abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo damma okkoteedhan dhiyaate waliin dhamdhamanii walitti biifu. Hawaasa raawwii Gondoroo irratti taa'ettis biifu. Akka odeefkennitoonni marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan ibsanitti dammi waljaalachuu, walitti mi'aa'uu agarsiisa. Akka dammaatti walitti kan mi'aayan ta'uu agarsisuuf raawwatu. Waliif dhiisuufi araaramuu isaanii mirkaneessuuf raawwatu.

**Ingichaa baqaskanii waliif qooduu, achumatti gatanii galuufi Hiikkaa Mallattummaa**

Akka odeefkennitoonni qorannoo hayyuuwwan gosaa Gujiifi Gede'oo ibsanitti guyyaa araaraa Gujiin sa'a tokko qala; Gede'oonis sa'a tokko qala. Foon sa'aa keessaa Tiruu afaan walkaa'u. Ingichaa (gogaa sa'aa) immoo babbaqaskanii waliif qoodu. Gujiin Ingichaa sa'a qalee san babbaqaskee Gede'oof kenna. Gede'oonis ingichaa sa'a qalee babbaqaskee Gujiif kenna. Foon sa'a qalamee waliif kennan. "Galadhuun" waliin jedhu. Gosa ittiin akka galchataniif waliif kennu. Akka odeefkennitoonni (Abbaan Galchaa, Abbaa Girjaa, Hayyeechaa JIboo Kuraafi Hayyeechaa Hayluu Bayyanaa) himanitti foon sa'a qalamee ni nyaatu; ingichaa babbaqaskanii waliif qoodan achumatti gatanii galu. Ingichaan akka waan hamtuutti fakkeeffama. Ingichaa achumatti gatanii galuun hamtuu garee waldhabanii achumatti gatanii galuudhan fakkeeffama. Hamtuu isaan gidduu turte ofirraa qulqulleessanii araaramuu agarsiisuuf Ingichaa lafa araarri itti rawwate sanitti gatanii galu jechuudha.

**Tiruu waliin nyaachuu**

Akka odeefkennitoonni marii garee (Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanolee) ibsanitti guyyaa araaraa hayyuun gosaa Gujii sa'a tokko qala. Haaluma walfakkaatuun hayyuun gosaa Gede'oos sa'a tokko qala. Foon sa'a qalamee keessaa Tiruu walnyaachisu. Hayyuun gosaa Gujii fi Gede'oo Tiruu afaan walkaa'u. Hayyuun gosaa Gede'oo kan Gujii galcha. Hayyuun gosaa Gujiis hayyuu gosaa Gede'oo galcha (affeera). Hayyuuwwan gosaa Gujiifi Gede'oo dabareedhan tiruu wajjin nyaatu. Akka odeefkennitoonni afgaaffii ibsanitti tiruu wajjin nyaachuun kan agarsiisu Gujiifi Gede'oon obboleeyyan ta'uu ibsuufi. Tiruu wajjin nyaachuun obbolummaa dura turetti deebi'uu isaanii mirkaneessuuf akka raawwatan hayyoonni gosaa marii gareefi afgaaffii irratti hirmaatan ibsaniiru.

## 6.5. Ilaalchaa fi Sochii Hawaasa Gujiifi Gedeoo Raawwii Gondoroo Booda:

### 6.5.1. Raawwii Gondooroo Booda Sochii Hawaasaa

**A. Walhammannaa**

Araara duudhaa Gondoorootiin raawwatamu kana keessatti hayyoota aadaa gosoota hunda keessaa walitti bahaniin adeemsifama. Gujiin gosa torba qaba. Hayyuun gosa torban keessaa Daarimuufi Kontomaan walitti baha. Gede'oonis gosa torba qabu. Gosa torban keessaayyuu hayyuun abbaa gadaa yaa'arratti filataman torban saba Gede'oo bakka bu'uudhan araaricha adeemsisu. Sirna barbaachisu hunda walumaan raawwatu. Gondoroon guyyaa raawwatu gosa gosa keessaa dhufanitti deebi'anii qalatu; foon sa'a qalanii keessaa tiruu walnyaachisu. Bakka hundatti nagaan bu'uu akkanaan mirkaneessu ( odeefkennitoota : Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi Hayyeechaa Jaboo Kuraafi kan biroo, Caamsaa, 14, 2014, Dugda Daawaa, Fincaa, Bulee Horaafi Gadab)

Akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee keessatti ibsanitti Gondooroon raawwatee booda wal hammannaatu jira. Wal hammannaan gareen saboota lamaanituu bakka jirutti walhammata; mana walii ijaara; intalas waliif kennee soddooma. Walshakkiin tokkollee akka hinjirre hayyoonni aadaa ragaa bahu.

> Gondooroon Gujiifi kan Gede'oo raawwatamee hoo jedhu namoonni buqqa'an kan Gujiillee buqqa'eera, kan Gede'oollee buqqa'eera. Hundinuu mana mana

ofiitti gala. Qa’ee ofiitti gala. Mana walii ijaara. Olla ollaadhan mana walii ijaara. Walhammata. Walgargaaree jireenya duraanitti deebi’a. intala walii fuudha. Tasuma walsodaafi haloon hinjiru (Natiroo gannaalee, Abbaa Heessaa, Jaarraa waaree ).

Akka yaada odeefkennitootaatti saboonni lamaan Gujiifi Gede’oon walkeessa jiraatan. Sababa adda addaatiin waldhabdeen akka sabaatti hoo muudate walkeessaa yaa’ee buqqa’a. Namoonni garee sabaatiin ijaaramanii walmiidhuudhan waan danda’aniif akkuma sabaattuu hanga Gondooroon raawwatamutti waliin jiraachuun rakkisaa ta’a. Akkuma bakka adda addaatti ibsame abbootiin gadaa saboota lamaanii balaa muudate dhaabuuf erga walii galanii booda araara jedhu. Araara booda Gondooroo godhatu. Gondooroon balaa dhalate hunda qulqulleessee haaromsa jedhanii amanu. Kanaafuu, Gondooroo booda namuu walhinshakku, mana mana isaatti deebi’a. kan manni jalaa gubate, waliin ta’anii ijaaru. Kan horiin yookiin qabeenyi jalaa saamame ni deebisuuf.

**B. Mana Walii Ijaaruu**

Akka duudhaa hawaasa Gujiifi Gede’ootti raawwii Gondooroo booda mana walii ijaaruutu jira. Walitti bu’iinsa uumameen namoonni adda adda buqqa’anii turan araarri bu’ee booda qayee ofiitti deebi’ee waan bade sirreeffata. Walgargaaree mana walii ijaara. Gosoonni turban Gujiifi Gede’oo karaa hayyuu isaanii araara keessatti hirmaatu. Raawwii Gondooroo keessatti hirmaatu. Gaafa raawwii Gondooroo Gujiifi Gede’oon horii walitti qalanii “galadhuun” waliin jedhu. Akkas jechuun hundinuu gosa gosaan walitti qalee tiruu walnyaachisa. Bakka hundatti nagaan bu’e jechuudha. Raawwii kana booda gammachuu malee, waljaalachuu malee haloon hinjiru jedhu.

Guyyaa Gondooroo kan qalamu kan araaraa waan ta’eef ni nyaatu, tiruu wal nyaachisu. Obbolaa tiruu ta’uu agarsiisuuf tiruu wal nyaachisu. Booka walitti biifu walitti mi’aa akka jiraataniif hawwanii wal itti biifu Gondooroon ba’ee guyyuma san warri Gujiifi Gede’oo walitti deebi’anii olla ollaadhan mana walii ijaara. Intala wali irraa fuudhu, guyyaa Gondooroon raawwate irraa jalqabee walhammatee waliin waan manca’e waliin deebisa. Walshakkuun hinjiru (odeefkennaa ijoo Abbaa Girjaa)

**C. Soddoomuu**

Gondooroon raawwatee booda akka duudhaa hawaasa Gujiifi Gede'ootti wajjin nyaachuun; waljaalachuun aadaadha. Odeefkennitoonni hayyootii abbaa Gadaa Gujii akka ibsanitti Gondooroo booda Gujiifi Gede'oon intala waliif kenna, Soddooma godhata.

Saboonni lamaan horii walitti qaluudhan gosoota torban Gujiifi Gede'oo keessatti tiruu walnyaachisu, daadhii walitti biifuu, Wayaa addaan kutuudhan warra dhiigaa walagarsiisa hayyuun. "Duumachuu" jedhaan hayyuun. Duubni nagaa jechuudha. "Galadhuun jedhaniin. Gogaa sa'a qalamee babbaqaskanii waliif qoodu. Gogaa san achumatti gatanii galan. Horii walitti qalanii ingichaa babbaqaskanii waliif qoodu. Ingichaa san achumatti gatanii galu. Foon ni nyaatu ( kan araaraa san). Amma waliif Gujoomee jira. Sagaagalummaan hinjirtuu intala walii kennu. Gujii gurraacha ta'an amma. Araara booda intala walii kennu. Soddaa ta'u. (afgaaffii Jaarraa Waaree, Natiroo Gannaalee waliin taasfame Caamsaa14, 2014, Dugda Dawaa)

Gondooroo booda gammachuu malee hamtuun hinjirtu. Jaalalli isaanii akka jabaatuuf intala waliif kenna. Walsoddoomsa. Akka odeefkennitoonni himanitti Gondooroo booda saboonni lamaanuu "Gujii gurraacha ta'a" hoo jedhamu tokkoome jechuudha. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti miseensonni saboota lamaanii waliin hinsagaagalan walfuudhanii soddoomu malee.

### 6.5.2. Qajeeltoowwan Duudhaa Waldhabdee Dhaabuufi Nagaa Buusuu Gondooroo

**A. Waliin Jireenya Hawaasaa Eeguu**

**U**ummanni Oromoo Gujiifi Gede'oon bal'inaan walkeessa jiraatu. Hawaasni uummata lamaaniituu gosa gosa lakkaawwatan qabu. Aadaa isaanii keessatti caaseeffama hawaasaa Dabballee irraa hanga Gadaamoojjii direeree jira. Namuu caasaa kanaa ala hinta'u. Walitti bu'insi sabaafi sabaa akkasumas gosaafi gosaa hoo muudate hanga nageeny hawaasa mara keessatti bu'uutti rakkoodha. Hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti dantaa dhuunfaa caalaa dantaa gosaa yookiin sabaatu bakka guddaa qaba. Walitti bu'insi sabaafi saba gidduutti hoo muudate namni dhuunfaa kamuu miidhamuu danda'a. Rakkoo nageenyaa uumamu, lubbuu waldhabdee keessatti badu, kan dhuunfaa godhanii ilaaluu irra akka gareetti fudhatanii ilaaluutu jira. Kana irraa kan ka'e walitti bu'insi akka tasaa hoo muudate ariitiidhan uwwisa bal'aa argatee mancaatii guddaa namaafi qabeenya irraan gaha.

Hawaasni Gujii fi Gede'oo rakkoo nageenyaa akka sabaatti isaan muudatu kan ittiin dhaabaniifi nagaa amansiisaa kan ittiin buusaan duudhaa Gondooroo waliin qabu. Akkuma waraqaa kana keessatti bakka adda addaatti kaasne duudhaan Gondooroo rakkoo ture qululleessanii bira darbuun gara waliin jireenya hawaasaa dura tureetti ittiin deebi'aniidha. Rakkoo nageenyaa muudate qoratanii adeemsa duudhaatiin itti dhibaafatanii bira darbuudhan gara waljaalalaan jiraachuutti kan ittiin deebi'aniidha. Qajeeltoon duudhaa Gondooroo keessa jiru " obboleessi obboleessa hinajjeesu; hoo ajjeese Gondooroo qaba" jedhu.

Deemsa raawwii Gondooroo barbaachisu keessa darbamee gara waliin jireenya duraatti deebi'u. Akka yaadama hawaasa Gujiifi Gede'ootti obboleessi obboleessa hoo ajjeese Gondooroon hoo raawwatame malee sanyiitu bada, gosatu bada, waliin jiraachuun hindanda'u jedhu. Gondooroon hoo raawwatame malee " Dhiiga Cirata" ( odeef. Abbaa galchaafi kan biroo) jedhu.

> Gondooroo booda walitti deebi'uun hinjiru. Hoo itti deebi'ame "dhiigatu cirata" jedhama. Dhiigni hoo cirate hintolu, ni qomaaxa'a, ni ajaa'a, sanyiitu bada jedhamee amanama. Kanaafuu, nama nama ajjeese waliin hinnyaatan, waliin hinjiraatan, mana inni bulu namni biro hinbulu, qofaatti baha. Gondooroo baasu malee qofaatti hafa, sanyiisaatu bada. Kanaafuu, Gondooroon kan godhamuuf kan du'eef osoo hinta'in kan jiru akka dhiigni hincirre, hinciccinne, akka sanyiin hinbanne, dhaloonni itti aanu akka hinbanneefi. Fuuldura tolfachuuf raawwatama. Qulqullaa'uudha ( odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Hayyeechaa Hayiluu).

Dhiigaan dhalootaa dhalootaatti darbee balaa buusa jedhanii amanan. Kanaafuu, Gondooroo raawwachuudhan hamtuu turte itti dhibaayanii qulqulleessuudhan gara waliin jireenyaatti deebi'uuf tooftaa nagaa buusuuti. Beekaa kan nama ajjeese hoo ta'e ' dura hidhanii tumadhu " jedhuun. Akka inni beekaa ajjeese " ajjeesi" jedhuun. Tumuuf ennaa jedhu hayyuun fuulduraan afur duuban afur ta'anii irraa qolatu. "tumatte " jedhuun. Lama nama hintumatan. Gujiin Gujiitti lama hindeebisu. Dhiisi jedhuun. Kanuma beekaa ajjese kana illee akkanaan gara danuutti deebisanii araara godhuudhan nagaa buusu. Kun adeemsa hawaasichi waliin nagaan jiraachuuf tooftaa qopheeffateedha. Qaama kuusaa beekumsa hawaasichaati jechuudha.

Duudhaan Gondooroo hawaasa keessatti keessattuu walitti bu'insa saba Gujiifi Gede'oo gidduutti sababa adda addaatiin uumamu adeemsa duudhaatiin hiikuudhan hariiroo gaarii dura qabanitti akka deebi'an duudhaa taasisuudha. Hunda caalaa kan nama ajaa'ibu hirmaachisummaa isaati. Gujiifi Gede'oon gosa torba torba qabu. Deemsa Raawwii Gondooroo keessatti gosti torbanuu hayyuu walitti baasuudhan dubbii qoratu. Haala aadaatiin dubbii tolchatu. Wanti raawwatu hundi duudhaaf malee namaafii miti. Rakkoo ture walumaan qoratu. Deemsa aadaa raawwatamuu qabu walumaan kallattii kaa'u. Waan akka duudhaatti raawwatamu Kanaan ala namuu hinbahu. Namuu kan hayyuun saba lamaanii jedhanii ala hinbahu. Hayyuun saba lamaanituu kallattiin kennan nama hundaaf malee garee yookiin nama dhuunfaaf miti. Kan isaan jedhan miseensi hawaasichaa kamuu fudhatee ittiin jiraata. Sababni isaas abbootiin gadaa saba lamaanii gaafa Gondooroo san yaa'ii afaan saaqan keessatti " Araara" jedhaniiru. Qaallunis raawwii Gondoroorratti sababni argamuuf Gondooroo booda araara ta'uu mul'isuufi. Akka duudhaa Gujiifi Gede'ootti araara Qaalluun irratti argamee booda haloon hinjiru. Qaalluun ni abaara jedhamee fudhatama. Qaalluun abaare jennaan guyyaa tokkoo hinoolchu jedhanii amanu. Walumatti qabaatti duudhaa nagaa buusuu Gondooroo Kanaan hawaasichi hariiroo isaa eeggatee waliin jireenya isaa itti fufa jechuudha.

**B. Walgargaarsaan Waliin Jiraachuu**

**Uu**mmanni Oromoo Gujiifi sabni Gede'oo walkeessa jiraatu. Keessattuu Gede'oon bal'inaan godina Gujii keessa jiraatu. Walitti bu'insi sabaa akka tasaa hoo muudate akkuma olitti kaasne buqqaatiin, manca'uu qabeenyaafi gaga'amni lubbuu qaqqabuu danda'a. Yeroo akkasii keessatti hariiroon walgargaarsaan jiraachuu uummatichaa baayyee miidhama. Akka odeefkennitoonni jedhanitti miseensonni saba Gede'oo Gujii keessa jiraatan hojii akka buna dhaabuufi qonna qindaa'aadhan beekamu. Wayita walitti bu'insi sabaa jiru hojii walgargaaranii hojjetan kanatu miidhama. Raawwii Gondooroo booda garuu sabni lamaanuu adeemsa walgargaaranii jiraachuu duraan qabanitti deebi'u. Akka odeefkennaan (abbaa Girjaa) kaa'anitti Gondooroo booda:

> Gondooroon Gujiifi kan Gede'oo raawwatamee hoo jedhu namoonni buqqa'an kan Gujiillee buqqa'eera, kan Gede'oollee buqqa'eera. Hundinuu mana mana ofiitti gala. Qa'ee ofiitti gala. Mana walii ijaara. Olla ollaadhan mana walii ijaara. Walhammata. Walgargaaree jireenya duraanitti deebi'a. Amma waliif Gujoome jechuudha. Sagaagalummaann aadaa mitii; intala walii fuudha. Waliif soddooma. Tasuma walsodaafi haloon hinjiru (Odeef kennaa Natiroo gannaalee, Abbaa Heessaa, Jaarraa waaree).

Akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee keessatti ibsanitti sababa adda addaatiin walitti bu'insi sabaa fi sabaa hoo muudate sabni lamaanuu miidhamaa ta'u. Yeroo nagaan jiru Gujii fi Gede'oon walkeessa jiraatu; wal gargaarsaan jiraatu. Haa ta'u malee akka tasaa ta'ee waldhabdeen akka garee sabaafi sabaatti ennaa muudatu hawaasni Gujii fi Gede'oo sababa lamaaf wal baqatu. Sababni tokkoffaan wal keessa waan jiraniif walfixiinsi sanyii muudachuu danda'a. Hawaasa Gujii fi Gede'oo keessatti dhimmi gosaa dhimma nama dhuunfaa caalaa iddoo qaba. Namuu gosa ofii waliin hiriira. Keessattuu yeroo waldhabdee hawaasni gosa gosaan dhaabbata. Miseensi gosa tokkoo nama hoo ajjeesu gosti namtichaa marti ni sodaatu, buqqa'uus danda'u. Akka hawaasa Gujii fi Gede'ootti dhimmi gosaa iddoo guddaa qaba. Waldhabdeen dhimma gosaati malee dhimma nama dhuunfaa miti. Kanaafuu, ennaa waldhabdeen akka garee sabaafi sabaatti muudate walsodaachuu irraa kan ka'e namoonni wal biraa buqqa'anii gara gosa isaaniitti baqatu. Gosa lakkaawwatanii walmiidhuun muudachuu waan danda'uuf wal biraa buqqa'u jechuudha.

Inni lammataa sababni wal biraa buqqa'aniif Gujii fi Gede'oon obboleeyyiidha. Akka aadaa hawaasa Gujiifi gede'ootti obboleeyyiin wal hinajjeesan. Obboleewwan wal ajjeesuun aadaa miti. Obboleeyyiin walajjeesuun waaqa dallansiisa jedhamee amanama. Waaqni hoo isaanitti gadde hawaasichatu bada. Gochaa waaqni jibbu hoo dalagan hawaasatu bada jedhamee amanama. Obboleeyyiin lamaan hoo wal ajjeesan; walbuqqisan Waaqayyoon dhiiga hamaadhan isaan dhaha jedhanii amanu. Dhiigni hamaan hawaasa keessa deemee balleessa jedhanii amanu. Kanaafuu, wal ajjeesaniifi walbuqqisanii walkeessa hoo taa'an dhiiga hamaatu isaan qabata. Dhiigni hamaan kun hawaasa keessa daddarba jedhanii sodaatu. Wal ajjeesanii waliin hinsooratan, mana tokko hingalan, waliin hinjiraatan. Dhiigatu hawaasa keessa daddarba jedhamee amanama. “Dhiigatu cirata; ni qomaaxa'u” jedhu.

Kanaafuu, falli jiru dhiigni hamaan akka hawaasa keessa hinmarmaarre Gondoroo gochuun dhaabuu barbaachisa. Gondoroon dhiiga hamaa kana qulqulleessee hawaasa walbaqatu walitti deebisa jechuudha. Gondoroo booda haloodhaaf wal barbaadunis hinjiru; dhiigni hamaan namatti darbus waan dhaabbateef wal sodaachuun hinjiru. Sirumaayyuu walgargaaranii jireenya dura ture sanitti wal deebisuufi wal gargaarsaan jireenya duraatti deebi'uutu aadaadha.

## 6.6 Cuunfaa Boqonnaa Jahaa

Waaleen unka afaanii haala galumsaa irratti hundaa’uun ergaa dabarsuudha. Adeemsa raawwii Gondoroo akka garee Gujiifi Gede’oo gidduutti raawwatamu keessattis ta’ee raawwii Gondoroo araara nama dhuunfaa keessatti waliin dubbii hayyuu gosaa akka waalleetti fudhachuun qaacessuudhan ergaa hubachuuf gargaara. Waliin dubbiin hayyuu gosaa ergaa aadaa, duudhaa, seeraafi safuu hawaasichaa calaqqisiisu waan qabuuf hawaasni waliin dubbii hayyuu gosaa dhagahee hojiitti hiika. Innis nagaa buusuudha. Hawaasni Gujiifi Gede’oo waliin dubbii hayyuu gosaa dhaggeeffatee booda waldhabdee dhaabee nagaa buusa jechuudha. Hayyuun gosaa waliin dubbii isaanitiin dhugaa baasu, dhiifama gaafatu, dhiifama godhu. Bu’aan waliin dubbii isaanii immoo nagaa buusuudha jechuudha. Waliin dubbiin hayyuu gosaa akka waalleetti faayidaa nagaa buusuu qaba jechuudha.

Karaa biraa hayyuun gosaa raawwii Gondoroo xummurarratti eebba taasisan keessatti waalleen jiru hoo qaaccessamu hiikkaa waaqa hangafootaa kadhachuufi dhiifama gaafachuu qaba. Akka aadaa Gujiifi Gede’ootti obboleeyyan wal hinlolan; aadaa kana waan cabsaniif waaqa hangafoota isaanii, waaqa uumaa, waaqa ardaalee jilaa fi kan kana fakkaatu waamanii nuuf dhiisi; nu nageessi jedhanii kadhatu. Akka ilaalcha Gujiifi Gede’ootti waldhabdeen bu’aa dalagaa waan aad-maleeti. Kanaafuu, waaqa dhiifama kadhatanii nu nageessi jedhanii kadhatu jechuudha. Hayyuun gosaatiis hawaasaan waliif qabbanaa’aa; waliif ciisaa jedhanii eebbisu. Guyyaa sanii qabee namuu walhinlolu; walhindiineffatu jechuudha.

Dabalataanis adeemsa raawwii Gondoroo keessatti gochaaleen duudhaa ta’an ni raawwatamu. Gochaaleen kunneen hikkaa mallattummaa hawaasaaf kennu qabu. Fakkeenyaaf, mulquu hoo ilaalle mallattummaa qulqullaa’uu qaba. Namni mulqame dhiigni hamaan isa qabate akka isa gadhiisuuf mulqama. Qulqulleessuudha jechuudha. Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede’oo Bookaafi Itittuu waliin dhamdhamuufi walitti biifuun hawaasni isaanii walitti araaramuu agarsiisa. Akkasumas Itittuun qabbana waan qabuuf hawaasichi waliif qabbanaa’uu agarsiisa. Dammi mi’aawaa waan ta’eef hawaasni Gondoroo booda wal akka jaalatu, waliin jireenya nagaatti deebi’uu agarsiisa. Dullacha araaraaf qalame foon nyaatanii Ingichaa (gogaa) achumatti gatanii kan galaniif teepha dullacha araaraaf qalamee akka meeshaatti tajaajila mana keessatiif hinoolchamu. Teepha dullacha araaraaf qalamee gaadii, kooraa, alangee fi kan kana fakkaatu hingodhatan. Sababni isaas taatee waldhabdee darbee akka hinyaadanneefiidha. Gogaa (Ingichaa

ykn teepha) sa’a yeroo nagaa qalamee miti. Kanaafuu, taatee irraanfachuuf achumatti gatanii galu jechuudha. Gondoroo booda gammachuun waliin jiraachuu malee taatee waldhabdee yaadachuun aadaa miti waan ta’eef waan taatee waldhabdee darbee nama yaadachiisu ofirraa fageessanii gatanii galan jechuudha. Raawwii Gondoroo booda hawaasni Gujiifi Gede’oo wal gargaaranii jireenya nagaatti deebi’u. Intala waliif kennee Soddoomuudhan waliif Gujoomee tokko ta’a. Walumaagalatti hawaasni Gujiifi Gede’oo raawwii Gondorootiin waldhabdee dhaabee nagaa buusuudhan waliin jireenya isaanii itti fufsiisu jechuudha.

# BOQONNAA TORBA

# ITTI FUFINSAAFI JIJJIIRAMA RAAWWII DUUDHAA GONDOROO FI DHAABBILEE DUUDHAA HAALA QABATAMAA GUJIIFI GEDEOTIN

**Seensa**

## 7.1. Amala Duudhaafi Haala Qabatamaa Raawwii Gondoroo

Sirna bulchinsa Gadaa keessatti duudhaan hawaasaa wayyuu kanneen ta'aniifi kanneen duudhaan ala ta'an adda baafamanii wayitii yaa'ii Gadaa irratti lallabamu. Akka hawaasa Gujiifi Gede'ootti yeroo aangoo yookiin Baallii waliif dabarsuun gahe ardaa jilaatti godanuudhan dhimmoota duudhaa hawaasaa ta'an adda addaa raawwatu; dhimmoota duudhaa hawaasaa ta'anii itti fufuu qaban ni lallabu yookiin ni labsu. Dhimmoota duudhaa hawaasaa keessaa hafuu qabanis ni lallabu (odeefkennitoota Ijoo: Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi kan biroo waliin afgaaffii taasifame , Guraandhala, 2014 , Magaalaa Bulee Horaa). Karaa biraa duudhaalee hawaasaa keessatti dhimmoota Wayyuu ta'anis ni lallabu. Dhimmoonni Wayyuu ta'an jechuun hawaasichi kan kabajuu qabu, safeeffachuu kan qabu jechuudha. Fakkeenyaaf, "Gujiin Gujii hinajjesu Wayyuudha. Hoo akka tasaa ajjeese Gondoroo qaba. Gondoroon Wayyuudha". Hirmaattonni jila Gadaa sadarkaa Gadaa Kuusaa irraa jalqabanii hanga Yuubaatti jiran hundinuu gosa gosa keessaa walitti bahanii sirnaan ardaa jilaatti hirmaatu waan ta'eef duudhaa ilaalchisee labsiiwwan yaa'a Gadaa irratti labsaman ni dhaggeeffatu; fudhatanii galanii miseensota gosa isaanii hubachiisu. Haala kanaan duudhaa hawaasa Gujiifi Gede'oo dhalootatti dabarsaa asiin gahan jechuudha.

Yaada hirmaattonni afgaaffii akkaataa duudhaa isaanii dhalootatti itti dabarsaa jiran irratti ibsan kun duudhaa ilaalchisee yaada Simon (2000) barreesseen walfakkaata. Yaad-rimeen duudhaa jedhu amala yookiin amantii garee hawaasaa tokko dhaloota irraa gara dhalootaatti darbarsamaa as gaheedha. Keessummattuu hiikkaa mallattummaa durii of keessaa kan qabuudha. Duudhaan jecha afaan Laatinii "trader" kan jedhu irraa kan madde ta'ee hiikkaa dabarsuu, dhalootatti kennuu, wal harkaa fuudhuu kan jedhu bakka bu'a jechuudha (Simon, (2000). Haala kanaan duudhaan waan hawaasummaa garee fi waloo hunda agarsiisa jechuudha. Dhaloonni amma jiru kun hawaasa darbe tuffachuu hindanda'u. Sababni isaas dhabbileefi barnoonni amma jiru kun goonkuma haaraa kan jalqabee miti. Kanaafuu, dhaloonni ammaa kan jiru bu'aafi tarkaanfii

filannoo hawaasa darbeetiin marfamee jira jechuudha. Raawwii duudhaa Gondoroos hoo ilaallu kan amma jalqabe osoo hinta'in dhaloota darbeen kalaqamee raawwii isaatiin dhaloota irraa gara dhalootaatti darbaa kan as gahe ta'uu hubanna. Akka hawaasa Gujiifi Gede'ootti sirni Gadaa dhaabbata hawaasaa isa guddaadha. Dhaabbanni hawaasaa kun hawaasichi sammuu waliinii akka qabaatu taasisee jira. Duudhaa ilaalchisee sirni Gadaa miseensi hawaasichaa duudhaa qabaachuu qabu yaa'a Gadaa irratti ni labsa. Duudhaa labsame kanaan jiraatu. Kanaafuu, sirni Gadaa itti fufee jiraachuun duudhaan hawaasaa Gujiifi Gede'oo akka itti fufuuf gahee guddaa kan qabu ta'uu agarsiisa.

Yaaduma kana bifa deeggaruun Pande (1999) akka ibsetti dhaabbileen barnootaafi dhaabbilen hawaasaa muuxannoofi firii hawaasa darbee kan tursiisaniidha. Kanaafuu, dhaloonni amma jiru kun aadaafi qaroomina hawaasa darbee haala ammaatiin hiikkaa kenneefi fooyyessee kan itti fayyadamuudha jechuun kaa'a.  Haala Kanaan duudhaan yaadannoo sammuu waliinii garee hawaasaati jechuudha.   Har'a hawaasni Gujiifi Gede'oo sirna Gadaatiin waan bulaniif hawaasa sammuu waliinii qaban ta'anii itti fufanii jiru. Hawaasichi duudhaa isaatiin eenyummaa garee uumuu danda'eera. Duudhaa hawaasichaa kan ta'e Gondoroon akka yaadannoo waloo hawaasaatti dhalootaa gara dhalootaatti raawwiidhan darbaa kan itti fufeedha.

Karaa biraa itti fufuu duudhaa keessatti wanti ilaalamuu qabu duudhaan raawwiidhan darbaa kan deemu ta'uu isaati. Raawwii jechuun hojiirra ooluu jechuudha. Hawaasichi duudhaa saniin dhimma kan itti bahu taanaan duudhaan dhalootaa gara dhalootaatti darbaa itti fufa jechuudha. Haala Kanaan duudhaa Gondoroo hoo ilaalle hawaasni Gujiifi Gede'oo waa'ee Gondoroo yaa'a Gadaarratti Wayyuu ta'uu kan labsame waldhabdeen tasaa muudatee lubbuun hoo darbe yookiin akka garee sabaatti wal ajjeesuun hoo muudate raawwii Gondorootiin gara nagaatti deebi'u.

Gondoroon raawwii qabatamaadhan dhalootaa gara dhalootaatti darbaa as gahe jechuudha. Kanaafuu, duudhaan hawaasa keessatti hojiidhan yookin gahee taphachuudhan itti fufa jechuudha.  Sirna Gadaa keessatti tooftaa tokkummaa hawaasaa ittiin eeganiifi waldhabdeen hoo muudate tooftaa ittiin hiikan duudhaa hawaasaa keessatti tolfamee hojiirra oolu, duudhaan Gondoroo kalaqame jechuudha. Duudhaan Gondoroo ulfaatinni isaa yaa'a Gadaa irratti kan labsamu, qaamoleen raawwachiisan hawaasa keessatti Hayyuu Gosaa jedhamanii beekaman, yaa'a Gadaa irratti maqaan yaa'aa kennameefii kan mogga'an, gosa hunda keessaa kan bakka bu'an, isaanis waldhabdee nama dhuufaafi akka garee hawaasaatti muudatee lubbuu dabarse

raawwii Gondorootiin hiikanii nagaa kan buusaaniifi hawaasa gosa gosa isaanitis waa’ee Gondoroo kan barsiisaniidha. Akkasumas Gondoroon raawwatamuu hoo baate balaa hawaasa isaanii muudatu kan barsiisan, hawaasni gosa isaanii duudhaa Gondoroo irratti sammuu waliinii akka qabaatu kan taasisaniidha. Yaaduma karaa deeggaruun duudhaan ergama abbootii keenyaa kan nu buce, sonawwan abbootiirraa dhaallee nuti immoo calqqisiisnuufi gara fuulduraatti dabarsinuudha (Jabbour,1988).

kana jechuun duudhaan kan abboota irraa baratamee haala har’aa keenye qajeelchu, amalootaafi sonawwan abbootii irraa dhaallee calaqqisiisnu akkasumas kan nuti dhalootaatti dabarsinuudha. Haala Kanaan raawwii Gondoroo hoo ilaallu, sirna Gadaa keessatti duudhaa tokkummaa hawaasaa eeguufi waldhabdeen wayita muudatu raawwii Gondorootiin gara nagaatti deebi’uun akka danda’amu abbootii keenyaan bocamee nutis har’a akkuma abbootii keenyaa waldhabdeen ennaa nu muudate raawwii Gondorootiin gara nagaatti deebina jechuudha.

Haaluma walfakkaatuun Kumar (2014) aadaafi qaroominni bu’aa kalaqa ilma namaa ta’uu ibseera. Bu’aan kalaqaa ilma namaa immoo uumamaan kan darbu osoo hinta’in karaa hawaasummaatiin dhalootaa gara dhalootatti darba. Duudhaan immoo karaa qaroominniifi aadaan hawaasaa dhalootatti ittiin darbuudha. Ilmi namaa sona kan uumufi sona kanaan jiruufi jireenya isaa kan gaggeeffatu ta’uu isaati.

Pande (1999) falaastonni muraasni duudhaa ilaalchisee caacculee duudhaa jijjiiramaafi fuulduraa irratti kan xiyyeeffatan hoo ta’an muraasni immoo caacculee duudhaa itti fufan irratti xiyyeeffatu jechuun kaa’a. Keessattuu falaastonni konservativii (duudhawaa) ta’an duudhaan waan uumaafi itti fufinsa hawaasaafi hawaasummaatiif bu’uura ta’eedha jedhu. Hawaasni tokko tasgabbaa’ee akka itti fufuuf duudhaan gahee guddaa qaba jechuudha. Qaroominaafi aadaa keessatti duudhaan caacculee jijjiiramuufi itti fufu qaba ( Pande, 1999).

Duudhaan kan dhaabbatee hafu osoo hinta’in haala jijjiirama hawaasaa waliin fooyya’aa, jijjiirama fooyya’aa hawaasaatiif bu’uura ta’aa kan itti fufuudha. Duudhaan adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti kan jijjiiramaa deemuudha. Adeemsa jireenya hawaasaa keessatti duudhaaleen akka sona hawaasaa, yaadaa fi amanitin hawaasaa jijjiiramaa deemuu danda’u. Adeemsa jiruu fi jireenya hawaasaa keessatti duudhaa jiru madaalaa haala amma jiru waliin walsimsiisaa deemuufi duudhaaf irra deebiin hiikkaa kennuun hawaasa keessatti jira. Kanaafuu,

duudhaanis haala yeroofi guddina hawaasaa amma jiru waliin akka walgitutti fooyya'aa kan itti fufuudha malee dhaabbatee kan hafu osoo hinta'in haala yeroo waliin of fooyyessaa kan deemu ta'uu hubachuu barbaachisa.

Kumar (2014) akka ibsutti duudhaan yaadannoo sammuu waliinii hawaasa tokkooti. Hawaasichi yaadannoo sammuu waliinii keessaa duudhaa haala yerootiin itti fufu filatee haala ammaafi borii waliin walitti fidee itti fayyadama. Muuxannoofi milkaa'inoota dhaloota duraanii dabarsuuf duudhaan akka ceesistuutti ilaalama jechuudha. Yaaduma kana karaa deeggaruun Banerjee, (1994) duudhaafi jijjiiramni aadaa keessatti yaada wal mormuu miti; jijjiiramni amala duudhaa keessaa isa ijoodha. kanaafuu, duudhaan kan jijjiiramuufi kan guddatuudha. Amalli jijjiiramuufi fooyya'uu duudhaa kun duudhaan akka guddatuufi akka itti fufuuf gumaacha guddaa qaba. Jijjiiramaafi duudhaa gidduutti walitti bu'insi kan uumamu duudhaa tokko duudhaa birootiin bakka buusuuf yaaliin hoo taasifamu malee duudhaa keessatti sonni gaariin tokko hoo jiraate fooyyessanii fudhachuun qaama duudhaa ofii taasifachuun amaluma duudhaati (Banerjee, 2014).

Walumatti qabaatti duudhaan dhalootaa dhalootaatti darbu haaluma dhaloonni itti hubateefi haala qabatamaa dhalootaatiin kalaqaa itti dabalaa walitti dabarsaa kan itti fufuudha. Jijjiiramaatuma dhaloota itti aanuuf dabarsama jechuudha. kanaafuu, akkuma aadaafi qaroominaa duudhaan bu'aa kalaqaa ilma namaati jechuudha. Adeemsa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti duudhaan jijjiiramaa fi fedhiin hawaasa ammaas itti dabalamaa akkasumas kalaqaa hawaasa ammaas ofitti dabalaa kan itti fufuudha.

> Akka aadaa fi duudhaa Gujiifi Gede'ootti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Hoo akka danuu (tasaa) ajjeese Gondoroo qaba.
>
> Akka tasaa jechuun osoo itti hinyaadin, diina jedhee eeggatee osoo hinta'in akka tasaa hoo ta'e.
>
> Akka tasaa hoo ta'e si'a tokko qofa kan dhahee ajjeese (tule). Si'a tokko qofaan lubbuun hoo bahe danuu jedhama.
>
> Si'a tokkoo ol itti deebisee hoo dhahe, yookiin madaan nama miidhamee sun qaama isaarra miidhaan gahe si'a tokkoo ol hoo ta'e danuu miti; waan beekaati jedhama.
>
> Duritti nama beekaa obboleessa ajjeese (tule) qabaniituma ajjeesu malee hin Gondoran.

Amma kanuma beekaa ajjeese illee waan tasaati jedhaniituma Gondoroo godhu.

Ta'us waan beekaa hoo ta'e dafanii Gondoroo hingodhan, xiqqoo ni tursu.

Harka miccirrachiisanii dhiyeessu

Warra namni jalaa du'een tumadhu jedhuun

Tumachuuf yeroo jedhu hayyuun gamaafi gamana ta'anii irraa qolatu

Si gahe, aarii tee buufatte

Gujiin lama wal hintumatu

Lama hintumatan

Gondoroo Godhu jedhaniin warra namni keessaa ajjeeffame saniin irraa dhorkan.

(Hirmaattota afgaaffii Gujii, Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa, Abbaa Aanolee, Dugda dawaa, Fincaa, Bitootessa, 2014)

Akka odeeffannoo hirmaattota afgaaffii qorannootiif asii olitti jijjiiramaafi itti fufinsa duudhaa Gondorootiin walqabate jiru ibsanitti raawwiin Gondoroo akka duudhaatti itti fufee tajaajila kennaa jira. Kunis sirna gadaa keessatti hariiroo nagaa hawaasaa eeguuf kan barsiisamuufi raawwiidhan hawaasa keessatti kan walirraa baratan waan ta'eef Gondoroon har'as duudhaa waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu Gujiifi Gede'oo ta'ee itti fufee jira. Akkuma yaada hirmaattota afgaaffii olitti barreeffame keessaa hubatamutti "Duritti nama beekaa obboleessa ajjeese qabaniituma ajjeesu" ture. Amma garuu " kan beekaa ajjeeseyyuu danuu (tasa) jedhaniituma Gondoroo godhu" jechuun kaa'u. yaada hirmaattota kanneenii keessatti akka aadaa Gujiifi Gede'ootti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Akka tasaa hoo ajjeese Gondoroo qaba jedhu. Akka tasaa (danuu) kan jedhamu haloon kaka'ee osoo hinta'in aarii battalaatiif takka qofa dhahee kan ajjeese (kan tule) ta'uu madaan qaama miidhamaarra jirus takka qofa kan dhahame ta'uu hoo mirkanaa'eedha. Gondoroon kan raawwatamuuf nama akka tasaa obboleessa ajjeese qulqulleessanii hawaasaatti deebisuudhafi. Haala kanaa alatti duritti nama beekaa obboleessa (Gujii beekaa Gujii) ajjeese qabaniituma ajjeesu ture. Kun garuu bara ammaa keessa kanuma beekaa ajjeese illee raawwii Gondorootiin qulqulleessanii hawaasaatti deebisuun jira jechuudha. Haala qabatamaa amma jiruun Gujii beekaa haloodhan kaka'ee Gujii biraa ajjeese danuu (tasa) jedhanii Gondoroo gochuun jalqabame jechuudha. Kunis haala qabatamaa amma jiru

waliin keessattuu seerri hammayyaa biyya keenyaa waliin akka walhindhoofneef namni beekaa obboleessa ajjeese qabamee ajjeefamuun hafee Gondoroo raawwatanii hawaasaatti deebisuun baratamaa dhufe.

## 7.2. Itti Fufinsaafi Jijjiirama Dhaabbilee Duudhaa Haala Qabatamaa Gujiifi Gede'ootiin

### 7.2.1. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Gama Gahee Taphachuu Caasaa Hawaasaa

Akka odeeffannoo hirmaattota afgaaffiifi marii garee irraa hubatametti hawaasni Gujiifi Gede'oo har'as caaseeffama sirna Gadaa hordofee umuriidhan qoodamee gahee taphataa jira. Akka yaada hirmaattota afgaaffiifi marii gareetti "hawaasa keessatti namuu gahee qaba" (odeefkennaa ijoo: Abbaa Galchaa). Gahee isaa kana manatti maatiirraa barata. Sadarkaa ollaatti jaarsuma olla irraa barata. Sadarkaa gosaatti immoo abbaa lubaa yookiin abbaa seeraa kan jedhamu gosa hunda keessa jira waan ta'eef abbaa lubaatu dhaloota umuriidhan gahee taphachuu qaban barsiisa. Karaa biraa har'as hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti gaheen caasaa hawaasaatiin raawwatamu itti fufeetuma jira. Fakkeenyaaf qaamolee hawaasaa sirna gadaa keessatti gahee qaban abbaa Gadaa, Qaalluu, Hayyuu, Waayyuu fi Hayyeechaa (Gede'uffaan) fi Kuusa hoo ilaalle har'as sirnoota aadaa isaaniin raawwatamuu qaban raawwataa jiru. Gahee qama haawaasaa tokko qama hawaasaa isa biraatiin bakka buufamee hinraawwatamu. Faayidaan caasaa hawaasaa har'as hojiirra jirachuu nu agarsiisa.

Haaluma kana bifa deeggaruun Durkheim (2003, fuula 52), akka ibsutti hawaasni gama faayidaatiin xiinxalamee ibsamuu qaba; hawaasni sirna kutaalee walitti hidhaman kan kutaan tokko isa kaan malee hojjechuu hin dandeenyedha. Kutaaleen kun hawaasa guutuu uumu.

Kutaan tokko yoo jijjiirame hawaasa waliigalaa irratti dhiibbaa qaba jechuun kaa'a. Yaada kana bu'uura godhachuudhan gurmaa'ina caasaa hawaasa Gujiifi Gede'oo hoo ilaalle hawaasni lamaanuu umuriifi gaheedhan gurmaa'anii jiruufi jireenya isaanii keessatti haala gahee isaanitiin socha'uu itti fufaniiru.

Qaamoleen hawaasaa Gujiifi Gede'oo Abbaan Gadaa, Hayyuun, Qaalluun, fi caasaaleen hawaasaa hafan hiikkaan raawwii duudhaa Gondorootiif qaban itti fufee jira. Hawasni Gujiifi Gede'oo waldhabdee keessa turan guyyaa Gondoroon raawwatame yaaddoo waldhabdee irraa bilisa waan ta'aniif akka guyyaa gammachuu guddaatti ilaalu. Hawaasni Gujiifi Gede'oo

raawwii Gondorootiif hiikkaan kennu, kabajaan kennu itti fufeera jechuudha. Kunis caasaan qaamolee hawaasaa duudhaa Gondoroo raawwachiisu gahee isaanii haaluma duriin kan taphataa jiraniifi hawaasichis qaamolee raawwachiistota duudhaatiif kabajaan kennu itti fufuu agarsiisa. Yaaduma kana Durkheim (2003) hoo ibsu yaaxina faayidaa (functionalism) jedhu keessatti hiikkaa fooklooriin garee hawaasaaf kennu ta'ee gareen hawaasaa kun fookloorii akka riiqicha qunnamtiitti itti fayyadama jechuun kaa'a. kanaafuu hawaasni tokko kan waliigaluu danda'u qunnamtii isaa keessatti hiikkaa unkawwan fooklooriif kennu walfakkaataa hoo qabaateedha. Faayidaan unki fookloorii hawaasa keessatti qabu itti fufinsaafi waliigaltee hawaasichaa ni mirkaneessa. Yaaxinni faayidaa kan xiyyeeffatu naamusaafi sonawwan hawaasni waliin qoodatuufi hawaasa keessatti faayidaa irra oolaa kan jiraniidha. Hawaasa keessatti duudhaawwan hawaasaa, amanitin hawaasafi gochaaleen hawaasni waliin qoodatu kunneen jiraachuun faayidaa tokkummaa hawaasaafi naamusa waloo hawaasichaaf bu'uura ta'ee tajaajila. Kanaafuu, caasaan hawaasaa itti fufinsaan faayidaarra jiraannaan unki fooklooriis faayidaa kennaatuma jiraata jechuudha. Caasaan hawaasaa unka fookloorii hojiirra oolchu jijjiiramnaan garuu hiikkaa unka fooklooriitiif kennamus duukaa jijjiirama jechuudha. Itti fufinsi caasaa hawaasaa itti fufinsa faayidaa unki fookloorii hawaasa keessatti qabuuf bu'uura ta'a jechuudha. Caasaa hawaasaarratti jijjiiramni adda addaa hoo muudatu duudhaafi sonni hawaasichaas duukaa jijjiirama. Haala Kanaan duudhaa Gondoroo hoo ibsinu qaamoleen duudhaa Gondoroo raawwachiisuuf gahee aadaa qabanis hojiirra jiru; hawaasichis hiikkaan raawwii duudhaa Gondorootiif kennu akkuma dur jira jechuun ni danda'ama. Kunis raawwii Gondoroo bara 2010 ALI Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatameen nagana hawaasicha gidduutti bu'uu danda'ee jira.

Dhiyaannaan faayidaa kan xiyyeeffatu faayidaa fookloorii hawaasa waliin ibsuurratti. Hawaasni jiraannaan faayidaan unka fookloorii itti fufa. Garuu hawaasni jijjiiramnaan unki fooklooriis hiikkaa isaa duukaa jijjiira. Hanga caasaan hawaasaa gahee duudhaa taphatu jirutti faayidaan unka fookloorii kan jiraatudha (Durkheim, 2003). caasaan hawaasaa kan gahee duudhaa taphatu hanga jirutti unki fookloorii kan itti fufu ta'uu isaati. Akka dhiyaannaa faayidaatttti faayidaa raawwiin duudhaa tokko hawaasaaf qabu ibsuudha. Duudhaan tokko hiikkaafi sona hawaasaa ibsuuf gahee qaba jechuudha. Dhiyaannaan faayidaa kan irratti xiyyeeffatu hiikkaa fooklooriin garee hawaasaatiif kennuufi gareen hawaasaa fookloorii akka qunnamtiitti kan itti fayyadamee waliif galu jechuudha. Kana jechuun hawaasni gochaalee duudhaa raawwatuun hiikkaa walfakkaatu waan kennuuf raawwiin duudhaatiin wal hubata. Haala kanaan raawwii duudhaa

Gondoroo irratti hawaasni Gujiifi Gede’oo hiikkaa walfakkaataa waan kennuuf waldhabdee irraa gara nagaa amansiisaatti ittiin deebi’uu itti fufee jira.

Karaa biraa raawwii Gondoroo nama dhuunfaa Gujiifi Gujii yookiin Gujii walajjeesan raawwii Gondorootiin adeemsa nagaa buusuu keessatti jijjiiramni ni mul’ata. Fakkeenyaaf akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee keessatti kaasanitti duritti miseensi Gujii tokko beekee haloodhan kaka’ee miseensa Gujii biroo hoo ajjeese, qabamee ajjeefama. Bara ammaa garuu isuma beekee ajjeesee danuu (tasa) jedhamee gondorama ( Odeefkennitoota waliin marii garee goone irraa kan fudhatame, Dugda Daawaa Gurandhala, 2014). Haaluma kana fakkaatuun yeroo ammaa nama tasa nama ajjeesees Gondoranii booda gara mana hidhaatti ergu malee gara hawaasaatti kallatiidhan hindeebisan. Akka odeefkennitoonni kunneen jedhanitti bara ammaa raawwii Gondoroo nama dhuunfaatiif raawwatamu haala seera mana murtii hammayyaa hincabsineen karaa waldubbiseen gaggeeffama. Nama nama ajjeese Gondoroo boodas deebi’ee hidhama; osoo Gondoroo hinraawwatin kanneen hidhaman immoo qaama mootummaa ilaalu waliin mari’achuudhan Gondoroon raawwatamee deebi’ee gara mana seeraa kan galu ta’uu ibsu. Kunis haala qabatamaa amma jiruun raawwiin duudhaa Gondoroo fooyya’aa kan jiru ta’uu agarsiisa. Kunis fooklooriin amaluma isaatinuu jiruufi jireenya ilma namaa irratti kan hundaa’e waan ta’eef haaluma fooyya’insa jireenya ilma namaa waliin kan deemu ta’uu agarsiisa. Jiruufi jireenyi ilma namaa immoo dhaabbataa osoo hinta’in yeroo hunda jijjiirama keessa jira. Kanaafuu, fooklooriin ilma namaas kalaqa haaraa unka duraa irratti itti dabalaafi irraa dhiisaa itti fufa jechuudha.

Dabalataanis fookilooriin bal’inaan duudhaadhan walqabata. Duudhaan immoo jijjiiramaafi itti fufinsa qaba. Kanaafuu, mallattooleen aadaa, meeshaaleen aadaafi unkaaleen fookloorii ta’an adeemsa jijjiiramaa keessa jiru jechuudha. Sababni isaas fooklooriin waan jireenya ilma namaati. Jireenyi ilma namaa immoo jijjiirama walirraa hincinne keessa jira. Fooklooriin keenyaas jijjiirama keessa jira jechuudha. Haa ta’u malee fooklooriin hawaasa tokkoo duudhaaleefi sona hawaasa tokkoo akka turuufi dhalootaatti akka darbus kan taasisuudha.

### 7.2.3. Itti Fufinsaafi Jijjiirama Dhaabbilee Duudhaa Hawaasaa Sirna Gadaa

Sirni Gadaa akka waliigalaatti sirna siyaasaa, diinagdeefi hawaasummaa Oromoo ta’atuudha. Keessattuu ummanni Oromoo osoo sirna bulchiinsa mootummaa Itiyoophiyaa hammayyaa dura

sirna Gadaatiin bulaa ture. Sirna bulchinsa mootummaa itiyoophiyaa hammayyaa booda garuu sirni Gadaa akka Oromootti ittiin bulaa ture sun jalaa laafee ture. Haa ta'u malee akka hayyuun gosaa Gujii marii gareefi afgaaffii qorannoo keessatti hirmaatan kaasanitti Gujiitti sirni Gadaa bulchiinsa mootummaa Itiyoophiyaa hammayyaa keessattuu itti fufee jiraachuu kaasaniiru. Gujiin lafa aadaan Oromoo osoo hinbadin itti ture jechuun kaasu. Yaaduma kana karaa deeggaruun Asmarom (1973); Asebe (2007) Gujiin lafa aadaan Oromoo osoo hinbadin itti ture ta'uu ibsaniiru. Akka hayyuun gosaa afgaaffii irratti hirmaatan ( Abbaa Galchaa, Tukunee baallii fi Abbaan Hessaa, Guraandhala, 2014, Dugda Daawaatti) yaada kennaniin keenya Gadaan addaan cite hinbeeku. Fincaan gadaa shanan keessa aangoon marmaaruu itti fufeetuma jira. Fincaan shanan keessa osoo irra hindeebi'in yookiin osoo addaan hincinne itti fufeetuma jira jechuun kaa'u.

Fincaan shan kan jedhan marsaa gadaati. Fincaan tokko wagga saddeet bulcha. Fakkeenyaaf, bara 2016 Fincaan Harmuufaa aangoo gara Fincaan Roobaleetti dabarseera. Akka odeefkennitoonni kunneen jedhanitti Fincaan akka afaan bara kanaatti paartii jechuudha. Gujii keessa paartiilee shantu jiru. Shanan kunneen waggaa saddeet saddeetiin aangoo waliif dabarsu. Akka Gujiitti hundeeffama sirna gadaatii hanga ammaatti kan itti fufeedha. Waggaa saddeet saddeetiin aangoo bulchiinsa gadaatiin siyaasaa, hawaasummaafi diinagdee hawaasa Gujii hogganuu walharkaa fuudhuun itti fufee jira. Sirni gadaa hojiirra jiraachuun hawaasni Gujii aadaa isaanirratti ilaalcha walfakkaataa akka qabaatu taasisee jira. Waggaa saddeet saddeetiin ardaa jila gadaa irratti seerri, safuufi duudhaan hawaasichi kabajuu qabu ni lallabama. Haalli kun immoo hawaasichi seera, safuufi duudhaa ardaa jila gadaa irratti lallabamuuf akka bitamu taasisee jira. Ardaa jilaatti dhimmoonni hawaasa keessatti wayyuu ta'an ni lallabamu. Kanneen keessaa Abbaan Gadaa, Hayyuun gosaa, Qaalluun, kkf wayyuudha. Kabajaafi ulfina guddaatu kennamaaf jechuudha. Kanaafuu, raawwii Gondoroo keessatti qaamoleen wayyuu ta'an kunneen kan jedhaniin ala namuu hinta'u; waan isaan jedhan ni kabajama jechuudha. Raawwiin Gondoroo qaamolee hawaasa keessatti safuu ta'an kanneeniin waan raawwatamuuf araarri Gondoroo fulla'aadha. Akka odeefkennitoonni afgaafii fi marii garee keessatti kaasanitti Gondoroon araaramanii walitti hindeebi'an, haloo walitti hinqabatan aadaa miti. Sirumaayyuu akka duudhaa Gujiifi Gede'ootti Gondoroo booda ni soddoomu; fira waltaasifatu jechuudha.

**Sirna Baallee**

Hawaasni Gede’oo sirna bulchiinsa aadaa lama erga dabarsanii booda sadaffaa sirna Baallee sirna Gadaatiin walfakkaatu ijaarratanii ittiin bulaatii jiru. Akka odeefkennitoonni afgaaffii qorannoo kanaa irratti hirmaatan (Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Hayyeechaa Jaboo Kuraa, Hayyeechaa Alamaayyoofi kan biroo waliin afgaaffii taasifame Guraandhala, 2014; Bilbilaan Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa waliin Amajjii 21, 2016) ibsanitti hawaasni Gede’oo jalqaba mootii dubartii Akkomanooyyee jedhamtee himimsa afaanii yookiin afseenaa hawaasichaa keessatti beekamtuun bulaa ture. Bulchiinsa Akkoomanooyyee jalatti hawaasichi dhiibbaa bulchiinsa dubartii jalatti kufee sarbama mirga namoomaa keessummeessaa turuu himu. Sirna Akkoomanooyyee booda faallaa kan ta’e sirna dhiiroonni qofti aangoo itti argatan sirna Gosaalloo jedhamu ijaaran.

Akka odeefkennitoonni afgaaffii qorannoo keessatti hirmaatan jedhanitti sirni Gosaalloo sirna dhiironni aangoo hidda sanyiitiin walitti dabarsaniifi hirmaachisummaa hinqabneedha. Kanuma haala ibsuun Tsegahe (2019) sirni Gosaalloo sirna dhiiraan dhuunfatameefi hidda sanyiitiin darbu waan ta’eef gosoota Gede’oo hunda bakka akka hinbuune ibseera.

Sirni bulchiinsa aadaa hawaasni Gede’oo hundeesse sirna Baalleeti. Akka qorattoonni Asebe (2007); Taaddese (2003); Tsegahe (2019) ibsanitti sirni Baallee sirna Gadaatiin walfakkeenya guddaa qaba. Akka odeefkennitoonni qorannoo kanaa Gede’oo irraa hirmaatan ibsanitti sirni Baallee sirna dimokiraatawa, hirmaachisaafi aangoo wagga saddeet saddeetiin paatiiwwan Gede’oo lamaan walitti dabarsaniidha. Akka maddoonni ragaa afgaaffiifi qorannoowwan duraa agarsiisanitti hawaasni Gede’oo gosa torba haa qabaatan malee paartii aangoo walitti dabarsu lama qabu. Isaanis Bilbalaafi Dhallana jedhamu. Bilbalaan yaa’a isaa Songoo Balayyaa jedhama. Dhallanaan immoo yaa’i isaa Songoo Heebanee jedhama ( Hayyeechaa Hayiluu Bayyaanaa waliin Bilbilaan Amajjii 22, 2016) odeeffannoo fudhatameedha. Akka yaada odeefkennitoota kanneenitti fincaan Baallee Gede’oo lama hoo ta’an isaanis Bilbalaafi Dhallanaadha. Sirni Baallee bakki itti raawwatu immoo kan Bilbalaa yaa’a songoo Balayyaa hoo jedhamu kan Baallee Dhallanaa immoo yaa’a Songoo Heebanee itti raawwatama jechuudha.

Akka qorattoonni Asebe (2007), Taddese (2003)fi Tsegahe (2019) ibsanitti sirni Baallee bara bulchiinsa mootota Itiyoophiyaa keessa dadhabaatii kan dhufe hoo ta’u sirna federalisimii ofiin of bulchuu bara 1991 ALA Itiyoophiyaatti diriire booda waa’een afaaniifi aadaa ofii barachuufi

ittiin jiraachuu iddoo guddaa argataa dhufeera. Haaluma kanaan hawaasni Gede’oos afaan, aadaafi duudhaa isaa jajjabeeffachuurratti argama. Haaluma yaada kana deeggaruun odeefkennitoonni afgaaffii irratti hirmaatan ( hayyeechaa Jaboo Kuraafi Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa) akka ibsanitti hawaasni Gede’oo sirna Baallee keessatti caasaa hawaasaa saditti qoodamee ilaalama Inni jalqabaa hayyuudha. Inni lammataa Waayyoodha. Inni sadaffaan Faanchoo jedhama. Hayyuun kanneen barnoota sirna Baallee keessa darbanii Baallee Gadaa kennanii darbaniifi amma gahee duudhaa raawwachiisuu qabaniidha. Wayyoo kan jedhaman gahee eebbisuu kan qaban gosa hunda keessa tokko tokko bakka bu’anii dame afuuraa kan gaggeessaniidha. Isaan kan eebbisaniifi waaqa kan kadhataniidha. Songoo hundarratti argamuudhan kadhaa waaqaa kan gaggeessaniidha. Fanchoo kan jedhaman ummata waliigalaati. Hordoftoota sirna Baallee garuu gahee duudhaa raawwachiisuu kan hinqabneedha. Gara fuula duraatti as keessaa hayyuun, wayyoon bahu ni danda’a jechuudha. Kun caasaa ummataatti. Caasaan Bulchiinsa Baallee immoo sadarkaa saddeet kan qabu hoo ta’u hawaasa umuriifi gaheedhan qooduudhaan namuu gahee isaa umurii isaatti taphatee darba jechuudha. Sadarkaa saglaffaan Maganoo (Waaqa) jedhu.

Sirni gadaa hawaasa Gujii keessatti hojiirra jiraachuun akkasumas sirni Baallee hawaasa Gede’oo keessatti hojiirra jiraachuun hawaasichi duudhaa isaatiif kabajaafi ulfina akka kennuufi akka ittiin jiraatuuf gahee taphateera. Har’a hawaasni Gujiifi Gede’oo waldhabdee gidduu isaanitti muudatu giddu seentummaa qaamota biroo malee ofumaa akkaataa duudhaa isaanitiin Gondoroo raawwatanii nagaa buusuun itti fufee jira. Kunis kan milkaa’uu danda’eef hawaasichi duudhaa walfakkaatuufi sirna gadaa walfakkaatu waan qabuuf jechuudha.

**Songoo**

**A**kka odeefkennitoonni afgaaffii qorannoo irratti hirmaatan ibsanitti hawaasa Gede’ootiif Songoon waan hundadha. Songoon bakka haqni hawaasaa itti eeggamu, labsiin yaa’aan murtaa’e hawaasaaf itti lallabamuufu hawaasni Gede’oo itti walgahee mari’atuufi kadhaa waaqaa (maganoo) itti gaggeessuudha (odeefkennitoota ijoo: Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa, Hayyeechaa Jaboo Kuraafi Hayyeechaa Alamaayyoo). Dhaabbanni Songoo kun bulchiinsa mootii Minilik II booda hanga bara 1991 sirni federaalizimii hojiirra oolutti baayyee laafee kan tureefi hojii isaa dhiisee kan ture ta’uu maddoonni qorannoo Asebe (2007), Tsegahe (2019) fi Tadesse Kipi’e (2003) kaa’aniiru. Akkasumas odeeffannoon hirmaattota afgaaffiis kanuma

agarsiisa. Akka yaada odeefkennitootaatti gosoota Gede’oo torbaniifuu tokkoon tokkoon gosaatiif Songoo torbaatamii shan abbaan isaanii Darasoon Eebbisee kennuufii himu. Hawaasni Gede’oo yeroo jalqabaatiif bakki itti walgahee marii hawaasummaa gaggeesse aanaa Bulee haroo walaabuu jedhamee beekamutti yaa’a gaggeesse. Yaa’aan kun Odaa yaa’aa jedhama. Odaa kan jedhu “odoo” kan jedhu irraa madde. Ergaan isaa odeeffannoo jechuudha Gede’uffaan. Odaa yaa’aa kana irraa Qorciisaa (marga Irreechaa) buqqifatanii gosoota Gede’oo hunda keessa bakka torbaatamii shanitti qorciisaa odaa yaa’aa buqqisan san dhaabbatanii Songoo hundeeffatan.

### 7.2.4. Itti Fufiinsaafi Jijjiirama Gahee Qaamolee Raawwachiistotaa Raawwii Gondoroo Keessatti

Abbaan Gadaa bulchaa aadaa hawaasa Gujiiti. Akkuma kana Abbaan Gadaa Gede’oos bulchaa hawaasa Gede’ooti. Akka odeefkennitoonni qorannoo afgaaffiifi marii garee keessatti ibsanitti Abbaan Gadaa Gujiis ta’ee kan Gede’oo haaluma seera, safuufi duudhaa hawaasaa sirna gadaa keessatti tumameen sadarkaalee sirna gadaa keessatti umurii isaanitiin gahee taphataa sadarkaa gadaa kanneen gahan keessaa Abbaa Gadaa ta’u odeefkennitoota marii garee Abbaa Galchaa, Abbaa Aanolee, Abbaa Girjaa,Abbaa Hessaa fi Hayyeechaa Hayiluu Bayyanaa (marii garee hayyuu gosaa Gujii waliin taasifame, Caamsaa 14, 2014). Haaluma yaada kana deeggaruun Dereje, Mengeshafi kan biroo (2021)

> During the first three grades of qondaala, kuusaa and raabaa-doorii, individuals learn war tactics, Oromo history, politics, ritual, law and administration over a period of 24 years. When they entered into the gadaa class or luba at the age of 40, they have already acquired all the necessary knowledge to handle the responsibility of administering the society and celebration of rituals (Dereje; Mengeshafi kan biroo, 2021).

Akka yaada oliirraa hubatamutti hawaasni Gujii har’as caaseffama gadaa umurii waggoota saddeet saddeetiin itti seenamuufi gahee umuriidhan eegamu taphachuun itti fufeetuma jira. Haaluma kanaan Abbaa Gadaa ta’uuf turtii umurii 40 keessatti beekumsa hawaasa bulchuufi duudhaa hawaasaa raawwachuu gonfataniiru jechuudha. Kanaafuu, har’as hawaasa Gujii keessatti sadarkaa Abbaa Gadaa gahuuf beekumsa aadaa, sirna raawwii duudhaa, seeraafi safuu hawaasaa hunda kan gonfatan waan ta’aniif hawaasa biratti kabajaan Abbaan Gadaa Qabu itti fufee jira.

Raawwii Gondoroo keessatti abbaan gadaa gahee guddaa qaba. Akka odeefkennitoonni marii

garree keessatti ibsanitti sadarkaa Gondoroo nama dhuunfaa Gujiifi Gujiitti raawwatamu keessatti Abbaan Gadaa hayyuu gosaa ergee raawwii Gondorootiin nagaa akka buusan taasisa. Abbaan Gadaa ofii isaatii irratti hinhirmaatu. Abbaan Gadaa lafa Gondoroon nama dhuunfaa itti raawwatamu hindhaqu; safuudha. Lafa dhiigaa san hindhaqu. Garuu sadarkaa Gondoroo akka Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu keessatti Abbaab Gadaa Gujiifi Gede'oo walgahanii mari'atu. Mari'atanii ka'anii araara jedhu. Hayyuu gosaa Gujiifi Gede'oo walitti baasu. Gaafa raawwii Gondoroo xummuraas irratti argamanii hawaasa isaanitiin qabbanaa'I, araara buusi jedhanii ergaa dabarsu (Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi Abbaa Heessa waliin marii garee taasimerraa kan fudhatame, Caamsaa 14, 2014, Fincawaa, Aanaa Dugda Daawaa).

Akka yaada maddoota odeeffannoo marii gareefi qorannoowwan taanaan duraa irraa hubatamutti Gujiin har'as sirna Gadaatiin bula. Asmarom Laggese (1973) akka ibsetti Gujiin lafa aadaan Oromoo itti tursiisame jechuun kaa'ee jira. Raawwii Gondoroo keessatti Abbaan Gadaa har'as itti gaafatamummaa bulchiinsa aadaa keessatti qabu bahataa jira jechuudha. Karaa biraa hawaasni Abbaa Gadaa dhaggeeffatu har'as jira jechuudha. Hayyuun gosaa raawwii Gondoroo nama dhuunfaa keessatti adeemsa duudhaa raawwatanii araara akka buusan Abbaa Gadaatu erga jechuudha. Raawwii Gondoroo garee Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu immoo hawaasa isaanii bakka bu'anii Abbootiin gadaa Gujiifi Gede'oo walgahanii erga mari'atanii booda hayyuu gosaa walitti baasanii adeemsa duudhaa raawwatanii gara nagaatti hawaasni lamaanuu akka deebi'u taasisu jechuudha. Kanaafuu, gaheen Abbaa Gadaa hawaasa keessatti akka waliigalaatti, keessattuu immoo raawwii duudhaa Gondoroo keessatti itti fufeetuma kan jiru ta'uu maddoonni ragaa ni agarsiisu.

Hawaasni Gujiifi Gede'oos kan abbootiin gadaa jedhaniin bulaa akka jiran maddoonni odeeffannoo ragaa bahaniiru. Abbaan Gadaa kabajaafi ulfina hawaasa keessatti qabu itti fufee jiraachuun raawwii Gondorootiin nagaa buusuun akka itti fufu taasisee jira jechuudha.

**Qaalluu**

Sirna gadaa keessatti qaamni aangoo olaanaa qabu akka Gujiitti Qaalluu ta'uu Asebe (2007) qorannoo isaa keessatti ibsee jira. Qaalluun abbaa Afuuraa Gujiiti. Yaaduma kana karaa deeggaruun odeefkennitoonni marii garee irratti hirmaatan Qaalluun sirna araaraa Gondoroo Gujiifi Gede'oo keessa jira. Qaalluun raawwii Gondoroo nama dhuunfaa keessatti hinhirmaatu. Qaalluun Raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo gidduutti raawwatamu irratti Abbaa Gadaa waliin deema; araara keessa jira. Qaalluun raawwii Gondoroo Gujiifi Gede'oo irratti argamuun

mallattoo araarichi waaqa biraa ta’uu agarsiisa (odeefkennitoota marii garee, Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Aanoleefi Abbaa Heessaa, Caamsaa14, 2022, aanaa Dugda Daawaa). Akka ragaa maddoota odeeffannoofi sakatta’a barruu keessatti ibsametti Qaalluun Gujii har’as ulfinaafi kabajaa guddaadhan gahee duudhaa taphataa jira. Hawaasni Gujii har’as Qaalluu akka bakka bu’aa waaqaatti amanu. Fakkeenyaaf raawwii Gondoroo Gujii fi Gede’oo gidduutti raawwatamurratti argamuun Qaalluu araarichi kan Waaqayyoon eebbiseefi ful’aa ta’uu agarsiisa. Araara bakka Qaalluun jirutti raawwatame booda gareen lamaanuu waljaalachuu malee halootti hindeebi’an. Sababni isaas Qaalluun ni abaara jedhamee amanama. Kanaafuu, Qaalluun gahee waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti qabu olaanaadha. Hawaasni Gujiifi Gede’oos Qaalluufi Wayyoo (Damee afuuraa Gede’oo)tiif ulfina guddaa qabu. Abbaa gadaafi hayyuun abbaa gadaa Qaalluufi Wayyoodhan eebbifamuufi muudamuu qabu. Kun har’as hawaasicha keessatti itti fufee jira.

**Hayyuu Gosaa**

Akka odeefkennitoonni afgaaffii fi marii garee keessatti ibsanitti Hayyuu gosaa kan jedhaman miseensota gadaa duraanii wayitii ammaa gorsaa abbaa gadaa ta’anii tajaajilaa jiraniidha. Karaa biraa hayyuun gosaa hayyuu abbaa gadaas ni jedhamu. Hayyuun gosaa waan duudhaa kan raawwatuufi raawwachiisu, kan eebbisu, sirna irratti kan dubbatu, abbaa gadaatiif kan ergamu, waan duudhaa hawaasa gosa isaa kan barsiisu jechuun kaa’u (Odeefkennitoota Abbaa Galchaa, Abbaa Heessaa, Abbaa Girjaafi kanneen biroo waliin Caamsaa14,2014, Bulee Horaa. Akka yaada odeefkennitootatti hayyuun gosaa sadarkaa gadaa booda jiru ta’ee hayyuu ta’uuf miseensota gadaa duraanii aangoo kennan ta’uu qabu.

Isaan muuxannoofi beekumsa hawaasa bulchuu horataniiru. Beekumsaafi muuxannoo aadaa, duudhaa, seeraafi safuu hawaasichaa gonfataniiru. Kanaafuu, Abbaan Gadaa haaraan hayyoota kanneen gosa hunda keessaa walitti fidee yaa’a gadaa isaatiin maqaa moggaasiseefii waliin hojjeta jechuudha. Kanaaf hayyuu abbaa gadaa jedhamu. Karaa biraa hayyuun abbaa gadaa Qaalluu irratti dhiyaatanii eebbifamanii gosa bakka bu’anii hawaasicha gama hundaan qajeelchu. Hayyuun Qumbii nyaatee seera, safuu, aadaafi duudhaa hawaasaa kabajee dhugaaf qofa kan dhaabbatuudha. Kanaafuu, hawaasa Gujiifi Gede’oo keessatti qaama hawaasaa kabajaafi ulfina guddaa qabuudha. Hawaasni Gujiifi Gede’oo kan hayyuun isaanii jedhee ala hinta’an jechuudha. Qorannoowwan sakatta’a barruu keessatti eeramanis fakkeenyaaf Asebe (2007); Tsegahe (2019);

Dereje fi mangesha (2021) keessatti sirna gadaa keessatti hayyuun sadarkaa olaanaa beekumsa hawaasaa olaana itti gonfatan waan ta'eef hawaasa biratti kabajaafi ulfina guddaa qabu.

Maddoota odeefkennitootaafi ragaalee sakatta'a barruu irraa wanti hubatamu hayyuun gosaa yookiin hayyuun abbaa gadaa har'as kabajaafi ulfina isaanii waliin tajaajila hawaasummaa hawaasa isaaniif kennaa jiru. Tajaajila hayyuu gosaa keessaa raawwiiwwan duudhaa hawaasaa kan raawwataniifi kan raawwachiisan hayyuu gosaati. Raawwii duudhaa Gondoroo keessatti akka araara nama dhuunfaattis ta'ee akka garee Gujiifi Gede'ootti waldhabdeen dhaabbatee nagaan akka bu'u gaheen hayyuu gosaa olaanaadha. Gaheen hayyuu gosaatiin taphatamu kun har'as itti fufeetuma jira. Gosa hunda keessatti sochii nagaa hawaasaa eeguu hayyuu gosaa itti fufeetuma hojiirra oolaa jira. Yaa'a gadaa irratti hayyuun wayyuudha jechuun lallabama. Kunis kabajaafi ulfina isaaniif malu akka argatan isaan taasisee jira. Hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti gosti hundi hayyuu gosaa qaba. Hayyuu gosaatiin hogganama. Kan hayyuun gosaa jedhe dhagahu jechuudha.

## 7.3. Cuunfaa Boqonnaa Torbaa

Hawaasa sirna Gadaatiin bulaa jiru Gujiifi Gede'ootti duudhaan hawaasaa amala mallattummaa durii agarsiisuun itti fufee hojiirra oolaa jira. Haala kanaan duudhaa Gondoroo hoo ilaalle karaa raawwii fi barnoota sirna gadaa keessatti kennamuun dhalootaa gara dhalootaatti darbaa kan amma gaheedha. Raawwii Gondoroo irratti fooyya'insi haala qabatamaa amma jiruun walsimee keessattuu sirna bulchinsa haqaa mootummaa waliin karaa walitti hinbuuneen tajaajila nagaa buusuu taphachuu itti fufee jira.

Raawwiidhan duudhaa Gondoroo dhalootaa dhalootatti dabarsuu hoo ilaallu Gondoroon adeemsa adda addaa keessa darbee guyyaa xummuraa sirna raawwii itti caasaan hawaasaa Kuusaa irraa eegalee hanga Yuubatti jiru gosa hunda keessaa sirnaan irratti hirmaatu. Lafa jilaa hundatti Kuusaa jalqabee kan jiran sirnaan hirmaatu. Gondoroo dabalatee raawwiiwwan duudhaa irratti jila gaggeeffamu hunda irratti hirmaatanii irraa baratu. Karaa biraa immoo sadarkaa Kuusaa gadii kanneen ta'an sadarkaa maatii, ollaafi gosaatti waan aadaafi duudhaa ni baratu. Sadarkaa maatiitti abbaafi haati waan duudhaa ni barsiisu. Sadarkaa ollaafi gosaatti gosa hunda keessa qaamni dhaloota waa'ee aadaafi duudhaa, seeraafi safuu hawaasaa barsiisu jira. Kunis hawaasichi aadaafi duudhaa isaa karaa dhalootaatti ittiin dabarsu keessaa tokkoodha. Kanaafuu,

Gujiifi Gede'ootti har'as dhaloonni karaa raawwii fi barnoota aadaafi duudhaa sadarkaa maatii, ollaafi gosaatti barsiifamuun aadaafi duudhaa isaanii itti fufsiisaa jiru.

Karaa biraa hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti akkuma dur hawaasni caasaa sirna gadaa umuriidhan gahee taphachuun itti fufeetuma jira. Qaamoleen hawaasaa raawwii Gondoroo keessatti gahee duudhaa raawwachiisuu qaban yeroo ammaas haaluma duriin gahee isaanii taphataa jiru. Sirna gadaa keessatti qaamoleen gahee bulchiinsaa, gahee amantii, gahee duudhaa raawwachuufi nagaa buusuu qaban itti fufinsaan hojiirra jiru. Waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti qaamoleen hawaasaa gahee duudhaa qaban Abbaa Gadaa, Qaalluu (Wayyoo Gede'uffaan), hayyuu (hayyeechaa Gede'uffaan) har'as gahee isaanii bahachaa jiru. Kanaafuu, jijjiiramni gama caasaa qaamolee hawaasaa waan hinjirreef gaheen duudhaa qaamoleen kunneen hawaasa keessatti taphatanis itti fufee jira jechuudha.

# BOQONNAA SADDEET

# CUUNFAA, GOLOBAAFI YABOO

## 8.1. Cuunfaa

Hawaasni Gujiifi Gede’oo ragamtaa isaanii keessatti obboleeyyan ta’uu dhugeeffatu. Gujiifi Gede’oon obboleeyyan ilmaan abbaa tokkoo ta’uu himatu. Abbaan isaanii Jiilleen ijoollee sadi maqaan isaanii Daraso, Gujoofi Booruu jedhaman kan qabu ta’ee ijoolleen kunneen har’a Darason horee Gede’oo akka ta’e, Gujoon immoo babal’atee Gujii har’aa akka ta’eefi Booruun Booranaa ta’uu amanu. Hawaasni Gujiifi Gede’oo hariiroo obbolummaa qaban irraa kan ka’e har’a afaan, aadaa fi duudhaa waliin qoodatan kan qaban, sirna bulchiinsa Gadaa walfakkaatu kan hordofanii fi waldhabdee irratti ilaalacha walfakkaatu kan qabaniidha. Innis akka aadaa hawaasa Gujiifi Gede’ootti obboleeyyan wal hinajjeesan. Obboleeyyan waldhabdee keessa seenanii walajjeesuufi walbuqqisuun aad-maleedha. Gochaan aad-malee walajjeesuu kun immoo Gondoroo qaba. Gujiifi Gujiin yookin Gujiifi Gede’oon walajjeesanii walkeessa hintaa’an; dhiiga hamaatu namatti yookiin hawaasaatti darba jedhanii amanu. Dhiiga hamaatu hawaasa keessa deemee nu balleessa jedhanii waan amananiif Gondoroodhan qulqulleessanii gara nagaatti deebi’u. Kanaafuu, Gondoroo raawwatanii waldhabdee irraa gara nagaatti deebi’u jechuudha.

Aadaa, duudhaafi sirna bulchiinsa aadaa walfakkaatu qabaachuun isaanii hariiroo waliin jireenyaa nagaa qabu akka qabaatan kan isaan gargaare hoo ta’u darbee darbee waldhabdeen gidduu isaanitti hoo muudate sirna ittiin nagaa buusan duudhaa Gondoroo jedhamu waliin qabu. Duudhaan Gondoroo kun ilaalcha hawaasa Gujiifi gede’oo biratti miira walfakkaataa kan uumuufi rakkoon nageenyaa akka nama dhuunfattis ta’ee akka garee Gujiifi Gede’ootti waldhabdee uumame raawwii Gondorootiin hiikanii gara nagaatti deebi’uun aadaa isaaniti.
Duudhaan Gondoroo sirna gadaa keessatti duudhaa waldhabdee Gujiifi Gujii yookiin Gujiifi Gede’oo gidduutti uumame hiikuudhan nagaa buusuu ta’ee tumame. Hawaasni Gujiifi Gede’oo tokkummaa isaanii kan ittiin eeggatan, rakkoon waldhabdee hoo muudate gara nagaatti kan ittiin deebi’an raawwii Gondorootiniidha. Kanaafuu, **G**ondoroon kuusaa beekumsa hawaasa Gujiifi Gede’ooti jechuun ni danda’ama.

Dabalataanis hawaasa Gujiifi Gede’oo biratti dhaabbileen duudhaa akka sirna gadaa (sirna Baallee Gede’uffaan), yaa’a gadaa, Songoo (Gede’uffaan bakka ulfoo haqa hawaasa Gede’oo itti eegamu) fi qaamoleen duudhaa raawwataniifi raawwachiisan Abbaa Gadaa, Qaalluu (Wayyoo, Gede’uffaan), Hayyuu gosaa (hayyeechaa, Gede’uffaan) baayyee kan kabajamaniifi ulfina guddaa qabaniidha. Hawaasni Gujiifi Gede’oo kabajaafi ulfinni dhaabbilee duudhaafi qaamolee duudhaa raawwataniif qabu kan walfakkaatuudha. Hawaasni lamaanuu qaamolee hawaasaa Abbaa Gadaa, Qaalluu, Hayyuu gosaa (hayyeechaa Gede’uffaan), Wayyoo (Gede’uffaan damee afuuraa) kanneeniif ulfina guddaa qaba; kan isaan jedhaniin ala hinbahan. Kanaafuu, raawwii Gondoroo keessatti qaamoleen kunneen waldhabdeen dhaabbatee nagaan akka bu’uuf gahee guddaa taphatu jechuudha.

Adeemsota raawwiin Gondoroo keessa darbu hoo ilaalle, Gondoroon araara nama dhuunfaaf raawwatamuufi kan garee Gujiifi Gede’oo gidduutti nagaa buusuuf raawwatamu adda addummaa qaba. Raawwiin Gondoroo nama dhuunfaa Gujii fi Gujii walajjeesaniif raawwatamu adeemsa hayyuu abbaa gadaatti baqachuu, mulquu, araara gochuufi raawwii Gondoroo gochuudhan xummurama. Raawwiin Gondoroo nama dhuunfaa sadarkuma hayyuu gosaatti xummurama malee Abbaa Gadaa fi Qaalluu hinhirmaachisu. Abbaan Gadaa hayyuu gosaa erga malee raawwii Gondoroo nama dhuunfaa keessatti hinhirmaatu; Abbaan Gadaa lafa Gondoroon nama dhuunfaa itti raawwatamu hindhaqu. Raawwiin Gondoroo Gujiifi Gede’oo gidduutti raawwatamu garuu kan jalqabamu Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede’oo walgahanii mari’atanii araara jedhu. Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede’oo lafa daangaa Gujiifi Gede’oo gidduutti argamu “Eddeeraa” bakka jedhamutti walgahanii hawaasa isaan gaggeessaniif nagaan bu’uu akka qabu erga murteessanii booda hayyuu gosaa walitti baasu. Adeemsa araarichaaf karaa tolfachuuf hayyuun gosaa garee lamaan irraa gosa hunda bakka bu’anii walitti bahan kunneen sirna falachuu raawwatu. Akka garee Gujiifi Gede’ootti sirni mulquu hinjiru; falachuutu jira jechuudha. Mulquun sadarkaa nama dhuunfaatti jira. Akka garee lamaanitti immoo falachuutu jira. Falachuufi mulquun hiikkaadhaan hoo ilaalle lamaanuu qulqulleessuudha, waan hamaa qulqulleessuudha. Kanaafuu, waata waamanii hoolaa Gujiin fide Gede’ootti qala; kan Gede’oon fide immoo Gujiitti qala. Kunis sirna falachuu raawwachuudha. Garee lamaanuu wal qulqulleessu jechuudha.

Adeemsi itti aanu Dubbii Qoruudha. Hayyuun gosaa gara lamaanii walitti qalanii falatanii ka'anii gochaa aad-malee raawwate walumaan taa'anii qoru. Araara dura waan aad-malee ta'e qoruun dhugaa baasu. Kun sirna dubbii qoruu jedhama. Sadarkaa dubbii qoruu keessatti waan aad-malee raawwatame, maaliif obboleeyyan akka waldhaban dhugaa jiru walumaan taa'anii adda baasu jechuudha. Akka ilaalcha hawaasa lamaanittuu hayyuun gosaa kan yaa'a gadaa irratti dhiyaatanii yaa'aan maqaan yaa'aa kennameefii gahee waldhabdee hiikuufi nagaa buusuu kan qaban, akkasumas hawaasa gosa isaanii daandii duudhaa sirna gadaatiin kan qajeelchaniidha. Hayyuun gosaa akka Gujiitti Qaalluutti dhiyaatee sirna Qumbii nyaachuu raawwatee dhugaafi aadaa hawaasaaf qofa kan dhaabbatuudha. Akka Gede'oottis hayyeechaawwan gosaa Wayyoo (damee afuuraatti) dhiyaatanii Qumbii kan nyaatan waan ta'aniif haqa, dhugaa, duudhaa, seeraafi safuu hawaasaaf qofa kan dhaabbatan ta'uu kakuu kan raawwataniidha.

Adeemsi itti aanu araara gochuudha. Ka'umsa waldhabdee obboleeyyanii maal akka ta'e dubbii qoruudhan erga adda baasanii booda sirna araaraatu raawwatama. Guyyaa araaraa Gujiin sa'a tokko Gede'oof qala; Gede'oonis sa'a tokko Gujiif qala. Galadhuun waliin jedhu hayyuun gara lamaanituu. Wal affeeru jechuudha. Araara booda waldhabdeen gosa hunda biratti ni dhaabbata.

Araara booda adeemsi itti aanu raawwii Gondorootiin mirkaneeffannaadha. Guyyaa Gondoroo dura gosa hunda keessatti karaa hayyuu gosaa namoota akka dhuunfatti walajjeesan Gondoruun ni raawwata. Guyyaa Gondoroo gosa hunda keessatti sirni falachuufi mulquu gaggeeffamuu hayyuun gosaa walgaafatanii booda Gondoroo raawwachuudhan mirkaneeffatu. Guyyaa mirkaneeffannaa Abbootiin Gadaa Gujiifi Gede'oo qodaa tokko keessaa Itittuufi Damma dhamdhamanii walitti biifu; hawaasa raawwiicha irratti argamettis biifu. Amma hundinuu waliif Gujoomee Gujii callaa ta'eera jedhamee mirkaneeffatama jechuudha.

Raawwii Gondoroo akka nama dhuunfattis ta'ee akka garee Gujiifi Gede'ootti raawwatamu keessatti waallee waliin dubbii hayyuu gosaa jira. Akkuma sakatta'a barruu keessatti hubatametti waaleen unka afaanii haala galumsaa irratti hundaa'uun ergaa dabarsuudha. Raawwii Gondoroo keessatti waliin dubbiin hayyuu gosaa ergaa aadaa, duudhaa, seeraafi safuu hawaasichaa calaqqisiisu waan qabuuf hawaasni waliin dubbii hayyuu gosaa dhagahee hojiitti hiika. Waalleen hayyuu gosaa waldhabdee dhaabee nagaa buusuu keessatti faayidaa guddaa qaba. sababin isaas waalleen qaamoleen waldhabdee keessa seenaan gochaa aad-malee raawwachuu isaanii amananii

waaqa dhiifama akka gaafatan, dhiifama akka waliif godhan, dhugaa akka baasaniifi haloo akka dhiisan kan taasisuudha.

Gama biraatiin immoo waallee hayyuu gosaa keessatti haloo qabatanii waliin jiraachuun, nama ajjeesanii dhokfachuu, kan hayyuun jedhe diduufi aad-malee raawwachuun kan nama balleessu, dhiiga hamaa ta’ee hawaasa kan balleessu ta’uu waan barsiisaniif qaamoleen waldhabdee keessa seenaan walwaraanuu dhiisanii gara nagaatti akka deebi’aniif faayidaa guddaa qaba jechuudha. Hawaasni Gujiifi Gede’oo waliin dubbii hayyuu gosaa dhaggeeffatee booda waldhabdee dhaabee nagaa buusa jechuudha.  Hayyuun gosaa waliin dubbii isaanitiin dhugaa baasu, dhiifama gaafatu, dhiifama godhu. Waliin dubbiin hayyuu gosaa  akka waalleetti faayidaa nagaa buusuu qaba jechuudha.

Karaa biraa hayyuun gosaa raawwii Gondoroo xummurarratti eebba taasisan keessatti waalleen jiru hoo qaaccessamu hiikkaa waaqa hangafootaa kadhachuufi dhiifama gaafachuu qaba. Akka aadaa Gujiifi Gede’ootti obboleeyyan wal hinlolan; aadaa kana waan cabsaniif waaqa hangafoota isaanii, waaqa uumaa, waaqa ardaalee jilaa fi kan kana fakkaatu waamanii nuuf dhiisi; nu nageessi jedhanii kadhatu. Akka ilaalcha Gujiifi Gede’ootti waldhabdeen bu’aa dalagaa waan aad-maleeti. Kanaafuu, waaqa dhiifama kadhatanii nu nageessi jedhanii kadhatu jechuudha. Hayyuun gosaatiis hawaasaan waliif qabbanaa’aa; waliif ciisaa jedhanii eebbisu. Guyyaa sanii qabee namuu walhinlolu; walhindiineffatu jechuudha.

Adeemsa  raawwii Gondoroo keessatti gochaaleen duudhaa hawaasaa ta’an kan hikkaa mallattummaa hawaasaaf kennan ni raawwatamu. Fakkeenyaaf, gochaa mulquu hoo ilaalle mallattummaa qulqullaa’uu qaba.  Namni mulqame dhiigni hamaan isa qabate akka isa gadhiisuuf mulqama. Qulqulleessuudha jechuudha. Gochaan Abbootii Gadaa Gujiifi Gede’oo Bookaafi Itittuu waliin dhamdhamuufi walitti biifuun hiikkaa mallattummaa hawaasni isaanii walitti araaramuu agarsiisa. Akkasumas Itittuun qabbana waan qabuuf hawaasichi waliif qabbanaa’uu agarsiisa. Dammi mi’aawaa waan ta’eef hawaasni Gondoroo booda wal akka jaalatu, waliin jireenya nagaatti deebi’uu agarsiisa.  Dullacha araaraaf qalame foon nyaatanii Ingichaa (gogaa) achumatti gatanii kan galaniif mallattummaa waldhabdee darbe irraanfachuufi haloon kan hinjirre ta’uu agarsiisa.  teepha dullacha araaraaf qalamee akka meeshaatti tajaajila mana keessatiif hinoolchamu.

Kanaafuu, taatee waldhabdee irraanfachuuf achumatti gatanii galu jechuudha. Gondoroo booda gammachuun waliin jiraachuu malee taatee waldhabdee yaadachuun aadaa miti waan ta'eef waan taatee waldhabdee darbee nama yaadachiisu ofirraa fageessanii gatanii galan jechuudha. Raawwii Gondoroo booda hawaasni Gujiifi Gede'oo wal gargaaranii jireenya nagaatti deebi'u. Intala waliif kennee Soddoomuudhan waliif Gujoomee tokko ta'a. Walumaagalatti hawaasni Gujiifi Gede'oo raawwii Gondorootiin waldhabdee dhaabee nagaa buusuudhan waliin jireenya isaanii itti fufsiisu jechuudha.

Raawwiin duudhaa Gondoroo bara ammaa keessaas itti fufee hojiirra jira. Gujiifi Gede'oon hawaasa sirna Gadaatiin bulaa jiru waan ta'aniif bara hammayyoomaa kana keessas duudhaan hawaasaa amala mallattummaa durii agarsiisuun itti fufee hojiirra oolaa jira. Haala kanaan duudhaa Gondoroo hoo ilaalle karaa raawwii fi barnoota sirna gadaa keessatti kennamuun dhalootaa gara dhalootaatti darbaa itti fufaa kan jiru ta'uu hubanna. Raawwii Gondoroo irratti fooyya'insi haala qabatamaa amma jiruun walsimee keessattuu sirna bulchinsa haqaa mootummaa hammayyaa waliin karaa walitti hinbuuneen tajaajila nagaa buusuu taphachuu itti fufee jira. Kunis Gujii Gujii ajjeese adabbiin hidhaallee hoo itti murteeffame raawwii Gondorootiin qulqulleessuun jira. Keessattuu adabbii xummuree gara hawaasaatti deebi'uuf sirni raawwii Gondoroo raawwatamee hawaasaatti makama jechuudha.

Caasaan hawaasaa sadarkaa Kuusa irraa eegalee Gondoroo dabalatee raawwiiwwan duudhaa irratti jila gaggeeffamu hunda irratti hirmaatanii irraa baratu. Karaa biraa immoo sadarkaa Kuusa gadii kanneen ta'an sadarkaa maatii, ollaafi gosaatti waan aadaafi duudhaa ni baratu. Sadarkaa maatiitti abbaafi haati waan duudhaa ni barsiisu. Sadarkaa ollaafi gosaatti gosa hunda keessa qaamni dhaloota waa'ee aadaafi duudhaa, seeraafi safuu hawaasaa barsiisu jira. Kunis hawaasichi aadaafi duudhaa isaa karaa dhalootaatti ittiin dabarsu keessaa tokkoodha. Kanaafuu, Gujiifi Gede'ootti har'as dhaloonni karaa raawwii fi barnoota aadaafi duudhaa sadarkaa maatii, ollaafi gosaatti barsiifamuun aadaafi duudhaa isaanii itti fufsiisaa jiru.

Akka hawaasa Gujiifi Gede'ootti har'as akkuma dur hawaasni caasaa sirna gadaa umuriidhan gahee taphachuun itti fufeetuma jira. Qaamoleen hawaasaa raawwii Gondoroo keessatti gahee duudhaa qaban yeroo ammaas gahee isaanii taphataa jiru. Sirna gadaa keessatti qaamoleen gahee bulchiinsaa, gahee amantii, gahee duudhaa raawwachuufi nagaa buusuu qaban itti fufinsaan hojiirra jiru.

Waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti qaamoleen hawaasaa gahee duudhaa qaban Abbaa Gadaa, Qaalluu (Wayyoo Gede'uffaan), hayyuu (hayyeechaa Gede'uffaan) har'as gahee isaanii bahachaa jiru. Kanaafuu, jijjiiramni gama caasaa hawaasaa waan hinjirreef gaheen qaamolee duudhaa hawaasaa itti fufee jira jechuudha. Har'as gaheen Abbaa Gadaa, Qaalluu, Hayyuu gosaa (hayyeechaawwanii Gede'uffaan) waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu keessatti itti fufee jira. Kabajaafi ulfinni qaamolee kanneeniif hawaasni kennus itti fufee jira.

## 8.2. Goloba

Gondoroon duudhaa hawaasaa obboleessa obboleessa ajjeese qulqulleessanii gara hawaasaatti deebisuuf hawaasa Gujiifi Gede'oo keessatti raawwatamuudha. Akka gareetti Gujiifi Gede'oonis waldhabdee keessa seenaanii wal ajjeesuufi walbuqqisuun hoo muudate raawwii duudhaa Gondorootiin gara nagaatti deebi'u. Sababni isaas Gujiifi Gede'oon obboleeyyan akka ta'an dhugeeffatu. Gujiifi Gede'oon hawaasa sirna bulchiinsa gadaa walfakkaatu qabu hoo ta'an afaan, aadaa, duudhaa, seeraafi safuu bal'inaan waliin qoodatan qabu. kanneen keessaa duudhaa Gondoroo hoo ilaallu, hawaasni Gujiifi Gede'oo raawwii Gondoroo irratti ilaalcha tokko qabu. Innis raawwii Gondorootiin gochaan aad-malee raawwatame falatamee qulqullaa'uudhan gara nagaatti deebi'ama. Gondoroo booda haloon hinjiru; waliin jiraachuu malee walshakkuun hinjiru. Gondoroo booda waliif soddoomee walirraa hora jechuudha. Gondoroo jechuun lammata hinjiru; duuba hinjiru; itti hindeebi'amu jechuudha. Hawaasni Gujiifi Gede'oo sirna gadaa isaanii keessatti duudhaa ittiin waldhabdee dhaabu (hiikuu)fi nagaa buusu tolfatee itti fayyadamaa as gaheera. Duudhaa kanaan waldhabdee hiikkataa, tokkummaafi hariiroo obbolummaa isaanii eeggataa as gahaniiru. Kanaafuu, hawaasa Gujiifi Gede'oof duudhaan Gondoroo kuusaa beekumsa hawaasummaa isaaniti jechuudha.

Karaa biraa raawwiin duudhaa Gondoroo adeemsota keessa darbu qaba. Raawwiin Gondoroo araara nama dhuunfaa adeemsota abbaa gadaatti yookiin hayyuu gosaatti baqachuu, mulquu (qulqulleessuu), araara gochuufi sirna mirkaneeffannaa Gondoroo gochuudhaan xummurama. Raawwiin Gondoroo akka garee Gujiifi Gede'ootti sirna mulquu osoo hinta'in sirna falachuu qaba. Walgaheettii abbootii gadaa Gujiifi Gede'oo, hoolaa walitti qaluudhan falachuu, dubbii qoruu, araara gochuufi sirna mirkaneeffannaa Gondoroo gochuudha. Hanga sadarkaa kana gahutti gochaaleen duudhaa hawaasaa ta'an hiikkaa mallattummaa adda addaa qaban gara garaa ni raawwatamu.

Duudhaan Gondoroo kan raawwachiisan qaamolee hawaasaa hawaasa Gujiifi Gede’oo keessatti ulfinaafi kabajaa qabaniidha. Qaamolee kunneen duudhaa raawwachiisuuf gahee sirna gadaa keessatti kennameefiidha. Abbaa Gadaa hoo ilaalle bulchaa aadaa dhimma hawaasichaa akka waliigalaatti hogganuudha. Qaalluu hoo ilaalle abbaa afuuraa hawaasa Gujii hoo ta’u kan Gede’oo immoo Wayyoo kan jedhaman damee afuuraa ta’anii kan tajaajilantu jiru. Qaamoleen afuuraa kunneen gahee muuduufi eebbisuu qabu. kun waaqa irraa kennameef jedhanii amanu. Qaamoleen afuuraa Qaalluufi Wayyoon Abbaa Gadaafi hayyuu abbaa gadaa kan muudan, kan eebbisaniifi haala seeraafi safuu hawaasaatiin akka tajaajilan Qumbii nyaachisanii kan kaksiisaniidha. Hayyuun gosaa (hayyeechaa Gede’uffaan) miseensota gadaa duraanii kan aangoo dabarsan amma gorsaa abbaa gadaa, hayyuu abbaa gadaa yookiin hayyuu gosaa jedhamanii waamamu. Hayyuun gosaa gosa hunda keessaa Daarimuufi Kontoma bakka bu’ee filatamee yaa’a gadaa irratti dhiyaatee hayyuu ta’uun yaa’aan mirkanaa’a. Guyyaa yaa’aan hayyummaan isaanii mirkanaa’ee booda maqaa yaa’aa haaraa moggaafamaafi. Maqaan yaa’aa “Abbaa” jedhee jalqaba. Fakkeenyaaf, odeefkennitoonni qorannoo kana “Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa, Abbaa Hessaa, kkf jedhamanii waamamu. Hayyoonni gosaa kunneen hawaasicha keessatti gahee duudhaa raawwachuu, eebbisuu, abbaa gadaatiif ergamuu, dhaloota duudhaa barsiisuu kan kana fakkaatu kennameefii jira.

Adeemsa raawwii Gondoroo keessatti hayyuun gosaa akkaataa dubbii itti dubbatu qaba. Akkaataa dubbii hayyuu gosaa kana waallee (discourse) jechuu dandeenya. Waalleen hayyuu gosaa hawaasicha keessatti ergaa duudhaa, aadaa, seeraafi safuu ibsu qaba waan ta’eef waldhabdee irraa gara nagaatti akka deebi’aniif faayidaa guddaa qaba.

Jijjiiramaafi itti fufinsa raawwii Gondoroo irratti jiru ilaalchisee hawaasni Gujiifi Gede’oo caasaa sirna gadaa umuriifi gaheedhan qoodame har’as hojiirra jira waan ta’eef dhaloonni hawaasa lamaanituu waan duudhaa raawwiifi barnoota aadaa, duudhaa, seeraafi safuu hawaasaa maatii, ollaafi gosa keessaa barachuun itti fufee jira. Hanga caasaan hawaasaa aadaafi duudhaa hojiirra oolchu jirutti duudhaan hawaasaas itti fufeetuma dhalootaa gara dhalootaatti raawwiidhan darbaa jira. Haa ta’u malee raawwii Gondoroo akka nama dhuunfaatti raawwatamu irratti haala bulchiinsa mootummaa hammayyaa waliin walsimutti raawwatamaa jira. Duritti Gujii beekaa Gujii biraa ajjeese qabaniituma ajjeesu ture, amma garuu isuma beekaa ajjeeseyyuu danuu (waan tasaa) jedhanii raawwii Gondorootin qulqulleessanii gara hawaasaatti deebisu.

Akkasumas nama dhuunfaa obboleessa ajjeese (Gujii) dur raawwii Gondoroo booda gara hawaasaatti deebi'a ture. Amma garuu, Gondoramee booda adabbii manni murtii itti murteessu fixate booda gara hawaasaatti gala. kun duudhaan haala qabatamaa amma jiru waliin walsimee itti fufuu agarsiisa.

## 8.3. Yaboo

Gujiifi Gede'oon hawaasa obboleeyyan afaan, aadaa, duudhaa, sirna gadaafi sonawwan hawaasaa waliin qoodataniidha. Qubsumaanis hawaasa daangaa walii ta'aniifi walkeessa jiraataniidha. Waldhabdeen ennaa isaan muudate giddu seentummaa qaamota biroo malee duudhaa Gondoroo waliin qoodatan qabaniin furatanii gara nagaatti deebi'u. Duudhaan Gondoroo waliin jireenyaafi tokkummaa hawaasa lamaanii tursiisuu danda'ee jira. Muuxannoon Gujiifi Gede'oo kun hawaasa kutaa Itiyoophiyaa jiraatu adda addaa keessatti hojiirra ooluu ni danda'a. Hawaasni Itiyoophiyaa kan waliin qoodatu daangaa qofa osoo hinta'in aadaa, afaan, duudhaa, amatiifi kan kana fakkaatu waliin waan qabaniif darbee darbee waldhabdeen gidduu isaanitti ennaa muudatu duudhaafi aadaa waliin qoodatan itti fayyadamanii nagaa buusuu ni danda'u. kanaafuu, rakkoolee bulchinsa daangaafi eenyummaadhan walqabatee waldhabdee kutaa Itiyoophiyaa gara garaatti ka'aa jiru hiikuuf duudhaafi aadaa hawaasichi waliin qoodatu fayyadamuun hawaasichi ofumaan hiikkachuu akka danda'u haalli mijataan osoo uumameefii gaarii ta'a.

Komishiiniin araara biyyalessaa waldhabdee kutaalee Itiyoophiyaa garagaraa keessatti ka'aa jiru hiikuuf qaamolee duudhaa hawaasaa raawwataniifi raawwachiisan waliin osoo hojjetee bu'a qabeessa ta'a. Sababni isaas hawaasni qaamolee hawaasaa akka hayyuu gosaa, Qaalluu, Abbaa Gadaafi kan gara biroos hawaasa keessatti fudhatamaafi ulfina guddaa waan qabaniif karaa isaanii waldhabdee hiikuudhaan nagaa buusuun ni danda'ama.

Duudhaan Gondoroo karaa raawwiifi barnoota hawaasaatiin umuriidhan gahee taphachuutiin dhaloota irraa gara dhalootaatti darbee as gahe. Hanga caasaan hawaasaa gahee duudhaa taphatu jirutti duudhaan Gondoroo karaa raawwiitiin dhalootaa gara dhalootaatti darbaa itti fufa. Kun garuu caasaan qaamolee duudhaa raawwatanii hoo jijjiirame raawwiin duudhaatis irraanfatamaa deemuu danda'a. Gama biraatin immoo duudhaan Gondoroo keessoo isaatti adeemsota waldhabdee ittiin hiikanii gara nagaatti deebi'an bu'a qabeessa ta'an qaba. Waldhabdeen sababa

adda addaatiin ilma namaa duuka waan jiraatuuf tooftaa aadaatiin waldhabdee hiikunis akka itti fufu gochuu barbaachisa. Kanaafuu, qabiyyeewwan raawwii Gondoroo sirna barnootaa keessatti qindeeffamanii dhaloonni akka baratu osoo ta'ee duudhaan kun akka itti fufuufi faayidaa nagaa buusuu guddaa kannaa jiru dhaloota itti aanufis akka kennu gochuun ni barbaachisa.

## Wabiilee

--------------------- *(2008). An emerging Paradigm shift in African Conflict Resolution. Sage Journals.*

Abbink, J. (2006) 'Ethnicity and Conflict Generation in Ethiopia: Some Problems and Prospects of Ethno- Regional Federalism.' Journal of Contemporary African Studies 24(3): 389-413.

Abebe Demewoz, Samson Seid,& Tessema Gebre. (2015). Indigenous Conflict Resolution Mechanisms among the Kembata Society: *American Journal of Educational Research*: Vol. 3, No. 2, 225-242 Available online at http://pubs.sciepub.com/education/3/2/17 © Science and Education Publishing DOI:10.12691/education-3-2-17

Ajanaw Alemie. (2018). Roles of Indigenous Conflict Resolution Mechanisms for Maintaining Social Solidarity and Strengthening Communities in Alefa District, North West of Ethiopia: Gondar University. *Journal of Indigenous Social Development, Vol.7, Issue 2, pp, 1-21.*

Albert, O. I. (2008). Understanding peace in Africa. In David J. Francis (ed), Peace and conflict in Africa. London: Zed Books, 31-45.

*Allott*, N. (2010). Key terms in pragmatics. London: Continuum, Pp. viii, 251. Published online by Cambridge University Press.

Asebe Regassa. (2007). *Ethnicity and Inter-ethnic Relations: The Ethiopian Experiment and the Case of the Guji and Gedeo.* (M. Phil Thesis, Faculty of Social Sciences, University of Tromsø, 2007).

Ashebir Tadesse. (2023). Gondoro as a social capital: Analysis of an Indigenous Conflict Resolution and peace building practice of the Guji and Gede' peoples. *Ethiopian Journal of Environment and Development. Vol. 5 No. 1.*

Asmarom Legese. (1973). *Gada: Three Approaches to the Study of African Society.* New York: The Red Sea Press.

Asnake Kefale. (2004). *Federalism: Some Trends of Ethnic Conflicts and their Management in Ethiopia.* Ina. G. Nhema, editor. The Quest for Peace in Africa: Transformations, Democracy and Public Policy. Utrecht: International Books.

Austin, Buknya, et al. (1994). *Understanding Oral literature*. Nairobi:Nairobi Univarsity press.

Austin, J. (1955). *How to Do Things with Words*. Oxford, New York: Oxford University Press.

Ayke Asfaw &Mekonnen Feleke . (2008). Customary Dispute Resolution in the SNNPRS: The Case of Sidama. © *Centre français des études éthiopiennes : Conditions d'utilisation : http://www.openedition.org/6540*

Banerjee, S.P. (1994). *"Cultural Tradition of India and the Challenge of Change" in Knowledge, Culture and Action* (ed. Jhanji, R.) Delhi: Ajanta.

*Bauman, Richard. (1992). "Folklore." In Folklore, Cultural Performances, and Popular Entertainments:* A Communications-centered Handbook, edited by Richard Bauman. New York: Oxford University Press, 2006.

Bello, P. O., & Olutola, A. (2016). Indigenous Conflict Resolution Mechanisms in Africa: Lessons Drawn for Nigeria. *Bangladish E-Journal of Sociology,* 13(2),70-88

Berger, P. L. and Luckmann, T. (1966). *The Social Construction of Reality: A Treatise in the Sociology of Knowledge,* Garden City, NY: Anchor Books. ISBN 0-385-058985

Boege. V. (2006). Traditional approaches to conflict transformation: potentials and limits. Berghof research center for constructive conflict management. Retrieved from http://www.berghof-handbook.net

Bourdieu, P. (1986). *The forms of capital. In John G. Richardson (ed): Handbook of Theory and Research for the Sociology of Education.* New York; Greenwood Press.

*Bowen,* G.A. (*2009*), "Document Analysis as a Qualitative Research Method", *Qualitative Research Journal, Vol. 9 No. 2, pp. 27-40. https://doi.org*

Brock-Utne, B. (2001). Indigenous conflict resolution in Africa. *A draft presented to the week end seminar on indigenous solutions to conflicts, Institute for Educational Research, University of Oslo, Norway.*

Bronner, Simon J., ed. (1992). *Creativity and Tradition in Folklore:* New Directions. Logan: Utah State University Press

Cohen, L. (2007). *Research Methods in Education (6th ed.).* London and New york, NY: Routledge Falmer.

Coleman, J. (1988). Social Capital in the Creation of human capital. *American journal of Sociology, Vol. 94.*

Creswell, J. W. (*2003). Research design: quantitative, qualitative and mixed approaches (2nd ed.).* London: Sage publications.

Creswell, J. W. (2007). *Research design: quantitative, qualitative and mixed approaches* (2nd ed.). London: Sage publications.

Dejene, G.C. (2002). *Some aspects of conflict and conflict resolution among Waliso Oromo of eastern Macha with particular emphasis on the Guma.* (Unpublished master's thesis, Addis Ababa University, Addis Ababa, Ethiopia, 2002).

*Denzin*, N. K. (*1989*). *Interpretive interactionism*. Sage Publications, Inc.

*Dereje Biru, et al . (2021).* Indigenous Education System: - Some Notes on The Guji Oromo Age Old Traditional Education Practices, Southern Ethiopia -- *Palarch's Journal of Archaeology of Egypt/Egyptology 18(1). ISSN 1567-214x*

Desalegn, et al. (2005). Indigenous systems of conflict resolution in Oromia, Ethiopia. *International workshop on 'African water laws: plural legislative frameworks for rural water management in Africa', Johannesburg, South Africa.*

*Desalgen, Chemeda et al. (2007).* "Indigenous System of Conflict Resolution in Oromia Ethiopia." *International Water Management Institute (IWMI), ILRI-Ethiopia Campus: Addis Ababa, Ethiopia.*

*Domholdt*, E. (*1993*). *Qualitative Research Methodology in Social Science.* Saunders, Philadelphia.

Dorson, R. M. (1972). *Introduction: Concepts of Folklore and Folklife Studies. In Folklore and Folklife:* An Introduction, ed. Richard M. Dorson, pp. 1-50. Chicago: University of Chicago Press.

Dundes, Alan. (1966). The American Concept of Folklore. *Journal of the Folklore Institute.*

*Durkheim, E. (2003). Theory of Functionalism.* The SAGE International Encyclopaedia of Mass Media and Society.

Eagleton, T. (1991). *Ideology:* An Introduction. London: Verso.

Endalew, L. (2014). Ethiopian customary dispute resolution mechanisms: forms of restorative justice? *African Journal of Conflict Resolution, 14(1), 125-154.*

Etefa, (2002). Conflict Resolution through Cultural Tolerance: An Analysis of the Michu Institution in Metekkel Region, Ethiopia · *Ossrea* ·

Fairclough, N., (2003). *Analyzing Discourse: Textual Analysis for Social Research*, Psychology Press, London.

Field, J. (2008). *Social capital (2nd ed).* London: Routledge

*Flick*, U. (*1998*). *An introduction to qualitative research*. Sage Publications Ltd.

Francis, D. J. (2008). *Introduction: Understanding the context of peace and conflict in Africa*, David J. Francis, (ed.), Peace and Conflict in Africa. London: Zed Books, 3-15.

Francis, D., Flurithi, T., et al. (2004). *Peace and Conflict Studies in Africa: Basic Concepts. Issues in Peace Research.* Bradford: University of Bradford Press.

Fred-Mensah, Benk. (2005). "Nugormesese: An indigenous basis of social capital in a West African Community". *1K Notes, No. 86, November. World Bank.*

Galtung, J. (1965). Institutionalized conflict resolution: A theoretical paradigm. *Journal of Peace Research, 2(4), 348-397*

Galtung, J. (1969). Violence, Peace, and Peace Research Author(s): *Journal of Peace Research, Vol. 6, No. 3 (1969), pp. 167-191 Published by: Sage Publications, Ltd. Stable URL: http://www.jstor.org/stable/422690 Accessed: 07-04-2015 01:57 UTC*

Girum Kinfemichael. (2011). 'Federalism and Ethnic Conflict Management in Ethiopia: The Case of Guji-Gedeo Conflict. *(MA Thesi, Institute of Federalism, School of Graduate Studies, Addis Ababa University, Addis Ababa, 2011)*

Gumi Boru. (2016). "Gondooroo as an Indigenous Method of Conflict Resolution and Justice Administration" *in the Proceedings of the Second International Symposium. Bule Hora University, June 3-4.*

Haas, J. (ed). (1990). *The Anthropology of War*. Cambridge: Cambridge University Press.

Hinnant, J. C. (1972) *Guji of Ethiopia. New Haven:* Human Relations Area Files, Inc.

Hinnant, J.C. (1977). *The Gadaa System of the Guji of Southern Ethiopia*: University of Chicago Press

*Holmes, D. (2005). Communication Theory, Media, Technology, Society*, SAGE Publication.

Hymes, D. (1972). *On communicative competence*. London: Penguin Books Ltd.

Iyengar, S. and W. J. McGuire, William J. (eds.). 1993. *Explorations in Political Psychology*. Duke Studies in Political Psychology. Durham NC, Duke University Press.

Jabbour, Alan. (1988). *Greetings from the President. In 100 Years of American Folklore Studies*, ed. William M. Clements, p. vii. Washington, D.C.: American Folklore Society.

Kelemework Terefe. (2013). Conflict and alternative dispute resolution among the Afar pastoralists of Ethiopia. *African Journal of History and Culture, 3(3), 38-47.*

Kelman*, H. C. (*1979*). An interactional approach to conflict resolution and its application to Israeli-Palestinian relations.* Sage Publication.INC.

Kumar, J. (2014). *Tradition: The Dialectics of Continuity and Change*. Punjabi University, Patiala.

Kwaku Osei-Hwedie and Morena J. Rankopo. (2012). Indigenous Conflict Resolution in Africa: the case of Ghana and Botswana. *IPSHU English Research Report Series, 29, 33-51. University of Botswana.*

Lau, R. R., and Sears, D. 0. (eds.). *1986. Political Cognition*. Hillsdale NJ, Erlbaum.

Leedy, P.D. et al. 7th ed. (2001). *Practical Research Planning and Design:* Merrill Prentice Hall, Upper Saddle River. N.J.

Leff, J. (2009). "Pastoralists at War: Violence and Security in the Kenya-Sudan Uganda Border Region." *International Journal of Conflict and Violence Vol. 3(2), pp.* 188-203

Merton*, R. K., &* Kendall*, P. L. (*1946*).* The focussed interview. *American Journal of Sociology, 51, 541–557.*

Miles*, M. B., &* Huberman, A. M. *(*1994*). Qualitative data analysis:* An expanded sourcebook (2nd ed.). Sage Publications, Inc.

Mulugeta Negasa. (2011). Be Adea Liban Wereda Ye Oromo Seera Guma Kegichit Afetat Antsar: *Customary Dispute Resolution Mechanism in Ethiopia, 227-250, Addis Ababa, Arbitration and Concilation center.*

Murithi, T. (2006). Practical peacemaking wisdom from Africa: reflections on Ubuntu. *The Journal of Pan African Studies,* 1(4), 25-34.

*Mutisi*, M. (2009). Gacaca Courts in Rwanda: An Endogenous Approach to Post-conflict Justice and Reconciliation · *Published by Semantic Scholar.*

Negessa Mokona. (2021). GADAA SYSTEM AMONG GUJI IN SOUTHERN ETHIOPIA. *Journal of critical reviews vol 8, issue* 02, 2021ISSN- 2394-5125

Nordquist, R. (2020). Speech Act Theory. *Thought Co.com/speech-act-theory-1691986*.

Osei-Hwedie, K. & Rankopo, M. J. (2012). Indigenous conflict resolution in Africa: the case of Ghana and Botswana. *IPSHU English Research Report Series*, 29, 33-51.

Bello, P. O., & Olutola, A. (2016). Indigenous Conflict Resolution Mechanisms in Africa: Lessons Drawn for Nigeria. *Bangladish E-Journal of Sociology,* 13(2),70-88.

Pande, G.C., (1999). The Meaning and Process of Culture, *Allahabad: Raka Prakashan,* p. 103.

Patton, M.Q. (1915). *How to Use Qualitative Methods in Evaluation.* Newberry Park, CA: Sage Publications.

Phillips, R., & Pittman, R.H. (2009). *An introduction to community development.* New York: Routledge.

*Putnam, R, D (1993). Bowling alone: America's declining social capital. Journal of Democracy, Vol. 6, 1, 64-78.*

Putnam, R, D. (1993). Bowling alone: America's declining socila capital. *Journal of Demokiracy* Vol. 6, 1, 64-78.

Renkema, J. (2004). *Introduction to Discourse Studies.* Payame Noor University.Jhon Benjamins Publishing Company.

Sandelowski, M. (2012). Writing usable Qualitative Health Research Findings. *Qualitative Health Research, 22, 1404-1413.*

*Schwandt*, T. A. (*2007*). *The SAGE Dictionary of Qualitative Inquiry.* (3 ed.) SAGE Publishing.

SemelaTesfaye. (2012). Intergroup Contact among Ethiopian Youth: Effect of Ethnicity, Language, and Religious Background, *Journal of Developing Societies,* 28(3): 323-354.

Solomon Hailu. (2009). *A History of the Gedeo, 1941-2000.* (MA Thesis, Department of History and Heritage Management, School of Graduate Studies, Addis Ababa University, 2009).

Spradley, J. (1979). *The Ethnographic Interview*. New York: Holt, Rinehart and Winston.

___________ (1980). *Participant Observation*. New York: Holt, Rinehart and Winston.

Strauss and Corbin, (1998). *Basics of Qualitative Research: TECHNIQUES AND Procedures for Developing Grounded theory:* Sage Publication, Inc.

Taayyee Tasfaayee. (2008). Xiinxala Sirna Raawwii Araaraa Gondooroo Danuu: Kan Hawaasa Oromoo Gujii Aanaa Oddoo Shaakkisoo. *(MA. Thesis, Addis Ababa University, 2008)*

Tadesse Jaleta. (2004). A contextual study of Guji-Oromo proverbs: Function in Focus. *(MA Thesis, Department of Foreign language and Literature, School of Graduates, Addis Ababa University,2004)*

Tadesse Kippie. (2008a). *Ya Gedeo Behar Tarik (in Amharic).* Addis Ababa: Berhanena Selam Printing Press.

Tamene Keneni. (2013). Exploring Gumaa as an indispensable psycho-social method of conflict resolution and justice administration. *ACCORD, Za. https :// www.ajol.*

*Tellis*, W. M. (*1997*). *Introduction to Case Study.* California State University.

Tesfaye Habisso. (2010). Multiethnic (Multinational) Federalism in Plural Societies: Does It Make a Difference? *Tigrai Online*

Tong, *et al. (*2012*). Qualitative research*: National Institute of Health (HIN): Finders university press.

Tutu, D. (1999). *No Future Without Forgiveness.* New York, university press.

Van Dijk, T. A. (1990). Discourse & Society: *a new journal for a new research focus. Discourse & Society.*

Van Dijk, T. A. 1998. *Ideology: A Multidisciplinary Approach.* London: S age Publications.

Volker, B. (2007). Potential and Limits of Traditional Approaches in Peacebuilding. Australian Centre for Peace and Conflict Studies. *The Occasional Papers, (2007) http://berghof-foundation.*

Wasonga, J. *(*2009*)*. Rediscovering Mato Oput: The Acholi justice system and the conflict in Northern Uganda. *Africa Peace and* Conflict *Journal 2 (10).*

Werchick, L. (2003). *Prospects for justice in Rwanda's Citizen Tribunals.* Human Rights.

William, L. (1998). Negotiating Strategies for the Real World. *Cambridge, MA: Nightingale Conant.*

*Yin*, R. K. (1994). Case Study Research. Design and Methods, L*ondon, Thousand Oaks (CA) e New Dehli, Sage, 2, pp. xvii-171. - Volume 25 Issue 3.*

Zartman, W. (2000). *Traditional cures for modern conflicts, in African Conflict Medicine*. London: Lyme Rienner Publisher.

*Social Change Theory: Retrieved from The journal of the Asiatic Society of Bengal*. *Retrieved from* https://www.jstor.org/stable/10.1086/231125.

## Barruulee Qorannoo Kana Irraa Maxxansaman:

1.Gondora as a Social Capital: Analysis of an Indigenous Conflict Reslolution and Peacebuilding Practice of the Guji and Gede'o Peoples. *Published in Ethiopian Journal of Environment and Development Vol.5 (1).*

2. Qaaccessa Duudhaa Gondoroo akka Tooftaa Waldhabdee Hiikuufi Nagaa Buusuutti Gujiifi Gede'oo Gidduutti Raawwatamu. Jimma Yuniversitiitti fudhatameera. It was accepted by Jimma University to be published in June issues, 2024.

## Dabalee (Index)

Gondooroon maali jedhuuf abbootiin sirna Gadaa keessatti baattuufi hayyuu ta’an akka armaan gadiitti kaa’u: Godina Gujii aanaa Duugda Duubaa, Gorsitoota abbaa Gadaa Yeroo ammaa kan Abbaa Gadaa Jiiloo Maannoo, bara gadaa Harmuufaa, gadooma booda gorsaa abbaa Gadaa ta’anii tajaajilaa jiru. Akka duudhaa sirna Gadaatti moggaasni maqaa abbootii gadooma booda jiranii yaa’atu moggaasa. Abbootiin kunneen maqaa abbaan isaanii moggaaseen ala bara gadaa itti gadooman san yaa’a taa’etu moggaasaafi. Gadooma booda warri gorsaa abbaa Gadaa ta’an kunneen hawaasa keessatti gahee nagaa buusuu, araarsuu, abbaa gadaa gorsuu, bakka hawaasaa bu’uudhan araaraaf taa’uu kkf qabu.

Warroonni kunneen mallattoo qabu: Gurra uratu, qubeellaa gurratti godhatu Moggaasni maqaasaanii yaa'aan kennamaaf. Gujii keessa gosa torbatu jiru. Gosti torbanuu hayyuu mataasaanii qabu. Hundisaaniituu gorsaa abbaa gadaa ta'anii muydamu. Yaan godhameet mogga'u. Gosti turban Daarimuufi Kontama qabu. Araaraaf Gujii bakka bu'anii hoo deemaan akkaatuma gosa Daarimuufi Kontomaa kana eeggataniiti jechuudha.

Maaluummaa Goondooroo ilaalchisee:

Tokonee Baallii: Maqaa yaa'aa Abbaa Girjaa : Hayyuu abbaa gadaati yuuba.

Jaarraa Waaree (hayyuu) yaa'a Allanaati. Abbaa Eessaa (Baatuudha)

Natroo Gannaalee( Abbaa Heessaa) Yaa'a allanaati.

Gannaalee Tikkee ( Abbaa galchaa, yaa'a Harmuufaa)

" Gondoroon obboleessa obboleessa ajjeesetu Gondooroo qaba. Obboleeyyan walhoo ajjeesan Gondooroo qaba. Adeemsa Gondooroo Warri keessaa nama ajjeese sun gara hayyuutti dheessee naman na ergate nu qabamaa" jedhee gaafata. Warri nama ajjeese gara hayyuutti dheessa. Hayyuun gara warra namni keessaa du'ee dhaqee hayyuu gosa warra namni keessaa du'ee dhaqee " nuuf qabamaa" jedhaan. Waan beekaa ajjeese hoo ta'e " hinqabamu" jedhaan. Hayyuun Daarimuufi kotomaa qaba. Hayyuun daarimuufi kootomaa hundi akka keessatti hirmaatanitti gara hayyuu warra namni keessaa du'eetti ergamu. Hayyuu namni keessaa du'e Kanaan " nuuf qabamaa, badii dalagnee jirra" jedhanii kadhatu. Hoo akka tasaa lubbuun harkatti badde si qabame jedhaan. Hoo beekaa ta'e garuu siif hinqabamu jedhanii deebisuuf. Hayyuun gara warra keessaa namni du'eetti deemuudhan hayyuu warra keessaa du'ee saniin Gujiitu na ergate jedhu. Warri ergaman kunneen Daarimuufi Kotoma eeggatanii deemu. Hayyuun kun " na teessisi " jedhaan. Warri jalaa du'e sun immoo " na tumachiisi " jedhaan. " si tumachiisa" jedhaan beekatuma. Hayyuun gosa warra nama ajjeesee namicha nama ajjeese san" harka duubatti hidhanii gosa keessaa namni du'eef dhiyeessa. " tumadhu" jedhaniin. Hayyuun fuunduraan afur duuban afur ta'anii namicha akka tumataniif dhiyeessu. Gosa yookin warra keessaa namni du'e santu tumachuuf eeboos ta'ee mukaan dhahuuf ennaa jedhan irraa faccisu. " tumatte lama hintumatan" jedhuun. Waan danuu takkuma. Danuun lama hinjiru. " Gujiin Gujii lama hintumatu" jedhaniin. Gondooroo malee hoomtuu hinjiru. (Tokonee Baallii , Abbaa Girjaa)

Araara kana keessatti waan itti dabalatan: Lama nama hintumatu Gujiin. Horii walitti qaluu, daadhii walitti biifuu, horii Gondooroo walitti qaluun jira. Wayaa addaan kutuudhan warra dhiigaa walagarsiisa hayyuun. " Duumachuu" jedhaan hayyuun. Duubni nagaa jechuudha. " Galadhuun jedhaniin. Gogaa sa'a qalamee babbaqaskanii waliif qoodu. Achumatti gatanii galan. Araara booda intala walii kennu. Soddaa ta'u. ( Natiroo Gannaalee)

Walitti bu'insa saba Gede'oofi Gujii hoo ta'e hoo akkamitti Gondooroon raawwata?

Abbaa Girjaa : Gujii fi Gede’oon walitti hoo bu’an Abbaa gadaatu hayyuu baasa. Dura abbootii Gadaa lamaantu walgaha. Abootii Gadaa lamaantu waliigalee hayyuu walitti baasu. Lolli akka dhaabbatuufi nagaan akka hawaasa isaan gaggeessaa jiraniif bu’u walgahanii mari’atu. Erga lolli dhaabbachuu akka qabu waliigalanii booda gara lamaaniiyyuu hayyuu baasu. Hayyuun Gujii daarimuufi Kotoma keessaa baha. Kan Gede’oollee akkasuma hayyuu gosaa balbala turban irraa baasu. Hayyuun walgeessee walgaafattee guyyaa murteessu. Hoolaa walitti qalu. Kan Gujii kan Gede’ootti qala; kan Gede’oos kan Gujiitti qala. Nama qalutu jira, foon hoolaa qalamees nama fudhatutu jira. Foon hoolaa qalamee kana namichuma qale santu fudhatee gala. Galadhuun jedhaniin malee achitti hinnyaatamu. Kan nyaatamu kan gaafa Gondooroon raawwatuuti. Inni dura walitti qalan sun karaa tolchuufi beellama Gondooroo qabachuuf, dhiiga hoolaa saniitiin qulqullaa’uufi.

Namni kun nama ajjeese san irraa waan hunda kan mulqu, kan qulqulleessu, waan namichi uffatee, qabatee nama ajjeese qawwees hoo ta’e kan irraa fudhatu, rifeensa mataafi kan bobaa hunda irraa haadee, qulqulluu isaa hayyuuf dhiyeessa. Hayyuun halkan deemee dhaqee osoo namuu hirriibaa hinka’in namticha nama ajjeese kana dhiiga hoolaa qalameetiin dhiqa. Muka dhiigaatiin dhiqa. Namni qulqulleessu kun gosa waataa keessaa baha. Maqaasaa hinhiman. Gaafa Gondooroo san qofa hayyuutti mul’ata. Hayyuu qofatu beeka. Hayyuun gara lamaatuu Gujii keessaa nama tokko, Gede’oo keessaa nama tokko irraa dhiiga hoolaa qalamteetiin dhiqu, muka ittiin dhiqantu jira, muka dhiigaa jedhama ittiin dhiqa. Nama mulqu, nama rifeensa hunda irraa mulqee, qeensa irraa ciree, dhiiga hoolaatiin irraa dhiqa. Namni kun hoomtuu hinbeeku hayyuu malee. Gaafa Gondooroo san hayyuu warra namni jalaa du’eetiif dhiyaata. Namni biro eenyummaasaa hinargu. Hinhiman. Warra Gondooroosan qofa “ abalu fidaa” jedhan. Hoo san hayyuun nama mulqu kana dhiyeessa.

Guyyaa Gondooroo kan qalamu kan araaraa waan ta’eef ni nyaatu, tiruu wal nyaachisu. Obbolaa tiruu ta’uu agarsiisuuf tiruu wal nyaachisu. Booka walitti biifu walitti mi’aa akka jiraataniif hawwanii wal itti biifu ( Abbaa Girjaa).

Gondooroon ba’ee guyyuma san warri Gujiifi Gede’oo walitti deebi’anii olla ollaadhan mana walii ijaara. Intala wali irraa fuudhu, guyyaa Gondooroon raawwate irraa jalqabee walhammatee waliin waan manca’e waliin deebisa. Walshakkuun hinjiru.

Abbaa Galchaa : Aadaa Oromoo keessatti obboleessi obboleessa hinajjeesu maqaa san hindhahan “ dhagaa tule” jedhu. Aadaa Oromoo keessatti “ajjeese “ hinjedhan “dhagaa tule” jedhu. “ danuu “ jedhama. Namichi tule kun qawweellee qaba, wayaa qaba, Gujiitti baqata. Hayyuun nama waataa ta’e kana fuudhaniifii akka qulqulleessu taasisan. Waan uffatee nama tule(ajjeese, meeshaafi maallaqa yeroosan qabatee jiru hunda) namichi qulqulleessu kanatu irraa fudhata. Qaama isaa erga irraa qulqulleessee booda hoolaa qalee dhiiga hoolaatiin dhiqa. Wayitii kana qofaasaati malee namuu bira hinjiru. Erga qulqulleessee booda hayyuun daarimuufi kotomaa ganama barraaqa osoo namuu hinargin namicha dhiigaan qulqullaa’e kana irraa fuudhee gara hayyuu warra namni jalaa du’eetti geessa. Wayaa adii qulqulluu itti uffisee hayyuutti

geessa. Harka walitti galchee duugda galchee hidhee dhiyeessa. “Na Gujoomsi, saamamee jiraa na hidhachiisi, ijaa nu baasi” jedhanii gaafatu. Hayyuun warra jalaa du’ee “Sin hinbaasu”, “ duugda galchi, harka walitti hidhi na tumachiisi” jedhaan. Uffata adii itti uwwisanii, duugda galchanii, harka duubatti hidhanii warra jalaa namni du’eef dhiyeessanii “ na Gujoomsi, na hidhachiisi jedhanii gaafatu. “ si Gujoomse, si hidhachiise” jedhanii deebisu.

Beekaa hoo ajjeese garuu harka duubatti galchanii hidhanii hayyuu warra jalaa namni du’eef dhiyeessanii “ tumadhu” jedhuun. Hayyuun duubaan afur fuulduraan afur ta’anii “ tummadhu siif dhiyeessinee “ jedhuun tumachuuf ennaa jedhu hayyuun duubaafi fuulduraan jiran sunneen akka hintumne irraa faccisanii “ lama hintumatan, Gujiin lama hintumatu” jedhuun. Gondooroodha jedhuun.

Abbaa galchaa: Horii qalanii warri namni jalaa du’e mirgaan gala, warri nama ajjeese immoo bitaan gala. Foon horii qalamee ni nyaatu, injija (gogaa) achumatti gatu. Booka walitti biifu, tiruu walnyaachisu, Tarree geengoo galanii taa’annii akka waan walitti kennuu taphatu “ duumachuu” jedhama. “ hoodhu duumachuu” meerre?” Duuba hinjiru” jedhuun.

“Duuba hinjiru jechuun haloon hinjiru, Kanaan booda waliin jiraachuu malee, firooma malee hammeenyi tokkollee hinjiru jechuudha.

Gahee Abbaa Gadaa

Abaan gadaa lafa araaraa san ofii hindhaqu, abbootii gadaa hayyoota erga. Abaan Gadaa aadaadhan dhufa gaafa sabaafi sabaa qofa ni dhaqa. Abbootiin Gadaa lachuu kan Gede’oofi Gujii walqunnamanii hayyuu walitti baasanii araara buusanii, nama buqqa’e qa’eetti deebisanii gaafa Gondooroosan afaan saaquuf dhufu. Bakka Gondooroon itti raawwatu Gedab Dibbee dhugoo, Eeddaraatti raawwatu.

Qaalluun Gaafa sabaafi sabaa ni dhufa. Araara keessa jira. Lamuu akka itti hindeebine ni abaara. Gaafti araaraafi Guyyaan Gondooroo gargar. Araarri ni duursa. Araarri bu’ee booda guyyaa Gondooroo muratu. Guyyaasan abbootiin gadaa saba lamaanuu hayyoota gosa hunda keessaa bahan qabatanii dhiyaatu. Qaalluunis seeraan dhufa. Akka lamuu itti hindeebine ni abaara.

Gondooroo booda walitti deebi’uun hinjiru. Hoo itti deebi’ame “ dhiigatu cirata” jedhama. Dhiigni hoo cirate hintolu, ni qomaaxa’a, ni ajaa’a, sanyiitu bada jedhamee amanama. Kanaafuu, nama nama ajjeese waliin hinnyaatan, waliin hinjiraatan, mana inni bulu namni biro hinbulu, qofaatti baha. Gondooroo baasu malee qofaatti hafa, sanyiisaatu bada. Kanaafuu, Gondooroon kan godhamuuf kan du’eef osoo hinta’in kan jiru akka dhiigni hincirre, hinciccinne, akka sanyiin hinbanne, dhaloonni itti aanu akka hinbanneefi. Fuuldura tolfachuuf raawwatama. Qulqullaa’uudha.

Hayyoonni aadaa baattuufi hayyuun gadooma booda gorsaa abbaa gadaa, hayyoota aadaa, hawaasa keessatti gahee nagaa buusuu taphatu. Rakkoo gosa keessaafi alaa qoratanii abbaa

gadaatti himu, qoratanii akka aadaa godhu.  Jarri baattuufi hayyuu jedhaman kunneen gosa turban Gujii keessatti Daarimuufi Kootama bakka bu'anii tajaajilu. Namoota gadaa booda jiran gosa turban Daarimuufi Kootama keessaa filatamanii yaa'arratti hayyummaan isaanii mirkanaa'a.  Yaa'arratti maqaa tajaajilaa argatu ( maqaa yaa'a gadaa). Marsaan gadaa shananiituu yaa'a qaba. Abbaan gadaa yaa'arratti hayyoota isaa dhiyeeffatee mirkaneessisa. Hayyoonni aadaa abbaa gadaatiif kan ergamanidha.

Gujiin gosa torba qaba. Gosa turban keessaa hayyuun filatamanii yaa'arratti mirkanaa'u.  Gaafa san maqaa yaa'aa argatu.  Maqaa yaa'aa Kanaan tajaajila aadaa isaaniin raawwatamu raawwatu. Mallattoon hayyoota aadaa kunneenii gurra uratu,  qumbii gurratti kaawwatu, amartiis qubatti kaawwatu.

Duudhaan Gondooroo nagaa buusaa akka jiru, duudhaan Gondooroo akkamiin saba olla waliin nagaadha akka isaan jiraachisaa jiru, haala armaan gadiitiin kaa'u:

Abbaa Girjaa (maqaa yaa'aati): Gondooroon duudhaa obboleessa obboleessa ajjeeseef raawwatamuudha. Akka aadaa Gujiitti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Akka danuu (tasaa) hoo obboleessi obboleessa ajjeese Gondooroo qaba. Gondooroon qulqullaa'uudha.

Adeemsi Gondooroon ittiin raawwatamu namni yookiin warri nama ajjeese hayyoo gosa isaatti dheessa yookiin abbaa gadaatti dheessa.  Gara abbaa gadaatti yookiin gara hayyuu gosaatti hoo dheesse abbaan gadaa gara warra namni jalaa du'eetti hayyuu erguudhan "na qabamaa" ergata.

Hayyuun gosa nama ajjeese keessaa gara hayyuu gosa namni keessaa du'ee deemuun akkas jedha:

" Gujiitu na ergate", namatu na ergate naa qabamaa" jedhaan.

Hoo beekaa waan beekaa ta'e , madaan nama du'ee itti deddeebii qabaate

" hinqabamu beekaa ajjeese" jedhuun. " akka inni beekaa ajjeese nan ajjeesaa naaf fidi" jedhaan.

" nan tumadhaa na tumachiisi" beekaa ajjeesee jedhaan.

" hidhii na fuuldura fidi" jedhaan hayyuun  gosa namni keessaa du'ee.

" Waan beekaa aadaa keenya duriitii nan ajjeesa na dura hidhi " jedhaan.

Hayyuun gosa namni keessaa nama ajjeese sun waan beekaa ta'uu erga qoratee booda

Nama nama ajjeese san harka duubatti galchanii harka micciirrachiisanii, duugda galchanii gosa namni keessaa du'eef dhiyeessanii eeboo itti kennanii " tumadhu" jedhuun. Gosa namni keessaa du'e san keessaa maatiin yookiin gosti tumachuuf ennaa jedhu namicha tumamuuf qophaa'e fuuldura hayyuu afur duubanis hayyuu afur dhaabanii " tumadhu" jedhuun . tumachuuf ennaa jedhu hayyuun irraa qolachuudhan " tumatte, buufatte Gondooroo godhu" " Gujiin lama

walhintumatu “ jedhuun. “ Gujiin Gujiitti lama hindeebisu, lama hintumatan, buufatte Gondooroo malee hoomaa” jedhuun .

Aadatu akkasi, lama hintumattu Gondooroo malee hoomaa hinjiru.

Sana booda Horii walitti qaluutu jira.

Daadhii walitti biifutu jira.

Wayyaa adii walitti hidhanii lamatti kutuudhan warra waldhabe walagarsiisuutu jira.

Horii walitti qale kana ni dhamdhama “ duumachuu” jedha. “ duubni nagaa jechuudha”.

Horii walitti qalan kana “ Galadhuun” waliin jedhu.

Gosti nama ajjeese kan qale dhamdhamee  gosa yookiin warra namni keessaa du’een “ galadhuun” jedhaan.

Gosti yookiin warri namni keessaa du’es horii qalee dhamdhamee gosa yookiin warra namni isaanii nama ajjeese sanii” galadhuun” jedhaan, akkanaan walgalcha.

Ingichaa horii lamaanii babbaqaqsanii waliif qoodu. Achumatti gatanii ka’u. hamtuun isaanii achumatti hafa jechuudha. Ingichaa (gogaa san) karra hingodhatan, fudhatanii hingalan, achumatti gatanii galu.  Balaan isaan muudate achumatti hafa jechuudha ( Jaarraa waaree). Gosni waldhabe lamaanuu hayyuu daarimuufi kootamaa qabu. Hayyuun gama lamaanuu jiru walgalcha. Kan garanaa kan garasii galcha. Hayyuun gosa lamaanii erga walgalchanii booda soddaa ta’u. Intala waliif kennu. Sagaagalummaan hinjirtu.  Akka fedhan mana walii seenaan, walsoddoomsu, jireenya gaarii waliin jiraatu.

Waldhabdeen kan muudate sabaafi saba gidduutti hoo ta’e hoo  raawwiin Gondooroo adeemsa akkamii qaba? Gaaffii jedhu haala armaan gadiitiin waldeeggaraa deebisanii jiru.  Fakkeenyaaf uummanni Oromoo Gujii fi sabni Gede’oo bara 2009 fi 2010 keessa waldhabdee muudateen namoonni miliyoona 1tokko ta’u asiifi achi buqqa’ee ture duudhaa Gondooroo kun raawwatamee namoonni qayeefi  waliin jireenya duraanitti deebi’aniiru. Duudhaan Gondooroo kun akkamiin saboota gidduutti waldhabdee uumamu dhaabee nagaa buusuu danda’e? gaaffii jedhu haala armaan gadiitiin deebisanii jiru.

Saba Oromoo Gujiifi saba Gede’oo gidduutti waldhabdeen yoo uumame nagaa buusuuf  abbootii gadaa saba lamaaniitu waldubbisa. Erga abbootiin gadaa lamaan waldubbisanii booda hayyuu walitti baasu. Hayyuun kun Gujii irraa nama torba gede’oo irraas nama torba kanneen gosa bakka bu’antu walitti baha. Isaan rakkoo ture, balaa gahe , hunda waliin qoratu.  Akka Gujiitti gosa turban keessaayyuu hayyuu daarimuufi kootomaatu lafa marii dhaqa. Gede’oo keessayis gosa turban kan bakka bu’an hayyuu torbatu lafa marii dhaqa. Abbootiin gadaa saba lamaanituu hayyoota ofii qabatanii lafa beellamaa bakka dubbii itti qoran dhaqu. Rakkoo ture walumaan qoratu. Dhugaadhaf malee saba bakka bu’aniif yaadanii hinfalman. Miidhaa qaqqabes walumaan qoratu. Sabni lamaanuu nagaa akka argatu walii galu.  Guyyaa araaraa qabatu. Guyyaan araaraa

kun guyyaa Gondooroo duursee taa’ama. Araaratu duursa. Gondooroon dhuma waldhabdeefi itti fufinsa jireenya waldhabdee dura tureetti deebi’uudha.

Waan hunda qoranii araaramu. Guyyaa araaraa kana hayyuu torba Gujii irraa hayyuu torba immoo Gede’oo irraa walitti dhufanii hoolaa bitu. Hoolaa kana nama qalutu jira. Foon hoolaa kanaa hinnyaatan namichuma qale kanatu fudhata.

Namni hoolaa qalu kun saboota lamaan keessaa nama tokko rifeensa kan bobaa, kan areedaa, kan saphiillee osoo hin hafin irraa haada. Qeenca ciree mulqee tolcha. Uffata hunda irraa mulqa. Erga mulqee qulqulleessee booda dhiiga hoolaa saniin dhiqa. Foon hoolaa sanii hinnyaatan namichuma mulqu kanatu fudhata. Namicha kana hoomtuu hinbeeku hayyuu malee. Eenyu akka ta’e hinhiman. Guyyaa Gondooroo san nama san hayyuun garasiifi garanaa “ abalu dhiyeessaa” jedhu. Yoo san namni kun hayyuu qofti arga. Kanas kan godhaniif Gondooroon tun qalachuu ishee hubachuufi. Sirnaan raawwatamuu hubachuufi. Safuufi duudhaa eegee raawwatamuu isaa baruufidha.

Guyyaa Gondooroon raawwatamu san Gede’oon horii tokko qala. Gujiinis horii tokko qala. Kan guyyaa Gondooroo qalamu san ni nyaatu. Foon horii qalanii keessaa tiruu kutanii afaan walkaa’u. tiruu wajjin nyaachuun obbolummaa isaanii deebisuudha. Namicha dura Gondooran san amma dhiyeessanii dhiqu. Muka dhiigaatiin dhiqu. Nagaan bu’e jechuudha. Kana booda walhammachuu malee hoomtuu hinjiru (Gannaalee Waaree, Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaafi kan biroo).

Muka Kanaan nama hindhaanan, ijoollee illee ittiin hindhaanan. Horiis ittiin hindhahan; muka dhiigaati. Mukti kun qaqallaa diddiimaadha.

Gondooroon Gujiifi kan Gede’oo raawwatamee hoo jedhu namoonni buqqa’an kan Gujiillee buqqa’eera, kan Gede’oollee buqqa’eera. Hundinuu mana mana ofiitti gala. Qa’ee ofiitti gala. Mana walii ijaara. Olla ollaadhan mana walii ijaara. Walhammata. Walgargaaree jireenya duraanitti deebi’a. intala walii fuudha. Tasuma walsodaafi haloon hinjiru ( Natiroo gannaalee, Abbaa Heessaa, Jaarraa waaree ).

Jaarraa waareefi Natroo Gannaalee haaluma yaada Abbaa Girjaafi Abbaa Galchaa, hayyuuwwan biroo olitti kaasne deeggaruun akkas jedhu:

Namatu jira. Nama waamantu jira. Gosa keessaa nama waamantu jira. Namni kun rifeensa mataa, kan bobaa, kan saphii hunda haada. Qeenca irraa qora. Mulqee miidhagsa. Gosa kam eenyu akka ta’e hinhiman. Gaafa Gondooroo san hayyuun gosa lamaanii qofatu arga; hawaasni biroo hin argu. Nama mulqu kan eenyummaa isaa hinhiman, guyyaa Gondooroo san “ abalufidaa” jedhan. Warra akkasiitu duruu hojjeta. Abbaasaatuu duruu hojjetaaf isatu dhufee waan kana sirreessa.

Guyyaan Gondooroo osoo hingahin dura wantoonni qulqullaa’uu qaban hundi qulqullaa’uu qabu. Hayyuun saba lamaanii walitti dhufee waan aadaa raawwatamuu qorata. “Gondooroon tun qalattee jirtii?”  jedhee walgaafata. Namni mulqamuu isaallee hayyuu lamaantu walgaafata. ( Abbaa Girjaa)

Abbaa Galchaa : Aadaa Oromoo keessatti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Hoo ajjeese “ dhagaa tuule” jedhan malee ajjeese hinjedhan; maqaa san hindhahan. Afaan san hindhahan “ tuule” jedhu. “ danuu” jedhu. Akka tasaa jechuudhaaf.  Danuu kanaafuu ni dheessu gara hayyuutti yookiin gara abbaa Gadaatti.

Namni tule sun ennaa tulu ofirraa wayaa qaba, qawweellee qabaachuu danda’a, qarshiillee qabaachuu danda’a, yeroo tulu san waan qabatee jiru hunda namicha rifeensa haadee, qeenca ciree, tolchee mulqu santu irraa fudhata.

Yoo dheessee namumaan bahe, Gujumaan bahee jedhe namni itti baqate sun dhoksee nama mulqu kana dafanii fidanii akka irraa mulqu godhu. Hoolaa bitu. Namicha mulqu kana waamanii halkan deemaa bulee raaqa gara sa’aatii 11tti dhufee hoolaa kana itti qala. Mullichii tolchee dhiiga hoolaa Kanaan dhiqa. Ennaa ajjeesu san “ tulu san” waan qabatee jiru hunda irraa fudhata. Erga dhiqee booda wayaa haaraa bitanii itti uwwisu.  Yeroo qulqulleessee dhiigaan dhiqu kana namni biroo bira hinjiru. Namichi qofaa isaa tolcha. Dhiiga dhiqee wayaa marxanfachiisee hayyuu Daarimuufi Kootomaatti kenna.  Hayyuun Daarimuufi Kootomaa kun halkan deemaa bulee bakka namtichi mulqamu sang gaha.  Namtichi mulqu sun waan hunda irraa mulqee tolchee eega. Bakka itti mulqu san namnis ta’ee horiin hinseenu. Mulqee ka’ee hayyuu kanatti kenna.  Hayyuu kunneen gosa namni keessaa nama ajjeese.

Hayyuun gosa namni keessaa nama ajjeesee sunnamicha fidee hayyuu gosa namni keessaa du’eetti geessee akkas jedha:

“ ijaa na baasi”

“ ijaa na baasi” jedhaan.

Hayyuu namni keessaa du’e akkas jedhee deebisa:

“ Si hinbaasu”

“ duugda galchii”

“ harka micciirrachiisii dhiyeessi “ jedhaan.

Sana booda hayyuun namni keessaa nama ajjeesee sun namicha nama ajjeese san harka micciirrachiisee dugda galchee dhiyeessa. Akkas jedha akkuma jettan harka micciirrachiisee duugda galchee dhiyeessee jira.

“  Na Gujoomsi” jedhaan hayyuu namni keessaa du’een.

Hayyuun namni keessaa du’es “ si Gujoomse” jedhaan.

Hayyuun namni keessaa nama ajjeese ammas akkas jedha:

“ saamamee jiraa, hiikkadhee jiraa na hidhachiisi” jedha hayyuu namni keessaa du’een.

“ hidhadhu” “hangafaan si Gujoomsee hidhadhu “jedhaan hayyuun keessaa namni du’e .

Kanaan booda hayyuun gara namicha nama ajjeesee sun hayyuu keessaa namni du’e saniin “ sinan galadhaa ka’I” jedhaan. Fudhatee ka’a.

Sana booda haada hidhee (wayaa) hidhanii, daadhii walitti biifanii wal hammatu. Kanaan booda horii walitti qalu. Horii walitti qalanii booda duumachuutu jira. Sirna duumachuutu jira. Sirni duumachuu kan raawwatu hayyuun geengoo ijaaree taa’a. Namichi nama ajjeese sun dhamdhamee duugda galee hayyuudhan :

“ hoodhu” jedhaan.

“ maala” hayyuutu jedha.

“ duuba” jedha namichi nama ajjeese.

“ duuba hinjiru” jedha hayyuun immoo

Hayyuu hundi dabareedhan akkana jedhanii waliin gahu.

“ hoodhu”

“ maal”

“duuba”

“ duuba hinjiru” jechuudhan xummuru.

“Ammaan booda hamtuun hinjirtu “ jechuudha ( Abbaa Girjaa ).

**Warri namni keessaa du’e mirgaan galu. ( Abbaa Galchaa).**

Horii walitti qalanii ingichaa babbaqaskanii waliif qoodu. Ingichaa san achumatti gatanii galu. Foon ni nyaatu ( kan araaraa san). Amma waliif Gujoomee jira. Sagaagalummaan hinjirtuu intala walii kennu. Gujii gurraacha ta’an amma .

Beekaa kan nama ajjeese hoo ta’e ‘ dura hidhanii tumadhu “ jedhuun. Akka inni beekaa ajjeese “ ajjeesi” jedhuun. Tumuuf ennaa jedhu hayyuun fuulduraan afur duuban afur ta’anii irraa qolatu. “tumatte “ jedhuun. Lama nama hintumatan. Gujiin Gujiitti lama hindeebisu. Dhiisi jedhuun. Kanuma beekaa ajjese kana illee akkanaan gara danuutti deebisanii araara godhuudhan nagaa buusu.

**Duudhaa Gondooroo keessatti Gahee Abbaa Gadaa**

Abbaan gadaa hayyuu baasa. Hayyuu daarimuufi kootomaa baasa. Hayyuu kanneen erga malee lafa namni itti waltume, itti walajjeese hindhaqu. Hayyuun waan aadaa raawwachiisee akka nagaa buusu erga. Lafa Gondooroof taa'an san hindhaqu. Hayyuu erga malee lafa Gondooroo hindhaqu. Lafa obboleessi obboleessa tule hindhaqu. Hayyuufi yuuba isaa ergee qorachiisee waan aadaa raawwachiisanii nagaa akka buusan erga. ( Gannaalee Tikkee, Abbaa Galchaa, Abbaa Girjaa).

Waldhabdee sabaafi sabaa yoo ta'e abbaan Gadaa miseensota isaa hayyuufi yuuba isaa qabatee dhaqa. Abootiin Gadaa saba lamaanituu miseensa isaanii qabatanii walgaafatu. Abbaan gadaa gaafa san miseensa isaa waliin dhufa, baalliin kan abbaa gadaati. Kan dubbatummoo hayyuudha. Rakkoo ture sababa waldhabdee saboota lamaanii walumaan qoranii araarri akka bu'u walii galu. Guyyaa Gondooroo san abbootiin gadaa saba lamaanituu yaa'ii afaan saaqu, "Araara" jedhu. (Abbaa Heessaa, miseensa Dhallanaati).

Abbaan gadaa Gujii saba Gujii hooggana, abbaan Gadaa Gede'oo saba Gede'oo hoggana. Rakkoo nageenyaa muudate, waldhabdee sabaafi saba muudate, irratti hayyoota isaanii qabatanii walitti dhufanii walgaafatu. Seera fe'anii namoota buqqa'an deebisan. Guyyaa Gondooroo san ni argamu. Gaafa nagaa buusaan kana lafa itti Gondooroon itti raawwatu " lafa Gondooroo " jedhamutu jira. Achitti raawwatama. Lafti kun daangaa Gujiifi Gedeo irratti kan argamu Gadab Eddeeraa jedhama.

Gondooroon Gujiifi Gede'oo kan raawwatamu aanaa Gadab lafa " Eddeeraa" jedhamutti. Raawwii kanarratti kan argaman abbootii, Gadaa, Hayyuu Gosaa, miseensota hawaasaa sadarkaa gadaa keessa jiran keessattuu sadarkaa kuusaafi olii kanneen ta'an ni argamu. Hawaasni toora Gadab ni argamu. Hayyuun gosaa kan Gujii kan Gede'oo galcha. Kan Gede'oos kan Gujii galcha. Wal galchuu jechuun walkeessummeessa jechuudha. Bifuma walfakkaatuun hayyuun gosaa toora irraa hirmaate sanitti deebi'ee miseensota Gujiifi Gede'oo horii walitti qalanii tiruu akka walnyaachisan godha. Bakka hundumatti wal araarfatu; walhammatu (odeefkennaa Abbaa Girjaa). Mana walii ijaaruudhan qe'ee duraanitti waldeebisa. Waan sababa waldhabdeetiin bade walumaan deebisa; walumaan ijaara. Qabeenya bade walumaan deebisa.

Walumatti qabaatti gaaffii bu'uuraa "Gondooroon akkamiin waldhabdee dhaabee nagaa buusa? " kan jedhuuf qaaccessa oliirraa qabxiilee sirriitti adda bahanii mul'atan ibsuun ni danda'ama. Gondooroon yaad-rimeewwan qulqulleessuu, waldhabdee dhaabuufi nagaa buusuu of keessaa qaba. Qulqulleessuun akka nama dhuunfaattis ta'ee akka garee sabaatti gochaa aad-malee raawwatameen akka sabaatti , akka gosaatti akkasumas akka hawaasaatti akka Waaqni isaan

hinadabne , nama dhuunfaas ta’ee saba qulqulleessuuf Gondooroo raawwatu. Akka aadaa Gujiitti obboleessi obboleessa hinajjeesu. Hoo ajjeese Gondooroo qaba. Gondooroo osoo hinraawwatin hoo hafe dhiigatu cirata. Dhiigni cirata jechuun dhiigni hamaan dhaloota miidha, hawaasa miidha. Dhiigni hamaan sanyiifi gosa keessa deemuun gaaga’ama guddaa fida. Akka sanyiittuu, akka sabaattuu ni qomaaxa’u. ni ciccitu. Kun akka hintaaneef adeemsa Gondooroo keessatti qulqulleessuun ( haaromsuun) iddoo guddaa qaba jechuudha.

Akka sabaatti Gujiifi Gede’oon obboleeyyiidha.  Akka aadaa isaan lamaanittuu Gujiifi Gede’oon waldhabuun aad-maleedha. Saboonni lamaan hoo waldhabdee keessa seenaan, hoo walbuqqisan gochaa aad-malee waan ta’eef Gondooroo qaba. Faloo qaba. Akka garee sabaafi sabaatti waldhabdee keessa hoo galan lubbuun garanaa fi garasii darbuu danda’a. Lubbuun namaa sababa waldhabdeetiin hoo darbe immoo waliin nyaachuun, waliin jiraachuun akka gosaatti yookiin akka sabaatti walkeessa jiraachuun rakkisaa waan ta’uuf walkeessaa bahu. Kun immoo buqqaatii guddaa geessisa. Bara 2009/ 10 keessa waldhabdee akka sabaafi sabaatti Gujiifi Gede’oo muudateen namoonni miliyoona tokko ta’an walkeessaa akka buqqa’an ibsama. Sababni namoonni asiif achi buqqa’aniif haaloo akka gareetti jiru sodaachuu cinaatti garee sabaatiin walqoodanii walajjeesuun waan muudateef wajjin jiraachuuf dhiigni waan ciratuuf walkeessaa bahu jechuudha ( Abbaa Girjaa, Abbaa Galchaa). Dhiigni hoo cirate ni qomaaxa’u, ni ciccitu jedhamee amanama. Sabaafi sabni waldhabee hoo walajjeese waliin nyaachuun rakkisaadha. Garuu immoo sabni lamaanuu walkeessa, mana tokko keessa jiraachuu malu. Dhiigni hamaan akka isaan hinqabanne waldhiisanii addaan turu jechuudha.  Abbootiin gadaa saboota lamaanii waan aad-malee gidduusaanitti galte daafanii qoratanii saboonni lamaanuu akka walfalan gochuudhan Gondooroo raawwatu. Gondooroon hoo raawwate namuu qulqullaa’uu hubata. Gondoroo booda walsodaan hafuu qofa osoo hinta’in dhiigni ciratu yookiin dhiigni hamaan darbu cituu isaa yookiin dhaabbachuu isaa waan amananiif walitti deebi’u jechuudha.

Gondooroon raawwatamee booda waliin jiraachuu malee, jaalala malee haloon hinjiru. Hawaasni saboota lamaanituu aadaadhaan bula. Waan aadaa keessa hinjirre hinraawwatan. Gondooroo booda hoomtuu hinjiru. Waldhabdeen hinjiru. Dhaabbate. Lamuu hinjiru jechuudha. Gondooroo booda miseensi hawaasaa kamuu hawaasa bakka bu’ee waldhabdee keessa hinseenu. Namni

akkasii hoo muudate hawaasni qofaatti adda baasee qaama seeraatti kenna. Gondooroon duudhaa waldhabdee dhaabuuti jechuudha.

Akkasumas Gondooroon duudhaa nagaa buusuuti. Nama dhuunfaas ta'ee gareen sabaa gochaa aad-malee ta'e walajjeechaa hoo raawwate namni dhuunfaas ta'ee gareen sabaa hawaasa waliin jiraachuu hindanda'u. sabaafi sabni obboleeyyii ta'an Gujiifi gede'oon akka sabaatti hoo waldhabanii miseensonni saba lamaanii walajjeesan waliin jiraachuun rakkisaa ta'a. Garuu adeemsa duudhaa Gondoorootiin walfalanii qulqullaa'anii gara nagaan waliin jiraachuutti deebi'u. waldhabdeen uumame hanga fedhee bal'aa hoo ta'e duudhaa Kanaan gara jireenya nagaatti deebi'u. Kanaafuu, Gondooroon duudhaa nagaa buusuutis jechuudha.

Gumaafi Gondooroon walfakkeenya hoo qabaataniiyyuu adda addummaa qabu. Lamaanuu duudhaa cubbamaa qulqulleessuudha gara hawaasaatti deebisuu ta'uudhan walfakkaatu. Gumaan garuu gatii lubbuu darbee kanfaluu waliinis walqabata. Akkasumas Gumaan namni tokko nama gosa ofiis ta'ee kan biroo hoo ajjeese nibaha. Asefa Dibaba, (2012) yaad-rimee " Gumaa" hoo ibsu duudhaa nama lubbuu baase warra yookiin garee namni jalaa du'e waliin araarsuudhan akka lamuu haloof walhinbarbaanne gochuufi lubbuu darbeefis kaffaltii (beenyaa) kennuudha. Gondooroon garuu kan raawwatamu obboleessa obboleessa ajjeeseefi. Akka aadaa Gujiifi Gede'ootti obboleessa obboleessa ajjeesetu Gondooroo qaba. Karaa biraa Gondooroon sadarkaa nama dhuunfaarra darbee sabaafi saba gidduutti waldhabdee uumame dhaabuudhan nagaa buusuu danda'a.

Dabalataanis marii gareefi afgaaffii hayyuu gosootaa irraa wanti hubatamu Gondooroon kan godhamuuf kan jiruufi kan itti aanee jiraatuuf malee lubbuu darbe waliin walhinqabatu. Akka Gumaa gatii lubbuu kanfaluuf miti. Adeemsa raawwii Gondooroo keessatti namni obboleessa ajjeese ( Gujiin Gujii hoo ajjeese) gosatu waan hunda mijeessa malee ofii isaatii asiifi achi deemee qarshii walitti qabee waan raawwatu hinjiru. Gosa yookiin maatii namni keessaa tuleefis wanti kanfalamu hinjiru. Qarshiin Gumaadhaf kanfalamu garuu namichi nama ajjeese kadhatee kaffala.


2021.05
30
ENJOY TODAY
ZTE




Godina Gujii Lixaa: Aanaa Dugda Dawaa: Magaalaa Fincawaa: Hayyuuwwan Gosaa




Godina Gede'oo: Aanaa Gadab: Odeefkennitoota qorataa waliin




Godina Gujii Lixaa Aanaa Bulee Horaa: Odeefkennitoota Qorannoo qorataa waliin